

# JIDDUGALEESSA LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FEDERAALAA



**Moojuulii Leenjii Leenjifamtoota SLHD tiif Qophaa'e**

**Heera Mootummaa Federaalaawa Dimokraataawa Ripaablika Itoophiyaa**

**Kutaa Lammaffaa**

**Afaan Oromotti Kan Hiike: Asfaw Kaliilee  
Gulaalaan: Misgaanuu  
Mul'ataa**

*Falbaana 2005*

*ILQSO*



## Baafata

<b>Mata</b>	<b>Duree</b>
<b>Fuula</b>	
<b>Seensa.....</b>	<b>1</b>
<b>1. Qaamolee</b>	
<b>Haqaa.....</b>	<b>5</b>
1.1. Sirna	Abbaa
Seerummaa.....	6
1.2. Dhaabbilee	Seera
Kabachiisan.....	7
<b>2. <u>Sirna Heeraa Eguu fi Eegsisuu Keessatti Gahee Qaamolee</u></b>	
<b><u>Haqaa.....</u></b>	<b>.9</b>
2.1. Itti Gaafatamummaa Heera Kabajuu fi	
Kabachiisuu.....	9
2.2. Gama Mirgoota Heera Mootummaa Eeguutiin Shooraa	
Qaban.....	11
2.3. Misooma Ariifachiisaa fi Fulla'aa mirkanneessuu Keessatti Shooraa	
qaban.....	24
<b>3. Amaloota Bu'uuraa Sirna Haqaa</b>	
<b>.....</b>	<b>32</b>
3.1. Walbiraqabaa Sirna seeraa sivil Loow fi Sirna Seeraa Koman	
Loow.....	32
3.1.1. Sirna Seeraa Kooman	
Law.....	32
3.1.2. Sirna Seeraa Siivil	
Law.....	35
3.1.3. Sirnoota Seeraa	

	Amantii.....	42
<b>4. Amaloota</b>	<b>Bu’uuraa</b>	<b>Sirna</b>
	<b>Haqaa</b>	<b>Itoophiyaa</b>
	.....	<b>43</b>
4.1.	Sirna seeraa sivil Loow fi Sirna Seeraa Koman Loow wajjiin walbiraqabuun.....	43
4.2.	Sirna haqaa hariiroo haawaasaa.....	45
4.2.1.	Sirna Bulchiinsa Haqaa Hariiroo Hawaasaa Fi Heera Mootummaa/Civil Justice System and The Constitution/.....	46
4.2.2.	Sirna Haqaa Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa.....	48
4.2.3.	Barbaachisummaa sirna Haqaa Hariiroo Hawaasaa Cimaa.....	85
4.3.	Sirna haqaa yakkaa/Criminal Justice System /.....	101
4.3.1.	Hagguuggii Seeraa.....	102
4.3.2.	Kaayyoo fi Galma Sirna Haqaa Yakkaa.....	103
4.3.3.	Qaamolee Bulchiinsa Haqaa Yakkaa, Ittigaafatamummaa Isaanii fi Adeemsa Bulchiinsa Haqaa Yakkaa.....	104
<b>5. Dhaabbilee</b>	<b>Eegumsa</b>	<b>Mirga</b>
	<b>Namoomaa.....</b>	<b>140</b>
5.1.	Seenaa Dhufaatii Dhaabbilee Mirga Namoomaa Biyyoolessaa.....	140

5.2. Komishiinii Mirga Namoomaa fi Dhaabbata Abbaa Gaar Itoophiyaa.....	152
5.3. Bu'uura Heeraa Aangoo fi Ittgaafatamummaa Dhaabbilee Kanneenii.....	154
Sanadoota Wabii.....	162

### **Kaayyoowwan Waliigalaa**

#### **Leenjifamtoonni moojuulii kana yoo xumuran:-**

1. Heera mootummaa keessatti iddoo haqaaf kennamee fi shoora inni qabu ni ibsu;
2. Heerri Mootummaa bu'uura sirna haqaa akka ta'e ni hubatu.
3. Sirna heeraa kabajuu fi kabachiisuu keessatti gahee fi itti gaafatamummaa qaamolee haqaa ni hubachiisu.
4. Gahee fi itti gaafatamummaa qaamolee haqaa mirga namoomaa kabachiisuu fi kabajuuf qaban akkasumas sirna hordoffii fi too'annoo heerri mootummaa diriirse hubachuudhaan gahee ofii taphachuudhaan qophi ni taasisu.
5. Ol'aantummaa heeraa fi seeraa mirkaneessuuf, nageenyaa fi tasgabbii ummataa kabachiisuuf shoora qaamoleen haqaa taphatan ni tarreessu;
6. Walitti dhufeenya haala diinagdee biyyattii waliin sirni haqaa qabu e ni addeessu.
7. Ibsama sirnoota seeraa addunyaarra jiranii fi amaloota bu'uuraa sirna haqaa Itoophiyaa ni ibsu.
8. Maalummaa fi ibsama sirna seeraa haariiroo hawaasaa beekuun ni ibsu.
9. Maalummaa fi ibsama sirna seeraa yakkaa beekuun ni ibsu.
10. Walitti dhufeenya Qaamoleen haqaa fi komishiinii mirga namoomaa fi Dhaabbata abbaa gaar qaban ni ibsu.

11. Toora xiyyeeffannoo sirna haqaa biyya keenyaa gara fuulduraa haalaan hubachuudhaan sirna haqaa fooyyeessuuf kutannoodhaan sochii ni taasisu.

## **Itoophiyaatti Sirna Haqaa fi Sirna Heeraa Kabajuu fi Kabachiisuu**

### **Keessatti Shoora Qaamolee Haqaa**

#### **Seensa**

Walitti dhufeenya namootaa fi ummattoota jidduu jiruuf haqni dhimma murteessaa fi bu'uuraati. Walitti dhufeenya namootaa fi ummaattoota gidduu jiru sirrii ta'uusaa kan mirkanneessan qaamolee haqaati jechuu dandeenya. Walitti dhufeenyi kun namoonni walitti dhufeenya dhimma hamilee, diinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa qaban hunda kan hammatee jiru ta'uu danda'a.

Jechi haqa jedhamu yaadrimee baay'ee dhokataa dha. Yaadrimeen kun qajeelummaa fi sirruummaa kan agarsiisuu dha. Akka yaadrimee tokkootti jechi kun qorannoo falasama, seeraa fi amantii keessatti kan nama wal falmisiisaa turee fi hiikkaa tokko irratti akka hin gahamne ibsamaa tureera. Haqni maalii? Haqni hawaasa fi namoota irraa maal barbaada? Qoodiinsaa qabeenya uummamaa fi qabeenyaa barbaachisaa ta'e maalii? Gaaffiilee kanneeniif deebiiwwan laakkofsaaf nama rakkisan ni jiru.

Baratamaan haqni falmii mana murtii keessatti taasifamurraa bu'aa argame waliin wal qabatee kan dhiyaatuu dha. Haata'u malee haqni kana irratti qofa kan hundaa'uu miti. Barreesitoonni hedduun haqa akkaakuu lamaan yookiin sadiin qoodanii kaa'u. Qoodamiinsa kanas:

*Distributive justice* kan jedhamu qoodiinsa qabeenyaa fi aangoo haqa irratti hundaa'e kan ilaalatuu dha. Haqni akkanaa kun lammiileen biyya tokko keessa jiraatan qooda dhimma siyaasaa, diinagdee, fi hawaasummaa irratti qaban kan agarsiisuu dha. Haata'u malee sirni diriirfame kun bifa tokkoon ykn bifa biraatiin yoo cabe, seera cabsame kanaan kan miidhame dhimmicha gara qaamolee haqaatti geessuudhaan mirgi isaa akka kabajamuuf gaafata. Dhimmi akka kanaa yoo muudatu kan furmaata kenninu 'restorative justice' irratti hundoofnee ta'a jechuu dha.

Sirni *Restorative justice* dhaan tumame ammoo yakkamtoonni seera cabsan addabii walmadaalaa ta'e adabamuu qabu kan jedhu yoo ta'u, adabbiin dirqama yakkicha waliin

walmadaaluu qaba kan jedhuu dha. Sirni kun haaloo bahuu kan ilaalatu otoo hin taane, qaama mirgi isaa jalaa sarbame bakka jirutti deebisuu yookiin beenyaa kaffaluu kan ilaallatu ta'ee, akkasumas nama yakka hojjete kanas erga adabamee booda hawaasa waliin nagayaan akka jiraatu gochuu dha.

*“Restorative justice is concerned not so much with retribution and punishment as with /a/ making the victim whole and /b/ reintegrating the offender in to society. This approach frequently brings an offender and a victim together, so that the offender can better understand the effect his/her offense had on the victim”*

Barreesitoonni fi hayyoonni jecha haqa jedhuuf hiikkaa adda addaa kennaniis, kan hojirra ooluu danda'u garuu biyyoonni seera jechuudhaan ofiin kan tumatan akka ta'e ifa ta'uu qaba. Biyyoonni Addunyaarra jiran akkaataa falasama mataa isaaniitin haqa jedhanii kan fudhataniif seera ni baafatu.

Haqa qabeessummaan maal gaaffii jedhuuf biyyoonni adda addaa seera hundaatuun ol kan ta'e heera mootummaa barreeffamaa ykn kan hin barreeffamin irratti tumuudhaan hiikka keennufi danda'u. Heerri mootummaa sirna siyaasaa keessatti, mirgaa fi gaheen lammiilee maal akka ta'e fi falaasamni diinagdee fi siyaasaas maal akka ta'e tarreeffamee tumama jechuu dha.

Gama kanaan HMFDRi gaaffii haqaa ummataatif deebii kan kennee dha jechuu ni dandeenya. Kanaafuu Heerri Mootummaa biyya keenyaa maddaa fi bu'uura haqaa ti jedhanii afaan guutachuun dubbachuun ni danda'ama. Ummanni bakka bu'oota isaatiin dhimma siyaasaa, diinagdee, fi jireenya hawaasummaa qabu keessaatti dhimmota haqa baraadan kan jedhu hunda kaayeera. Kuni ibsama haaqa distributive akka ta'e ibsa gubbaati kennameerraa ni hubatama.

HMFDRi bal'ifnee hogguu ilaallu gaaffii haqaatiif deebii ykn karaa furmaataa fi kallattiiwwan gaaffiiwwan haqaa deebii itti argatan kan kaa'e ta'uu isaa ni hubanna. Heera Mootummaa boqonnaa sadi jalatti mirga namoomaa fi bilisummaa tarreessee kan kaa'ee fi galmii heera mootummaa inni jalqabaas ta'ee inni dhumaa mirgoota kanneen kabajuu fi mirkanneessuu dha jechuu ni dandeenya. Tumaa heera Mmootummaa caaseeffama mootummaa keessatti tarreeffaman fi kan biroos galmii

isaanii tumaalee heera mootummaa boqonnaa sadii keessa jiran kabajamuu isaanii mirkanneessuu dha.

Garuu mirgoonni namoomaa fi bilisummaawwan bu'uuraa heera mootummaadhaan beekkamtii argatan, heera mootummaatiin ni kabajamu waan jedhamee tumameef qofa ni kabajamu jechuu miti. Akka hin kabajamne dhimmoonni taasisan dhabamsiisuudhaaf sirni akka diriirfamuu taasifamuun isaa daran barbaachisaa dha jedhamee amanama.

Dabalataan namoonni aangoo mootummaa qabaniis uummataa tajaajilaa jiraniis, aangoo isaanii dahoo godhachuudhaan mirga dhala namaa akka hin sarbineef sirni kana too'atu diriirfamuu qaba. Baratamaan qaamolee haqaa jedhamanii kan beekkaman kan akka mana murtii, poolisii, abbaa alangaa, fi mana amala sirreessaa dhaabbilee mirgoonni dhala namaaf kennaman akka hin sarbamneef wabii ta'anii hundaa'anii dha.

Mirgoonni kunniin yeroo baay'ee qaamolee haqaatti dhiyaatanii kan ilaalamaniis fi qaamni balleessaadha jedhamee beenyaa akka kaffalu yookiin addabbi walmadaalaa ta'een akka adabamu taasifamuun isaa yoo beekkamee dha mirga dhala namaatiif wabiin aamansiisaa kaa'ameera kan jedhamu. Gama kanaan qaamoleen haqaa sirna heeraa kabajuuf ta'ee diiguudhaaf shoora murteessa akka taphatan beekkamuu qaba.

Seensa HMFDRi irratti ifaan akka kaa'ameen nageenyi fi dimokraasiin fulla'aa akka dagaaguuf, guddinni dinagdee fi hawaasummaa akka ariifatu, dirqama mirgaa lammiilee kabajamuu akka qabu kan nama walgaaffachiisuu miti. Lammiileen biyyatti mirgi isaanii yoo sarbamee, qaamni mirga isaanii kabachiisu hin jiraatu taanaan galmoonni gubbaatti kaa'aman kun bu'aa dhabeessa ta'a jechuu dha. Sababa kanaaniis walitti bu'iinsii fi lollii uumamee misoomni biyyatti irratti guufuun uumamuu ni danda'a.

Mirgoonni heera mootummaa irratti tarreeffaman gatii kan qabaachu danda'an, yoo qaamni tumaaleen kun akka kabajaman wabii ta'uu danda'u diriirfame akka ta'e kan nama walgaafachiisuu miti. Kana irratti hundaa'uudhaan gaheen qaamolee haqaa akka laayyootti kan ilaallamuu miti. Hawaas diinagdee tokko umuudhaaf naannooleen hunduu qaamolee haqaa walfakkaataa ta'e akka qabaatan godhamee diriirfamuu qaba.

HMFDRi kwt.9 jalatti seerri, hojimaanni baratamaa fi kkf kamiyyuu heera mootummaa waliin wal faalleesu hundi raawwatamiinsa akka hin qabaanne tumameera. Seeronni akkanaa raawwatiinsa akka hin qabaanne taasisuudhaaf gaheen qaamolee haqaa ol'aanaa dha jedhamee yaadama.

Akkaataa heera mootummaa irratti tumameen ala aangoo mootummaa qabachuun dhoorkaa dha. Haa ta'uu malee dhimoonni kanaan walqabataniif falmii kaasan yoo jiraatan, fala kan argatan qaamolee haqaatin ta'a. Kana irratti hundaa'uudhaan qaamoleen haqaa ol'aantummaa heera mootummaa mirkaneessuun nageenyii fi tasgabbiin fullaan biyyatti keessatti akka dagaaguuf sababa ta'uu danda'u.

Qaamoleen haqaa gahee hojii isaanii haalaan bahan jechuun sirni heera mootummaa lafa qabateera jechuu dandeenya. Gahee isaaniif kenname haalaan yoo bahuu baatan immoo sirna heera mootummaa balaadhaaf saaxiluu ni danda'u.

Mirgootaa fi dirqamoonni heera mootummaa irratti tarraa'anii jiran akka kabajamaniif, lammiileen yeroo baay'ee kan iyyata isaanii dhiyeessan gara qaamolee haqaatti waan ta'eef qaamoleen haqaa ijaarsa sirna mootummaa heerawaatif daran barbaachiisaa ta'uun isaanii ifa ta'u qaba.

Barreeffama leenjii kana keessatti gahee qaamoleen haqaa sirna heera mootummaa kabachiisuuf qaban, qabatama biyyoota biroo addunyaarra jiran waliin walitti dhufeenyi yookiin garaagarummaan biyyi keenya qabdu fi ibsama seera hariiroo hawaasaa fi seera yakkaa kan ilaallu yoo ta'u, akkasumas gahee hojii dhaabbilee mirga namoomaa kabachiisanii fi komishinii dhaabbata abbaa gaar qaban maal akka ta'e ilaaluuf ni yaalama. Kanaafuu leenjifamtoonni dhimmoota ka'uu qaban kaasuudhaan mariin barbaachisaa akka godhamu taasiisuun isaan irraa eeggama.

## **Qaamolee Haqaa**

Biyya keenya keessa bara 2002 A.L.A tti sagantaan fooyya'iinsa sirna haqaa /justice system reform program/ ministeera ijaarsa dandeettii yeroo sanaa sadarkaa adda addaatti haqa waliin walqabatan akka qaamolee haqaatti ramadeera. Isaaniis:

- ✚ Bu'uura HMFDRi tiin sadarkaa mootummaa federaalaatti aangoo seera baasuu kan kennameef mana maree bakka bu'oota uummataa.
- ✚ Mana maree federeeshinii.
- ✚ Mana maree Naannoolee.
- ✚ Manneen murti sadarkaa federaalaa fi Naannootti argaman.
- ✚ Waajjiraalee haqaa, poolisii fi Mana amala sirreessaa sadarkaa federaalaa fi



Naannootti argaman.

- ✚ Manneen barnootaa seeraa, inistiitiyuutiiwwan qo'annoo seeraa.
- ✚ Waldaalee Abukaattootaa.
- ✚ Waldaalee siiviikii seeraa dha.

Biyya tokko keessatti seera loogii tokko malee, akkasumas akkaataa mirga fi faayidaa lammilee kabajameen hojiirraa oolchuudhaaf qindoomina qaamolee haqaa, hojii haqaa irratti bobba'an jiraachuun isaa barbaachisaa dha. Qaamolee gubbaatti tarreeffaman kunniin dalagaa isaan akkaataa seeraan hin raawwanne yoo ta'e, mirga lammilee haqa argachuuf seeraan gonfatan kan dhabamsiisuu fi mootummaa irrattis komiin akka baay'atu kan godhu akka ta'e hubachuu qabna.

Mootummaan FDRI kana hubachuudhaan qaamolee haqaa gubbaatti caqafaman bu'uura godhachuudhaan sagantaa sirna fooyya'iinsa haqaa wixineessee hojiirra oolchaa jira. Leenjifamtoonni ammaa leenjii kana irra jiraniis bu'aa dhuma sirna fooyya'iinsaan wixineeffame kana irratti miseensa ta'uudhaan leenjii abbaa seerummaa fi abbaa alangummaaf barbaachisu sirnaan fudhachaa jiru.

Kana irraa ka'uudhaan namoonni baay'een qaamolee haqaa yoo jedhamu manneen murtii, poolisii fi waajjiraalee haqaa qofa yaadatu. Haa ta'u malee kallattiidhaanis ta'ee al-kallattiidhaan seera raawwaachiisurratti qaamonni hirmaatan akka jiran hubachuun barbaachisaa dha.

Haa ta'uutii kutaa leenjii kana jalatti qaamolee seera baasan dhiisuudhaan qaamolee akka mana murtii, waajjira haqaa, poolisii fi mana amala sirreessaa ilaaluudhaaf yaalii ni goona.

### **1.1. Sirna Abbaa Seerummaa**

Boqonnaa sagalaffaan HMFDRRI waa'ee manneen murtii kan ilaalatu yoo ta'u, manneen murtii federaalaa fi Naannoolee akka hundeeffaman ni ibsa. Mana murtii idiileedhaan alas mana murtii aadaa fi manni murtii amantiis akkaatuma walfakkaatuun heera mootummaadhaan beekkamtiin kennameefi jira. Heera mootummaa irratti hin ibsamne malee, manneen murtii hawaasummaas akka jiran beekkamaa dha.

Akkasumas murtii manneen murtii hawaasummaa irraa kennaman ol'iyyannoodhaan gara mana murtii idileetis akka deeman tumameera. Haa ta'u malee manneen murtii

hawaasummaa ilaalchisee hojimaanni naannoolee adda addaa gara gara ta'uu danda'a. Sadarkaa federaalattis ta'ee, sadarkaa naannoottii akkaataan abbootiin seeraa itti filataman, haalli itti muudaman, adeemsi tajaajilaa, dhimmi naamusaan walqabatee jiruu fi kkf kan hoogganamu gumii bulchiinsa abbootii seeraatin ta'a.

Mana murtii, waajjirii haqaa, waajjiirrii poolisii fi manni amala sirreessaa gaaffii haqaa ummataa gaafatamuuf guyyaa guyyaadhaan kan deebisan yoo ta'u qaamolee kanneen keessaa shoora guddaa kan qabu mana murtii dha jechuu ni dandeenya.

Sirni haqaa sirna heera mootummaa kan eegsisu waan ta'eef heera mootummaa qaama gahee ol'aanaa qabu jechuun mana murtiidhaaf eegumsa ol'aanaa kaa'eera. Kunis bilisummaa mana murtii mirkanneessuu akka ta'eetti fudhatamuu qaba.

### **Keewwata 79**

#### **Aangoo Abbaa seerummaa**

1. *Mootummaa federaalaattis ta'ee kan naannooti, aangoon abbaa seerummaa kan manneen murtii qofa dha.*
2. *Qaamni abbaa seerummaa sadarkaa kamittuu argamu, dhiibbaa qaama mootummaa, abbaa taayitaas ta'ee kan biraa kamiyyuurraa bilisa.*
3. *Abbootiin seeraa hojii abbaa seerummaa isaanii bilisummaa guutuudhaan raawwatu, seeraan malee waan biraatin hin qajeelfaman.*
4. *Abbaan seeraa kamiyyuu haalawwan kanaa gaditti ilaalamaniin yoo ta'e malee umriin sooramaa seeraan murtaa'e otoo hin gahiin dura fedhii isaatin alatti hojii abbaa seerummaa isaa irraa hin ka'u.*
  - a. *Gumiin bulchiinsa abbootii seeraa akka seera naamusa abbootii seeraatti, badii raawwateera yookiin dandeettii fi saffisa hojii isaa ifatti hir'ateera jedhee yimmuu murteessu yookin,*
  - b. *Sababa dhukkubaatin hojii isaa haala sirriin raawwachuu hin danda'u jedhee yoommuu murteessu fi*
  - c. *Murteen gumichaa Mana Maree bakka bu'oota Uummataa yookiin naannootin sagalee walakkaa ooliin yoommuu raggaasifamu.*
  - d. *Yeroon soorama bahuu abbaa seeraa kamiyyuu hin dheereefamu.*
5. *Manni murtii waliigalaa federaalaa bajata qaama abbaaseerummaa federalaa mana mare bakka bu'uutaaf dhiyeessuun ni raggaasifata, yoo ragga'es bajata*

*isaa ni bulcha*

Mana murtii sadarkaa federaalaas ta'ee sadarkaa naannoorra jiran hojii idilee guyyaa guyyaadhaan qaban hogganuudhaaf aangoo kan qabu pirezedaantoota mana murtii dha. Kanaafuu pirezedaantoonni mana murtii hojii abbaa seerummaa fi hoggansaa hojjetan jechuu dha. Itti waamamni isaaniis pirezedaantii mana murtii waliigalaatiif ta'a. Pirezedaantoonni mana murtii koree adda addaa keessatti miseensa ta'uudhaan haqni akka bahu shoorra kan taphatan waan ta'eef hojjiin itti baay'achuu danda'a. Akkasumas manni murtii iddoo haqni itti argamu waan ta'eef xiyyeeffannoo fi hoggansa cimaa ta'e barbaaduun isaas dhimma dagatamuu qabuu miti.

## **1.2. Qaamolee Seera Kabachiisan**

### **Abbaa Alangaa**

Manni hojii abbaa alangaa qaama seera raawwachiiftuu ta'ee kan hundaa'ee dha. Aangoon Abbaa Alangaa federaalaa ministeera haqaaf kan kennamee dha. Haa ta'u malee, hojii Abbaa Alangaa kan hojjetan waajjiraaleen mootummaa biroos ni jiru. Fakkeenyaaf yakka malaammaltummaa ilaalchisee koomishinii farra malaammaltummaa federaalaa, akkasumas yakkoota taaksii/gibira/ ilaalchisee waajjirrii galiwwanii aangoo Abbaa Alangummaa seeraan gonfatee jira.

Kun kan agarsiisu sirna dimokraasii keessatti hojii qaama tokko irratti akka hin tulamnee fi haqni akka hin dabneef furmaata ta'a jechuu dha. Biyyoonni heddu mala kana fayyadamuudhaan bu'aa qabeessa ta'uu danda'aniiru.

Sadarkaa mootummaa naannoottis aangoon Abbaa Alangummaa ministeeri haqaa qabu akkaatuma sadarkaa federaala irra jiruun walfakkaatee kan diriirfamee dha. Abbootiin Alangaa federaalaa kan muudaman, ministeera haqaatin yookiin, gumii ministeera haqaatiin hundaa'een raawwatama.

Kaadhimamaan tokko Abbaa Alangaa federaalaa ta'ee muudamuudhaaf, sadarkaan barnoota isaa seeraan digirii yookiin diplooma qabaachuu qaba. Abbaa Alangaa qorannoo yakkaa ilaalchisee poolisii ajajuu fi hogganuudhaaf aangoo kan qabu yoo ta'u, mana amala sirreessaa waliin garuu walitti dhufeenya maammillummaa hin qabu. Bu'uurri seeraa aangoo abbaa alangummaa seera yakkaa bara 1996 fooyya'ee bahee fi seera deemsa falmii yakkaa bara 1961 bahee dha.

## **Poolisii**

Caaseefamni dhaabbata poolisii Itoophiyaa sadarkaa federaalaa fi Naannoolee saglaniitti kan gurmaa'e hogguu ta'u haala addaatiin kan gurmaa'an dhaabbata poolisiin magaalaa Finfinnee fi Diree Dawaas kan haammatee dha. Komishiniin polisii federaalaa itti waamamni isaa ministeera dhimma federaalaaf yoo ta'u, mootummaan naannoolees caaseeffama mataa isaanii hordofuu ni danda'u.

Haa ta'u malee komishiniin poolisii mootummaa naannoolee itti waamamni isaanii bulchiinsa magaalaa isaaniitiif ta'a. Leenjiinis kan adeemsifamu Koolleejjii poolisootaa federaalaa fi naannooleetiin ta'a. Ciminni poolisii akka dhaabbataatti sadarkaa naannoo irraa fooyyee kan qabu magaalaa Finfinnee keessa dha. Poolisoota cinaatti fedhiidhaan kan gurmaa'an milishoonni naannoos ni jiru. Kan hogganamanis qaama raawwachiiftuutiin ta'a.

## **Manneen Amala Sirreessaa**

Manni Amala sirreessaa yeroo jalqabaatiif bara 1944 A.L.A tti labsii lakkoofsa 45/1944 tiin kan hundaa'e yoo ta'u, labsiin kun labsii lakkoofsa 365/1995 tiin bakka bu'ameera. Seerri yakkaa itti gaafatamummaa, adabbii fi amakiroo tumaalee ilaalatan qaba. Seerri adeemsa yakkaa murtii dura himatamtoota hidhaa keessa akka turan tumaalee muraasa qaba. Namoota mana hidhaa poolisii keessa jiran ilaalchisee itti gaafatamummaan kan ajajaa buufatichaa ti. Mana Amala Sirreessaa ilaalchisee sadarkaa mootummaa federaalaatti aangoon kan ministeera dhimma federaalaa yoo ta'u, sadarkaa naannootti garuu aangoon kan waajjira haqaati.

## **2. Sirna Heeraa Eeguu Fi Eegsisuu Keessatti Gahee Qaamolee Haqaa**

### **2.1. Itti Gaafatamummaa Heera Kabajuu fi Kabachiisuu**

Qajeeltoowwan bu'uuraa HMFDRi keessaa tokko ol'aantummaa heera mootummaa ti. Heerri mootummaa keewwata 9 fi keewwata xixxiqqaa kana jala jiraniin heerri mootummaa seera ol'aanaa biyyattii akka ta'ee fi seerri kamiiyyuu, hojimaanni baratamaa, akkasumas murtii qaama mootummaa yookiin abbaa taayitaa kamiiyyuu heera mootummaa waliin kan wal faalleessu yoo ta'e raawwatiinsa akka hin qabne lammiin kamiiyyuu, qaamoleen mootummaa, dhaabbileen siyaasaa, waldaaleen biroo akkasumas abbootiin taayitaa isaanii heera mootummaa kabachiisuu fi itti gaafatamummaa heera

mootummaadhaaf bitamu akka qaban fi akkaataa heera mootummaa irratti tumameen ala aangoo qabachuun dhoorkaa akka ta'e ifaan tumameera.

Tumaalee HMFDRRI akka waliigalaa irraa hubachuun akka danda'amutti ol'aantummaa heera mootummaa jechuun tumaaleen heera mootummaa qaamolee mootummaa hundaaf jechuun seera baastuu, seera raawwachiiftuu fi seera hiiktuun kabajuu akka qabanii fi bitamuufi akka qaban akkasumas seeronii fi qajeelfammooni qaamolee kanaan bahan heera mootummaatiin gadi akka ta'an hubachuu dandeenya.

Seerri kamiyyuu yookiin murtiin kamuu heera mootummaa waliin kan wal faalleessu yoo ta'ee raawwatiinsa akka hin qabanne ilaaltee jirra. Kanaafuu heerri mootummaa gama tokkoon qaamoleen kun hojii isaanii seera irratti hundaa'anii akka hojjetan qaamolee kanneen hundeessuudhaan leenjii gahaa kan kennu yoo ta'u gama biraatiin ammoo mirgi dhala namoomaa akka hin sarbamneef daangaa ni kaa'a.

Qaamoleen hundinuu heera mootummaa kabajuu fi kabachiisuu kan qaban heerri mootummaa seera ol'aanaa waan ta'eef qofa miti. Maddi heera mootummaa kabajuu fi kabachiisuun ka'uumsa kan godhate ibsama birmadummaa saboota, sab-lammootaa fi ummattoota ta'uu isaatiin akka ta'e ni hubatama.

Heerri mootummaa sanada dhabiilee siyaasaa yookiin dhaabbata siyaasaa tokkoo otoo hin taane waadaa waliigaltee sabaaf sab-lammootaa fi uummattoota waan ta'eef. Kanaafuu qaamoleen mootummaa qaamolee haqaa dabalatee kabajamuu heera mootummaatif kuttannoodhaan dhaabbachuu qabu. Kana jechuun dhaabbata siyaasaa tokkoof dhaabbachuudha jechuu otoo hin taanee uummata hundaaf dhaabbachuu ta'uu qaba.

Ol'aantummaan heera mootummaa kan mirkanaa'u qaamoleen mootummaa daangaa seeraa kanneen otoo hin darbin aangoo fedhii uummataan kenname bu'uura godhachuudhaan yoo hojjetanii dha. Mirgoota heerri mootummaadhaa namoota dhuunfaa fi sabaaf sab-lammootaa fi ummattootaaf kenname otoo hin sarbin itti gaafatamummaa kannameef qixa seeraan hojiirra yoo olchan akka ta'e ifa.

Qaamoleen mootummaa, abbootiin taayitaa fi hojjattonni yeroo hundaa seeraaf bitamuun gaaddiduu seeraa jala taa'uu qabu. Qaamolee mootummaa yoo jedhamu qaamolee haqaa fi hojjattoota isaan keessa jiran jechuu dha. Kanaafuu ibsamni heera mootummaa jechuun mootummaa seeraan daanga'e / limited government/ fi mootummaa seeraaf bitame jechuu



dha.Mootummaan seeraan yoo bitamu sirni dimokraasii ijaaruudhaaf karaa saaqa.

Ol'aantummaan heera mootummaa kan mirkanaa'u nammoonni dhuunfaa heera mootummaadhaan mirgaa fi faayidaan isaanii mirkanaa'eef dhaabileen siyaasaa, waldaaleen biroo fi abbootiin aangoo isaanii, qaamolee mootummaa heera mootummaadhaan yeroo hundaa'an,heera mootummaa irratti hundaa'uudhaan seeroonni, danbootaa fi qajeelfammoonni akkasumas heera mootummaa bu'uura godhachuun murtee kennan yoo kabajanii fi sirna heerri mootummaa hundeesseef fayyadamuudhaan yoo soocho'anii dha.

Kun yoo ta'uu baatee heerri mootummaa fi sirna heerri mootummaa qaamni cabsu, dhaabileen siyaasaa, waldaaleen biroo fi abbootiin aangoo balleessaa isaaniitiif yoo itti gaafataman akka ta'e ifa dha.

Itti gaafatammuummaa kana fixaan baasuudhaaf gahee ol'aanaa kan qaban ammoo qaamoota haqaa dha.Qaamoleen haqaas itti gaafatammuummaa kana galmaan gahuu kan danda'an yoo sirna heera mootummaa fi heera mootummaadhaaf amanammummaan yoo dhaabbatan qofa dha.Qaamoleen haqaa heera mootummaadhaaf kan dhaabbachuu danda'an yoo qajeeltoowwan bu'uuraa heera mootummaa fi tumaalee heera mootummaa irratti ejjannoo waliinii tokko yoo qabanii fi heera mootummaa kabachiisuuf yoo qophaa'anii dha.

Kanaafuu oggeessoonnii qaamoolee haqaa keessatti hojjeetan kaayyoo fi afuura heera mootummaa haalaan hubachuudhaan faayyidaa fedhii uummataa heera mootummaa irra jiran akkasumas soonaawwan ummataa hojiirra oolchuudhaaf kutannoodhaan ka'uu qabu.Heera mootummaa fi dhaabbilee heera mootummaadhaan uummataaf hundaa'an hunda dalagaa guyyaa guyyaa isaanii keessatti heera mootummaa fayyadamuudhaan hojirra oolchuu qabu.

## **2.2. Gama Mirgoota Heera Mootummaa Eeguutiin Shoora Qaban**

Qoodinsa mirgootaa fi sababoota isaa ilaalchisee biyyoonni filannoowwan mataa isaanii hordofuu ni danda'u.Dhimmi kunis tarree seeraan ibsamu danda'a.Biyyoonni tokko tokko mirgoota hunda boqonnaa tokko jalatti yoo tarreessan, biyyoonni biroo ammoo boqonnaa heedduu jalatti mirgoota dhala namaa tarreessanii tumu.

Biyya keenya ilaalchisee seensa heera mootummaa irratti akka ibsameen dogongora seenaa uumame sirreessuudhaan biyya waligaltee fi wal danda'uu irratti kan hundoofte,

biyyaa hawaas-diinagdee fi siyaasaa qabdu, mirga namoomaa ilaalchisee ejjannoon qabdu mirgoota hundumaa kan “**bu'uuara**” gochuudhaani. Mirgoonni hundinuu kan “bu'uura” ta'anii mirgoota namoomaa fi dimokraasii jedhamanii ramadamaniiiru.

Kunis mirgoonni kunniin addunyaawaa, kan hin qoqoodamne, kan walqabataniif fi kana addaan hin babbaane ta'uu isaanii hin hambisu. Mirgoonni kunniin heera mootummaa keewwata 13 hanga keewwata 45/1/ jalatti tumaman yoo ta'an akkaataa raawwii mirgoota kanaa ilaalchisee gahee qaamolee haqaa ilaaluu keenyaan dura waa'ee mirgoota garee fi mirgoota dhuunfaa ilaalla.

### **Mirgoota Garee /Collective Rights/**

Mirgoota garee kan jedhaman nammoonni eenyummaa isaaniitin, yookiin fedhii addaa waliin qaban irraa ka'uudhaan miidhaa isaanirra gahu ofirraa ittisuudhaaf kan isaan dandeesisu / group collection/ mirga eenyummaa eegsiisuuf itti faayyadaman akka ta'e hubatama. Namoonni garee keessa jiran ida'ama mirgoota dhuunfaa otoo hin taane gareen akka gareetti naaf barbaachisu /ta'u/ jechuudhaan naaf yaa eegaman dhimmoota jedhan kan of keessaatti haamatee dha. Mirgoonni dhala namaa seenaadhaan yeroo jalqabaaf beekkamtii yeroo argatan jedhamee tilmaamamu, jechuun dhaloota Kirstoos dura jaarraa 6ffaa irraa kaasee hanga yeroo dhihootti mirgonni garee beekkamtii otoo hin argatin turuun isaanii beekkamaa dha.

Seenaan mirga dhala namaa irraa akka hubatamutti gaaffiin mirgootaa ka'an nama dhuunfaa bu'uura kan godhatee uumamaan /biological theory/, amantii / Natural theory/, fedhii /interest theory/ waan tureef mirgi garee beekkamtii dhabuun isaa kan dinqisiifamuu miti. Kana jechuun garuu namoonni yeroo dur irraa kaasee muuxannoo gareedhaan jiraachuu hin qaban jechuu dhaa miti.

Afriikaa keessattuu seenaa dheeraa biyya keenyaa yoo ilaalle haalli jireenya hawaasaa gareedhaan akka ta'ee fi fedhii garee qofa otoo hin taane dirqama nama dhuunfaas gareedhaan raawwachuudhaaf fedhiin akka jiru hubanna. Kanaaf qorattootni dhimma kana qoratan tokko tokko tumaan mirgi namoomaa kutaa addunyaa tokko tokko adda foo'a, bu'uurri isaanis hamilee fi nama waan ta'aniif hamilee bu'uuaraa qabatamaan (objective, reasoned moral) dhabu jedhu.

Yeroo dhihoo keessattuu, waggoota 30 /soddama/ darban keessa mirgi garee nuuf yaa eegamu gaaffin jedhu sadarkaa idil-addunyaa gaaffii guddaa ta'aa dhufeera. Keessattuu

diiggamuu Sooviyeetii, jijjiirama hawaasummaa bu'uuraa Yigoozlaaviyaa fi Afrikaa kibbaa booda gaaffiin kun daran babal'achaa deemeera. Kun akka fakkeenyaatti ka'e malee yeroo ammaa akka addunyaatti umrii waaggaa 30 gadi kan ta'an gaaffii kana kaasaa jiran jechuun ni danda'ama. Biyyoonni sirna koloniiraa/bittaa/ kan haara galfataa jiran yookiin haara galfachuu kan hin dandeenye garuu bilisummaa siyaasaa fi diinagdee /independence and identity/ mirkaneessu kan barbaadanii dha.

Kanarraa ka'uudhaan gareewwan addunyaarra jiran keessattu aadaa, afaanii fi amantii ilaalchisee garaagarummaa qaban ifaan ibsuudhaaf kan isaan dandeessisu mirga gaafachaa jiran. Gareen heddu sirna cunqursaa jala ture fonqolchuudhaaf kan dhufe miti. Fedhiin kun sanyii tokko, yookiin garee qofa irratti kan hundaa'e miti, walgahiiwwan dhabbata mootummoota gamtoomanii irrattis fedhii biyyoolessaa ta'ee kan dhiyaatuu dha. Sababni ka'uumsa kun baayy'ee ta'uu danda'u. Uumamni dhala namaa garaagarummaa irratti kan hundaa'e yoo ta'u garaagarummaan kun otoo hin sarbamiin eegamee turuun isaa nageenyaa fi misoomaaf bu'uura ni ta'a.

Addunyaa ammayyaawaa kana keessatti garaagarummaa jiru dhabamsiisuun balaa heddu fida. Gaaffiin eenyummaa yoo deebi'uu baate kalaqni guddinaaf ta'an /doom to creativity/ akka dukkanaa'an kan taasisuu dha. Adduunyaa ammayyaa ammaa keessatti bulchiinsi uummataa filatamaan sirna bulchiinsa dimokraasii ta'uun isaa gaaffii keessa kan galuu miti. Biyyi keenyas qajeeltoo bulchiinsa kanaa hordofaa jirti. Qajeeltoo sirna bulchiinsa dimokraasii keessaa tokko fi inni xiqqaan /garee, sanyii/ mirgi eegamu, mirgi hawaas-dinagdee fi siyaasaa(pluralism) fudhachuun raawaachuu fi wal danda'uu akkasumas wal gargaaruu of keessatti qabatee jira.

Kun immoo garaagarummaa garee bu'uura godhatan dhabamsiisuu akka hin danda'amne qofa otoo hin taane, gareewwan filannoo fi dhumaa isaanii mirga itti filatanii fi murteessan akka qabaachuu danda'an kan agarsiisuu dha. Gareen / sanyiin, uummanni/ akka of ibsuu fi fedhii isaa akka hojiirra oolchu taasisuun gaaffii bilisummaadhaaf bu'uura ta'a.

Kanaaf barreessitoonni "... the ability of people to define themselves and to exercise their will is the very essence of liberty" jechuudhaan ibsu. Kun hanga hin taanetti gabrummaa irraa bilisa ta'uu, bilisummaa isa dhugaa ta'e akkasumas bilisummaa/ freedom/ argateera jechuun hin danda'amu. Biyya tokko keessatti nageenyi badhaadheera, haqni jira

jechuudhaaf sabni tokko, sanyiin yookiin gareen fedhii, eenyummaa, filannoon, fi dhumarratti makamuu /dhoorkamuu/ garee birootiin walitti otoo hin makamin wal kabajee jiraachuu qaba.

Haalli kun fudhatama kan qabu ta'us, fedhiin garee lamaanii akkamiti walsimuu danda'a? Mirgi nama dhuunfaa miseensa garee ta'e mirga garee wajjiin akkamitti walsima? gaaffiiwwan jedhan ka'uu ni danda'u. Kana deebisuudhaaf ammoo akkaataa armaan gadiitin madaaluun barbaachisaa dha.

1. Sabni, sanyiin yookiin gareen tokko garee biroo akka garee of danda'e tokkotti ilaaluun fudhachuu qaba. Gareen xiqqaas ta'ee gareen guddaan ibsama ofii isaa kan ta'an kan akka afaan, amantii, aadaa, sirna haqaa, fi kkf kan biroodhaan otoo jalaa hin liqimfaiin ibsama jiruuf jireenyaa fi eenyummaa isaa ta'uudhaan akka jiraatu akka barbaadu hunda, kan saba biroos akkaatuma ofii barbaaduun akka kabajamuuf hubachuun fudhachuu qaba. Barreessitootni dhimma akkanaa kana / mutual recognition/ jedhanii waamu.
2. Gama biraatiin garee ibsama addaa ofii akka qabu hunda garee biroo waliin mirga wal fakkeessu, kan walitti fidu, fi adda kan bahuu hin dandeenye qabaachuu danda'a. Biyyi aadaa hedduu /multi cultural/ akka ta'e hunda, /inter cultural/ ni ta'a. Kanaafuu fedhii eenyummaa ofii eegun akka jiraachuu barbaadu, eenyummaa garees eegee waliin jiraachuudhaaf fedhii qaba. Fedhiin lamaan kanneen wal simsiisuudhaan waliin jiraachuudhaaf walta'iinsa waliiniitu barbaachisa, kunis Afan Ingiliffaatin /Mutual concept/ jedhama.
3. Walta'iinsi waliin jiraachuu kun fulla'aa ta'uus qaba. Beekkamtii kennuun, fi akkaatuma kanaan fedhiin waliin jiraachuu galma waliinii sirnichaas ta'uu qaba. Kanas barreessitootni /mutual continuity/ jedhanii waamu.

Qabxiiwwan sadeen armaan olii biyyi yookiin gareen qabu nageenya itti fufaa horachuun waliigaluun misoomuu kan danda'u akka ta'e hayyoonni ni ibsu. Gara heera mootummaa biyya keenyaa yoo deebinu yaada armaan olitti tarreeffame kaa'ame kana tumaalee adda addaa jalatti argachuu dandeenya.

HMFDRRI kan raggaasifame sabaaf sab-lammoonni fi uummattootni Itiyooophiyaa gadi fageenyaan irratti mari'achuun murtii dabarsaniin akka ta'ee kutaalee leenjii gubbaa keessatti ilaalu keenya ni yaadanna. Sabaaf sab-lammoonni fi ummattoonni” namoonni

waliin ta'uudhaan hawaasa /a group of people/ uuman akka ta'ees heera mootummaa keewwata 39 jalatti ilaallee jirra.

Hawaasni kun aadaa waliinii, afaan, muuxannoo walfakkaataa, kan jiraachaa jiruu fi xiin-sammuu tokko kan qabuu dha. HMFDRI kanas kan ragaasifatan miseensoota ummataa xiin-sammuu tokko qaban kanneeniin waliigaluudhaan marii taasisanii ti. Heera mootummaa kanas yoo raggaasifatan aadaan yookiin amantiin tokko isa biroo irraa akka caalu yaadame otoo hin ta'iin amantii fi aadaan kamiyyuu garaagarummaa tokko malee tarkaanfachiisuu akka danda'an amanamee ti.

Armaan olitti ilaaluuf akka yaaleetti saboonni, sab-lammoonni, fi ummatootni aadaa, duudhaa, fi amantii ofiitiif kenne kan birootiifis haala walfakkaatuun kennee jira. Kana jechuun sabni tokko aadaa fi duudhaa saba biraa akkaatuma aadaa fi duudhaa ofii kabajutti kabaja jechuu dha. Ilaalchi akkanaa kun biyya akka keenyaa amantii tokko, mootummaa waalta'aa tokko ta'ee ture keessatti jijjiirama gaarii dha.

Heera mootummaa sanada ani hunda nan caala ilaalcha jedhu kan qabatee miti, ilaalchi heera mootummaa irratti calaqisiifamu qabu sirna “*nuti walqixa, walqixas tarkaaffanna*” kan jedhu hundeessuudhaaf kan kaayyeeffatee dha. Sabaaf, sab-lammoonni, fi uummatootni ilaalcha kana yoo murteessan fedhii fi amantii bilisaa mataa isaanii irratti hundaa'uudhaan, aadaa boonsaa ofii akka qaban hubachuudhaan, hundi isaaniitu faayidaa fi ilaalcha waliinii akka qaban ta'uu isaa hubatanii ti.

Heera mootummaa akkaataa kanaan raggaasifame, nageenya fula'aaf wabii kan ta'u, guddina hawaas dinagdee kan aariifachiisu, walitti dhufeenya seenaa dogonggoraa kan sirreessu, fi mirgaa fi fayyidaa waliinii kabachiisuudhaan hawaas dinagdee fi siyaasaa tokko uumuu kan nama dandeesiisu akka ta'e ni hubatama.

Kana galmaan gahuudhaaf tumaalee heera mootummaa tarreeffaman keessaa tokkoo fooyyeessuun yoo barbaadame waliigaltee sabaaf, sab-lammootaa, fi uummatootaa akka barbaadu jala sararuun tumaniiru. Gareen akka jiraatuuf dirqama qabee tokkoo keessatti kan walitti qabamu qabu miti, /policy of assimilation/, / mutual recognition, consent and mutual continuity/ dhimmoonni jedhaman xiyyeeffannoon kennamee fi taa'uu qaban.

Qaamni mootummaa seera baasu, seera hiikuu fi seera raawwachiisu, dhabbanni amantii fi aadaa, manneen barnootaa seeraa, akkasumas qaamooleen haqaa biroo hundi yeroo hojii isaanii raawwatan fedhii garee hawaasaa kana ilaalcha keessa galchuun dirqama



Heera Mootummaadhaan itti kenname akka ta'e hubachuu qaban.

Sabni, sab-lammiin yookiin uummanni tokko dhimmoota sadeen gubbaati ibsaman keessaa tokko na jalaa hir'ateera jedhee yoo koomate, qaamooleen haqaa gaaffii kana keessummeessan akka barreessitootni jedhanitti 'gaarii' fi 'haqaan kan deebi'u' ta'uusaa hubatanii eegumsa alaa /external protection/ kennuufi qabu.

### **Mirga Namoota Dhuunfaa**

Nmootni nama ta'uu isaaniitiin mirga akka qaban beekkamaa dha. Mirga nama ta'uu isaaniitin argatan kana seeraan yoo tumame malee eenyuyyuu jalaa cabsu hin danda'u. Mirga namoota dhunfaa kan jedhaman, namootni nama ta'uu isaaniitin qofa mirga gonfatan akka ta'e ni beekkama.

Mirgi nama dhuunfaa tokkoo hawaasa keessatti qoodiinsa tajaajilaa qabu ilaalchisee qajeeltoo walitti dhufeenya nama biraa walin qabu itti hoogganamu dha. Faayidaa waliinii waan qabaniif, gaaffii haamilee bu'uura waan qabaniif yookin waadaa seeraan waan hidhamanii fi dhimmoota kkf kabajamu akka qaban beeku qabna.

Gocha tokko raawwachisuu waan danda'aniif /claims to freedom of action/ ta'uu isaaniitin mootummaan hundee famu isaatin dura kan jiran waan ta'eef, mirgootni dhala namaa fi mirgoota siivikii kan jedhaman waliin guutuumaan guutuutti walitti dhufuu baachuu danda'u. Mirgoota namoota dhunfaa kana ilaalchisee qaamooleen haqaa dhimmota dhiyaataniif qorachuu, qulqulleessuu fi eegumsa ol'aanaa gochuufi akka qaban leenjifamtootaan hanga danda'ameen aarsaa barbaachisaa ta'e kaffaluun gahee isaanirraa eeggamu bahu qabu.

### **Gama Mirgoota Garee fi Dhuunfaa Eegsisuutiin Shoora Qaamolee Haqaa**

Gubbaati kan ilaaluudhaaf yaale maalummaa fi bu'uura mirga nama dhunfaa fi garee ti. Itti aansuudhaan kan ilaalli mirgoota kanneen kabachiisuu fi eegsiisu ilaalchisee gahee qaamoolee haqaa maal ta'uu qaba kan jedhu dha.

Waggootan kurnan darban keesstti Heera Mootummaa raggaasifaman, kan of keessatti qabatan biyyi yookiin ummanni tokko galma yookiin fedhii /aspiration/ itti gahuu barbaadu otoo hin taane tumaalee kaallattiidhaan qaamolee haqaatin raawwatamanis of keessaa qabu.

Heera mootummaa biyya keenyaas tumaalee kanneen of keesaa qaba. Kanaafi heera mootummaa keenya keewwata 9/2/ jalatti qaamooleen mootummaa kamiyyuu dirqama

heera mootummaa kabachiisuu fi ittiin ajajamu akka qaban ibseera.

Heera mootummaa dhaaf ajajamuu, kabajuu fi kabachiisuudhaaf dirqama labsiin biraa nu hin barbaachisu. Qaamni haqaa kamiyyuu mala adda addaa fayyadamuun heera mootummaa kana kabajuu fi kabachiisuu akka qaban hubatamu qaba.

Kana galmaan gahuudhaaf ammoo heera mootummaa hojiirra oolchuu /apply/ fi haallaan raawwachuuf /enforcement/ jiraachuun dirqama ta'a. Qaamoleen haqaa hunduu heera mootummaa kabachiisuuf itti gaafatamummaa waan qabaniif seera dhimma kana guufachiisu, murtii fi hojimaata bartamaa hundaaf gatii kennuu hin qaban.

Qabxii kanaan walqabatee murtiin, seerri fi hojimaanni baratamaa kan jiru heera mootummaa bahuu isaatin dura yookin erga bahee booda /pre or post constitution/ kan bahe ta'uun isaa biyya keenyaaf garaagarummaa hin qabu. Kanaafuu qamoolee hawaasummaa fi diinagdee heera mootummaa keessatti tumaman bifa qabatamaa fi hiikkaa qabuun akka raawwataman fi ergama heera mootummaa galmaan gahuutu isaani irraa eegama.

Yeroo tokko tokko seerrootni gaaffii kaafne hunda nu deebisuu hin danda'an. Seerri sirna adeemsa yakkaa mataa isaatin banaa seeraa kan qabu waan ta'eef, tumaalee heera mootummaa waliin wal faalleessan waan qabatee jiruuf raawwatinsa irratti banaa uumuu danda'a. Banaa haala kanaan uumaman kallattiidhaan tumaale heera mootummaatiin yookiin afuura heera mootummaa irratti hundaa'udhaan guutamu akka qaban beekuun daran barbaacchisaa dha.

Mirgoota dhala namaa ilaalchisee seerri adeemsa yakka kan rakkoo qabu waan ta'eef qaamoleen haqaa mirgootaa fi bilisummaawwan bu'uura heera mootummaa of eegannoodhaan raawwachuuf akka tolu taasisuun qaawwa seeraa uumame duuchuu qaban.

Gama kanaan keessattuu qaamoleen abbaa seerummaa/ manneen murtii / fi ogeessoonni waajjira haqaa yookiin abbootin alangaa hojii isaan yeroo raawwatan qajeeltoowwan heera mootummaa fayyadamuudhaan raakkoo ummame hundaaf furmaata kennuuf yaaluun barbaachisaa ta'a.

Dhimmoota mirga namoomaa waliin walitti bu'iinsaa fi banaa seeraa uumamu kan nuuf hiikuu danda'u heera mootummaa qofaa miti, walgalteewwan addunyaas raawwatiinsa akka qabaatan heera mootummaa irratti ifaan tumameera.

Waliigalteewwan idil-addunyaa biyyi keenya mallatteesite raggaasifte sadarkaa heera mootummaadhaa gadi ta'uudhaan qaama seeraa biyya keenyaa ta'uudhaan tajaajila kennaa jiru. Akkasumas mirga dhala namaa biyya keenya keessatti kabajamaniif maddaa fi bu'uura ta'uudhaan tajaajilu.

Kanaafuu qaamoleen haqaa tumaalee mirga namoomaa waliin jiran hiikuu yoo barbaadan waliigalteewwan addunyaa biyyii keenya raggaasiiste ilaalu qabu. Waliigalteewwan idil-addunyaa kunniin hanga raggasifamanitti hiikkuudhaan yookiin kallattiidhaan fayyidaara oolu qabu. Keessattu abbotiin seeraa fi abbootin alangaa walgalteewwan dhimmoota keessaan ala raawachuudhaaf /creative judge, and creative public prosecutor/ ta'uu qabu. Kanaafuu mirgoota bu'uuraa fi bilisummaa heera mootummaa irratti hammataman ilaalchisee qaamoleen haqaa:

1. Mirgonni bu'uuraa fi bilisummaawwan addunyaawaa ta'uu isaanii tii fi heera mootummaa keenya keessatti haammatamanii xiyyeeffannoo cimaa qaamoolee haqaa kan barbaadan ta'uu isaanii.
2. Keessattuu qaamni aangoo abbaa seerummaa qabu ogeessota haalaan leenji'an waan qabuuf mirgoota kabachiisuu ilaalchisee gahee ol'aanaa kan qabuu ta'uusaa murtii fi raawwii hunda keessatti tumaalee mirga namoomaa fi afuurri jireenya hawaasa keenya keessatti kan dhugoomu ta'uusaa.
3. Mirgoonni hawaasaa, diinagdee, fi garee raawwachiisuudhaaf qaama abbaa seerummaa irra qaamoleen raawwachiiftuu biraa kan dursu ta'uus raawwii hojii abbaa seerummaadhaaf wabii / vital point of reference/ akka ta'an.
4. Dhimmootni mirga namoomaa aariitiidhaan kan ilaalamanii fi badii uummameefis beenyaan madalawaa jiraachuu qaba.
5. Gama kanaan Koomishiniin farra malaammaltummaa, dhabbanni abbaa gaar uummataa, mirgoota sarbaman qorachuudhaan, too'achuu, qo'annoo fi barnoota babal'isuun dirqama qaban bahuu qabu jechu dha.
6. Qaamoleen haqaa akka waliigalaatti, keessattu qaamni aangoo abbaa seerummaa qabu, seeraan kan leenji'e qofa otoo hin taane uummataf fedhii fi miira mirga namoomaa qaban hubachuudhaan deebii aariitiin kennuu qaba. Keessattuu qaama hawaasaa miidhaadhaaf saaxila bahuu danda'an adda baasuudhaan fedhii fi rakkoo isaanii hubachuudhaan mirga gareefis ta'ee dhunfaadhaaf xiyyeeffannoo

addaa qaama haqaa kennu daran barbaachisaa akka ta'e.

7. Dhimmoota mirga namoomaa ilaalatan ilaalchisee qaamni haqaa iyyata sirna itti fudhatu baay'isuu fi akkaataa adda ta'een dhaqabamuummaa akka qabaatu, haqa himatamaaf qofa otoo hin taanee midhamtootaaf dhaqabsiisuu akka qabu, qaama haqaa hubachu akka qabu.

### **Mirga Namoota Dhuunfaa Raawachisuu Ilaalchisee**

Manni murtii waliigalaa Ameerikaa, maloota ammayyuummaan biyya tokko itti madaalamu keessaa akkaataa raawwatiinsa seera yakkaa biyya tokko keessatti adeemsifamu dhiphachuun yookiin bal'achuun iddoo guddaa akka qabu ibseera. Kana bu'uura godhachuudhaan fakkaata heerri mootummaa keenya boqonnaa sadi jalatti tumaalee sirna adeemsa yakkaa kan tarreesuu danda'eef.

Afuura tumaalee heera mootummaa kana yoo ilaalu falmii dhimma yakkaa irratti dhiibbaa gaarii kan uuman akka ta'e ifa. Tumaaleen kun gama biraatin seeroota kanaan walqabatan kan itti raawwatamanii dha. Qaamni haqaa hundii gaheen qaban sadarkaa adda addaa haa qabaatan malee hundi isaaniitu gahee mataa isaanii qabu. Kuni jechuun qaamni haqaa tokko gahee hojii qaama haqaa biroo keessa jiddu lixuudhaan bilisummaa dhabbatichaa irratti rakkoo uuma jechuu dhaa miti. Akkasumas qaamni hunduu gahee isaa bilisummaadhaan baha jechuuniis akka barbaadetti afuura heera mootummaa tiin alatti sochoo'a jechu dhaa miti.

Hojiin raawatamu hundi qajeeltoo heera mootummaa tin ala akka hin taane to'annoon raawwii duraa fi raawwii boodaa diriirsuun itti gaafatammummaan jiraachuu qaba. Fakkeenyaaf miseensi poolisii tokko yakka raawwatame tokko qulqulleesuudhaaf qorannoo yeroo adeemsiisu qabeenya qabaman, namoota qabaman, ilaalchisee mana murtiidhaan qajeelfamni keennamuufi danda'a.

Qorannoon miseensi poolisii fi ajajni mana murtii bu'uurri isaa heera mootummaa keewwata 17/1/ ta'uu danda'a. Kanumaan miseensi poolisii qorannoon adeemsiisuee ajaja mana murtiidhaan kennamen ala bahee yoo hojjete qaama haqaa biraatin gaafatamu danda'a.

Gama biraatin ajajni mana murtiidhaan kenname afuura heera mootummaatin ala yoo ta'es qaama haqaa biraatiin ni gaafatama jechuu dha. Raawwiin qorannoo erga xumuramee booda galmeen gara abbaa alangaati darbuudhaan, abbaan Alangaas seera

bu'uura godhachuun filannoo qabu hunda fayyadama jechuu dha.

Filannoowwan kanneen yoo fayyadamu mirgi dhala namaa yoo sarbame Abbaan Alangaas seeraan ni gaafatama. Mirga dhala namaaf eegumsi kan barbaachisu yeroo qorannoo, fi qorannoon booda, himannaan dura yeroo jiru, qofa otoo hin taane yeroo dhagaha himannichaatis ta'uu qaba.

Yeroo akkanaa qaamolee haqaa keessaa gaheen mana murtii daran ol'aanaa dha. Guyyaa bellamaa irraa kaasee hanga murtiin balleessummaa kennamutti adeemsa jiru kan too'atu mana murtii dha. Adeemsa kana keessatti mirga dhuunfaa namootaa sarbuu kan hordofsiisan gaaffileen heedduu ka'uu danda'u.

Gaaffileen sababa namni dhunfaa falmu kaapiitaala maallaqaa fi beekumsa dhabuurraa ka'uu danda'u. Yeroo akkanaa qaamni abbaa seerummaa sarbamuu mirga dhala namaa dhoorkuudhaaf fi mirga isaa kabachiisuuf hanga kamitti adeemuu qabaa? Kan jedhu ka'uu barbaachisaa dha. Dabalataan qabxiilee itti aanan ilaalla.

Jalqaba tumaalee heera mootummaa of eegannoodhaan yoo madaalle qaamni seera baastuu sirna heera mootummaadhaaf keessattuu ol'aantummaa seeraatiif xiyyeeffannoo addaa akka kenne hubachuu dandeenya. Sababa kanaafi mirgoonni bu'uuraa boqonnaa sadi jala jiran haawwii otoo hin taane mirgoota raawwatamuu qaban akka ta'an kan agarsiisu. Mirgoota kanneen manneen murtii akka qaama mootummaa tokkootti dirqama raawwachisuu akka qaban tumameera. Mannen murtii keenya heera mootummaadhaan hundaa'an kan qajeelfaman heera kanaan fi seeroota birriin akka ta'e ifa dha.

Kanaafuu mirgi ofirraa ittisuu himatamaa, sababa maalaqaa fi dandeettii dhabuudhaan ni sarbama jedhe Manni Murtii yoo amanee, fi seerri yoo eeyyame, dhimmi akkanaa kun Abukaatoo ittisaa ramaduudhaan sirreessu qaba jechu dha.

Abukaatoo ittisaa dhaabuun kan rakkisu yoo ta'ees manni murtii dhimma kanaaf mala barbaaduudhaan fooyyeessu akka qabu fi mirga dhala namaa kabachiisu akka qabu gaheen ol'aanaa kennamee fi jira. Kanaan walqabatees afuura heera mootummaas qorachuu qabna.

Heera mootummaa tumaa ifa ta'een beekamtii hin kennuuf jedhamee kan yaadamaa ture manneen murtii aadaas gurmaa'anii akka hojjetan tumameera. Manneen murtii aadaa fi amantii akka mana murtii idileetti haqa kan baasan seera akkaataa ogeessaatti qaacceessuudhaan otoo hin taane dhugaarra gahuudhaaf xaaruudhaan akka ta'e ni



beekkama. Manneen Murtii kun dhugaa /truth/ baasuudhaaf dhihoodha jedhame yaadama.

Kanaafuu heera mootummaa fi qaama abbaa seerummaa akka waliigalaatti dhugaa fi haqa / truth and justice/ akka argamu carraa banu.Dhugaarra gahuudhaaf sirni abbaan seerummaa dandeesisu kan jiraatu falmii bitaa mirgaa qofa dhagahuudhaan murtii kan kennu qofa otoo hin taane jidduutti falmiirratti kan adeemsoota mirga dhala namaa sarbuu danda'an yoo jiraatan jiddu lixuudhaan sirna sirreessu ta'uu qaba.

Gama kanaan seera deemsa falmii keenya otoo ilaallee qaamni abbaa seerummaa kaka'uumsa mataa isaatin dhimmoonni raawwachuu qabu /a pro active justice activities/ tumamanii argamu.Fakkeenyaaf himatamaan tokko qorannoo duraatiif mana murtii yoo dhiyaatu kaayyoon itti dhiyaate jecha amantaa fi waakkiidhaaf akka dhiyaate manni murtii itti himuu akka qabu seerri ni ajaja.

Gaaffii gaafatamuuf deebii kennuuf akka hin dirqamne itti himama.Himannaan sarbamu mirgoota dhala namaa hordofsiisu iddoo tokkotti yoo dhiyaatan himannaan akkanaa akka gar gar bahan manni murtii ajaju qaba. Akkasumas himannaan mirga dhuunfaa namootaa kan sarbu danda'u yoo dhiyaates fooyya'ee akka diyaatuu fi sirna mirga namaa kabajuun akka sirreeffamu ajajamu qaba.

Himannaan yakkaa haraa yoo dhiyaatu falmiin kan gaggeeffamu qabu mirga himatamaa akka hin sarbine manni murti erga qoratee booda ta'uu qaba. Gama biraatin manni murti chaarjii himannaa fudhe tokko himannaa himatamaaf dubbisuun qofa kan daanga'uu miti.Himannaa dubbisuun qofa otoo hin taane akka himatamaadhaaf galu taasisuun ibsuu fi qabu.Himatamaan qabiyyee himannichaa hubate himannaadhaaf deebii kennuu dhiisuudhaan otoo callisee mirgi isaa daran kan kabajamu yeroo ragaan dhiyaatu waan ta'eef manni murti ragaan akka dhiyaatu ajajuuf dirqama jechu dha.

Gama biraatin himatamaan yakka akka raawwate kan amane ta'uus manni murti beellama kan kennu mirga himatamaa kabachiisuudhaaf otoo beelama hin baay'isin murtii barbaachisaa ta'ee kennuu qaba. Kuni jechuun garu namni tokko waan amaneef qofa balleessaa qaba jechuun nama rakkisa.

Jecha amantaa himataan kennee bu'uura godhachuudhaan murtiin balleessummaa erga kenname booda, yeroo himannaan dhagahamu manni murti jecha waakkii galmeessuu akka qabu yoo amane kanuma kaka'uumsa mataa isaatin galmeessudhaan murtii

balleessummaa kennee ture kufaa akka godhu seerri ni ajaja. Jechi ragaa abbaa alangaa yeroo dhagahamuus manni murti ragaalee dhiyaataniif gaaffii barbaachisaa ta'e yeroo barbaadetti gaafachu danda'a. Ragaaleen abbaa alangaa erga dhagahamaniin booda barbaachisaa yoo ta'e ragaan himatamaa dhagahamu danda'u. Himatamaan jecha kennuu yoo barbaade jalqaba kenna jechu dha.

Manni murtis dhimmicha ibsuudhaaf akka tolu gaaffii barbaachisaa ta'e gaafachu danda'a. Himataan yookin himatamaan ragaan dabalataa akka dhagahamuuf yoo gaafatan manni murtii kan eeyyamu danda'u ragaaleen dabalataan waammaman ijoo dubbii qabame kan haalaan ibsanii fi haqaaf barbaachisaa dha jedhee yoo amanee dha. Ibsamni tarree kanaa seera adeemsa yakkaa keessatti ni tarreeffama.

As irratti kan agarsiisuudhaaf yaalame qaamni abbaa seerummaa akka qaama mootummaa birootti mirgoota bu'uuraa nammummaa fi bilisummaa kabachiisuudhaaf dirqama kan qabu ta'uu isaa haala kan mijeesse seera adeemsa raggaasimee jiru akka ta'u hubachuu qabna.

Mirgi dhala nama dhuunfaa akka hin sarbamneef sadarkaa himannaa dubbisurraa eegalee hanga murtii kennuutti qaamni haqaa mala jiddu itti lixuu danda'u hedduu dha. Himatamaan gaaffii qaxaamuraa gaafaachu yoo hin dandeenye offirraa ittiifachuudhaaf Abukaatoo ittisaatti fayyadamuun rakkoo uummamu danda'u furuun ni danda'ama. Manni murtii ragaa daran barbaachisaa ta'e sababa rakkoo dandeettii yookiin dagannoodhaan yoo dhiyaachu dhabe sarbamu mirgaa kan hordofsiisu waan ta'eef ragaan kun dhiyaate murtiidhaaf akka tolu taasifamu qaba.

Dhugaa baasuudhaaf qaamni abbaa seerummaa falmii barreeffamaa fi afaanii bitaa mirgaa, ragaa madaaluu, fi dhimmota kana fakkaatan keessatti hirmaannaa guddaa taasisu akka qabu hubatamuu qaba. Hirmaannaan hoo'aa qaamni abbaa seerummaa /judicial activism/ yeroo barbaadametti kan godhamu sirna adeemsa seeraa tiif barbaachisaa ta'ee yoo argamee dha.

Barbaachisaa ta'ee argameera kan jedhamu, abbaan seerummaa bilisaan gaggeefamu isaa sarbuudhaan otoo hin taane mirgaa fi bilisummaa heera mootummaa irratti caqafaman kabachisuudhaaf akka ta'ee tilmaamuun barbaachisaa dha.

Kanumaan dhimma kana waliin walqabatee kan ilaalamu qabu, falmii bitaa mirgi hin kaafne maalifan kaasa jechuudhaan bira darbuun mirgoota bu'uuraa heera mootummaa

waliin waan wal hin simneef haaqa baasuudhaaf qaamni abbaa seerummaa baayy'ee tataafachuu akka qaban kan agarsiisuu dha.

Manni murtii hanqina ogeessaa jiru, himatamaan Abukaatoo dhaabbachuudhaaf maallaqa qabaachu isaa, qindoomina gaarii himataa/abbaa alangaa/ qabu, rakkoo teeknikaa seeraa hubachuudhaan mirgoonni dhala namaa akka hin sarbamneef haala mijeessuu fi toochuudhaaf gahee ol'aanaa akka qaban gubbaatti bal'innaan ilaallee jirra.

Kana taasisuun ammoo al- kallattiidhaanis ta'ee kallattiidhaan tumaalee heera mootummaa kabachisuu dha. Seera kabajuu dhabuun ammoo itti gafatamummaa naamusaa kan hordofsiisu waan ta'eef seera kabajuun lammilee hundarraa kan eegamu ta'a jechu dha.

Armaan olitti ilaaluuf akka yaaletti abbootiin seeraa hubannoo gahaa argachuu qabu yoo jedhamu, Abbootiin seeraa dhimmoota hundarratti aangoo abbaa seerummaa ni qabu jechuu dhaa miti. Biyya kamiyyuu keessatti walitti bu'iinsi hundi furmaata kan argatu mana murtii keessattii miti. Inumaa rakkooleen hedduu mana murtiidhaan ala qaamoota haqaa fi namoota dhunfaa birootin fala argatu jechamee amanama. Biyya Ameerikaa keessatti dhimmoonni gaaffii siyaasaa/ question of political doctrine/ ka'an ilaaluudhaaf manneen murtii aangoo hin qaban.

Akkataa kanaan keessattuu qaamoolee mootummaa federaalaa gidduutti walitti bu'iinsi yoo uummame dhimmichi mana murtiin ala akka ilaalamu taasisun kan baratamee dha. Fakkeenyaaf biyya Ameerikaa keessatti gaaffii akkanaatin walqabatee gafileen ijoo Heera Mootummaa /akaakuun Mootummaa Riipabliika ta'usaa, aangoo wal qunnamtii biyya alaa waliin walqabate ilaalchisee, sirna heerri mootummaa itti fooyya'u ilaalchisee fi kkf / non justiciable / jedhamanii mana murtiidhaan hin ilaalaman jechuu dha. Barreeffamni dhihoo kana barreeffamanis, dhimmoonni federaalaa /non justiciable / ta'aa jiru.

Gaaffiileen akkanaa fi kanaan walfakkaatan kan hiikkaman adeemsa siyaasaatin hiikkamu jechu dha. Biyya Faransaay keessattis haaluma kanaan kan wal fakkatu dha. Biyya Jarman keessatti dhimmoonni kun kan dhiyaatan ilaalaman mana murtii heera mootummaa keessatti ta'uus qaamooleen dhiyyeessan yeroo baayy'ee bu'aa siyaasaa argachuudhaaf kaayyeefatu jedhamanii waan shakkamaniif ni jibbamu.

Biyya keenya keessattis dhimmootni akkanaa kan ilaalaman, mana murtii keessatti otoo

hin taane qaama heera mootummaadhaan aangoon kennameef jechuun Mana Maree federeeshiniidhaaf akka ta'e kutaa moojulii kana keessatti ilaalle bira darbuun keenya ni yaadatama.

Kanaafuu qaamni Abbaa seerummaa yeroo hundaa kan argamu /omnipotent/ fi murteessu kan danda'u / omnipresent/ taasifame fudhatamu hin qabu. Abbootin seeraa dhimma qabame tokko irratti, murtee kennuu isaaniin dura dhimmichi mana murtiidhaan kan ilaalamu qabu / justiciable/ ta'ee tumaa seeraa ifa ta'een tumamu isaa mirkaneessu qabu. Dhimmichi mana murtii kan dhiyaachu hin qabne /non justiciable/ ta'ee otoo jiru dhimmicha ofitti fudhachuun kan ilaalan yoo ta'e mirga haqa argachuu heera mootummaa keewwata 37 jalatti tumame cabsuu isaani hubachuu qabu.

Dhimma akkanaa mana murtii keessatti akka ilaalamu ifa dha. Fakkeenyaaf tajaajilaa Bataskaanaa tokko falmiidhaan bulchaa Bataskaanaa gochuudhaan murtee kennuun mirga namummaa hojjetaa kabachiisuu dha moo? Yookin mirga namootaa haaqa argachuu qaban dhiphisuu dha? Dhimma kana irratti leenjifamtootni otoo irratti mari'atanii gaarii ta'a.

### **2.3. Misooma Ariifachiisaa fi Fulla'aa mirkaneessuu Keessatti Shooraa qaban**

Ummanni Itoophiyaa hoongee fi hiyyummaa keessa waan tureef waggaa dha waggatti carraa hoongedhaaf saaxilamuun isaa baay'ee bal'aa dha. kanaafuu wabii midhaan nyaataa kan hin mirkaneessine /guddinni fi misoomni waggootan darban akka eegametti ta'e/ dhugaa hin haalamne akka ta'e ni beekkama. Biyyattiin tun sadarkaa idil- addunyaatti biyyoota daran hiyyuumma keessa jiran tarreetti ramadamtee argamti.

Gama biraatiin ammas akka addunyaatti biyyoota aariitiidhaan misoomaa jiran keessattiis sadarkaa guddaarra jirti. Dimokraasii fi bulchiinsi gaarii biyya keessa hin jirreetti, dhimmoonni misoomaaf barbaachisaa ta'an ni jiru jechuun hin danda'amu. Otoo jiraataniyyuu biyyatti hiyyuummaa jalaa ni baasu jedhamee hin tilmaamamu. Dimokraasii fi bulchiinsi gaarii mirgaa fi walqixxummaa ummataa mirkaneessuudhaan biyya keenya keessatti nageenyi fulla'aan jiraachuun isaa biyyatti hiyyuummaa keessaa baasuudhaaf haal duree tokko akka ta'e kan nama walgaaffachisuu miti.

Dimokraasii fi bulchiinsi gaariin imaammata biyyi keenya itti misoomtu baasuudhaaf akka nama gargaaru beekkamaa dha. Fedhiin ummataa misooma mirkaneessu waan ta'eef sirna dimokraasii fi bulchiinsi gaarii keessatti paartileen siyaasaa imammata

misoomaaf barbaachisaa dha jedhan ni dhiyeessu.Ummannis imammattoota paartileedhaan dhiyaatan keessaa barbaachisaa dha jedhee kan amane filata jechuu dha.Kan hin barbaanne ammoo bira darba.

Uummanni guutuu imamattoota misoomaa dhiyaatan galmaan gahuudhaaf miira kaka'uumsa horatee gahee isaa bahuudhaaf sirni dimokraasii barbaachisaa dha jedhamee amanama.Sochiin duula misoomaa kun galmaan gahamee bu'aa qabeessa kan ta'u hawaasni guutuu dhimmoota fi kaayyoolee bu'uura ta'an irratti ejjannoo fi ilaalcha tokko qabaatee lamiileen hunduu gahee mataa isaa bahuu yoo danda'ee dha.

Bulchiinsi haqaa ammayyaa, hojii isaa si'oominaan dalaguu fi bu'aa qabeessa ta'e jiraachuun isaa misooma diinagdee fi hawaasummaa mirkaneessuudhaaf warraaqsa godhamu keessatti shoorra ol'aanaa akka qabu gubbaattis ibsamuuf yaalameera.Sirni haqaa akkanaa jiraachuun isaa ol'aantummaa seeraa mirkaneessudhaaf fi lamiilee fi uummanni akka waliigalaatti misooma diriirfame keessatti akka hirmaataniif carraa bana jechu dha.Sirni haqaa akkaanaa bakka hin jirreetti sirni dimokraasii fi bulchiinsi gaarii dagaaguu waan hin dandeenyeef ummannii fedhii bilisa guutuu qabuun misooma keessatti hirmaachuudhaaf carraa qabu ni daangeeffama jedhamee yaadama.

Sirni haqaa bu'aa qabeessaa fi si'oomaa ta'e jiraachuun isaa nageenya tasgabbeessudhaaf sochiin daldalaa wabii akka qabaatu, lammiileen qabeenya hooratan investii gochuudhaan kaappitaalli alaa fi invastimantiin akka hawwachisaa ta'u akka waliigalaatti hiyyummaa biyya keessaa dhabamsiisuudhaaf baay'ee barbaachisaa dha.

Kaayyoo kana galmaan gahuudhaaf sirni haqaa heerri mootummaa, uummaataa fi mootummaan sadarkaa irra jiruun fooyya'iinsa taasisuudhaan ijaarsa sirna dimokraasii fi mirga dhala namaaf wabii keennuu fi kabajuun, biyyattii keesatti guddinaa fi diinagdee ariifachiisaa fi fulla'aa ta'een lammiin hunduu sadarkaa jiru irratti itti fayyadamaa kan itti ta'u mirkaneessuudhaaf tattaaffii godhamaa jiru keessatti gahee isaa akka bahu carraa banuun dhimma yeroo itti kennamu miti.Gama kanaan qaamoleen haqaa nageenyaa tasgabeessudhaaf qajeeltoo gabaa bilisaa mirkaneessuudhaaf gahee ofii ni taphatu jechuu dha.

### **Nageenyaa fi Tasgabii Misoomaa Gargaaru Gama Uumuutiin**

Nageenyaa fi tasgabbiif qaamni haqaa si'oomaan jiaachuun isaa misooma diinagdee tiif baay'ee barbaachisaa dha.Misooma mirkaneessuf, nageenyaa fi tasgabii diriisuudhaaf

seeraa fi sirni akkaataa amansiisaa ta'een mirkanaa'uu qaba.

Biyyaattin akkasumas hawaasni guutuun naasuu yakkaa irraa fi rakkoolee hawaasummaa irraa bilisa ta'ee misoommaa irratti akka hirmaatu nageenyi akka itti dhagahamu gochuun barbaachisaa dha. Yakkaa fi lolli yoo baay'ate misooma fulla'aa ta'e galmeessisuu irratti dhiibbaa mataa isaa akka qabu ni hubatama.

Lammiileen mirga heera mootummaatiin mirkanaa'eef keessaa kan akka qabeenya horachuudhaaf wabii yoo dhabe hirmannaa diinagdeedhaaf taasisan ni daangeessa jedhamee amanama.

Kanaafuu hawaasni biyyattii qabeenyii isaa, lubbuun isaa, nageenyi qaama isaa akka kabajamuuf qaamoleen haqaa fi mootummaan itti gaafatamummaa heera mootummaa kan keenameef akka ta'e heera mootummaa dubbisuudhaan qofa hubachu dandeenya. Hawsni naasuu xin-sammuu fi sodaa qaamaa irraa bilisa ta'ee misooma irratti akka hirmaatu taasifamu qaba.

Nageenyaa fi tasgabbiin biyya tokko keessa yoo kan hin jiraanne ta'e hojiin daldalaa amantii akka hin horannee fi sadarkaan investimantii akka xiqqaatu taasisa. Investimantiin haaraa yaaduudhaafis kan nama rakkisu waan ta'eef misoomni biyyatti guyyaadhaa guyyaatti akka hir'achaa deemuuf sababa ta'a jechuu dha. Investimantii argamurraa carraa hojii lammiileedhaaf uumaman hiyyuummaan akka qancaruu fi hojii dhabdoonni nageenyaa fi tasgabbiidhaaf ba'aa akka ta'an hubachuu qabna.

Kanaaf qaamoleen haqaa investimantii alaatiif haalli mijaawaa jiraachuun isaa uummanni addunyaa akka hubachuu danda'u gochuudhaan investimantii fi daldala argamurraa faayidaa itti fufaa fi aamansiisaa ta'e uummuudhaan hiyyuummaa fi hoongee biyyaa daraaraa jiru irraa bilisa ta'uuf tattaafachuun dirqama mootummaa qofa otoo hin taane dirqama lammiilee fi hawaasa hundaa akka ta'e hubachun dirqama ta'a.

Qaamni haqaa yakkaa aariifataa fi bu'aa qabeessa ta'e akka jiraatu gochuudhaan uummannis ol'aantummaa seeraa fi qaama haqaa irraa amantaa akka horatu taaisuun nageenya fula'aaf haala mijeessuutu nama hundarraa eeggama.

Kanaaf yoo danda'ame yakki akka hin raawwatamne dhoorkuu fi dhaabuu, yeroo yakki uummame ammoo qaama yakka raawwate qorachuudhaan adda baasuu, qaama yakka raawwate hawaasa keessaa foo'anii baasuudhaan murtii haqaa fi madaalawaa akka argatu

taasisun adabbii madaalawaas akka argatu gochuudhaan yakki irra deebi'amee akka hin raawwatamne sirna dandeesiisu uumuun, sirna qaama yakka uume adamsee qabuu danda'u, kan himatuu fi kan adabu, namoota qulqulluu ta'an kan eegu, gahee ol'aanaa qaamni bulchiinsa haqaa ta'uu qaba.

Yakka raawwatame qoratanii baasuudhaan qaama yakka raawwate hawaasa qulqulluu keessaa adda baasuudhaan murtiidhaaf akka dhiyyaatan gochuun midhamaa dhunfaa yakkiichaan kallattidhaan kan miidhame haara akka galfatu gochuudhaan, qaamoleen haqaa aamantaa uummataa akka horatan fi akka waliigalaatti hawaasa guutuu keessaatti tasgabbi fi nageenya uummamu dha. Kanaan misoomaaf haala mijaawaa ta'ee uumuu dha.

Gama biraatin yakkaa adda baasuudhaan nama yakka uume hawaasa keessaa foo'nii baasuu irratti sochiin taasifamu mirgi lamiilee qulqulluu ta'an akka hin tuqamne fi hin sarbamne sirna barbaachisaa ta'e uumuudhaan hawaasa fi mootummaa itti gaafatamuummaa itti dhagahamu irraa kan eegamu dha. Kaayyoo kana galmaan gahuudhaaf qaamooleen haqaa gahee ol'aanaa qabu.

Kanaaf gama tokkoon namoonni yakka raawwatan himatamanii adabbii seeraan ka'ame yoo adabaman, gama biraatin ammoo adabbiin kan kennamu yakkamtoota qofarratti ta'ee, dhimmichiis kan laallamuu qabu seera roga qabeessa ta'een fayadamuun akka ta'e beekkamaa dha.

Nageenyaa fi tasgabbi uumuudhaaf mootummaadhaaf shoora ol'aanaa kan qabu yoo ta'u, mirga dhala namaa kabajuu fi kabchiisuun Nageenaa fi tasgabbiiraa adda kan ta'ee miti. Kunis al kallattiidhaan misooma mirkanaa'e akka jiru kan itti agarsifamu ta'uu danda'a.

Akka waliigalaatti sirni haqaa qaama naasuu yakkaa hawwaasa irraa hir'isuudhaan, namoonni yakka raawwatan murtiidhaaf akka dhiyaatan kan itti mirkanaa'uu fi misoomni akka aariifatu, mootummaa fi qaamoleen daldalaa fi invastimantiin aamntii akka qabaatan taasifamuu qaba.

#### **Kanaafis:**

- ❖ Sirni bulchiinsa haqaa keessattuu hawaasa bu'aa qabeessa ta'an hunda akkaataa haqa qabeessa ta'een kan isaan tajaajiluu danda'u ta'uusaa.
- ❖ Hawaasa guutuudhaaf, midhamtoota dhuunfaa fi ragaa baatoota sirna qulqullina

isaa kan eegatee yeroo fi sadarkaa barbaadametti kan keennamu ta'uusaa.

- ❖ Sirna haqaa ammayyaa ta'ee fi akkaataa aarifachiisaan murtii itti kennamu mirkanneessudhaan yakkamtoota hawaasa qulqulluurraa adda baasuun murteedhaaf dhiyeessu danda'uu
- ❖ Ajajaa fi murtii adabbii manneen murtii sirna haal duree tokko malee itti raawwatamu mijeessu.
- ❖ Qaamni haqaa bifa qindoomina qabuun sirna tajaajila hawaasaa itti kennu ta'uu akka qabu. Yoo ta'uu baate qaamni haqaa nageenyaa fi tasgabbi uumuudhaan misoomaaf gargaarsa keennuu isaa dhaabuudhaan sirna diigaa fi nageenyaa fi tasgabbiidhaaf guufuu ta'uun isaa hin hafu jechu dha.

Misooma fulla'aa fi aariifataa mirkanneessudhaaf sadarkaa gabaa addunyaatti dorgomaa gahuumsa qabu ta'uudhaan tajaajila qulqullina qabu dhiyeessun bulchiinsa gaarii diriirsuun hojimaata iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabu diriirsuun dhimma murteessaa dha. Seerri sirna aariitii fi bulchiinsa bu'aa qabeessa qofa ta'uun alatti bulchiinsa gaariis akka of keessatti hammachu qabu ifa dha.

Sirni seerrii itti bahu seera raawwachuudhaaf gahumsi jiru fi aariifataa akkasumas yeroo barbaadame keessatti murtii kennu kan dandeessisu uummamuun isaa ibsama bulchiinsa gaarii itti mirkanaa'e kan itti mirkanaa'uu dha. Qorannoon adda addaa akka agarsiisutti inveestrootni biyya bulchiisi gaarii jiru keessatti, qabeenya isaanii dhagalaasuudhaaf akka barbaadanii fi dhiyyeessi taaksii fi malootni jajjaabeessaa kophaa isaanii akka gahaa hin taane mirkanaa'eera.

Yeroo dorgommiin addunyaarra jiru kanatti dhiyeessaa fi jajjaabeessii mootummaa invastarootaaf godhamu invastimanti hawwachiisaa gochuudhaaf tarkaanfii jiran keessaa tarkaanfii isa jalqabaa ta'uus garuu gahaa dhaa miti. Invastaroonni biyya keessaa fi biyya alaa waamuudhaaf bakka jiranitti tursiisuudhaa fi babal'isuudhaaf hojii kana caalaa hojjechu qabna.

Invastaroota gabaa keessa seenuudhaan dura seera beekuu fi qorachuu barbaadu. Gabaa keessa erga seenanii booda seeroota eeguudhaan akka raawwatan sababa wabummaa qabu barbaadu. Seerri akka jirutti akka itti fufu kan jijjiiramu yoo ta'ees mirga isaanii eegsiisuudhaan ifaa fi hirmaachisaa haala ta'een jijjiiramu akka qaban barbaadan.

Seeroota kanneeniif hiikkaa mana murtii keessatti keenamu fi seerrootni waligaltee



akkasumas seerootni biroo haala itti raawwataman amananii socho'u. Invastarri goodaanttu dha akka jedhamu hunda, invastaroonni rakkoo madaallii, aamansiisaa kan hin taane, gabaa iftoominaa fi itti gaafatamummaa hin qabne dhiisuudhaan sirna dinagdee nageenaa fi tasgabbi qabutti fi haala gaariidhaan isaan dhimmoota mijjeessuti deemun barbaachisaa dha.

Adeemsi kun akka jirutti ta'ee, wanta isaan qunnameen muxxannoo badaa ta'ee inveestaroota birootiif dabarsuudhaan dalagaa badaa ta'ee raawwachuu danda'u. Sabani isaa bulchiinsi gaarii Inveestmantii fi daldala harkisuudhaaf dhimmaa barbaachisaa waan ta'ee akka ta'e ifa dha.

Kanaafuu bulchiinsa gaarii ijaaruudhaaf, dhimmoonni baay'ee barbaachisaa ta'an jiraataniis, ol'aantummaa seeraa hunda dura dursiisu akka sirni haqaa amansiisaa ta'e jiraatu godha. Qaamni haqaa yeroo barbaadame keessatti murtii keennu danda'u jiraachuun isaa dhimma murteessaa dha.

Kaayyoon seeraa kan hubate, madaalamaa, dhimmoonni yeroo gabaaba keessatti akka murtaa'an sirni taasisu jiraachuun isaa miira madalamummaa uummuudhaaf, iftoomina fi itti gaafatamummaa mirkaneessuudhaaf dhimma barbaachisaa ta'ee dha. Sirni akkanaa invastaroonni, mootummaa fi abbaan taayitaa mootummaa akkaataa kamiin gahee hojii isaanii akka bahan ni barsiisa. Dhimmoonni kun yoo guutaman invastaroonni karroora yeroo dheeraa baasuudhaan hojiin isaanii baasiirraa bilisa kan ta'e akka ta'u barbaadu.

### **Haqni Lammileedhaaf Dhaqabamaa Akka Ta'u Gochuu**

Dhimmi xiyyeeffannoo ol'aanaa barbaadu ammoo, akkaatuma Invastarootaa qaamoleen misoomaan fayyadamaa kan ta'aniis jiraachuun isaanii yaadatamuu qaba. Isaaniis namoota dhunfaa, hawaasa keesa jiraatanii dha. Guddinnii hawaasummaa fi diinagdee kan barbaadamu faayidaan qaamoolee kanaa yoo mirkanaa'uu dha.

Sirni bulchiinsa haqaa fi bulchiinsi gaarii Invastarootaaf daran barbaachisaa akka ta'e hunda namoota dhuunfaadhaafis barbaachisaa dha. Namoonni dhuunfaas akka jireenya isaanii fooyyeeffatan carraa banaaf jedhamee yaadama. Carraan daldalaa fi akka waliigalaatti daldallii banaa yoo ta'e namoonni dhuunfaa carraa argatan fayyadamuudhaan jireenya ofii ni fooyyeeffatu waan ta'eef sirni jiru hirmaachisaa akka ta'eetti fudhatu.

Sadarkaa tokkooffaatti, mirga bu'uuraa heera mootummaadhaan goonfatan akka

beekkanii fi abbaa taayitaa fi namoota dhuunfaa irraa kan eegaman ta'uu isaanii mirkanneessu barbaadu. Kana gochuu kan danda'u ammoo qaama abbaa seerummaa bilisa ta'ee yoo qabaanne akka ta'e hubatamuu qaba. Eenyummaa namoota dhuunfaa fi abbootii taayitaa ilaalcha keessa otoo hin galchin seerri haqummaa fi miira nama kakaasurraa bilisaa ta'ee kan hiikkamu ta'uusaatiif qaamoleen seeraa fi laimmileen walaamanuu qabu.

Murtii seeraan ala ta'an qaama sirreessudhaaf, aangoo abbaa taayitaa seeraan ala fayyadamuu ilaalchisee hojiimmaani jiru, abbootiin taayitaa aangoo isaaniitin fayyadamuun badii naamusaa uummaniif, malaammaltummaa fi aangoo seeraan ala fayyadamu ilaalchisee akka waliigalaatti yeroo barbaadame keessatti badii isaaniitiif itti gaafatamummaa akka qabaatan qaama haqaa taasisu barbaadu.

Kanaafuu haqni lammiileedhaaf dhaqqabamaa akka ta'uu taasisuun misooma aariifachiisaa mirkaneessudhaaf barbaachisaa dha. Kana gochuudhaaf sirni haqaa yeroo dheeraa kan hin fudhannee, baasii kan qusatu, fedhii tajaajilamaa kan guutu, fi hunda bifa walqixa ta'een kan tajaajilu ta'uu qaba.

### **Sirna Dinagdee Gabaa Bilisaa Gargaaruu Ilaalchisee**

Sirna gabaa bilisaa waliigaltee fi qabeenya dhunfaa horachuu irratti kan hundaa'ee dha. Heera mootummaa irratti waa'ee gabaa bilisaa ilaalchisee ifaan kan tumame jiraachuu baatus, qajeeltoon sirna gabaa bilisaa keessaa qaama tokko kan ta'e abbaa qabeenyummaa qabiyyee bu'uura godhachuudhaan tumaan heera mootummaa agarsiisu jira.

HMFDR I keewwata 40/1/ jalattii lammiin Itoophiyaa kamiyyuu abbaa qabeenya dhuunfaa ta'uusaa akka kabajamuuf tumameera. Mirgi kun faayidaa ummataa eeguudhaaf haala biraatin seeraan hanga hin tumamneetti qabeenya ofii qabachuudhaan qabeenya ofiitti fayyadamuun yookiin mirga lammiilee biroo hanga hin tuqneetti qabeenya ofii gurgurachuu, dhaalchisuu, yookiin karaa nama biraatti dabarsuu akka danda'u tumamee argama.

Qabeenyis humna isaaniitin, dandeettii uumuu isaaniitin, yookiin kaappitaala isaaniitin kan horatan bifa qabatamaa fi hin qabatamne ta'ee garuu gatii kan qabu ta'uusaa ibsuun sirna gabaa bilisaa maqaa isaatiin tumuu baatus aangoo abbaa qabeenya dhuunfaa waan of keessaa qabatee jiruuf qajeeltoo sirna gabaa bilisaatii iddoo gahaa keennu isaa agarsiisa.

Seeroota raawwii biroo ilaaluudhaan sirnichi guutuu kan ta'ee fi iddoo gahaa kan qabu ta'uusaa hubachuun ni danda'ama. Seera investimantii, seerri hariiroo hawaasaa fi seerri daldalaa tumaa heedduu sirnicha kan babali'isan qabu. sirna gabaa bilisaa heera mootummaa irraa akka ilaalu dandeenyuutti faayyidaa dhunfaa fi waliinii jidduutti sirna walitti bu'iinsa qabuu dha. Kanaafuu sirnicha tarkaanfachiisuudhaaf labsiileen bahan, danbootaa fi qajeelfamootni hubachuudhaan walitti bu'iinsa hiikuudhaan akkataa aariitii fi haaqa qabeessa ta'een hojii irra oolchuu qabna.

Kanaafi sirni haqaa ariitii qabuu fi haaqa qabeessa ta'e jiraachuun isaa sirna gabaa bilisaa keessatti misooma ariifataa fi fuula'aa ta'e mirkanneessuudhaaf baay'ee barbaachisaa dha kan jedhamu. Namni bituu fi gurguru waliigaltee sirna gabaa bilisaa bakka hin jirreetti sirna gabaa bilisaa aariifataa ta'e ni jiraata jedhamee hin yaadamu.

Waliigaltee namoonni mallatteessan akkaataa waliigaltee isaaniitin gahee isaanii akka bahan, sirrii ta'uu fi ta'uu dhabuu bakka hin beekkamneetti qaamni kamiyyuu waliigaltee seeraan ala otoo diigee, hatattamaan waliigaltee akka kabaju yookiin kisaaraa gahaa akka kaffalu taasifama.

Seerri haariiroo hawaasaa akka tumameetti, waliigalteen tokko seeraan ala qaamni hin raawwanne seeraan dirqamee waliigaltee akka raawwatu yookiin kisaaraa sirni itti kaffalamu diriiree jira. Wabiin kana raawwachiisuudhaaf yoo hin jiraaanne ta'e sirna gabaa bilisaa aariifataa fi wal jijjiirraa daldalaa hin jiraatu. Misoomnis akkatuma kanaan dhaabbata jechu dha.

Waliigalteen yoo hin kabajamne ta'e, waliigalteen akka kabajamu waaggootaaf mana murtii deeddeebi'uun biyyaa keessa jirutti namoonni waliigaltee irratti wal aamanuudhaan walitti dhufeenya diinagdee uumuu waan hin dandeenyeef hiriyoota wal aamanan waliin yookiin hiriyoota isaanii waliin yoo ta'e malee qaama sadaffaa biraa waliin walitti dhufeenya uumuudhaaf of quusatu. Walitti dhufeenyi diingdee uumuudhaaf sodaa keessa galu jechu dha.

Misoomni dinagdees haaluma kanaan kan daanga'e ta'a. Waliigalteen haala seera qabeessa ta'een biyya itti hin kabajamne keessatti waa'ee investimantii yaaduun, jijjiirama daldalaa bu'aa qabeessa ta'e adeemsiisuudhaaf dorgommii haaqa qabeessa ta'e akka jiraatu hin taasisu.

Biyyoota misoomanii fi sirna haqaa cimaa qaban keessatti waliigalteewwan seeraawaa

ulaagaalee guutuu qaban beekuudhaan, ulaagalee kanas bu'uura godhachuudhaan waliigalteewwan hundi seerawaa fi barreeffamaan kan qabaman yoo ta'ee fi waliigaltee diiguudhaan waggootaaf manneen murtii keessatti kan rakkaman yoo hin taane, namoonni waliigaltee mallatteessan waliigaltee yoo mallatteessan waliigaltee bu'uura godhachuudhaan dirqama isaanii raawwachuun ala filannoo biraa akka hin qabne ni beeku.

Waliigaltee yoo diiganiis caasseffamni waliigaltee uummame waliigalteen qaama lamaan gidduu jiru seera qabeessa ta'uusaa erga mirkanneessee booda kallattiidhaan gara raawwiitti kan seenamu waan ta'eef kana bifa aariifachisaa ta'een raawwachuu kan dandeessiisu sirna bulchiinsa waliigaltee waan diriirsuuf carraan lafarra haarkifamu hin jiraatu.

Kanaaf waliigaltee kan diigan namoota muraasa dha jechuun ni danda'ama. Namni kammiyyuu waliigaltee qaama kamiyyuu waliin akka taasisu wal aamanuudhaaf carraa bana jechu dha. Walitti dhufeenyi dinagdees haaluma kanaan bal'atee guddiinnaaf haala miijaawwaa ni uuma. Kanaaf qaamoleen haqaa bu'aa qabeessaa fi si'oomaa ta'uudhaan haala wal fakkaatuun diinagdee dhaaf karaa banuu jechuu dha.

### **Qabxii Marii**

1. Biyya keenya keessatti gaaffilee haqaatiif haala fooyya'aa ta'een deebii keennuudhaaf qaamoolee haqaa irraa maaltu eeggama jettanii yaaddu?

### **3. Amaloota Bu'uuraa Sirna Haqaa Itoophiyaa**

#### **3.1. Walbiraqabaa Sirna seeraa sivil Loow fi Sirna Seeraa Koman Loow**

Addunyaa kana irratti sirnoonni seeraa bakka lamatti qoodamu, yeroo tokko tokko ammoo bakka sadiitti qoodamuudhaan dhiyachuu danda'u. Yeroo bakka lamatti qodamee dhiyaatu sirna koomanii fi sirna siviiliitu caqafama. Gama biraatin bakka sadiitti hogguu qoodamu qaba kan jedhan ammoo sirna seeraa amantii dabaluuudhaan. sirnoota seeraa kanneen amalaa fi ibsama isaanii akka armaan gadiitti ilaalla.

##### **3.1.1. Sirna Seeraa Kooman Loow**

Barreeffamoota irraa akka hubannuutti, jechi koomanii jedhu kan agarsiisu fakkeenyaaf biyya Ingilizii keessatti naannoo naannootti seera baratamaa adda addaa jiru walmadaalchisuudhaan kutaalee biyyatti hunda keessatti fudhatama kan qabuu fi hojiirra

kan oolfamu sirna waliinii agarsiisuudhaaf itti fayyadamu.

Sirna koomanii ka'uumsi isaa biyya Inglizii yoo ta'u, biyyoonni Ingliiziidhaan bitamaa turaniis sirna koomanii kana kan fayyadaman ta'uusaa seenaadhaan kan beekkamuu dha. Kanneen keessaa biyya Ameerikaa, Siingaapoor, Paakiistaan, Hindii, Gaanaa, Kaameerun, Kaanaadaa, Aayarlaandii, Niiwuzlaand, Awuustraaliyaa, Afriikaa kibbaa, fi Hong Kong akka fakkeenyaati ka'u.

Biyyoota sirna koomanii hordofan keessatti maddi seeraa murtii abbootii seeraatiin keennamu dha. Seeronni kunniin sababoonni seeroota kanaas kan argaman murtii dhuma manneen murtii keessa.

Ka'uumsi guddinaa sirna seeraa manneen murtii aadaa, muxannoo, piriisidantii bu'uura godhachuudhaan murtii kennamu dha. Ingliizii durii keessatti jiraattootni muxannoowwan hin barreeffamneen akka bulaa turan seenaa kan ibsu yoo ta'u muuxannoon kun naannoorraa naannootti garaagarummaa kan qabu yoo ta'u /Manni Murtii/ kan jedhamuus namoota al idilee ta'an walgahuudhaan walitti bu'iinsaaf furmaata kan kaa'an kan ilaalatu ture.

Akkaataa naannootiin akka carraa ta'ee /trial by ordeal/ haalli ittii ilaalamu bal'aa ture. Adeemsa kana haanbisuudhaaf Henri 2ffaan dhimmoota yakkaa fi haariiroo hawaasaa kakuu jala ta'anii qorachuudhaan murtii kan keennan juurriiwwan /juries/ dhaabe fayyadama jechu dha. Too'anno Abbaa seerummaa gooxiidhaan akka barbaadame /arbitrariness/ hanbisuudhaaf abbootiin seeraa iddoodha iddootti sochoo'uudhaan akka falmiilee dhagahan taasifama ture.

Abbootin seeraas bakka deemanitti aadaa jiru maal akka ta'e hiikudhaan gara bakka idilee isaanittii jechuun magaalaa / London/ ti yoo deebi'an dhimmoonni marii irratti taasifame ni galmaa'a ture. Adeemsa keessas akkaataa bittinaa'een dhimmoonni murtii itti kennaman haala walfakkaatun murtiin kennameefi dhimma ijoo walfakkaatuuf murtii fi qajeeltoo walfakkaatu hordofuudhaan seera waliinii hundeessun jalqabame.

Yeroo ammaa garuu sirna koomanii kan jedhamuu fi sirnichis sirna koomanii jedhame kan waamamu danda'e. Sirna koomanii kana keessatti marartoo/ equity/ seera waliin bakka walmadaalaa kan qabu yoo ta'u amma amma walitti qabamaa deeman malee mana seeraa / court of law/ fi manneen murtii marartoos /equity courts/ adda bahanii ni hundeeffamu ture.

Mannee murtii seeraa dhimma maallaqaa irratti murtii kan kennan yoo ta'u manneen murtii marartoo ammoo furmaata biroo /relief injection / kennaa turaniiru. Sirna koomanii keessatti seera bifa kitaabaatin barreessanii kaa'uun kan hin baratamnee yoo ta'u amma amma garuu baratamaa dhufeera.

Biyyoota sirna seeraa koomanii hordofan keessatti qaama seera baastuu yookiin paarlaamaa seeronni bahan hin jiran jechuudhaa miti seeroonni paarlaamaadhaan bahan yookiin kan bahaa jiran jiru, haa ta'utii murtii mana murtiidhaan sirna seeraa dagaagaa dhufe dabalata ta'anii kan gargaaranii dha malee maddaa ijoo dhaa miti Fakkeenyaaf biyya Ameerikaa keessatti itti gaafatamummaan waliigalteen alaa, seerootni qabeenyaa, seeroota paarlaamaadhaan bahan irratti kan bu'uureefatan otoo hin taane murtii mana murtiitiin dagaagaa kan dhufanii dha.

Seeronni paarlaamaadhaan bahan akka dabalataa ta'anii kan tajaajilanii dha malee maddi seeraa inni ijoo murtii mana murtii dha. Sirna koomanii keessatti manneen murtii seera akka baasan kan eeyyamu waan ta'eef, seerri suuta suuta jijjiiramaa deema jechu dha. Gama biraatin biyyaa sirna koomanii hordofan keessa seera paarlaamaadhaan fooyyeessuun rakkisaa dha. Sababni isaa seera baastuun dhimmiichi haaraa hanga hin taanetti seera haaraa waan hin baafneef ta'a jedhamee yaadama.

Yeroo tokko tokko sirni murtii abbootii seeraatin dagaagaa dhufe kun sirna /case law/ jedhameetis ni waammama. Kanaaf jalqaba murtiin mana murtiidhaan kenname itti fufee haala walfakkataa ta'een dhimmoota dhiyaatan irratti kan raawwatamu waan ta'eef akkasumas dirqisiisaa waan ta'eef sirna koomanii biyyoonni hordofan sirna seeraa /president/ irratti kan hundaa'ee dha. /president/ amala addaa biyyoota sirna koomanii hordofaniti.

Dhimmi walfakkaataa ta'e yeroo dhufu abbaan seeraa dursee dhimma walfakkaatuuf sababa fi ibsa kana dura itti fayyadaman ilaaluudhaan fayyadamuuf dirqama qaba jechu dha. Kun 'sterii diisiis' jedhame waammama. haa ta'u malee mana murtii keessatti dhimmi dhiyaate tokko murtii kana dura irratti hundaa'uudhaan bitamuu kan hin dandeenye yookin qajeeltoowwan kana dura jirannin kan hin bitamne yoo ta'e qajeeltoo haaraa wiixineessudhaan dhimmicha irratti murteen ni kennama jechu dha. Kunis gara fuulduraatti haala wal fakkaataa ta'een dhimmoota bahaniif ni tajaajilu.

Sirni seeraa dagaagaa kan deemu mana murtii kana keessatti murtii kennamu irratti

hundaa'uudhaan akka ta'e ni beekkama.Sirna koomanii keessatti yeroo hunda ta'uu baatus, sirnichi adivaarsaariyaal kan jedhamu dha.

Kana jechuun gaheen abbaa seeraa bitaa mirgi haala wal qixa ta'een adeemsa itti dhagahaman carraa kan banu yoo ta'u, keessattuu ragaalee walitti qabuu, qoopheessuu, falmii qopheessuu fi mana murtiitti dhiyyeessu, ragaalee gaaffii duraa, qaxxaamuraa gaaffachuudhaan dhimmicha ibsuudhaan manni murtii aamansiissuudhaaf dirqamni kan jiru qaamoolee walfalman irratti akka jiru hubachiisa.Abbaan seeraa qaama walfalmiitoota akkaataa qixa ta'een mirga itti falman mirkaneessuurra darbee, falmiin adeemsa seeraa akka qabatu irra darbuun hojii hojjetu otoo hin jiraatin falmii dhiyaatan aamansiisaa ta'ee yoo argame sirna murtii itti kennu dha.

Kanaan walqabatee keessattuu falmii yakkaa irratti murtiin balleessummaa kan kennan Abbootii seeraa otoo hin taane namoota uummataa keessaa filataman /jury/ kan jedhamaniin waan ta'eef akkasumas falmiis kan too'atan walfalmiitoota ta'anii seerootni ragaa daran dagaaganii mul'atu.Amala kanarraa ka'uudhaan fakkeenyaaf biyyoota sirna koomanii hordofan ragaan /hearsay/ fudhatama hin qabu.Seerrii /hearsay/ sirna koomanii haala addaa 32 ta'an /exceptional/ mana murtiin ala jechootni kennaman /statements/ dhoorkamuu isaanii tumaan ibsu jira.

Sirna Adversariyaaliin himataan dhimma ofii irratti akka ragaa bahu hin dirqamu.Ofii ragaa akka ta'uu eeyyamu malee Abbaa seeraatiinis ta'ee abbaa alangaatin hin gaafatamu.Haa ta'u malee yoo ragaa ta'uudhaaf eeyyamamaa ta'e gaaffii qaxxaamuraatiif saaxila bahuudhaan soobaan dubbachuu isaatin /perjury/ itti gaafatamu danda'a.Kanumaan walqabatee jechi amantii himatamaan kennu murtii balleessummaa kennuudhaaf gahaa dha.Sababa kanaaf sirna kana keessatti /plea bargain/ kan eeyyamamee dha.

Qoodamiinsi aangoo/ separation of power/ sirna koomanii biyyoonni hordofan qaamni mootummaa tokkoo qaama mootummaa isa biroo adeemsa itti too'atu qaba.Fakkeenyaaf seera hiiktuun /manni murtii/ paaralaamaadhaan yookin seera baastuun seera baase heera mootummaawwaa miti jedhee haquu danda'a.

Sirna seeraa koomanii biyyoonni hordofan keessatti seerri maal jedha kan jedhu beekuudhaaf taattaffii baayy'eee gaafata.Jalqaba ijoon dubbii maal akka ta'e mirkanneessun barbaachisaa ta'a.Itti aansuudhaan murtii mana murtii dhimma qabameef

walfakkaatu barbaaduun dirqama ta'a.

Murtii mana murtii keessaayis qajeeltoo bu'uuraa /precedent/ kan ta'e adda foo'anii baasuun barbaachisaa ta'a.Kanneen hunda keessa darbamuun dirqama ta'a.Kana booda ijoo dubbii irratti hundaa'uudhaan seerrii raawwatamu beekkamee murtiin ni kennama jechu dha.

### **3.1.2. Sirna seeraa Siivil Loow**

Akka addunyaatti sirni beekkamaa ta'e keessaa tokko sirna seeraa siviilii yookiin yeroo tokko tokko sirna seeraa koontineentaal awrooppaa jedhamee kan beekkamuu dha. Sirna seeraa siviilii jedhame kan moggaafame biyyoota sirna koomanii hordofanii fi afaan Ingiliffaa fayyadamanii yoo ta'u, gabaabumatti sirna koomanii irraa adda baafachuudhaaf maqaa moggaafamee dha.

Sirna seeraa siiviilii biyyoonni Awrooppaa keessa jiran baay'een isaanii fi biyyoonni addunyaarra jiran hedduun sirna hordofanii dha.Sirna seeraa Siviilii sirna yeroo durii ta'ee dhaloota Kiristoos waagga 450 dura kan jiru dha jedhamee tilmaamama. Bara kana keessa seerrii guddina ol'aanaa kan agarsiisu jalqabe Roomaan “juries consult” jedhamanii kan waammanii fi namoonni seeraan dandeettii ol'aanaa qaban oggummaa isaanii godhatanii yeroo qabnii dha.

Yeroo sana abbootii seeraa jiran/ abbootii seeraa hin baranne/ lay-judges/ dhimma qabaniif namoota kanatti gorsaaf yeroo dhufan yaada kennan irraa ka'uudhaan akka guddachaa dhufe ni himama.Kana ta'uu isaatin seeraa dhaabbii irraa gara seera jijjiiramutti /fixed to flexible/ fi dhimmaa qabatamaan jiru irraa ka'anii yaaduun gara walxaxaa /abstract/ ta'eerraa ka'uudhaan yaaduu, xinxaluutti darbeera.

Guddinii isaas dagaagaa dhufee seera Roomaa bifa kitaabaatin walitti qabamee/compilation/ akka taa'u godhameera.Kunis “corpus juries civil/ jedhamee kan beekkamu kutaalee afur / institutes, digest codes and novels / kitaaba walitti qabame keessatti walitti akka qabamu taasifameera.Wantoota kitaabni kun qabachuu qabu adda baasuuf filannoo yeroo dheeraa/selection / fi keessaa baasuun ykn gatuun/ rejection/ dirqama ta'eera.

Sirna seeraa siviilii kun gara Awurooppaatti babala'atus sirni bulchiinsa bu'uurra isaaf ta'ee ture erga kufee booda yeroo dheeraadhaaf/ waggaa 100f/ faayidaarra otoo hin ooliin



ture Awurooppaa jaarraa 11ffaa keessattii babal'innaa diinagdee agarsiifteen irra deebi'uun raawwatamuu danda'eera. Babal'achuun diinagdee seeraan qofa durfamuu otoo hin taane, seerri tilmaamamaa ta'ee jiraachuu isaa fi mala walitti bu'iinsi itti hiikkamu akka jiraatu dirqisiisuudhaan fedhii dhufe irratti shoora guddaa taphateera.

Guddina diinagdee jiru waliin Yuunivarsiitiiwwan /keessattu kan biyya xaaliyaanii/ sirna seeraa siiviilii kana barattoota Awroopaarraa dhufaniif bal'innaan barsiisaa waan turaniif barattootni bakka deebi'aniitti akka babal'atu ta'uu danda'eera. Qeeqa hedduu /comments/ fi barreeffamoota waliin sirna seeraa siviilii kun Awurooppaa keessattii akka seera waliinitti /jus commone/ akka jiraatu godheera.

Kana jechuun garuu seerri kun biyyoota Awurooppaa hunda keessatti haala walfakkaatuun ni raawwatama jechuu dhaa miti. Seera waliinii bukkeetti muuxxannoon daldalaa gargar ta'uusaa, mootummaa walta'aa/ keessattuu jabana jiddugalleessaa keessatti jiraachuu dhabuun seeronni naannoo akka raawwataman taasiseera.

Seerri akkaataa bu'uura ta'een akka qajeelfama waliigalaatti /guide line/ kan tajaajile yoo ta'u sirna diinagdee walxaxaa yeroo sanii hogganuudhaaf kan dandeessisee dha. Haa ta'u malee adeemsa keessa sabummaan/nationalism / babal'atee aangoonis bakka tokkootti/ royal power/ walitti qabamaa adada deemaa dhufeen seera naannoo fedhii seera biyyooleessaa godhanii baasuun dagaageera. Kunis keessattuu seera bifa kitaabaatiin /codification/ seera bahuu jalqaban keessaa inni ammayyaan seera hariiroo hawaasaa biyyaa Faransaay /civil code / dha.

Bara 1804 jabana Naapooliyoo keessatti kan bahe yoo ta'u yeroo ammaa sadarkaa idil-addunyaatti sirna seeraa siviilii akka daran guddatu ta'eera. Naapooliyoon bara sanatti seeroota yakkaa, seera deemsa falmii lamaanii fi seera daldalaa baaseera. Ka'uumsi kitaabichaa namni mirgaa fi dandeettii yaaduu/qo'annoo/, dandeettii dhama qabeessa ta'e, ifaa fi kan walitti qabame/ rational, clear and comprehensive / seera ta'e baasuu danda'a jechuu dha.

Kunis waa'ee namaa, seeraa fi mootummaa ilaalchii fi yaadni addaa akka dhufu kan godheedha. Haa ta'u malee seera kana qaamoonni wixineessan dhiibbaa seera Roomanii jala waan turaniif seerrichi dhiibbaa seera Roomaan irraa bilisa kan ture jechuudhaaf nama rakkisa.

Kitaabni yoo bahu lammiilee hundaan akka dubbifamu lammiin hundi haala salphaa

ta'een akka hubatu yaadameeti.Haa ta'u malee seera wanta hundaa too'atuu fi hogganu baasuun akka rakkisu yerroottii hubannoon waan tureef qajeeltoowwan waliigalaa akka of keessaa qabatu taasifameera.Itti aansuudhaan haala walfakkaatuun / garuu seenaa fi aadaan uummataa bu'uura godhachuudhaan /kitaabni seeraa bahuu qaba aamantiin jedhu biyyi Jarman seera hariiroo hawaasaa bara 1900 raawwatamu kan jalqabe bifa kitaabaatin baasteeti.

Sirna seeraa hariiro hawaasaa biyyoota kanaa /waliin/ biyyoonni waraaban biyyoota sirna seeraa siviilii hordofan jedhamu danda'u.Biyyoonni kunniin akka waliigallaatti moggaasa kanaan yaa waammaman malee keessa isaanittii garaagarummaa mataa ofii qabu.Qoqodinsa kana keessa biyyi hunduu sirna adda ta'e qaba.Sirna seeraa siviilii biyyoota Faransaay, Jarmanii fi Skaandiniviyaa qoqodamee ilaalama.

Sirna seeraa sivil low amala bu'uuraa qabu keessaa seeronni kitaaba tokko keessatti walitti qabamanii kan labsaman yoo ta'u akka sirna koomanitti abbootii seeraatiin kan murtaa'uu miti.Kaayyoon isaa seera hunda lammiileen hundi akka beekan barreeffamaan dhiyyeessuu dha. Koodii jechuun akkataa naamusaa fi qindoomina qabuun keewwattoonni gurmaa'anii kan itti taa'an jechuu dha. Koodiin yeroo hunda qaama seera baastuudhaan kan labsamuudha.

Kanaaf biyyoota sirna seeraa siiviilii hordofan keessatti seerri koodii murtiilee mana murtiirraa walitti qabaman otoo hin taane, qajeeltoo seeraa sanada hammatee qabatee dha.Haa ta'u malee sirna seeraa kana keessa seera koodiidhaan kaa'uun ibsama addaa miti.Biyyoonni akkaataa koodiidhaan seera otoo hin qabaatin Sirna seeraa Siiviilii hordofanis jiru.Otoo koodii barreeffame hin qabaatin Sirna seeraa Siiviilii keessatti kan ramadaman Afriikaa Kibbaa fi Skootlaandii dha.

Biyyoonni Iskaandineeviyaa seerri hariiroo hawaasaa isaanii yeroo baay'ee koodiidhaan gurmaa'ee kan bahe miti. Sirna seeraa sivil low kan isaan jechisiisu bu'uurri isaa seera Roomaa /a Justinian / ta'ee bara jiddu galeessaatti kan guddachaa dhufee dha.

Yaad rimeen Seeroota akkaataa kitaabaatin qopheessun kan guddate keessattuu jaarraa 17ffaa fi 18ffaa keessatti seera uummamaa /natural law/ fi yaada 'enlightenment' ta'anii turan. Yeroo sanatti dudhaaleen siyaasaa /ideal/ kan ibsamu dimookraasiidhaan, eegumsa qabeenyaa fi ol'aantummaa seeraa jiddu galeefachuun tureera.

Dudhaaleen siyaasaa kunniin, seerummaa fi haqa qabeessa ta'ee kan gaafatan waan

ta'aniif kana dhugoomsuudhaaf seerrii barreeffamaan ta'e akka tumamu taasifameera. Kanaafuu seerrii biyyaa Roomaan armaan olitti ibsamee fi seerrii aadaa akkasumas seerota biyyooleessaas of keessatti hammachuudhaan duudhaalee siyaasaa armaan olitti ibsaman galmaan gahuudhaaf seera bifa kitaabaatiin qindeessuun baay'ee barbaachisaa ta'eera.

Seerri bifa kitaabaatiin akka bahu gahee mataa isaa kan taphachuu danda'e jaarraa kudha saglaffaa keessaatti yaad rimee biyyoota biyyooleessaa waan bahuu jalqabeef seera biyyoota keessatti raawwatiinsa qabaatu akka qophaa'uuf adeemsa godhamu sababa tokko ture.

Kaayyoon seera akka kitaabaatti qopheessuun kun mormii kaasees ture. Kaayyoo seerri akka kitaabaatti qophaa'u qaba kan jedhu hordofan adeemsi kun seerrii fudhatama akka qabaatu, tookkummaa dhaa fi galmeessaa sirnaaf ni gargaara yoo jedhan mormitoonni ammoo gama isaaniitin seera bifa kitaabaatin qopheessuun seerri akka qancaru taasisa jechuun falmaa turan.

Dhumma irratti seera bifa kitaabaan qopheessun mormiin isa qunnamuus, Awrooppaa keessatti seera akka kitaabaatti qindeessuun keessattuu seera dhuunfaa /private law/ itti fufuu danda'eera. Seerri haariiroo hawaasaa Faransaay Naappooliyoon / bara 1804/, seerri haariiroo hawaasaa biyya Jarman kan bara 1900, fi kitaaba seerota Swiiz seerota haariiroo hawaasaa beekkamaa turan.

Jaarraa 19ffaa keessatti biyyi Jarman humna ka'aa jiru waan turteef, sirni seeraa biyyattiis kan guddate waan tureef biyyoonni Isiyaa misooman heedduun guddachuu yoo jalqaban, biyyi Jaappaanii fi Kooriyaa Kibbaa seera hariiroo hawaasaa biyya Jarman sirna seeraa isaaniitiif bu'uura godhataniiru.

Biyyi Chaayinaas bara mootummaa Kiwingii tti seera hariiroo hawaasaa Jarman fudhachuudhaan sirna Ripaabliikaa Chaayinaa madda seeraa ta'uudhaan hanga ammaatti Taayiwaanii keessatti itti hojjatamaa jira.

Barreessitootni tokko tokko sirna seeraa siviilii, sina seeraa biyyoota Koominiistii yaada Maarkisiistii fi Leeniiniziimii waliin ida'amee akka madda seeraatiitti akka tajaajilu ibsu. Biyyoonni sirna seeraa siviilii hordofaniif maddi seeraa isaanii seera qaama seera baastuudhaan bahanii fi koodoota waan ta'aniif abbaan seeraa tumaalee kitaaba seeraa irra jiran hiikuudhaan hojiin abbaa seerummaa kan hojjatamu yoo ta'u murtii manneen

murtii duraan kennaman hordofuun hin barbaachisu jechuu dha.

Kanaafuu sirna seeraa siviilii keessatti prisidaantii jedhamee kan beekkamu hojimaata hin beekkamnee dha. Biyyaa sirna siviilii hordofan keessatti tumaalee seeraa jiran ibsuudhaan barreeffamoonni hayyootaa yookiin oggeessootaa baay'ee fudhatama qaba. Biyyoota sirna seeraa siviilii hordofan jedhamanii beekkaman keessaa biyyii Faransaay, Ispeen, Jarman fi Meksiikoo kaasuu dandeenya.

Biyyaa Sirna seeraa siviilii hordofan keessa, sirni seera deemsa falmii guddachaa deemee Inkuuziitooriyaal kan jedhamuu dha. Ka'uumsi Inkuuziitooriyaalii manneen murtii amantii jaarraa jidduu galeessaa keessa turan yoo ta'an, akkaataa sirna kanaan falmii taasifamuun gahee ol'aanaa kan taphatu abbaa seeraa dha. Fakkeenyaaf biyya faransaay keessattii dhimma yakkaa tokko qorachuun ragaalee walitti qabuun himannaa hundeessuuf akka tolutti godhee kan dhiyyeessuu abbaa seeraa qorataa kan jedhamuu dha.

Gaheen abbaa seeraa kanaa dhugaa baasuu dha waan ta'eef itti gaafatamummaa ragaalee himataamaaf tajaajilan walitti qabuu qaba. Ragaan yoo dhagahamuus gaafilee kan dhiyeessuu abbaa seeraa dha. Abbaan seeraa ragoota dhiyaatan hunda kan gaafatu yoo ta'u gaaffii duraa, gaaffii qaxxaamuraa fi gaaffiin keessaa deebii hin beekkaman. Abbaan seeraa fi abukaatoon himatamaa abbaan seeraa kun akka haaqa baasu isa gargaaru malee falmicha hin hoogganan.

Abbaan seeraa fi abukaatoon gaaffii gaafachuu danda'u, haa ta'u malee gaaffii kan dhiyeessan yoo abbaan seeraa otoo hin gaafatin bira darbee dha. Kanaafuu gaheen isaanii sirna 'Advarsariyaalii' irraa faallaa dha jechuu dha. Murtiin balleessummaa kan kennamus abbaa seeraa ogummaa qabu kanaan waan ta'eef, akka sirna seeraa koomanii seera ragaa haalaan guddate hin qaban. Ragaan jette jettee /hear say/ sirna kana keessatti fudhatama kan qabuu dha.

Rakkoon qulqullina akka jirutti ta'ee sirna Ikuziitooriyaal irraa kan adda ta'u, akka sirna Koomanii hojimaanni /Juries/ waan baay'atee hin ilaalamneef sirna kana keessatti himatamaan jecha isaa akka kennu ni dirqisiifama. Haa ta'u malee jechi kennu gaaffii qaxxaamuran jalaa kan kufuu danda'uu miti. Jecha isaas kakuudhaan akka kennu hin dirqamu.

Sirna Inkuuziitooriyaaliidhaan jalqaba jecha ragummaa isaa kan kennu himatamaa dha.

Haa ta'u malee ragaa bahuu isaatiin dura himata abbaa alangaa akka ilaalu ni eeyyamamaaf. Baratamaan himatamtoonni deebii yookin maalummaa dhimmichaa dhiyyeessuudhaaf fedhii qabu. Sirna kana keessatti himatamaan himata irratti dhiyaateef kallattiidhaan yakkicha ilaalchisee akka deebii dhiyeessu dirqama hin qabu. Haa ta'u malee gaaffilee biroo fakkeenyaaf gaaffilee seenaa isaa ilaalatan deebisuuf mirga qaba. Kuni biyyoota sirna 'Adversarial' keessatti ragaa fudhatama hin qabnee dha /inadmissible/.

Leellistoonni sirna “Adversarial” fi mormiitoonni sirni Inkuzitooriyaalii abbaan Seeraa sirna Inkuzitooriyaalii keessatti aangoo haala malee akka fayyadamu, fi himatamaa miidhuu danda'a jedhanii falmu. Gama biraatiin sirni Advarsarii abukaattoonni dhimma ofitiif jecha ragaa waan walitti qabaniif haqa baasuudhaaf irra filatamaa dha jedhanii falmu. Abbaan seeraa bilisa ta'ee akka hojjetu taasisun gaariidha jedhanii falmii dhiyeessu.

Leellistoonni sirna Inkuzitooriyaalii ammoo gama isaaniitiin sirna advarsarii keessatti adeemsi 'plea bargaining’ jiraachun isaa, himatamaan nama seera beekun yoo bakka hin bu'amne waanuma balleessaa balleesseera jedhee amaneef qofa murtiin kennamu hin qabu jedhanii falmu.

Kun keessattuu himatamaan hiyyeesa yoo ta'e ni uummama jedhu. Dabalataan himatamtoonni gara sirna 'plea bargaining’ tti akka dhufan yaaduudhaan abbaan alangaa himata isaa ol kaasuun himata hundeessa jechuudhaan falmu. Sababa kanaan otoo hin balleessin balleesineera jedhanii akka amanan isaan dirqisiisa jechuu dha.

Sirni Inkuzitooriyaalii himatamaan akka nama balleessaa qabutti hin lakkaa'amu. Haa ta'u malee himanni himatamaa irratti kan dhiyaatu sababa himannaa hundeessu danda'ani shakkamaan kun raawwateera jedhamee yoo tilmaamamu waan ta'eef akka nama qulqulluutti lakkaa'ama qajeeltoon jedhu hin beekkamu. Biyyoonni sirna seeraa Koomanii hordofan adeemsi akkanaa tilmaama qulqullummaa / presumption of innocence / hin deeggaru jedhan.

Haa ta'u malee biyyoonni Awurooppaa hedduu koonveenshinni mirga dhala namaa Awurooppaa keessatti miseensa waan ta'aniif koonveenshinni kana keewwata 6 jalatti adeemsa haqa qabeessa ta'een dhagahamuu fi tilmaamni qulqullummaa tumamee argama. Koonveenshiniin kun biyyoota miseensa ta'an hundaan waan raggaasifameef

seera biyyooleessaa isaaniis ta'uu danda'eera. Biyyoonni sirna siviilii hordofan muraasni koonveenshiniin kun raggaasifamuu isaatin dura seera mataa isaaniitin tilmaama qulqullummaa kana tumatanii jiru.

Kanneen keessaa seera daldalaa biyya Noorweey, seera baratamaa kitaabaan hin qophoofne /un codified customary law/, akkasumas yaadrimee seeraa fudhatama argatan akka waliigalaatti mana murtii keessatti beekkamtii kan argatanii dha. Waan kana ta'eef falmiin kanaan walqabatee ka'u baayy'ee kan deemsiisu hin fakkaatu.

Akkaataa qoodiinsa seeraatiinis, sirna seeraa siviilii keessatti qaamoleen aangoo tokkoo kan biroo kan too'atu otoo hin taane, hunduu hojiin seeraan kennamee fi kan itti hojjatuu dha. Kanaaf biyyoota kanneen keessatti manni murtii seera paarlaamaadhaan labsame heera mootummaa waliin walfaalleessa jechuudhaan haquu hin danda'u. Biyyoota kanneen keessatti kanaaf jecha gurmaa'inni adda addaa jiraachuu mala. Fakkeenyaaf biyya Jarman keessatti dhimma heera mootummaa ilaalchisee seera paarlaamaadhaan bahan ilaaluuf aangoo kan qabu manneen murtii heera mootummaa qofa dha.

Haa ta'u malee sirnootni seeraa lamaanu tokko tokkorraa otoo hin dhaalin adda bahanii kan ilaallamanii miti. Tokko tokkoorraa haalli itti dhaalus jira. Garaagarummaan lamaan gidduu jiru yeroodhaa yerootti dhiphachaa deema jira. Biyyoota sirna seeraa koomanii keessatti seeroonni paarlaamaadhaan bahan dabalaa kan deema jiran yoo ta'u haaluma walfakkaatuun sirna seeraa siviilii keessatti murtii manneen murtii caqasuun dabalaa deema jira.

Biyyoota sirna koomanii hordofan keessa fakkeenyaaf biyya Ameerikaatti, seerri yakkaa, seerrii daldalaa fi seerrii ragaa kan bahan yoo ta'u, gama biraatin biyya Xaaliyaanii keessatti ammoo murtiin dhaddacha ijibbaataan keenname /precedent/ ta 'anii murtiilee biroo mana murtii keessatti jiran akka hoogganan taasifamaa jira.

Haa ta'uutii sirnootni lamaan kun akka jalqaba ibsamuuf yaalameetti sirnoota gara garaa ta'aniis mala adda addaatiin gara dhugaa kan nama geessisan akka ta'e ni hubatama.

### **3.1.3. Sirnoota Seeraa Amantii**

Sirnoonni seeraa armaan olitti ibsaman akka jiranitti ta'anii sirnoonni seeraa amantiis akka jiraatan dagatamuu hin qabu. Sirnoota seeraa amantii yoo jedhamu sirnoonni fi sanadoonni amantiis sirna seeraaf akka maddaatti yoo tajaajilani dha.

Gama kanaan Halakah Ayihudootaa, qanoonaa amantii Kiristaanaa /cannon law/ yeroo baay'ee sirna seeraa siviilii walin walitti dhufeenya qaba, akkasumas seera Shariyaa amantii Musliimaa, 'precedent' irratti kan hundaa'ee fi sirna seeraa Koomanii waliin kan walfakkaatuu dha.

Yeroo tokko tokko isaan kun namoonni dhuunfaa hamilee itti hogganaman yoo ta'u, adeemsa murtaa'een ammoo bu'uura seeraa biyyootaa yookiin seeroota biyya tokko ta'anii yeroon itti tajaajilan ni jira. Keessattu yeroo jaarraa giddugaleessaatti akka seeraatti ta'uun tajaajila guddaa kennaa turaniiru.

Sirni seera Shariyaa seera amantii baay'ee faayidaarra oolee fi kan oolaa jiruu dha. Sirni kun sirna seeraa siviilii fi sirna seeraa koomanii waliin kan dorgomuu danda'uu dha. Murtiileen hedduu murtii Ulamaayotaan kennaman irratti kan hundaa'ee dha. Sirna seera Shariyaa kan itti fayyadaman keessaa akka fakkeenyaatti kan ka'an biyyoota akka Saawud Arabiyaa fi Iraan kaasuun ni danda'ama. Biyyoonni hedduun ammoo seera Shariyaa, seera biyyooleessaa birootiif dabalataan akka tajaajila kennu taasisuun itti fayyadamu.

Akka waliigalaatti sirna seera adda addaa yeroo ilaallu seerri biyya tokko kan biyya biroorraa ni caala yookiin gadi ta'a jechuudhaaf yaadameeti miti. Yoo akkanatti kan yaadamu ta'ees sirrii hin ta'u. Seerri biyyi tokko qabduu fi sirni seeraa hordoftu seenaa, aadaa, duudhaalee hawaasaa, hubannoo fi gahuumsa uummata biyya sanaa ti jechuudhaan yaaduu qabna.

Haala qabatama biyyatti waliin walmadaalchisuudhaan /indigenization/ ni baha malee sirni seeraa otoo homaa jijjiiramni irratti hin taasifamin garagalfamee argachuun rakkisaa dha. Sirni haqaa biyya tokko ibsama seeraa fi muuxannoo biyyattiiti jechuu ni dandeenya. Sirna bulchiinsa haqaa yoo qoo'annu seenaa ogeessa sirna sana keessa jiru ilaaluun hubachuu dha malee dursanii sirna haqaa tokkoof /ethnocentric bias/ ta'uun ilaalu hin qabnu.

Kan biraa namni kamiyyuu dhimma qabate tokko waliin walitti dhufeenya miiraa qabu, sirna bulchiinsa haqaa qixa sirrii ta'een akka hin ilaale isa daangeessu hin qabu. Sirna bulchiinsa haqaa qixa sirriin ilaaluudhaaf miira jibbiinsa dursanii qabatan irraa bilisa ta'uun barbaachisaa dha. Akkasumas sirni haqaa biyya kamiyyuu gonkumaa badaa dha yookiin daran gaariidha jedhame ilaalcha qabamu irraayis bilisa ta'uu qabna.

Sirni bulchiinsa haqaa kamiyyuu sirna biroorraa kan hin barbaadnee fi baay'ee gaariidha jechuu hin dandeenyu. Kana ka'uumsa gochuudhaan sirna haqaa tokko yeroo ilaallu sirna biraa galateefachuuf yookiin cubisuudhaaf ta'uu hin qabu. Xiyyeeffannoon kan itti kennamu qabu biyyi tokko sirna haqaa tokko maaliif filatte kan jedhu ta'uu qaba. Namoonni tokko tokko akka jedhanitti biyyi hunduu sirna haqaa ofii maaliif qabaate? Kan jedhu hubachuun qabxii barbaachisaa dha jedhu.

#### **4. Amaloota Bu'uuraa Sirna Haqaa Itoophiyaa**

##### **4.1. Sirna seeraa sivil Loow fi Sirna Seeraa Koman Loow wajjiin walbiraqabuun**

Sirni haqaa biyya keenyaa mootummaa federaalaa hundaa'e waliin kan jalqabame fi sadarkaa federaalaa fi naannootti kan qoqqoodamee dha. Sirni haqaa kun sirna haqaa siviilii yookiin sirna haqaa koomanii kan jedhamuu miti. Sirna lamaanuu irraa qajeeltooleen fudhataman jiru.

Biyya keenya keessatti madda seeraa ta'ee kan tajaajilu seerri seera baastuun baasuu fi sirna "koodiifaayidii" kan horroofnu waan ta'eef sirna seeraa siviilii jechuu ni dandeenya.

Dabalataan sirni seera ragaas akka sirna siviilitti sanada tokkoo keessatti walitti qabame kan hin dhiyaanee dha. Kana waliin walqabatee abbootiin seeraa murtii kennan yookiin ogeessoonni seeraa kan baratani fi leenjii kan argataniin hogganaman. Kanaafuu akka biyyoota birootti ragaan /hear say/ fudhatama kan argchuu kan danda'uu dha.

Gama biraatiin falmiin yeroo taasifamu kan hogganamu, falmiitoonni yookiin abbootiin alangaa fi abukaatoowwan gahee ol'aanaa kan taphatan waan ta'eef amalli akkanaa kun amala sirni 'advarsarii' ti. Haa ta'u malee abbootiin seeraa haala adda addaatiin hirmaannaa hoo'aa akka taasiisan tumaaleen eeyyaman jiraachuun isaa sirna Inkuziitooriyaal akka of keessaa qabu ilaaluu ni dandeenya.

Heerri mootummaa keenya jalatti himatamaan ragaadhaan hanga irratti mirkanaa'uutti akka nama qulqulluu ta'eetti kan tilmaamamu yoo ta'u, dabalataan ofirratti akka ragaa hin baane ibsuudhaan tumaaleen tarreeffaman yeroo ilaallu qajeeltoo sirna koomanii irraa fudhataman akka ta'e ni hubanna.

Dabalataan yeroo dhihoo kana keessatti murtii dhaddacha ijjiibaataan murtaa'an amala dirqisiisaa akka qabaatan godhamee seeraan beekkamtii argachuun isaa sirna koomanii hordoofamaa akka jiru agarsiisa. Akkasumas sirni 'plea bargaining' jalqabamuun isaas,



kan hin hafne akka ta'e sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa irraa hubachuun kan danda'amu yoo ta'u, kunis sirna seeraa koomanii waliin kan walitti dhufeenya qabu ta'uusaa agarsiisa.

Sirna seeraa koomanii keessatti manneen murtii seera, qaama seera baastuudhaan bahe hin raawwachiifnu jechudhaan aangoo haaquus akka qabanii fi gama biraatiin sirna seeraa koontiineental keessattii ammoo, manneen murtii aangoo kana akka hin qabne ilaaluu dandeenya.

Haa ta'u malee biyya Jarmanii fi biyyoota biroo keessatti dhimmoota heera mootummaa ilaalatan manni murtii addatti hundaa'ee jira. Biyya keenya keessatti manneen murtii seeroota manneen maree hin raawwachiifnu jechuu hin danda'an. Mana maree kanaaf jedhamee hundeeffame jechuun mana maree federeeshiniitti adeemu. Akkaataa kanaan muuxxannoon biyyi keenya qabdu biyyoota biroorraa adda kan ta'ee dha.

Sirni seeraa biyya keenyaa namoonni falman, dhimma hariiroo hawaasaa ilaalchisee seera amantii yookiin aadaa bu'uura godhachuudhaan akka dhimma isaanii ilaalamu tumameera. Kanaafuu sirni seeraa biyya keenyaa, sirnoota addunyaa irratti beekkamaa ta'an lamaan irraa kan liqqeeffate yoo ta'u amala addaa ofiis dabalachuudhaan sirna biyya keenya irratti qofa jiraachunn isaa seera biyya keenyaa adda jedhamu danda'uun kan qophaa'ee dha.

#### **4.2. Sirna Haqaa Hariiroo Hawaasaa**

##### **Seensa**

Sirni haqaa biyya tokko keessa jiru bakka lamatti qoodamee ilaallamuu ni danda'a. Falmii namoota dhuunfaa walitti dhufeenya dhimma hariiroo hawaasaa seeroonni hogganan akka sirna tokkootti kan caqafamuu qaban yoo ta'u, gama biraatiin dhaabbileen akka waliigalaatti sirna seeraa hariiroo hawaasaa jedhamanii kan beekkaman diriirsuudhaaf serri bahee akka sirna tokkootti fudhatamuu danda'a.

Seerri yakkaa ammoo kan xiyyeeffatu gochoota hawaasaaf badii ta'an too'achuu irratti akka hundaa'u beekkamaa dha. Gochi badii kun raawwatamee yoo argame qaamni ijoo himataa ta'ee dhaabbatu nama miidhame otoo hin ta'iin mootummaa dha. Kanaafuu gochoota yakkaa too'achuu fi ittisuudhaaf seeronni diriirfaman, hojimaanni fi dhaabbileen hundaa'an akka waliigalaatti sirna seeraa yakkaa jedhamanii beekkamu.

Kutaa kan keessatti sirna seeraa hariiroo hawaasaa kan ilaalu yoo ta'u kutaa itti aanuu keessatti ammoo sirna seeraa yakkaa kan ilaallu ta'a. Namoonni jiruuf jireenya guyyaa guyyaadhaan taasisan keessa galmaa fi kaayyoo hedduu qabataniis soocho'u. Kanarraa ka'uudhaan haala adda addaatiin namoota biroo waliin fedhiidhaaniis ta'ee akkaataa biraatiin walqunnamu danda'u. Walitti dhufeenyi kunniin walitti dhufeenya; gaa'iilaa, waliigaltee, fii kkf ta'uu danda'an.

Kana bu'uura godhachuudhaan yeroodhaa gara yerootti falmiiwwan mirga isaanii waliin walqabataniis ka'an ni jiru. Falmiiwwan kanneen adeemsa mirga lammiilee kabajeen, baasii xiqqaadhaan hiikuun galma sirna seeraa hariiroo hawaasaa keessaa isa tokkoo dha. Sirna bulchiinsa seeraa hariiroo hawaasaa dhimmoota barbaachisoo ta'an heddu kan of keessaatti qabatuu dha.

Akka waliigalaatti sirna bulchiinsa seeraa hariiroo hawaasaa /civil justice system/ dhaabbilee seeraa biyya tokko keessa jiran, seeroota deemsa falmii, murtiilee fi qajeeltoowwan ilaalata. Biyyi keenya sirna federeeraalaa waan hordoftuuf motummaa federaalaa fi naannoo qabna. Sirna bulchiinsa seeraa hariiroo hawaasaa jechuun dhaabbilee seeraa mootummootaa, seerota bu'uuraa fi seeroota deemsa falmii keessa darbuun ilaalu jechuu dha.

Mootummoonni hunduu dhaabbilee fi seeraa walfakkaatoonni qabu jechuun nama rakkisa. Dhimmichi biyyaa yoo bahuus haaluma saniin qabiyyee fi addummaan isaa bal'achaa deema. Kanaafuu barreeffama kana keessatti dhimmi xiyyeeffannoo itti kenname sirna seeraa hariiroo hawaasaa biyya keenyaa irrattii dha. Mootummaa federaalaa fi naannoo gidduutti garaagarummaan jiraatus, dhimma bu'uuraa ta'ee hin fudhatamne.

Barreeffama kana keessattii kutaaleen seeraa kan akka gaa'iilaa, waliigaltee fi kkf caqasamanii argamanis, tarreessuudhaan ilaaluuf otoo hin taane seera caqasuun sirna seeraa hariiroo hawaasaa qabnu akka sirnaatti ilaaluun barbaachiisaa waan ta'eefii dha. Sirna seeraa hariiroo hawaasaa yoo ilaalu, kan xiyyeeffannu seera hiikuudhaan yookiin raawwachiisuudhaan sirni seerichaa nageenya, misooma, guddina, fi guddina diinagdee guutuu ta'ef hangam gargaaruu danda'a dhimma jedhu kan daawwannu ta'a jechuu dha.

#### **4.2.1. Sirna Bulchiinsa Haqaa Hariiroo Hawaasaa fi Heera Mootummaa/Civil**

### Justice System and The Constitution/

Seerri hariiroo hawaasaa sirni murtii itti argatan karaa ofii kan qabu ta'uus maddi isaa garuu heera mootummaa akka ta'e ibsa armaan olitti kennameerraa hubachuu ni dandeenya. Sirna bulchiinsa seeraa hariiroo hawaasaa keessatti qajeeltoowwan hordofamuu qaban hedduutu jira. Qajeeltoowwan falmii sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa keessatti hordofamu qaban kunniinis: qajeelcha seeraa sirii ta'e hordofuudhaan murteessuun / due proses of law/, mana murtii dhiyaachuu fi mirga dhagahamuu / to have a day in court and to be heard/, sirna aariifataa ta'een murtii argachuu /speedy trial/, ragaa dhiyyeessuudhaan madaalchisuu/examination of witness/, seeraa fi ijoo dubbii irratti hundaa'uudhaan murtii argachuu, fi kkf dha. Yaadrimeewwan kanneeniif ammoo bu'uura kan ta'ee heera mootummaa dha.

Kanaafuu sirna bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa dhaaf ka'uumsaa fi dhumti heera mootummaa dha jechu dandeenya. Sirna haqaa bulchuun /administration of justice/ itti gaafatamummaa qaamoolee seeraa hundaati. Dhimmoota qixa ta'aniif walfakkaataa, kan walqixa hin taaneef akkatuma garaagarummaa isaanii tti seera adda addaa baasuun bulchiinsa haqaa ti /legislative justice/ keessaa isa tokko dha. Seera bahee kana madaalli seeraa eegu /just balance/ yeroo dabees' gara madallii sirrii ta'eetti deebisuuniis haqa bulchu dha. Madaallii dabee sirreessuun akka haqa haqaan sirreeffameetti ilaalama. Sirna haqaa akkanaa kutaa barnoota kana keessa kan ilaallu ta'a.

Sirna bulchiinsa haqaa akkanaa keessatti, namni tokko nama biraa irratti balaa geessisuun isaa jijjiirama kan fiduu miti. Seerri kan ilaalu balaan gahuusaa, hanga balaa, balaa dhaqabeef beenyaan akka barbaachisuu hubachuun barbaachisaa dha. Namoota lamaan kana seerri walqixa godhee erga keessummeessee booda, gaaffiin deebii argachuu qabu tokko miidhaa geesiisuu isaa fi inni biraa ammoo sababa miidhaa gahe kanaan kan kasaare ta'uusaa ta'a. Seerrii dhimmoota akkaataa kanaan uummame walqixa taasisuuf yaala jechu dha.

Kunis yeroo baay'ee mana murtiidhaan kan raawwatamu dha. Sababni ka'uumsaa sirna bulchiinsa haqaa akkanaa heedduu ta'uu danda'u. Namootni bittaa fi gurgurtaa, liqaa/ dhalaan yookin dhalaan ala/, qabsiisuudhaan, imaanaadhaan, kiraa fi dhimmoota kana fakkaataniin fedhii isaaniitin waliigaluun kan itti seenan uumuu danda'u. Yookiin yakkoota akka hanaa, ajjeechaa lubbuudhaan, miidhaa qaamaa geesiisuudhaan,

saamichaa fi kkf keessas keessa seenuu danda'u.

Inni jalqabaa akkaataa seera waliigalteedhaan kan dhiyaatu yoo ta'u /heart power conferring / fi inni lammaffaa ammoo, dhimma yakkaa /primary rule of obligation/ irraa kan maddanii dha.Miidhaa akkataa kanaan uummaman seerrii qaamolee haqaa fayyadamuudhaan midhaa dhaqqabe akka beenyaa argamuuf ni taasifama.Yeroo kana qaamoleen haqaa / abbootin seeraa/ seericha haalaan hojirra akka oolu taasisuudhaan haaqa bulchu jechu dha.

Seerri abbootiin seeraa murteessan waliigalaa ta'ee, dhimma tokko tokkoof raawwatiinsa qabaachuu ni danda'a.Seerrii kallattiidhaan kan ajaju yoo ta'e marartoo /equity/ bu'uura godhachuudhaan murteessuun kan barbaachisu yoo ta'e, yoo kuni hin jiraannees, dhimmichi seera baastuudhaaf dhiyaatee otoo jiraate seera dhufuu danda'u tilmaamuun murteessuun dirqama ta'a.

Sirna bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa keenya keessatti marartoon dursa hin qabu.Kan raawwatamuu danda'u yoo seeraan ibsamee dha.Fakkeenyaaf miidhaa seeraan ala gaheen hanga beenyaa haala sirrii ta'een beekuun yoo hin danda'amne marartoodhaan akka murtaa'u seerri ni eeyyama.

Dhimmichi mana murtiitiin ala yoo kan dhumu ta'e isa kana hoganuun, yookiin manni murtii qaamolee hawaasaa biroo waliin ta'uun dhimmichaaf fala ka'uu danda'u.Walitti dhuffeenya walduhabii uuman seera yookin marartoo bu'uura godhachuudhaan murtii kennuun walitii dhufeenya bakka duraan jiranitti deebisu yookiin miidhaan gahuu isaatiin dura walitti dhufeenya hawaasaa, diinagdee, fi kkf namoonni qaban akka argatan taasisuun bulchinsa haqaa jechuunii ni dandeenya.

Barreeffama kana keessatti dhimmii xiyyeeffannoo itti kenname, sirna bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa yoo ta'u keessattis eenyummaa dhaabiilee seera hariiroo biyya keenyaa, seeraa fi adeemsa seeraa raawwatiinsa qabaatan, rakkoo qabnuu fi fala rakkoowanii ni tarreeffamu.Sirna bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa yoo jennu qabxiileen kun sadarkaa biyyaatti akka sirnaatti ilaaluu kan of keessaa qabuu dha.

#### **4.2.2. Sirna Haqaa Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa**

Biyya keenya keessatti akkaataa bu'uura jedhamu danda'uun mootummaan jijjiiramaa tureera.Sirni fiiwuudaalaa bara 1966 erga barbadaa'een booda sirna kana mootummaan

dargii balleessee kan ture ta'us mootummaan kunis haala walfakkaatuun bara 1983 barbadaa'eera.

Sirni mootummaa Dargii erga kufeen booda biyyii keenya duudhaalee mirga bu'uuraa hojiirra oolchiteerti.Kanneen keessaa sirna gabaa bilisaa, ijaarsa sirna dimokraasii, eegumsa mirga namoomaa fi ol'aantummaa seeraa dhimmoota bu'uura jedhaman keessaa isaan tokkoo dha.

Duudhaalee kanneen ilaalchisee leenjifamtoonni leenjii heera mootummaa fi leenjii poolisii biyyattii kana dura fudhatan keessatti bal'innaan kan ilaalan waan ta'eef barreeffama kana keessatti irra deebi'amee kan ilaalamu miti.Duudhaalee beekuu fi raawwachiisuudhaaf adeemsa seeraa jiran kutaa kana keessatti ilaalla jechuu dha.

#### **4.2.2.1.Hagguuggii Seeraa**

##### **1. Heera Mootummaa fi Seera Hariiroo Hawaasaa**

Baratamaan biyyoonnii sirna siviilii hordofan keessatti seeronni bu'uuraa bakka lamatti qoodamu.Isaanis kan mootummaa yookiin hawaasaa / public/ fi kan dhuunfaa /private/ jedhamanii beekkamu.Qoodamiinsi seeraa kun sirna seeraa siviilii hubachuuf kan gargaaru yoo ta'u, gurmaa'ina manneen murtiis ni murteessa.Manneen barnoota seeraa keessattis qoodaminsa haala kanaa fayyadamuudhaan barnoonni ni kennama. Gurmaa'iinsa manneen murtii ilaalchisee seerota mootummaa kan jedhamanii beekamaniif manneen murtii adda ta'an kan hundeessan jiru.Fakkeenyaaf biyya Faransaayii fi Jarman kaasuu ni dandeenya.Dhimmoota mootummaa /dhimmoota yakkaan ala/ manneen murtii kanneen keessatti ilaallamu jechuu dha.

Biyya keenya keessatti qoodamiinsi akkaanaa haala bu'uura ta'een hin jiru.Sirna bulchinsa haqaa siviilii dhimmoota mootummaas ta'ee kan dhuunfaa mana murtii keessatti kan ilaalaman yoo ta'u dhimmoonni muraasni hariiroo hawaasaa adda ta'an qofa manneen murtii adda ta'aniif /qaamolee murtii kennuu danda'aniin/ dhagahamu jechuu dha.Haa ta'u malee, qaamoleen murtii kennan hundi akkaataa duudhaalee gubbatti ilaaluuf yaallee keessa ta'ani murtii kennuu qaban.

Duudhaaleen kunniin heera mootummaa irraa kaasee hanga seera adda addaa keessattis tumamanii ni argamu. HMFDRi bara 1987 labsame seensa isaa irratti kaayyoo seerrichaa yoo kaa'u saboonni, sab-lammoonnii fi ummattoonni Itoophiyaa “guddinni dinagdee fi

hawaasummaa akka ariifatu” kutatanii ka'uu isaanii jala mureera. Guddina diinagdee kana ariifachiisuudhaaf dhimmoota barbaachisaa ta'an keessaa tokko diinagdeen gabaa bilisaan akka durfamu taasiisuu yoo ta'u gabaa keessattiis lammii Itoophiyaa kammiyyuu sochii diinagdee barbaade keessatti akka hirmaatu eeyyamuun dhimma lammaffaa dha.

Heerrii mootummaa ol'aantummaan seeraa akka babal'atuuf sirni haqaa si'oomaan akka jiraatu, mirgi dhala namaa fi dimokraasii akka kabajaman kan barsiisu sirna hariiroo hawaasaa biyya keenya keessatti kan jala sararame akka ta'e ni hubatama. Haala walfakkaatun biyyi keenya sanadoota addunyaa biyyi keenya raggaasifte sirna bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa tiif hagguggii seeraa ta'anii tajaajilu.

Sirna bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa keessatti seerota biroo dhimmoonni barbaachisaa ta'an keessaa seerri hariiroo hawaasaa/ civil code/ kan caqasamuu dha. Biyyoonni seera hariiroo hawaasaa qaban seera isaanii mata duree shanitti qoodu; isaanis seera namootaa, seera maatii, seera qabeenyaa, seera dhaalaa fi seera daladalaatin qoodu.

Seerri hariiroo hawaasaa keenyas haala walfakkaatun kitaabota afuuriin qoodameera. Isaaniis seera namootaa, seera maatii, seera qabeenyaa, fi seera dhaalaati. Dhimmoota seera hariiroo hawaasaa ilaalchisee Heera Mootummaa irratti akka ilaalleetti aangoon kan mootummaa naannooti. Heerrii mootummaas kan jedhu mootummaan federaalaa dhimmoonni seera barbaadan “hawaas diinagdee tokko” uumuudhaaf barbaachisaa dha jedhamanii mana maree federeeshiniidhaan murtii irratti keennaman irratti manni maree bakka bu'ootaa seera baasuu ni danda'a.

Kanaafuu sirna bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa keenyaa keessattii/ seera hojjataa fi hojjachiisaa akkasumas seera daladalaatiin alatti/ dhimmoota hariiroo hawaasaa biroo irratti seeronni federaalaa fi naannoo qabaachuu ni dandeenya jechuu dha. Fakkeenyaaf yeroo ammaa seera maatii naannoolee /naannoo Tigraay, Amaaraa, sabaaf sab-lammootaa fi uummattoota kibbaa fi oromiyaa / fi federaalaa fi seerri hariiroo hawaasaa akka raawwataman taasifama.

Biyyi keenya sirna federaalizimii akka hordoftu kutaa barnootaa kana duraa irratti ilaallee jirra. Boca mootummaa kana hordofuudhaaf federaalawaa taasiisuun ni eeggama. Sirnichi seera baastuudhaan dabalatee sirna aadaadhaan dhagahamuudhaan haala walfakkaatuun ni eeyyama. Kanaaf sirna haqaa keenya keessatti aadaan, garaagarummaan seeraa jiru

beekkamtii argateera jechuu dha.

Beekkumsa idilee argachuu isaaniitin dabalatee heera mootummaa waliin hanga wal hin faalleessinneetti namootni aadaa ofiitin, fi dudhaa qabaniin buluu danda'u. Hawaasni tokko mataan isaa dhaabbata hariiroo hawaasaa, seerri hariiroo aadaa falmii fi murtii isaatin dhagahamuun beenyaa argachuu qabu. Eegumsi heera mootuummaadhaan kaa'ame ta'e sirni aadaa kun fudhatamuu qaba jechu dha.

Kanaafuu seensa heera mootummaa keewwata 34/4/, 78/5/, 91, jalatti kan tumamee irraa kan hubannuu biyya keenya keessatti baay'inna seerota /legal pluralism / eenyummaa, yaad qalbii uummamaan, seerummaa/ legality/, gabaa, nageenya, waliin walitti dhufeenya kallattii kan qabu waan ta'eef idilee fi al-idilee/formally and informally/ haala hin taaneen raawwattiinsa akka qabaatu kan taasifamee dha.

## **2. Seera Namootaa**

Seerri namootaa akka waliigalaatti dhimmoota seeraan hoganaman/ subjects of law/ namootaa fi dhaabbilee seeraa kan ilaalatuu dha. Akka waliigalaatti maqaa namootaa, haala /status/, dandeetti, namoota dandeettii hin qabneef eegumsa godhuu seerota qaban kan ilaalatuu dha. Bulchiinsi haqaa ka'uumsa isaa kana haa ta'u malee haala qabatama gabaa yeroo, imammatoota, akkasumas mirgoota dhala namaa fi dimokraasiidhaaf eegumsa akka taasifamu seerota adda addaatiin fooyyaa'uu isaanii yaadachiisuun barbaachisaa dha.

Haala kanaan lammiileen biyya alaa qabeenya horachuu ilaalchisee daangaan seerri hariiroo hawaasaa laafuun isaa akkasumas umrii seera maatii olka'uun isaa akka fakkeenyaatti caqasuu dandeenya. Seera namootaa kana keessatti gatii ol'aanaa kan argachuu qaban galmeessa haalaa /status/ti.

Guyyaa dhalootaa, guyyaa du'aa, gaa'ila ...qaama haqaa seera qabeesa ta'een dhiyaatanii galmaa'uun isaanii sirna bulchiinsa haqaatiif faayidaa ol'aanaa kan qabuu dha. Sirna galmeessaa kun /vital statistics/ sanadoota addunyaa keessatti /kan fudhanne qofa/ irratti dirqama ta'ee kan kaa'amee dha. Sirna galmeesaa kan raawwachuun dabuu haqaatii dhimmoota sababa ta'aniif furmaata kan kennuu dha. Falmii umrii, falmii guyyaa du'aa fi kkf daba haqaaf ka'uumsaa ta'uu isaani dhabamsiisa.

## **3. Seera Maatii**

Dhimmi hariiroo hawaasaa kan biraa gaa'elaa fi maatiin isa tokkoo dha. Seera Maatii ilaalchisee, bu'aa gaa'iilaa, haala gaa'iilli itti hundeeffamu, abbuummaa fi walgargaarsa maatii/support obligation/, addaan bahuu, ilaachisee tumaalee adda addaa kan of keessaa qabatee dha. Seerri hariiroo hawaasaa qabxiilee kanneen irratti tumaalee hedduu kan qabatee fi baay'een isaanii seera haraadhaan fooyya'aniiru yookiin haqamaniiru. Seerota kanneen foyyeessuudhaaf biyyoota adda addaa keessatti sirni haqaa hariiroo hawaasaa keessatti akka sababaatti kan fudhatan:

1. sirna gaa'ila diiguu bilisa gochuu
2. dhimma walii yaaduu fi bulchiinsa qabeenyaa ilaalchisee dubartoonni dhiira waliin ejjannoo /position/ akka qabaatan gochuu fi,
3. Faayidaa ijoollee gaa'ila keessaattii fi gaa'ilaan ala dhalatan wal fakkeessuu/ assimilation/ dha.

Biyya keenya keessatti bulchiinsa seera maatii irratti keessa deebii yoo godhan ka'uumsa kan godhan dhimmoota gubbaa jiran lamaan qofa fakkaata. Dhiiraa fi dubarri kamiyyuu umrii gaa'ilaa irratti yoo gahu gaa'ila uumuu qofa otoo hin taane gaa'illi yoo uummamu, bara gaa'ilaa akkasumas yeroo hiikkaas mirga walqixa ta'e qabu. Gaa'illi fedhii bilisa fi guutuu walfuutootaatiin kan hundaa'uu qabu akka ta'e heera mootummaa irratti kan tumame yoo ta'u dura umrii ka'uumsaa gaa'iilaa kan ta'e jijjiiruudhaaf ka'uumsa bu'uuraati.

Seerri gaa'ila akkataa kanaan uummamu lammii fayyaa qabeessa ta'uu uumuuf qofa otoo hin taane hawaasa dagaagee fi dinagdee akka qabaatu seera dandeessisu kan of keessaa qabatee dha. Seerri kun seera kanaan dura bahe / seerri hariiroo hawaasaa/ keessatti seera dhaalaa waliin akkaataa kiataabaatin kan bahe ture.

Haala walfakkatun nama tokko faayidaa ofiitiif jecha sababa sirrii ta'e kan jiraatu yoo ta'e abbootiin seeraa yoo raggaasisan waliigaltee guddiffachaatiin ilma godhachuu akka danda'amus seera hammates ture. Seerri hariiroo hawaasaa kutaa seera maatii keessatti tumaalee bal'aa dhimma kaadhimmammuu of keessaatti haguugee argama ture.

Tumaaleen guddiffachaa fi dhaalaa hanga ammaatti seera hariiroo hawaasaa bu'uura godhatanii kan hojiirra oolaa jiranii dha. Sirni wal kaadhimachuu ilaachisee tumaan seerri hariiroo hawaasaa kan haqame yoo ta'u seerri kun nu barbaachisa jedhanii naanooleen yaadan /fakkeenyaaf naannoon Amaaraa/ seera maatii isaanii keessatti akkaataa foyya'een



akka bahu taasifameera. Seerri maatii federaalaa seera wal kaadhimachuu ilaalchisee jiru of keessaa dhabamsiiseera.

#### **4. Seera Dhaalaa**

Bulchiinsa seera dhaalaa ilaalchisee sirni hariiroo hawaasaa keenya tumaalee lakkoofsa dhibba lama caalaa ta'an of keessaa qaba. Akka seerota adda addaa irratti ilaallu namni mirga isaas ta'ee dirqama isaa namoota biroo dhaalaan ni dabarsa. Nama tokko gara nama biraatti darbuu hin dandeenya nama du'ee waliin mirgootaa fi dirqamoota hafan yoo ta'an malee mirgootaa fi dirqamoota dhaaltootaaf ni darbu. Dhaalaa tokkoof qabeenyi darbuun yoo danda'u dhaamoodhaan yookiin dhaamoon ala ta'a.

Seerri dhaalaa biyya keenyaa fedhiin du'aa akka raawwatamu barbaada. Kanaafuu akkaakuuwwan dhaamoo filachuudhaan kan kaa'e yoo ta'u sirna dhaamoolee keessatti hordofamuu qabuus adda baasuudhaan kaa'eera. Namni dhaamoo kan hin dhaammannee otoo ta'ee dhaalli kan darbuu danda'u du'aan dhaamoo dhaamee otoo darbee haala dhama qabeessa ta'een isaan dhaalchisa jedhame namoota tilmaamamniif duraa duuba kaa'ameeni ta'uu qaba.

Seerrii dhaammoon fedhii du'aa dhuunfaa kan itti ibsuu fi raawwachiifamu akka ta'u sirni kaa'ame akkasumas yeroo dhaamoon hin jirrees /yookin dhaamoon yoo kan haaqamu ta'e/ namoota dhihoo dhaalaa ta'an yeroo ilaallu seerri hariiroo hawaasaa raawwii dhaalaa irraatti sababa qabeessa/ reasonableness/ ka'uumsa kan godhatan fakkaata.

Armaan olitti ibsamuuf akka yaalameetti sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa keessatti dhimmoonni addaa dhaamoodhaan darban akka eeggame ta'ee mirgaa fi dirqama kamiyyuu dha. Kanaaf namni qabeenya socho'uu fi hin sochoone ilaalchisee mirga qabu dabarsuu danda'a jechuu dha.

Mirga lafa irraa qabaniis dabarsuu danda'an. Haa ta'u malee dhaamoodhaan dabarsuun kan danda'amu mirga qabuu qofa. Mirga lafarraa qabu yoo baay'ate kan qabiyyee yoo ta'u abbaa qabeenyummaa dabarsuudhaaf sirnichi hin eeyyamu. Namni yoo du'u kan dabarsu dirqama qabuus walumaan dabarsa.

Yeroo lubbuudhaan jirutti liqiin dhaalchisaan liqeebate yoo jiraate qabeenyi dhaalaa kaffalamuun dura kaffalamuu qabu. Qabeenya dhaaltummaas qabeenya addaa ta'ee qabsiisa liqiidhaaf ta'ee tura. Kaffaltii kana raawwachuudhaaf qulqulleessituun dhaalaa

dirqama jalqabaa qaba. Dirqamni beeksiisa baasuudhaan abbaa mirgaa hanga waamutti gaha jechu dha. Beeksiisniis yeroo turtii waggaa sadii akka turu taasifama.

Namoonni jireenya isaanii keessatti liqii fi idaa adda addaa seenanii du'aan akka addaan hin cinne abbaa mirgaatiif eegumsa amnasiisaa gochuudhaaf sirna dandeessisu dha. Sodaa namootaa addunyaa kanarraa du'aan darban sababa godhachuudhaan rakkoo wal jijjiiraa daldalaa akka hin uumamne sirna tumamee dha. Sirni kun wal jijjiiraa daldalaa kan nama amansiisuu fi wabii qabeenya akka argatan kan dandeessisu yoo ta'u dhaaltootaa fi du'aa akkasumas fedhii hawaasa guutuu ala ta'a jedhamee hin yaadamu.

Sirni hariiroo hawaasaa abbaa mirgaa haala adda ta'een eega. Dhaalaan dhaaltummaa hin raawwatu kan jedhe faayyidaa namoota isarraa maallaqa gaafatan miidhuudhaaf yaaduun isaa yoo mirkanaa'e maallaqa qabu waliin walqixa hanga ta'ee dhaaltummaa akka fudhatu dirqamu danda'a.

Dhimmi biraa kana waliin kan caqafamu qabu sirna bulchiinsa seera dhaaltummaa keessatti dhaaltummaa afaaniin dhaamoon dabarfamuun ala qabeenya jiru dhaamoo akkaataa kamiinuu dabarsuun kan eeyyamamee dha. Haa ta'u malee dhimma lafaa ilaalchisee dhaamoo taasifamuun namootni darbuufi danda'u seeroota addaa dhimma kanaaf bahan irratti kan hundaa'u ta'usaa yaadachiisuun barbaachisaa dha. Dhimma lafaa irratti dhaalaa namoonni ta'an du'aa waliin maatii, du'aa kan xoorra waliin kan jitaatan; galii biraa kan hin qabne akka ta'an kan eeggamu yoo ta'u qabeenya biroo ilaalchisee garuu dhaalaa ta'uudhaaf kuni dirqama miti.

Seeroota lamaan keessa raawwatiinsa dhaaltummaa adda addaa jiraachuun isaa lafti hanga danda'ameen kan uummataa akka ta'u taasiisuu waliin kan walqabatee dha. Gama biraatiin qabeenya biroo akkaataa gubbaatti ibsameen hanga danda'ameen firaaf akka darbu yaada jedhu qabee jira. Dhaaltummaa irraa buqqa'uudhaafiis sababa gahaa barbaada.

Bulchiinsa seera dhaaltummaa seerii hariiroo hawaasaa keenya sirni hordoftuu dhaaltummaa qulqulleessuu hanga danda'amettii kan qulqulleessituu dhaalaati malee kan mana murtii akka hin taane barbaaduu isaati. Dhaaltuun eenyu ta'uu qaba? Qabeenya kam dhaala? Idaa kam kaffallu qaba? Gaaffiilee jedhan deebii kan kennu qulqulleessituu dhaalaati. Qulqulleessituun dhaalaa bu'uurarraa dhaalaa dha jedhamee yaadama.

Dhaaltoonni kun kan hin beekkamne yoo ta'ee fi dhaalaan qabeenya dhaalaa

qulqulleessuudhaaf eeyyamamaa yoo ta'uu baate manni murtii qulqulleessituu ramaduu danda'a. Haa ta'u malee akkaataa seerri hariiroo hawaasaa ajajuun haala seera qabeessa ta'een raawwatamaa waan hin jirreef manneen murtii heedduu keessattuu manneen murtii aanaa dhimmaa qulqulleessuu keessatti seenuudhaan yoo cingaman ni mul'ata.

Kan biraa sirna seeraa dhaaltummaa raawwachiifnu /garuu kan hin raawwatamne/ dhimma qallaba gaaffachu ti. Dhaaltummaa keessaa haadha yookiin abbaan du'aa, dhalattootni gara gadii, obboolleewwan, obbooleettiwwan, abaa manaa yookiin haadha manaa qallaba argachuudhaaf mirga qabu.

Nammoonni kunniin “rakkoo irra kan jiran yoo ta'ee” fi hojjatanii jireenya isaanii moo'achuu yoo hin dandeenye qabeenya dhaalmaarraa qallaba kaffalamu gaaffachuu ni danda'u. Qulqulleesituun dhaalaa gaaffii kana qoratee qarshii dhaaltummaarraa argachuu danda'an /kan itti xooraman/ qallabni muramuufi danda'a. Haa ta'u malee hojimaanni kun yeroo raawwii irra oolu hin mul'atu.

Akka waliigalaatti sirna dhaaltummaa keenya yoo ilaalle fedhii du'aa fi fedhii uummataatif jalqaba kan kennu akka ta'e hubanna. Kana keessatti firri du'aa, maatiin, uummanni qabeenya du'aa yookiin qabeenya dhaalaa namoonni gaafatan, namoonni du'aarraa qallaba gaafatan, fi gabaan eegumsi ni taasifamaaf jechu dha.

## **5. Seera Qabeenyaa**

Kan biraa bulchiinsa sirna hariiroo hawaasaa keessatti hagguggii seeraa kan argate seera qabeenyaa ti. Akkaakuwwan qabeenyaa hedduu dha. Qoodiinsa qabeenyaa ilaalchisee sirni haqaa biyya keenyaa qabeenya socho'uu fi hin sochoone jedhee ibsa. Seenaa irraa akka hubannutti biyya keenya keessatti qabeenya hin sochoone kan socha'u caalaa faayidaa qabeessa ta'anii ilaalamu. Kanaaf qabeenya hin sochoone ilaalchisee daangaa seeraa kan itti baay'atu faayidaa uummataaf jecha akka ta'e ni hubatama.

Seeroonni biyya keenyaa qabeenya ilaalchisee mirgoota bu'uura lama ni kaa'u. Abbaa qabeenyaa qabeenya tokko ta'uu fi qabiyyee qabeenyatti fayyadamuu, alaabaa, tajaajilaa fi kkf haguuggii argachuu danda'u. Fayyadamuun qabeenya kan qabamuu fi hin qabamne ta'ee namoonni qabeenya faayyidaa maallaqaan tilmaamamu itti argatanii dha yoo jedhame qabeenyi hunduu abbaa qabaachuu danda'a. Haa ta'u malee akaakuu qabeenyaa keessaa lafti akka qabeenya dhuunfaadhaati qabamuu hin danda'u. Qabeenya hafe garuu namoonni abbaa qabeenyaa ta'anii turuudhaaf, itti fayyadamuudhaaf, al-kallattiidhaan itti

fayyadamuuf, balleessuudhaaf, barbadeessus ni danda'u.

Mirga abbaa qabeenyummaa irratti qajeeltoon bilisummaa kun /principle of freedom/ kan jiru ta'uus, akka biyya kamiyyuu sirni bulchiinsa haqaa biyya keenyaa abbaa qabeenyaa qabeenya tokko qabeenya kanatti yoo fayyadamu mirgoonni nama biraa tii bu'uu hin qabu, faayyidaa uummataas dhiibuu hin qabu jedhamee tumameera. Haala walfakkaatuun seeroota keenya keessatti “faayidaa uummataa” abbaa qabeenyaa ta'uudhaa ol ta'uusaa hubachuun barbaachisaa dha. Fakkeenyaaf faayidaa uummataaf jecha mirgi abbaa qabeenyummaa daangeessu qofa otoo hin taane qabeenyis uummataan fudhachuus dabalata.

Qabeenyi yeroo muraasaaf kan dhiisame yookiin kan badee ta'uu danda'uus abbaa malee jiraachuu hin danda'u jedhamee akka waliigalaatti dubbachuun ni danda'ama. Biyyoonni tokko tokko haala kanaan qabeenya abba hin qabne/ vacant/ gara qabeenya mootummaa jalatti kan sassaaban yoo ta'u sirni seeraa biyya keenyaa garuu qabeenyi bade, kan dhiifame qabeenya mootummaa jala seenuu isaatin dura barbaachaaf sirna hanga tokko akka jiraatu godhama.

Fakkeenyaaf beeksiisa baasuu, yeroo muraasa/ ji'a tokko/ fi kkf. Kunis sirna seeraa biyya keenyaa keessatti qabeenyaaf qofa otoo hin taane eegumsi abbaa qabeenyaatiifis akka jiru agarsiisa. Walqabatees abbaa qabeenyaa namni ta'e tokko qabeenya bakka argatetti gaaffachuu/ right of pursuit / fi abbaa mirgaarra dursuun jalqaba gaafachuu/right of preference/ kan qabu yoo ta'u, sirna bulchiinsa qabeenyaa keenya keessattiis kan beekkaman akka ta'e ni hubatama. Seera qabeenyaa keessatti kan haalaan ifa ta'ee mul'atu namoonni mirga qaban tarreessu isaaniiti.

Seera qabeenyaa jechuun walgahii mirgaati /bundle of rights/ kan jedhamanii waamaman. Kun akka waliigalaatti yoo ilaallamu dirqama wal bira qabamee ilaallamu / correlative duty/ dabalatee qabu danda'u. Mirga qabeenyaatti fayyadamuu dhabuun abbaa qabeenyummaa qabeenyarraa buqqa'uu dhabuu hin hordofsiisu jechuu ni dandeenya. Haa ta'u malee sirna haqaa biyya keenya keessatti dhugaan kun qabeenya socho'uu danda'aniif sirriidha jedhamuus qabeenya hin sochooneef garuu yeroo hundaa sirrii dha jechu hin dandaeenyu.

Sirni keena qabeenya hin sochoone keessattu lafa ilaalchisee mirga fayyadamuu qofa otoo hin taane kan terreeffamu dirqama fayyadamuus of keessaa qabata. Fakkeenyaaf

labsii itti fayyadama lafa baadiyyaa 133/98 irratti abbaan qabiyyaa lafa tokkoo lafa qabate kunuunsuu, naannoo isaa eeguu, biqiltuu dhaabuu fi kunuunsuudhaan guddisuu, dhiqama biyyee hir'isuu, mala bishaan walitti qabu fayyadamu, eegumsa biyyee fi daagaa hojjeechuu, burqaa bishaanii akka hin googne taasisu, lafa karooraan itti fayyadamuu, daangaa dhiibuu dhabuu, buukii qabiyyummaaabbaa lafaa qabachuu, lagarraa faggeessanii qotuu, fi dirqamoota kana fakkaatan of keessaa qaba.

Bu'aa bosoonaa muruu dhabuu, boosana ciramee bakka buusuu/ reforestation and trifling/, bakka caffee ta'e gaggogsu, biqiltuu akaakuu murtaa'e /tobacco / dhaabuurras of qussachuu, gama biraatin biqiltuu muraasa dirqamni misoomsuu dabalataan kaa'amuu danda'an.

Labsiin lafti qabnu qabeenya ta'us murtaa'aa ta'uun isaa fayyadamun irra deebi'uun misoomsuudhaa gadi ta'uu hin qabu. Qabeenya lafaa /daangaa/ ilaalchisee walitti bu'iinsi akka jiraatan qabatama naannichaa hubannoo keessa kan galchee dha. Abbaan qabiyyee lafa tokko mirga qabutti fayyadamuudhaan dirqama isaa kan hin baane yoo ta'e murtii akkeekkachiisa afaanii irraa kaasee lafa kanatti akka hin fayyaadamne taasisu akka danda'u tumameera.

Kan biraa dhimmuuma sirna bulchiinsa qabeenyaa keessatti kan jala muramuu qabu qabeenya kan sochoo'uu fi kan hin sochoone jedhamee akka qoodutti raawwii dhaaltummaa fi maatii waliin kan walqabte qofaa miti dabalataaniis faayidaa hedduu qaba. Fakkeenyaaf qabeenyi sarara tokkoon yookiin gama biraatiin qabeenya qabachuurras kaasee hanga naanneessuutti seeroota jiran adda baasee akka hojiirra oolan taasisa.

Kana jechuun qabiyyee qabaachuu /possession/, abbaa qabeenyaa qabiyyee ta'uu, sirna maqaa naanneessuu /formality/, aangoo bulchaa qabeenyaa, dandeeti, raawwii qabiinsaa, aangoo Abbaa Seerummaa, giibira maqaa naanneessudhaaf kaffalamu fi kkf irratti seerootni raawwatiinsa qaban haaluma kanaan adda akka ta'an taasifama. Fakkeenyaaf yeroon yaa dheeratus haa gabaabatus qabeenya qabuudhaan abbaa qabeenyaa ta'uun kan danda'amu yoo ta'u lafa garuu yeroo barbaadanitti qabachuudhaan abbaa qabeenyaa ta'uun hin danda'amu.

Seerri biyya keenyaa qabeenya hin sochoone dabarsuudhaaf /fakkeenyaaf gurgurtaadhaan/, walitti dhufeenya waliigalteetiin dabalataan sirna galmeessaa akka

raawwatamu kan dirqisiisu yoo ta'u/ seera waliigaltee, seera bulchiinsa lafaa/, sirni galmeessaa kun qabeenya socho'u hundaaf hin raawwatamu.Kanaaf qabeenya hin sochoone irrattii mirga abbaa qabeenyummaa argachuudhaaf yookiin mirga fayyadamuu argachuudhaaf/lafaaf/ sirni seera hariiroo hawaasaa galmeessuu akka qajeeltootti /rule/ akka dirqamaatti raawwatamu akka qabu agarsiisa.

Yaadrimeewwan namni abbaa qabeenyaa itti ta'an adda adda.Yaadrimee qabachuu /possession/, yaadrimee bu'aa humnaa/ theory of labor/, yaadrimee dinagdee/theory of economics/, yaadrimeewwan dhuunfaa/theory of personality/ caqasamu danda'u.Akkaataa yaadrimeewwan kanneenitti akka duraa duuba isaanitti namni qabeenya jalqaba waan qabeef/argachuu/ qabeenyi kan humnaa /xaarii/ isaa waan ta'eef abbaa qabeenyummaa qabeenya dhunfaa callaa kan dabaluu waan ta'eef abbaa qabeenyaa ta'uun bilisummaan dhala namaa kan alaa/amala dhunfaa/ ibsama waan ta'eef dha.

Heerri mootummaa biyya keenyaa keewwata 40 jalatti waa'ee mirga qabeenyaa namni humna isaatin yookin maallaqa isaatin qabeenya dhuunfaa horateef abbaa qabeenyaa ta'uun isaa callaa kan guddisu waan ta'eef abbaa qabeenyaati jechuudhaan tumamee jira. Gama biraatin qabeenya hin sochoone keessaa, keessattu lafti kan uummataa akka ta'ee fi heerri mootummaa ibsama birmadummaa uummataa akka ta'e yoo hubannu, qabiyyeen uummata waliin walitti dhufeenyi qabaata. Kanaaf sirni bulchiinsa qabeenyaa biyya keenyaa humna, dinagdee fi amala dhunfaa /yaadrimeewwan/ jedhaman bu'uura kan godhateedha jechu dandeenya.

Akka waliigalaatii bu'uurri sirnichaa biyya keenyaaf qabeenyi hin sochooneef iddoon ol'aanaa kennamu waan tureef fi dabalataan heera mootummaa irratti kan kaa'ame guddina dinagdee aariifataa fiduudhaaf fedhiin waan jiruufi jechuus dandeenya.Mirga qabeenyaaf sadarkaalee adda addaa eegumsi seeraa godhamuuf akka bu'uura kana qaban yaaduudhaan seeroota haalaan raawwachuun barbaachisaa dha.Fakkeenyaaf walitti dhufeenyi hariiroo hawaasaa qabeenyaa haqa ariifataa kennuu gara dandeessisu danda'u jechuun sirna galmeessuutti fiduu qabna.

Qabeenya irratti maqaa jeequmsi narraa haa dhaabbatu jedhamee himanni dhiyaatu akka adeemsa jirutti sababa himannaa qabaachuu isaanii dursanii qorachuun barbaachisaa dha.Raawwiin bulchiinsa haqaa qabeenyaa dhimmoota kanaa fi dhimmoota ka'uumsaa biroo tilmaama keessa galchuu dhabuudhaan sochii dinagdee adda addaa heedduu yeroo

dheeraadhaaf dhoorkamanii akka turan kan yaadannu dha.

Qabeenya ilaalchisee bulchiinsi hariiroo hawaasaa qabnu, seera hariiroo hawaasaa keessatti kan kaa'ame qofa otoo hin taane labsii adda addaa keessatti kan caqasame waan ta'ee fi falmii dhiyaate otoo hin qoratin dhuma irratti akkaataa labsiitin murtteessuudhaaf qorachuun barbaachisaa dha.

Sirni bulchiinsa seera hariiroo hawaasaa eegumsa kan godhu qabeenya guddaadhaaf qofa otoo hin taane qabeenya hin qabamneefis /incorporeal rights/ eegumsi ni taasifama. Seeronni 'copy right', seera 'paatantii' seeroota addaa keessatiis dabalatee eegumsa akka argatan godhamee kan tumame dha.

Amalli addaa seera kanaa jijjiiraa qabeenyaa bilisa ta'e sababoota muraasaa abbaa qabeenyaatiif, faayidaa fudhataadhaaf yookiin qaama sadaffaadhaaf, jecha kan daanga'uun ala kan eeyyamame ta'uu isaatii fi dhimmoonni dhaabbiidhaan qabeenya /gurguuru, jijjiiruu, keennaa/ /perpetual inalienability/ daanga'aa akka hin dandeenye agarsiisa.

Sirni bulchiinsa seera hariiroo hawaasaatiin qabeenyaaf eegumsa gaarii kan godhame keessaa qabeenyi dhuunfaa faayidaa uummataaf yeroo fudhatmu, “ faayidaan uummataa jiraachuun isaa jiraachu akka qabuu fi fudhatamuu isaatin dura “kaffaltii walmadaalaa ta'e” “jiraachuu isaati”.

Qabeenyi keessattu qabeenyi hin sochoone fayyadamuu dhabuudhaan mirga abbaa qabeenyummaa dhabuu akka jiru ta'ee, mirga kana fayyadamuu dhabuudhaan namoonni biroo qabeenya kanaan fayyadamuudhaaf dirqama kan qabanii fi dirqamoota biroos ni tarreessa. Dirqamni dabalataa kun, /fakkeenyaaf gibira maqaa isaatin kaffalu/ sirnicha keessatti namni mirga qabeenyaa isaa akka salphaatti akka hin dhabneef eegumsa godhamee dha.

Akka sirnaatti qabeenya ilaalchisee kan ka'uu qabu seerri qabeenyaa seera hariiroo hawaasaa keessatti kan argamu ta'uus kutaan seeraa kun yeroo adda addaa labsii bahaniin akkataa bu'uura ta'een jijjiramaf dhimmoota taasifaman qabachuu isaati. Fakkeenyaaf lafti magaalaa ta'ee lafti baadiyaa nama dhunfaadhaan akka hin qabamne labsii lakk/ 47/67 fi labsii 31/67 irraa kaasee tumameera. Kanaaf seera hariiroo hawaasaa keessatti abba qabeenyummaa nama dhuunfaadhaan qabamu akka danda'an jedhamanii tumaman haqameera/ fooyya'eera/ jechuu dha.

Yeroo tokko tokko fakkeenyaaf abbaa qabeenyaa lafa tokoo otoo mormuu namni biraa lafa irratti mana yoo ijaarate kisaaraa ni kaffala. Yookin mana kana gadhiisee deema jedhamanii kan tumaman irratti jijjirama barbaachisaa /mutants mutandis / irratti godhamaa “qabiyyee” jedhamanii dubbifamu danda'u. Tarreen bal'innaan seera qabeenyaa keessatti ilaalama.

Haala walfakkaatun qabeenya ilaalchisee akka sirnaatti qabxiin ka'uu qabu qabeenyi aangoo mana murtii kan daangeessu ta'usaa yeroo raawwiis sirni hordofnu irrattis jijjirama kan fidu ta'uu isaati. Qabeenyi hin sochoone irratti aangoo abbaa seerummaa kan qabu mana murtii qabeenyi keessa jiruu dha. Seera addunyaa dhuunfaa keessattis haaluma walfakkaatun raawwatama.

Qabeenya hin sochoone calbaasiidhaan gurguruun yoo barbaachise sirna seeraa cimaa ta'eetu jira. Dhimmoota muraasa keessattuu sochii maallaqaa akka hin dhaabbanne faayidaa uummataa fi namoota dhuunfaa walmadaalchisuudhaan deebiisuudhaaf akka danda'amuuf qabeenyi mana murtiidhaan hin laalamne jiru. Fakkeenyaaf baankiin maallaqa waliigaltee liiqaadhaan kennan akkaataa waliigaltee isaaniitin deebisuu akka danda'an qabeenya liqeffamtootni qabsiisan calbaasiidhaan gurguruu fi qabeenya isaanii sassaabuu danda'u. Haala walfakkaatun manneen labsii lakko, 47/1967 tiin dhaalaman ilaalchisee labsiichaan yookin labsiidhaan ala mana murtiitti falmiin otoo dhiyaate dhimmicha ilaaluudhaaf sirnichi hin eeyyamu.

Dhimma qabeenyaa irratti dhimmi sirna bulchiinsa ofii qabu keessaa akka addaatti kan caqasamu dhimma lafaati. Lafa ilmi namaa otoo lubbuudhaan jiru yookiin erga du'ee booda itti fayyadamuudhaaf fedhiin jira. Lafti kan uummataa akka ta'u “lafti qonnaan bulaaf ykn kan qotaa jiruuf” gaaffii bara 1960 irraa kaasee gaafatamaa kan ture dha. Gaaffiin kun bara 1967 deebii kan argate yoo ta'u raawwii lafa ilaalchisee ka'aa turan gutuumaan guutuutti deebii hin arganne. Mirgaa fi dirqamni lafaan fayyadamu haala seera qabeessa ta'een otoo hin raawwatamin tureera.

Lafaan fayyadamuun lafa misoomsuurraa miidhaa geessissaas turuun isaa ni yaadatama. Wadhabbiin lafa waliin walqabataniin ka'an qaama dhimmi ilaaluun furmaata argachaa hin ture. Rakkoolee kanaa fi kan kana fakkaatan hiikuudhaaf waa'ee lafaa fi misooma qonaa lafa baadiyyaa poolisiwwan fi labsiiwwan adda addaa bahaniiru.

Labsiileen bahan kunniin dhimma lafaa ilaalchisee kan hiikkamu qaban mana murtiirraa



qaama filannoo biraa kaa'anii tumaman.Yoo jaarsummaan maanguddootaa milkaa'uu baate lafti baadiyyaas ta'ee kan magaalaa irratti aangoo qabu.

Sababa walitti bu'iinsa lafaatin yakki hedduu akka raawwatamu, abbootin humanaa tokko tokko mirga itti fayyadama lafaa dubartootaa, dargaggootaa, ddhabdootni fi kkf akka hin sarbine hubachu qabna.Walitti bu'iinsa hawaasaa kana hiikkuudhaaf karaa filatamaa fayyadamuudhaan hiikuun barbaachisaa yoo ta'u falmii ka'ees yeroo furmaata argatu dudhaalee hawaasummaa fi seera giddu galeeffachuudhaan murtiin kennamuu qaba.

## **6. Seera Dirqamootaa**

Sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa keenya dhimmi xiyyeeffannoo itti kenne keessaa tokko seera dirqamootaa dha.Kutaan seeraa kun bifa tekniikii, wixinee fi kan hin jijjiiramnee dha.Seera dirqamootaa kun dhimmoota/claims, rights/ akka gochoota, haalawwan /situation/ adda adda ka haguuguu dha.Biyya keenya keessatti seerri waligaltee, waliigalteen otoo hin jiraatiin waan jiraatuuf seera ittii gaafatamummaa fi gar malee badhaadhuus ni ilaalata.

Dabalataan sirni bulchiinsa haqaa biyya keenyaa seera xiyyeeffannoo addaa barbaadan haala addaan tumeera.Seeronni addaa seera hariiroo hawaasaa fi seerota birooras jiru.Fakkeenyaaf waliigalteewwan qabeenya hin sochoone ilaalchisanii jiran, waliigaltee bittaa fi gurgurtaa, waliigaltee bakka bu'uummaa, waliigaltee hojii, waliigalteewwan tajaajilaa meeshaa fi imaanaa ,waliigaltee bulchiinsaa, araara, fi kkf haguuggii seeraa addaa qabu.

Armaan olitti akka ilaalleetti kaayyoon heera mootummaa guddina dinagdee fiduu qofa otoo hin taane akkaataa aariifataan galmeessisuu dha.Guddinni diinagdee sirna gabaa wabii qabu barbaada.Gabaan seera waliigalteedhaan kan hoojjatuu dha.Gabaan bilisa ta'uu waan qabuuf waliigalteeniis haaluma saniin bilisa ta'uu qabu.Akkaataa kanaan seerri hariiroo hawaasaa keenya adeemsa waliigaltee eeyyamu bu'uura godhachuun hojiirra ooluu qaba.Waliigalteewwan garaagarummaa qabaataniis qajeeltoo waliigalaa seera waliigaltee hariiroo hawaasaarra jiraniin hogganamu.

Haa ta'u malee seeroonni addaa kun waliigaltee waliigalaa guutuu danda'aniis jijjiiramuus ni danda'u.Fakkeenyaaf hawaasa daldalaa sirna waljijjiirraa daldalaa aariifataa fi muuxannoo bu'uura godhachuun akka raawwatamu tumaaleen addaa seera daldalaa

akkaataa adda ta'een raawwatamu.

Walitti dhufeenyi daldalaa hedduun isaanii hojjimaata yookin muxannoo bu'uura godhachuudhaan kan dagaaganii fi seerris muuxxannoo kanaaf beekkamtii kennuudhaan akkaataa adda ta'een raawwatamuun isaanii barbaachisaa dha jedhamee amanama. Sirna kana tarkaanfachiisuudhaan seera waliigaltee bu'uura kan qabu fi bulchiinsa hariiroo hawaasaa kan barbaadu seerii hojjeetaaf hojjechisaa bu'uura seeraa akan qabu ta'uus mootummaan haala too'annootin kan keessa galuu dha.

Seerrii hojjataa fi hojjachisaa haal kitaabaatiin otoo hin taane labsiidhaan, danbiidhaan, walitti dhufeenya seeraa hojii irratti kan xiyyeeffatuu dha. Seerii hojjataa fi hojjachisaa qajeeltoo bakka hojiittii nageenyi Induustrii akka jiraatu kan godhuu dha. Gabaan bilisaa kana kan barbaaduu waan ta'eef humnis bilisaan akka naanna'u waan barbaaduuf labsiileenis kanuma jiddu galeeffachuudhaan kan bahanii dha. Hojjataan yeroo barbaadetti hojii kan gadhiisu ta'uus hojjataan tokko sababa gahaa malee akka hin gaggeeffamne kan dhoorkuu dha.

Hojataan nageenya Induustrii keessatti akka babal'atuuf murtiilee dhaabbatichaa tokko tokko irrattis/shop-floor decision making/ akka hirmaatu ni taasiifama. Hojjataan waldaadhaan akka gurmaa'u kan eeyyamu ta'uus kaayyoon isaas hojjeetootni hojii ofii fi diinagdee ofii fooyyeeffachuuf kan yaalamu yoo ta'u, kaayyoon inni biroo ammoo nageenya Induustrii guddiina biyyattiitiif godhu akkaataa hirmaachisaa ta'een akka babal'atu taasiisu dha.

Kanarraa ka'uudhaan hojjataan iddoo hojii balaa fi dhibeerraa fagaate hojjeechuu akka qabu fi mirga kanas seeraan akka gonfate ni beekkama. Seerri waliigaltee hojjeetaaf hojjechisaan taasisaniis nageenya Induustrii uummuudhaaf yaadamanii waan bahaniif akkaataa addaa fi of eeggannoodhaan raawwatamuu qabu. Waliigalteewwan hojiilee ijaarsaa ilaalchisee jiran akkaataa adda ta'een seera waliigaltee idileerraa adda bahuun raawwatamuun isaanii guddina dinagdeetiif gahee ol'aanaa taphata.

Ittigaafatamummaa seerri otoo hin jiraatiin uummamu ilaalchisees seerrii keenya qaacceesuun kaa'eera. Dhimmi kun dhimmoota waliigalteetiin ala akka ta'an ni hubatamu. Itti gaafatamumman waliigaltee irraa madduu akka beekkamutti qaama waliigaltee raawwatan gidduu kan waliigalteerraa maddu akka ta'e ifa. Haa ta'u malee walitti dhufeenyaa kallattii akkanaa jiraachuu baatus midhaa nama biraarra gahuun namni itti

gaafatamu jiraachu danda'a. Miidhaan gocha tokkoon uummame seera yakkaa keessatti yakka kan jedhame ta'uu danda'a.

Sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa keenya keessatti yakkootni hunduu cabsuu waan agrsiisaniif itti gaafatamummaan hariiroo hawaasaa uummamuu danda'a. Kanaafuu sirna haqaa biyya keenyaa keessatti salphaa fi foyya'aa ta'e waliigalteen otoo hin jiraatin itti gaafatamummaa tumaalee hordofsiisan tarreesuu otoo hin ta'iin yoo kan danda'amu ta'e itti gaafatamummaa kan hordofsiisan tarreesuu dha. Walfakkeessuun ibsuudhaaf sirna haqaa biyya keenya keessatti nami tokko abbaa otoo hin ta'iin dirqamaan ilma ta'a. Gochi midhaa tokko hordofsiisees, danbii cabsuu yookin yakka yoo ta'e waliigalteen jiraachuu baatuus itti gaafatamummaa namatti fida. Gargaltoon isaa garuu yeroo hundaa ta'uu baachuu danda'a.

Sirna kanarraa kan hubannu, bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa keenya keessatti waliigaltee otoo hin jiraatiin itti gaafatamummaan akka jiruu fi namootni midhaan yoo irra gahe dhoorkuudhaaf qofa otoo hin taane, yakkis akka hin raawwatmneef dhoorkuu danda'a. Yakki haala kanaan dhoorkamu/prevention/ akka ijootti kan raawwatamu qabu, akkaataa seera yakkaatin yoo ta'u, waliigaltee otoo hin jiraatin ittigaafatamummaan kanuma keessatti ramadamu danda'a. Waliigaltee otoo hin jiraatin ittigaafatamummaan jiraachuun isaa kaayyoo mataa ofii qaba. Seenaadhaan akka beekkamu haaloo bahuun, adabamuun, haqa diriirsuu, beenyaa kaffaluu, miidhaa qoqoduu, fi kkf kaayyoo waliigaltee otoo hin jiraatiin itti gaafatamummaan yoo jiraatudha.

Sirna hariiroo hawaasaa keenyaa yoo ilaallu kaayyoon seera kanaa inni ol'aanaan beenyaa kaffaluu akka ta'e hubachuu dandeenya. Miidhaan beenyaa kaffalamu waliin wal madaaluu qaba jedhamee amanama. Miidhamaan gama biraatiin Inshuuraansiidhaan yookiin sooramaan kan beenyaan kaffalamuuf ta'uus beenyaa argachuurraa akka hin dhoorkamne jedhamee kan tumame yoo ilaallu sirnichi beenyaadhaa oliis kaayyoo biraa qaba jechuu ni dandeenya.

Walitti dhufeenyi waliigaltee irratti hundaa'ee akkaataa waliigalteetti yoo raawwatame gareen lamaanuu gara diinagdee fooyya'aatti guddachuu danda'u jedhame waan yaaddamuuf seerri ittii gaafatamummaan waliigaltee otoo hin jiraatiin yoo haalaan raawwataman miidhaa qaqabe beenyaadhaan bakka buusuun ni danda'ama.

Dhimma kana gabaa waliin yoo ilaallu, walitti dhufeenyi waliigalteen alaan namootaan

uummaman sirnaa fi ofeeggannoodhaan akka hoogganamu hubanna. Seerri kun miidhaa namarra gaheen beenyaadhaan qofa bakka bu'uu danda'a ilaalacha jedhu hin qabu, kanaafis tumaalee beenyaa haala adda addaan kaffalamu danda'an tarreessee jira. Fakkeenyaaf gabaa bilisaa keessatti waldorgoommiin seeraan alaa yoo uummamu /unfair competition/waldorgommiin akkanaa akka dhaabbatu ajaju danda'ama. Kun gabaan bilisaa haala kanaan akka dagaagu taasifama jechuu dha.

Miidhaan walmadaalaa ta'uu qaba jedhamuus addunyaa yeroodhaa yerootti jijjiiramu keessatti miidhaa gara fuulduraa tilmaamuun murtii kennuun rakkisaa ta'a. Dhimmi akkanaa yeroo mudatu sirna marartoo dhaan murtii kennamuu qaba.

### **7. Seera Daldalaa fi Seerota Biroo**

Sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa keenya keessatti daldalli iddoo addaa qaba. Seerri daldalaa akka waliigalaatti dhabbilee daldalaa /corporation/, waldaalee daldalaa, daldalaa, hojimaata Baankii, hojimaata inshuraansii, sanadoota seeraa fi walitti dhufeenya daldalaa biroo kan ilaalatuu dha. Seerri daldalaa keenya hiikkaa daldalaa fi walitti dhufeenyaa daldalaaf kenneera. Haa ta'u malee seerri daldalaa akka seera hariiroo hawaasaatti qajeeltoowwan seera waliigalaa hin qabanne.

Dhimmoonni of keessaa qabatee haguuggii kenneefis /internal coherence/ akka seera hariiroo hawaasaa hedduu dhaa miti. Kanaafuu seerri hariiroo hawaasaa seera daldalaa irratti raawwatiinsa akka qabaatu /civilization of civil code/ tiif karra kan banuu dha jechuun ni danda'ama.

Garagaltoodhaan dhimmoota barbaachisaa /formalism/ dhaaf xiyyeeffannoo kennuuraa caalaatti bitaa fi gurgurtaa qaamni sadaffaa taasiisuuf eeggumsa kennuusaa, hojimaannii bitaa gurgurtaa fulla'aa ta'e akka uummamu/an on going relationship rather than isolated legal events/ sirna ta'uu isaanii hubatee dha. Yaadni akkanaa kun /commercialization of civil code/ keessattuu seera hariiroo hawaasaa keessatti haguugamaa jira.

Dhaalamaan yaadaa fi seeraa akkanaa jiraatus sirna haqaa biyya keenyaa keessatti biyyoonni tokko tokko akka godhanitti seera hariiroo hawaasaa keessatti akka haguggamu taasiisuun otoo hin taane seera daldalaa of danda'ee akka dhaabbatuu fi seeroota daldalaa biraatiifis bu'uura ta'uudhaan tajaajila.

Seera daldalaa waliin walqabatani dhimmootni ilaalamu qaban seeroota daldalaa yookin

seeroota /business /dha.Sirni diinagadee biyyaattii sirna diinagdee ajajaa yeroo ture seerootni barbaachisaa hin taane ammaa yeroo sirna gabaa bilisaa keessaatti barbaachisaa ta'anii dhufaniiru.Abbootiin qabeenyaa dhunfaa guddinni dingdee akka aariifatu shora guddaa taphachaa kan jiran waan ta'eef seerootni isaan daran jajjabeessuus bahaa jiraachuu isaa hin waakkatamu.

Seerri hariiroo hawaasaa dhimmoota daldalaa waliin walqabatee muxannoo waan gahaa ta'ee waan kan hin jirree tureef raawwii irrattii rakkoon uumamaa tureera.Haa ta'u malee seerri daldalaa akka waliigalaatti muuxannoo daldalaa/practice / irratti hundaa'uun kan guddate ta'uusaa akka ilaaltee hunda seeroonni /business / kaayyoo fi bu'uurri isaa muuxannoo investimanttii irratti hundaa'uudhaan guddina diinagdee fiduu akka ta'e hubachuu ni dandeenya. Bu'uurri seera kanaa muuxannoo yeroo addaa addaa irraa kan argamee dha.

Gama biraatiin sirna keenya keessatti gabaan bilisaa fi bilisummaan waligaltee jira yoo jedhamu seera qabeessa ta'ee akka ta'e ni beekkama. Walitti dhufeenyi hunduu bilisa kan ta'u haguggii seeraa jala ta'uudhaan guddina diinagdee aariifataa fiduu hanga dandeenyeetti dha.Sirnichii hojimaata seeraan alaa hin jajjabeessu.Dadhabbi nama biraatiin guddachuudhaaf yaaduun kan jajjabeefamu miti.Yeroo dhimmi akkanaa uummamuus namni ifaajee nama birootin diinagdeedhaan guddate nama miidhameef beenyaa kaffaluu qaba.

Waliigalteen diiggamuu isaa waliigalteen otoo hin jiraatin midhaan gahuu isaatin yookin kan biroo haala malee badhaadhuudhaaf abbaa qabeenyaa miidhaan irra gaheef hanga midhaa gahee waliin beenyaa walmadaalu /proportional compensation / sirna seeraa argamsiisu dha. Kunis sirna hariiroo hawaasaa keenyaa keessatti seera dirqamaa qabnu waliin kan walfakkaatuu dha.

Seeroonni dirqamaa seeroota tasgabaa'aa dha jedhamanii beekkamanii seeroota yeroo adda addaa bahan waliigalteewwan gabaa bilisaaf keessatti daldaltoota fi namoota kamiyyuu gargaaranii fi eegumasa seeraa gahaa kan uumee dha.Midhaan yoo isaanirra gahees beenyaa gahaa akka argatan kan godhu dha.Kayyoon isaas abbootiin qabeenyaas ta'ee namootni kamiyyuu eegumsa dhama qabeessa ta'ee akka jiraatuuf/ reasonable reliance and expectation/ gochuu dha. Seerootni dirqamaa kan raawwataman waliitti dhufeenya seeraan alaa kan dhabamsiisudha.

Waliigalteewwan seera qabeessa ta'anii kan raawwataman ta'uus midhaan waliigalteen otoo hin jiraatin uummamaniis sirna kiisuu danda'uu akka ta'e gubbaati ilaaluu dandeenyeera.

Miidhaa akka sirna koomanii keessatti jiran tokkoon tokkoon isaanii tarreeffamanii dhiyyaachuu baataniis namni tokko nama biraa irratti kallattiidhaanis ta'e al-kallattiidhaan miidhaa geessise kiisuu akka qabu ifaan tumamee argama. Nageenya hawaasummaa biyya keenya keessatti sirna /public and private insurance scheme / godhame fudhatama. Sirnichi miidhaa dinagdee gahe akka qoqqadamu /risk distribution /ta'ee raawwatmuu qaba.

Akaakuuwwan miidhaa fi hanga beenyaa akka waliigalaatti ta'uun isaa beenyaan miidha dhaqqabe waliin akka walmadaalu /proportional/ tasiisanii murteessuuf kan tajaajiluu dha. Biyya tokko keessatti sirni bulchiinsa hariiroo hawaasaa bu'uura qabatee jira jechuudhaaf sirni kaffaltii beenyaa kun akkaataa madaalamaa ta'een akka raawwatamu yoo taasifamee dha.

Beenyaan madalamaa qofa ta'uu hin qabu, yeroo isaa eeggatee kaffalamuu qaba. Sirna kana sirni seeraa hariiroo hawaasaa keenya keessatti kan diriirfamee yoo ta'u raawwiin isaa akka sirnichaa ta'uu isaa kutaa gad'aanu keessatti ni ilaala.

#### **4.2.2.2. Maddoota Seeraa fi Seerota**

Boyyoonni sirna seeraa siviilii hordofan madda seeraa isaanii akka waliigalaatti bakka lamatti qoodu. Inni jalqabaa /primary/ lammaffaa /secondary/ jedhamanii qoodamu. Sirna jalaqabaa keessatti seerootni labsaman, baratmoonni/customs/ fi yeroo tokko tokko qajeeltoo waliigalaa /general principles of law/ of keessaa qabu.

Maddii seeraa inni jalqabaa yeroo ifa hin taane, yookin yeroo hin beekkamne /case law /, barreessitootni seeraa, wixineewwan seeraa, akka madda lammaffaati lakkaa'amu danda'u. Fakkeenyaaf biyya keenya keessatti bifa kitaabaatin of danda'ee seerrii bahe kan hin jirre ta'uus bara 1963 tti wixinee seera ragaa wiixineeffame manneen murtii qajeeltoo wixinee kanaa akka fayyadamaa jiran ni beekkama.

Ragaan tokko ijoo tokko ibsuudhaaf barbaachisummaa qabu/relevancy/, fudhatamummaa ibsuu /admissibility/ tilmaama adda addaa /presumptions/ madaala ragaa naannoo /circumstantial evidence/ fi kkf wiixinee dhuma kanarraa fudhane itti fayyadamaa jirra. Haa ta'u malee maddi seeraa yeroodhaa yerootti fi dhimma qabame waliin gargar

ta'uu danda'a. Akkaataa sirna seeraa hariiroo hawaasaa keenyaatin madda seeraa ilaalla.

### **1. Seera labsame**

Seera sadarkaa tokkoffaa irratti argannu seera dirqisiisaa labsiidhaan labsamanii dha. Sadarkaa mootummaa federaalaa fi sadarkaa mootummaa naannootti seerootni labsaman iddoo isaan ilaaltu, yeroo, fi dhimma irratti dirqisiisaa dha.

Seerootni labsaman bahan seera baastuudhaan, seera raawwachiiftuudhaan, fi qaamoolee bulchiinsaa tin bahu danda'u. Sirna haqaa biyya keenya keessatti dhimmootni riifarandamiidhaan murtaa'an kan jiraatan yoo ta'u seera riifarandamiidhaan hin bahan. Seerootni bahan heera mootummaa irraa kaasee labsiiwwan, ajaja, danbootaa fi qajeelfamoota of keessaa qabaachuu qaba.

Waliigalteewwan fudhannee fi waliigalteewwaan addunyaawaa qaamoolee hariiroo hawaasaa keenyaati. Seerootni seera baastuudhaan bahan lakkoofsaan hedduu dha jedhamuus seeroonni bakka bu'uummaadhaan bahanis salphaa dha kan jedhamanii miti. Seeroota qaamoolee adda addaan bahan kana qaamooleen haqaa hojirraa kan oolcha yoo yoo heera mootummaa waliin wal hin faalleessine akka ta'e waa'ee ol'aantummaa heera mootummaa yeroo barannu ilaaluun keenya ni yaadanna.

### **2. Aadaa/ custom/**

Biyyoota sirna Seeraa Siiviilii hordoofan keessatti aadaan akka seera dirqisiisaa fi madda seeraa tokkootti fudhatama. Raawwiin kana waliin walqabatee jiru biyyarraa biyyatti garaagarummaa qaba. Biyyoonni tokko tokko baratama naannoo iddoo hojiirra oolchan seerri biyyooleessaa raawwatamu akka hin qabne tumuudhaan aadaa seera dirqisiisaa fi isa jalqabaa godhanii fayyadamu fakkeenyaaf biyya Ispeen kaasuu dandeenya.

Biyyoonni akka Faransaay ammoo aadaan seera biyyooleessaa keessaa akka guutatu yoo eeyyaman biyyootni biroo ammoo dhimmoota tokko tokko qofaa irratti aadaan seera biyyooleessaa caalee akka raawwatamu eeyyamu fakkeenyaaf biyya Jarman fudhachuu dandeenya.

Sirna bulchiinsa haqaa seera hariiroo hawaasaa keessatti, keessattuu seera daldalaa, seera hojjeetaa fi hojjechisa, akkasumas raawwii 'keez law' irratti aadaan gahee ol'aanaa akka qabu hubanna. Haa ta'u malee seerrii hariiroo hawaasaa keenya akkaataa kanaan baratamni dhimma hariiroo hawaasaa raawwatiinsa akka hin qabaanne dhoorkeera.

Baratamni raawwii kan qabaatu, seerri hariiroo hawaasaa dhimmoota ilaalun ala dhimmoota jiran yookin seerri hariiroo hawaasaa dhimmoota ilaalu irratti ifaan raawwatiinsa akka qabaatan dhimmoota eeyyamaman irratti dha. Kuni barreessitootni akka jedhanitti “legal monism” jedhama.

Preefeesar Chichiinoovich akka jedhanitti aadaan raawwatiinsa kan qabaatu seeraa akka raawwatamu yoo tumame, seerri dhimmicharratti banaa yoo qabaate, hiikkaa Abbootii Seeraatiin, dhaabbileen aadaa aangoo fi itti gaafatamummaa yoo kennamuuf /para legal outlets/ dha.

Seera maatii keessatti dhimmootni hedduu aadaa dhaan hiikkamuu danda'u. Haa ta'u malee banaawwan kun jiraatanis seensa seera hariiroo hawaasaa irratti “fedhii namoota seerri kun tumameef kan guutuu yookin haqa uummamaa kan eeguudha.” yoo ta'uu baate fayyiidaa hin qabu jechuudhaan kan kaa'ame waliin hin deemu.

Tumaan seensaa kan biroo ta'ee tumaan aadaa daangeesse gara /legal monism/ kan madaala kaase dha. Haa ta'u malee qajeeltoon dhimmoota adda addaa haala tokkoon keessuumeessuu daangeessun HMFDRI keessatti kufaa taasifameera. Heerrii mootummaa 'legal pluralism ' ni eeyyama. Heerri mootummaa keewwata 24/5/ jalatti dhimmoota maatii fi dhunfaa ilaalchisee seera aadaadhaan akka ilaalaman ni eeyyama. Kanaafis manni murtii shariyaa mana murtii aanaarraa kaasee hanga mana murtii waliigalaati hundaa'uu danda'eera. Seerrii hariiroo hawaasaas hojiirra yeroo tueetti dhimmootni hedduu aadaadhaan murtii argachaa jiru.

Aadaan fedhii uummata hedduu ta'uus seera daangaa kaa'e bira darbuu danda'eera. Keewwatni garagaleeti malee seensa hariiroo hawasaarraa akka hubanneeti seerri fedhii namootaa akka guutu, aadaa fi baratamas yeroo hin eegne ta'e akka faayyidaa hin dhabneetti ibsameera. Kanaafi heerrii mootummaa dhimmoota muraasa irratti abbaa seerummaa aadaa yoo eeyyamu kan hafan irratti ammoo heera mootummaa hanga hin falleesinetti ni jajjabeeffamu kan jedhu.

Kutaa kanaa gadi dhiyaatu keessaatti akka ilaalutti manneen murtii hojii bu'aa qabeessa raawwachuudhaaf qabeenya, yeroo fi maallaqa qabu haalaan fayyadamuun bu'aa garii argachuudhaaf abbootii dhimmaaf akka haalli mijaawu manneen murtii aadaa hundeessuun hanga heera mootummaa hin falleesinetti dhimmootni furmaata argachuu qabu. Yoo haala kanaan ni raawwatama ta'e manni murtii qabeenyaa fi yeroo qabu waan



qusatuuf dhimmootni aariitiidhaan murtii aragtu.

Kana jechuun namootni dhimma isaanii aadaa ofiitin yeroo hiikkatan bitaa mirgi dhimmicha akka mo'atanitti /win- win/ tiin akka furmaata argatu qofa otoo hin taane dhimmootni biroo manneen murtii keessatti akka hin baay'anneef aariitiidhaan murtiin akka kennamu taasisa jechuu dha.

Seerri deemsa falmii abbootiin seeraa araara mana murtiidhaan /court anneexed ADR/ fi mana murtiin ala akka raawwaatan kakaasuu akka danda'an ni tuma. Waan kana ta'ef sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa keenya keessatti aadaan akka madda seeraa ti qofa otoo hin ta'iin akka waltajjii hariiroo hawaasaa tokkootiis tajaajilu danda'a.

### **3. Qajeeltoo Waliigalaa**

Seerroota labsaman /positive laws / yookiin sirna waliigala seeraa /legal order / qajeeltoowwan maddan madda seeraa ta'uu danda'u. Raawwii seerroota bulchiinsaatiif /natural justice/ qajeeltoon jedhu irra deedebe'ee raawwatamu ni dhageenya. Fakkeenyaaf seerri Bulchiinsaa sirna adeemsa mataa ofii kan hin qabne ta'uu baatuus qaamni falmii keessa jiru dhimma ofii irratti abbaa seeraa ta'uu hin qabu jechuudhaan, namni falmii keessa jiru dhiyaate otoo hin dhagahamin murtiin kennamu hin qabu jechuudhaan murtiin kennaman qajeeltoo kana bu'uura godhachuudhaan akka ta'e ifa dha.

Abbaa qabeenyaa qabeenya hin sochoonee qaama biraatiif dabarsuudhaaf dirqama galmeessuun barbaachisaa dha yookiin hin barbaachisu falmiin jedhu otoo ka'ee qabeenya galmeessuun eegumsa qabeenyaaf wabii fooyya'aa kan argamsiisu waan ta'eef kunis guddinaa diinagdee biyya keenyaaf barbaachisaa waan ta'eef galmeessuun barbaachisaadha jechuun falmuun ni danda'ama.

Dhimmoota heedduu irratti dhama qabeessummaan /reasonableness/ amala gaarii qabaachu /good moral/ haala walfakkaatuun murtiidhaaf bu'uura ta'uudhaan yeroo caqasaman ni mul'atu.

### **4. Hiikkaa Seeraa**

Seera keenya keessatti kana waliin haala walfakkaatuun sirna haqaa keenyaaf madda seeraa ta'ee kan nu tajaajilu hiikkaa seeraa ti. Dhimmootni kitaabooleen seeraa qaban irratti /exhaustive / dha jedhamuus yeroo hundaa garuu akkas hin ta'an.

Kitaabooleen seeraa biyya keenya keessa jiraniis haala kanaan kan hundeeffaman otoo hin taane labsii adda addaatiin deeggaramanii kan guutamani dha. Biyya sirna Koomanii hordofan keessatti /case law/ murteessaa kka ta'e hunda, sirna haqaa biyya keenya keessattis qaamooleen haqaa seeroota akka hiikkan taasifama.

Abbootiin Seeraa/ qaamoleen seeraa / hojii hiikkaa seeraa isaanii keessatti jalqaba kan isaan qunnamu jechootaaf hiikkaa kennuu dha. Kuni seera raawwachu/apply/ jechuu dha moo seera barbaaduu dha/find/ kan jedhu akka eeggametti ta'e guyyaa dhaa guyyaatti gaaffileen seeraa keenya haala kanaan deebii argatu jechu dha. Seera shakkisiisaa, seera ifa hin taane, yookin kan walfaalleessu kan fakkaatu yeroo nama qunnamu haala walfakkaatuun seerri ni hiikkama.

Gama biraatiin dhimma dhiyaate irratti deebii kennuudhaaf kan dandeessisu seerri kan hin jiraanne yoo ta'e afuura seeraa akka waliigalaatti fi amala bu'uuraa sirna haqaa biyya keenyaa hubachuudhaan seera hiikun barbaachisaa dha.

Seerri guutumaa guutuutti banaa yoo ta'e yookin seerri jiru sirna amma jirru waliin kan walhin simne yoo ta'e, abbootiin seeraa seerricha mataa ofiitin akka guddisan eeggama. Gama kanaan sirni haqaa biyya keenya keessattuu qaamni abbaa seerummaa gaheen taphatu ifatti hin mul'atu. Seerri guutuu yoo ta'uu baate /complete / seerraa fi qajeeltoo tarree /self sufficiency / kan qabe waan ta'eef kan raawwatiinsa akka argatan gochuudhaan qaawwii uummammees cufamu danda'a.

Akkataa biraatiin seera baasuudhaan otoo hin ta'iin seera guddisuudhaan raawwatamaa waan jiruufis fakkaata. Haa ta'u malee sirni bulchiinsi haqaa hariiroo hawaasaa keenya hiikkaa seeraa barbaaduudhaan seera raawwachuun barbaachisaa ta'ee yoo argu qajeeltoo haaguggii seeraa /basic principles of the legal order qorachuudhaan abbootiin seeraa hojii kalaqaa /creative action/ raawwachu akka qaban ni eeggama.

Fakkeenyaaf sirna seeraa waliigalaa kisaaraa akka kaffalchisu ni agarsiisa. Qaamni falmiirra jiru tokko qaama falmii keessa jiru isa biraa otoo midhee kisaaraa kaffalu akka danda'u seerrii deemsa falmii baasii kisaaraa ilaalchisee tume irratti beekkamtii kenneefi jira.

Dhimma falmiirra jiru tokko yeroo fudhachuudhaan garee falmii keessa jiru tokko midhuudhaaf taasifame yoo jiraate abbootiin seeraa kisaaraa qofa kaffaluudhaan dhabbachu kan qaban hin fakkaatu. Hanga danda'ametti nama irratti deeddebisuu uumuun,

yeroo fixuu fi midhaa kamiyyuu hanbisuu qabu.

Falmii lafarra jiru yeroo qonnaa waggaa sadii fi lama booda otoo murtaa'ee miidhaa hin kiiffamne geesiisu danda'a. Falmiin sangaa qarshii kuma shan baasu irratti otoo dhiyaate dhimmiichi uugurame turee yeroon qonnaa erga darbee boora murtiin otoo itti kenname kisaaraan kan hin kiiffamne ta'uu danda'a.

Abbaan qabeenyaa tokko qabeenya isaa lafa isaarratti erga dhiyeessee booda sababa falmiitin hojjiirraa dhorkamuu danda'a, dhimmicha irratti kisaaraan murtaa'e dhumarratti abbaa qabeenyaatiif murtaa'uus abbaan qabeenyaa bakka sirni haqaa ariifataa ta'eetti misoomsuu jalaqabuu danada'a.

Qaamni falmiirra jiru haqni yeroo raawwatamu qofa ilaalu kan qabu otoo hin taane, haaqnis jira yeroo raawwatamuus argeera jedhee aamanuu qaba. Seera deemsa falmii keenya keessatti kana kallattiidhaan argachuu baanuus falmiin yeroo argachuudhaaf, nama miidhuudhaaf, deeddeebiisuudhaaf ta'uu hin qabu. Yoo ta'ees nama adabsiisa qajeeltoon jedhu guduunfaa kanaaf bu'uura ta'uu qaba. Qajeeltoowwan biroos haala walfakkaatuun raawwatamuu danda'u.

##### **5. Murtii Mana Murtii /case law/**

Sirna seeraa siviilii keessatti gaheen Abbootii seeraa godhamee kan addatti fudhatamu dhimma tokko murteessuudha. Bakka bu'ootni uummataa filataman qofti seera baasu qabu, aamantiin jedhu hanga amma bu'uura ta'uudhaan kan itti fufaa jiru waan ta'eef gaheen Abbootii seeraa kun hagas mara kan jijjiiramaa jiru miti. Sirni haqaa biyya keenyaa sarara kana kan hordoofuudha. Haa ta'u malee abbootiin seeraa walitti fufiinsa godhanii seera hin baasan jechuus hin dandeenyu. Seerri isaan baasan seera ta'a kan jedhu hanga kamiitti kan jedhutu nama walgaafachiisa.

Akka waliigalaati murtiin Abbootii Seeraa keenya yoo ilaalaman, mannen murtii jalaa irratti, manneen murtii walfakkaatoo irratti yookin mana murtii/co-ordinate/ irratti dirqisiisaa miti. Biyya keenya keessatti dhimmi kun sirna bulchiinsa hariiroo seeraa keenya keessatti dhimma of eeggannoodhaan ilaalamu qabuudha.

Jalqaba manni murtii tokko dhimma tokko akkaataa adda addaa lamaan murteessuudhaaf karaan salphaa hin ta'uuf. Bal'inaan ta'uu baatuus darbee darbee baratamaan, /super panel of the court/ paanaalii jedhamu qabachuun/ adeemsiisuun/ dhimma tokko haala adda ta'een murteessuudhaaf manneen murtii yoo fayyadaman argina.

Bu'uurri seeraa garuu ifaa miti. Dhimmi kun manneen murtii aangoo isaanii keessatti seera akkaataa walfakkataa ta'een /uniform / ta'een raawwachuu galma kan godhatee dha. Gama biraatiin manneen murtii ol'aanaarra jiran murtiin kennan manneen murtii jalaa irratti dhugaan jiru fi dhibbaan jiru/ defacto/ jiru salphaa kan jedhamu miti. Kana otoo murteessinee manneen murtii gubba jiran/ waliigalli/ haaqu danda'a aamantii jedhuun, murtii mana murtii gubbaan kenne akka ijannooti fayyadamuudhaan yeroomurteessan ni laaalama.

Sodaa murtiin ni diggama jedhurraa fi humna sammuu quusachhdhaaf fedhiin yoo maddus ni mul'ata. Fakkeenyaaf naannoo Amaaraati dhaamoon / SHH keewwata 881 jallatti /foormii gaafatu haalan kan hin guutne yoo ta'e ni diiggama jedhame falmii dhiyyatu irratti mana murtii waliigalaa / waan diiguuf/ jechuudhaan mana murtii jalaa murtii kan keennan akka ta'e ni yaadatama.

Qabeenya hin sochoone bituu fi gurguruu ilaalchisee qaama aangoo qabu fulduratti dhiyaate galmaahuu dhabuun isaa bu'aan isaa garee sadaffaa kan ilaalatuu dha jechuudhaan mana murtii gubbaa jiru murtii kenne hordoofuudhaan murtii kennaa turaniiru. fakkeenyaaf dhimmoota ka'an kanarratti mana murtii waliigalaa federaalaa murtii mana murtii jalaa akkaataa cimsuu danda'uun murtii kenneera. Kuni kan agarsiisu 'case law' ijannoo mana murtii tokko qaburra / de facto/ bitaa akka ta'ee fi ture agarsiisa. Gama biraatiin murtiin kennaman haala al kallattidhaanis ta'u seerri /codification/ ta'anii yeroon itti bahan jiraachu danda'a. Fakkeenyaaf biyya Faransaay waliigalteen otoo hin jiraatin seerri raawwatamu, haala kanaan kan guddatee dha.

Serri bulchiinsaa kan guddachaa deeme murtii kennameerratti hundaa'uudhaan akka ta'e ni hubatama. Biyya keenya keessatti gaa'illi akka jiru ibsachuudhaaf ragaa dhiyaatu ilaalchisee, ragaa abbummaa ibsachuuf dhiyaatu yeroo ol'iyannoon itti gaafatamu ilaalchisee murtii kennaman dhimmota kanarratti murtiin kennaman shora ol'aanaa qabu. Akka waliigalaatti murtiin mana murtii /de facto/ madda seeraa / seera/ ta'uu danda'u. Haala walfakkaatuun murtii keennaman kabaja mana murtii, murtiikana kenne /importance/ yaadni murtii irratti dhiyaate barraffamaaf murteessaa dha.

Mana murtii gubbaa jiraniin /sadarkaa walqixarra jiran/ murtiin mana murtiidhaan kenname /de facto/ mana murtii jalaatiif seera akka ta'e akka ilaalle hunda, kanaan haala adda ta'een mana murtii waliigalaa federaalaatin murtiin dhaddacha ijjiibaataatin kenname

mana murtii kamittuu dirqisiisaa fi seera akka ta'ees labsiin lakkoofsa 454/1997 tumameera.

Haala walfakkaatuun yaa'iin qulqulleessituu heera mootummaa, akkasumas manni maree federeeshinii aangoo heera mootummaa hiiku kennameef irratti murtiin kennan dhimma walfakkaataa irratti dhibbaa keessaa geessisu danda'uu yaadachuun barbaachisaa dha. Kanaaf sirna bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa keenya keessatti akkaataa muraasa ta'een ta'uus 'case law ' seeraan /de jure / fi Ac factor / mana murtii jalaa keessatti seera dha jechuun ni danda'ama.

'Case law' /de facto/ seera ta'uunsaa raawwii irraatti rakkisaa ta'uun isaa beekkamaa dha. Case law' haala kanaan seera ta'uun isaa dhimma qabamerratti lammiileen keenya yaada dhama qabeessa tilmaama /reasonable and predictability/, haqummaa /fairness / akka jiraatu kan godhu fi dabalataan haaqni akka ilaalmu qofa otoo hin taane haaqni yoo raawwatamuus akka mul'atu taasisa. Sirni bulchiinsi haqaa hariiroo hawaasaa keenya haala tasgabaa'een itti fufiinsa /continuity / akka qabaatu taasisa.

## **6. Barreeffamoota Hayyoota Seeraa**

Dhimmii biroo seera keenyaaf bu'uura ta'anii kan fudhataman barreeffamoota hayyoota seeraati. Case law, madda seeraa akka ta'u hunda ogeessootni seeraa /legal scholars/ barreeffamoota haala walfakkaatuun madda seeraa ta'uu danda'u. Case law tilmaamuudhaaf kan nu fayyadu yoo ta'u barreeffamootni seeraa garuu gaaffiin seeraa deebii tasgabaahaa akka qabaatu yookin gaaffii dhiyaatee irratti seerri deebii yoo hin qabaanne deebii gargaaraa ta'uudhaan nu deeggaruu danda'a. Barreeffamootni seeraa dhibbaan isaanii kallattiidhaan kan mul'atu miti.

Akka waliigalaatti kitaaboota seeraa keenyaarratti yaadooleen kennaman barreeffamoota waliigalaatiif, barreeffamoota eebbaatiif, yaada ogeessootaaf, fi kkf sirni seeraa hariiroo hawaasaa keenyaa iddoo ni kennaaf. Haala kanaan seera waliigaltee keenya irratti yaadni deeviidiif fi Chichinooviichiidhaan kennaman lakkaawwii yeroo ol'iiyyataa irratti yaadooleen barreeffaman seera deemsa falmii irratti barreeffamootni Seedilariin barreeffaman, ragaa gaa'iilaa irratti barreeffamootni dhiyaatan, lakkaawwii yeroo ol'iiyyataa, danbii naamusaa abbootii seeraa waliin walqabatee, mana maree federeeshinii fi hojjimaata yaa'ii qulqulleessituu irratti barreeffamootni dhiyaatan mana murtii keenya

keessatti yeroo heedduu kan caqafaman fi falmii ka'eef guuduunfaa bituu danda'u /authority/ ta'anii kan fudhatamanii dha.

Sirni haqaa seera hariiroo hawaasaa keenya madda seeraa gubbaati ibsaman qabachuudhaan haaqni akka dagaaguuf kan hawwu waan ta'eef dhimmoota lama/tension/ irratti kan jira garuu dhimmota walitti hin buune ilaala. Tilmaamamumma/predictability/ fi jijjiiramummaa /flexibility/ akkasumas tasgabaahuu/stability/ fi guddinna/ growth/ tilmaamamuummaa fi tsagabbii sirnoota keessattii seeroota barreeffaman fi /case law/ haguuguudhaaf kan yaalan yoo ta'u guddinaa fi jijjiiramu ilaalchisee danbii keessaan ibsa waliigalaan fi hiikkaadhaan akka haggamu xaaru.

Seera waliigaltee, seera waliigalteen otoo hin jiraatin, seera bulchiinsa qabeenya keenyaan /reasonableness / seera jedhu fakkeenyaan otoo ilaaltee dhimmoota walitti bu'uuf jedhan qabaachuu isaa ni hubanna.

Seerrii tilammamaa ta'uudhaan haala tasgabaa'aa ta'een raawwatiinsa akka qabaatu kan dandeessiisu fi haala jijjiiramaa jiraataniis yeroo waliin walsimaniis raawwatamuu akka qabu haa ta'u malee Maneen Murtii keessattu walitti dhufeenya hawaasummaa tokko tokko yoo dhiyaatan qajeeltoodhaan dhiyyaachuu baatu danda'u. Kanaafu seeroonni kan hin tasgaboofnee fi dhama qabeessa yoo ta'uu baatan tilmaamamummaan kun dhabamu danda'a.

#### **4.2.2.3. Seera Deemsa Falmii /Procedure /**

Sirni falmii sararii itti hogganaman akka waliigalaatti 'adversarial fi inquisitorial ' jedhamanii bakka lamatti qodamu danda'u. Sirni falmii Adversarial jedhamu gareen walfalmiitootaa daangaa malee falmii isaanii qaama murtii kennuuf mana murtii akka dhiyyeeffatan kan eeyyamu dha.

Sirni kun yeroo baay'ee Anglo Ameerikaa keessatti/sirna seeraa koomanii/ keessatti raawwatiinsa qaba. Sirna kana keessatti abbootin seeraa hoggansa falmii irratti hirmaannaa hoo'aa yeroo godhan hin mul'atan, hojiin ijoo mana murtii falmii dhiyaate fudhuudhaan erag qorataniis booda murtii kennuu dha.

Gama biraatiin sirni seeraa isaanii sirna inquisitorial hordofan biyyootni jedhaman sirna fallaa gubbaati ibsine hordofu jechu dandeenya. Sirni kana biyyoota sirna siviilii hordoofaniin kan faayyidaarraa oolu yoo ta'u sirna kanaan abbootiin seeraa falmii adeemsiifamu hirmaannaa hoo'aa taasiisuudhaan hoogganu. Ragaas gaaffiin akkamii

gaafatamuu akka qabu ni murteessu.Hojii qorannoo keessattiis hanga maalitti akka deemmamu ni murteessu.

Sirni seeraa deemsa falmii biyya keenyaa yoo ilaallu yeroo dhiyo kana kan bahe dha. Biyya sirna seeraa Koomanii hordofan keessattu biyya Hindiirraa kan fudhatame ta'uus rakkoo bulchiinsa haqaa bara kanaa tilmaama keessa kan galchee dha. Iddoo adda addaatti akka ilaalu dandeenyu sirnootni lamaan kun jiraachuun isaa keewwatootni agarsiisan of keessaa qabatee jira.

Seera idilee keessatti seerri hariiroo hawaasaa iddoo guddaa akka qabate hunda sirna deemsa seeraas ilaalchisee seerri seera deemsa falmii siviilii bakka addaa qaba.Biyyi keenya bara 1958 kan labsite sirna deemsa falmii siviilii jira.

Seerri kunii fi seerri hariiroo hawaasaa dhimma tokko irratti gareen falmuu eenyu ta'u qaba, falmiin yoomii fi akkamitti dhiyaachu danda'a, kan jedhurraa ka'uudhaan murtiin kenname dhuma kan itti argatu hunda kan of keessaa qabatee dha.

Foormii falmiidhaaf namatti tolan adda addaa kutaa seeraa godhee qabateera.Seerri ka'uumsarraa akka ijootti biyya sirna koomanii hordofan keessatti keessatti biyya Hindiirraa waraabamee akkataa ajajaa tin kan dhufe dha.

Bu'uurumarraa akka hubanutti falmiin hariiroo hawaasaa uumataaf banaa ta'anii kan adeemsifaman /publicity/ fi akkaataa falmiin itti dhiyaatu akkasumas too'annoo ragaa /proof/ garee walfalmiitootaan kan hogganamu dha.

Haa ta'u malee biyya keenya keessatti abbootiin seeraa sirna bulchiinsa haqaa fi Abbootin alangaa falmii hariiroo hawaasaa too'achudhaan /supervision/ fi hogganuudhaan hirmaannaa hoo'aa akka taasisan ni eeggama.Biyya keenya keessatti sirni deemsa falmii hariiroo hawaasaa /pre trial discovery and trial / haal sirrii ta'een yeroo hiikkaman hin agarru.Gama biraatin falmiin walitti dhufeenya adda addaa walitti dhufeenya walitti fufaa ta'an /meetings/, himata dhagahuu, barreeffama waljijjiiruu, ragaa dhagahuu, murtii fi bellamni kan itti kennamu ta'ee arganna.

Kan giddutti abbootin seeraa ijoo qabachuudhaan akka barbaachisummaa isaatti jijjiiruudhaan, ragaale dhagahuudhaan, hirmannaa ho'aa yoo taasisan ni mul'ata. Abbootin seeraa ragaa oggeessaa waamuu akka danda'anii fi ragaalee yaada of keessaa qaban /opinion evidence / fudhachu kan danda'an waan ta'eef falmaan gahuumsa hin qabaanne lammiin haqa akka argatu carraa banu.ragaa dhiyaateef abbootiin seeraa ulfaatinni

kennan madaallii bilisa ta'een /free evaluation of evidence / irratti hundaa'uudhaan ni kennu.

Biyyaa keenya keessatti falmii fi ragaan erga xumuramee booda murtiin akka keennamu kan eeggamu yoo ta'u falmii fi ragaa abbaan seeraa kenne murtii akka kennu dirqama hin ta'u. Biyya Jarman keessatti abbaan seeraa falmii gaggeesse murtii akka kennu ni dirqama. Murtiiniiis garaagarummaa yoo qabaate irratti barreeffama malee abbootii seeraatin akka keennamu taasifama. Gareen falmiitootaa falmiidhaaf baasii baasan /cost of litigation/ ilaalchisee falmii abdii hin qabne taasiissudhaaf akkasumas beenyaa kaffaluudhaaf, abbootiin seeraa beenyaa akka muran ni godhama.

Abbootiin serra biyyoota biroo keessatti akka godhamuun oggeessa ta'uudhaan seera irratti yookiin ijoodubbii irratti murtii dhuma kan kennuu danda'anii dha Biyya keenya keessatti falmii ijoo dubbii irratti gargaarsa 'jury' sirni itti argatan hin diriirfamne.

Sirna bulchiinsa haqaa keenya keessatti dhimmi biroo ka'uu qabu, qusannoo fi qulqullinnaan /efficient and economically/ kan xumuramu qaban yoo ta'u kanaafiis seerri deemsa falmii keenya carraa kenneera.

Biyya akka Jarman jiran keessatti akka godhamutti walbira qabuudhaan yoo ilaallu dhimmoota salphaa jedhamaniif akkaataa waliigalaan yeroo tokko falmii dhagahuudhaan /single co-operative hearing model/ dhaan murteessuun hin danda'amu Haa ta'u malee sirna haqaa biyyaa keenyaa keessatti falmiin akkaataa idilee, sirna aariifataa fi sirna irra deebiin dhaghamu akka danda'an tumameera. Akka qajeeltoo bekkamaadhaan falmiin tokko kan dhiyaachuu qabu sirna idileedhaan ta'ee falmiin afaaniis yeroo adda adda lama ni adeemsifama.

Qabatamaan kan jiru waljijjiiraan waraqaa heedduu ni taasifama malee seerri kan eeyyamu garu falmii afaaniiti. Kuni yeroo dheeraa kan fudhatu yoo ta'u haala kanaan adda ta'een falmiin akka gaggeeffamu sirni keenya ni ajaja. Fakkeenyaaf sirni gabaa bilisaa aariifataa akka ta'uuf falmiin bu'uura waliigaltee, herreega cheekii fi kkf sirna aariifataadhaan kan ilaalamani dha.

Sirna aariifataa kanaan deebii otoo hin taane himatamaan deebii otoo hin taane/ deebii dhiyyeessuudhaaf yoo eeyyamsiise malee/ yeroodhaan /aariitiidhaan/ murtii akka keennamu seerri ni ajaja. Gama biraatiin dhimmoota biroo muraasa ta'an irratti maqaa jijjiiruu, gaa'iilli akka hin raawwatamne moormu, dhimma galmaa'e tokko qorachuuf,



sanada ilaaluu gaaffachuudhaaf fi dhimmota kan fakkaatan irratti himmannaan otoo hin dhagahamin himannaa qofa ilaaluudhaan akka qoratamu taasifame murtiin kennamu danda'a.

Dhimmoonni haala kanaan dhiyaatan guyyaa tokkoon kan murtaa'an, ol'iyannoon kan isaan irratti hin gaafatamnee, ol'iyyaannoon otoo gaafatamees guyyaa jahaatama keessatti otoo hin taane guyyaa kudhan keessatti akka ta'e beekkamaa dha.

Baratamaan falmiin cheekii akkataa sirna aariifachiisaan akka murtaa'an kan dhiyaatani fi falmiin heedduu/ amma fooyya'aa jira/ sirna idileetin hojeetamaa jira. Kuniis dhimmoonni gabaabaatti murtaa'uu qaban yeroo tokkoon murteessuun fedhii seeraa ta'uusaa falmiitoonni fi abbootiin seeraa haalaan hubachuudhaan gara ijjannoo seerratti deebi'uu qaban.

Falmiin sadarkaa duraatti murti erga argatanii booda mana murtii sadarkaa jiddugaleessa ta'e tti ol'iyyata dhiyyeessuun serri keenya ni eeyyama. Mana murtii jiddu galaa murtii mana murtii jalaatin kenname galmee guutuu keessa deebi'ee ilaala. /review de novo/ ragaa dabalataa dhagahuuf carraa kan qabu ta'uus yeroo baay'ee galmee duraa irratti hundaa'uudhaan murtii kennu. Seera deemsa falmii siviilii keenya keessatti ol'iyyanni yeroo lammaffaaf gaaffachuun kan haala adda ta'een kan eeyyamu ta'uus adeemsi kun garuu fooyya'eera.

Haa ta'u malee ol'iyyannoo yeroo lammaffaa akkaataa adda ta'een akka dhiyaatu sirna qabna. Fakkeenyaaf dhimma federaalaa irratti manni murtii sadarkaa tokkooffaa murtii kennee irratti ol'iyyaataan yoo waliigale ol'iyyaani lammaffaa hin jiraatu. Dhimmichi dhaddacha ijjibaataan qofa ilaalama jechu dha.

Hojimaata jiruun ol'iyyanni lammaffaa yoo dhiyaatu gaaffii seeraa qofaatu ilaalama. Biyya keenya keessatti ammaas ol'iyyaanni lammaffaa yoo dhiyaatu baratamaan keessa deebii godhamaa jira. Dhaddachi ijjibaataa mana murtii waliigalaa sadarkaa naannoottis dhimma naannoo irratti sadarkaa federaalaa haaluma walfakkaatuun jira. Akkasumas darbe mana murtii ol'aanaa irrattis /Naannoo Amaaraa/ keessatti ni ilaalama.

Murtii dhumaa mana murtii kamiinuu kennamu dhaddacha ijjibaataaf sadarkaa federaalaas ta'e naannootti ni dhiyaata. Murtiin dhaddacha ijjibaataattin kennaman qaamni abbaa seerummaa danbii seera baastuudhaan bahan/ norms / bitamaa akka ta'u hiikkaa

dirqisiisu kennuudhaaf/ authoritative interpretation / akka itti kennamu kan eeggamu yoo ta'u sirna haqaa biyya keenyaa keessatti mana murtii waligalaa federaalaa dhaddachi ijibaataa murtiin kennu qofatu bu'aa kana qabaata. Jechi ijibaata /cassation /caser/jedhu irraa kan dhufe hiikkaa kallattiidhaan cabsuu / break, quash/ gochuu dha.

Biyyootni tokko tokko murtiin ijibaataan kennan murtii jalaa diiguudhaan deebisanii erguu dha male murtii biraatin hin jijjiiru. Sirna bulchiinsa haqaa biyya keenya keessatti garuu mana murtii ijibaataa murtii mana murtii jalaa diiguudhaan murtii ofiitin bakka buusee akka deebisu seerri ni eeyyamaaf.Biyyootni akka Swiizarlaand, jarman, fi Awuustraaliyaan sirna akka biyya keenyaa hordofu.

Sirna bulchiinsa haqaa biyya keenya keessatti dhimmootni hariiroo hawaasaa mootummaa ilaalatan akka falmii kamiyyuu mana murtii idileedhaan ilaalama.biyyootni biroo mana murtii bulchiinsaa hundeeffatan haala kanaan dhimmoota dhufaniif hin hundoofne.Mana murtii bulchiinsaa biyya jarman keessa jiran mana murtii idilee keessatti ta'uudhaan falmii hariiroo hawaasaa mootummaa ilaalu jechu dha.Seera deemsa falmii dhimma kanarratti hordofamuus hagas mara jabaan kan hin taane fi baasiis ni qusata.

Kan biraa dhimma seera deemsa ilaalchisee gahee fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa fi falmiitootni /role and responsibility / maalinni kana jedhuuf akka sirnaatti /system / ilaaluun barbaachisaa dha.Baratamaan sirni haqaa biyya tokko qofa otoo hin taane Sirna Siviilii fi sirna koomanii biyyootni hoordoofan kan itti adda bahan kanuumaan ta'a.

Akka waliigalaati sirna haqaa keenya keessatti falmiitootni falmii isaanii/ the matter in dispute/ maalii dha? Ragaan barbaachiisaa ta'e kamii? Beellamni fi bellamni dhumarratti jiran yoom ta'u? Ragaa fi seera irratti hundaa'uudhaan murtiin maal ta'uu qaba? Gaafilee jedhan kan deebisu abbaa seeraa dha.

Adeemsoonni kunniin gahee falmataa/ abukaatoo/ kan hafe /residual/ kan jedhamu danda'uu dha.Waldorgoomsiisuudhaan ibsuuf abbaan seeraa akka lubaa falmataan ammoo akka barataa dha jechu dha. Biyyootni sirna koomanii hordofan gargaltoodhaan abbaan seeraa /passive moderator/ ta'uun isaa ni beekkama.Biyyoonni sirna 'jury ' hordofan caalmaatti abbaan seeraa /passive / ta'a.Biyyoota sirna koomanii hordofan keessatti falmiitootni /combatants/ akka taphattoota kubbaa miilaa dha.

Haa tau malee sirna haqaa biyya keenya keessatti falmiin hunduu gahee abbaa seeraa fi

falmiitootaa walfakkaataa miti. Keessattuu sirna ammayyaa yookiin falmii daldalaa /commercial litigation/ fi falmii maatii keessatti gaheen abbootii seeraa akka dursaa garee/managerial role/ ta'ee gareen falmiitootaa waliin hojii koree waliin walfakkaatu ni hoojjeta jechu dha. Falmiin furmaata kan argatu falmiidhaan qofa araara fulla'aa ta'een araara/mediation/ fi waliigaluu /negotiation/ raawwiin jedhu erga hojjiira oolan booda ta'a.

Falmiin qaama murteessaa/forum/ filchuudhaan kan jalqabamu yoo ta'u waliigalteedhaan hidhamu malee fooramii kana mirga filachuu kan qabu qaama falmii keessa jiru keessattu kan miidhame dha. Abbootiin seeraa yeroo akkanaa gaheen qabaatan aangoo faallaa /negative/ dha. Qaamni falii keessa jiru mala namatti hin tole yoo filate mala kana fudhachuurraa of qusachuu dha.

Waltajjiin falmii erga filatamee booda qabiyyee himataa fi deebii kan jiraatu yoo ta'e himata himataadhaan dhiyaate irratti murtee qaama falmii keessa jiran akka ta'e ni hubatama. Gareen falmiitootaa aangoo murteessu kana haa qabaatan malee sirna haqaa biyya keenyaa keessatti aangoon kun haala malee faayidaarra akka hin oolle gochuudhaaf abbootiin seeraa falmiin akka fooyyeefatan godhuudhaan gahee ol'aanaa kaka'uumsa fiitin /motion/ taphachu qabu. Kun biyyoota biroof carraa dhiphaa yoo ta'u keessattuu biyyoota sirna koomanii hordofan keessatti daran dhiphaa ta'a jedhamee eeggama.

Biyya keenya keessatti gaheen kun bal'inaan otoo hojjiira oolee sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa keenya sirna haqaa murtii sirraa'e akka kennu taasiisa. Abbootiin seeraa gama kanaan gahee mataa isaanii otoo taphatan murtiin seeraa fi ragaa irratti hundaa'uun kennu. Waldoorgommiidhaan dubbachuudhaaf /believers/ kitaabarraa dhimmi barachuu qaban luubootni ammoo baruumsicha/sermon/ kennu jechuu dha.

Gama biraatin gahee kun falmii Abbootii seeraa fulduratti dhiyaate ofiitti fudhatanii himatamaa yaamuu isaaniitiin dura 'sababa himannaa qabaachuu isaa? Jechuudhaan akka qoratan kan eeyyamu falmii gahaa ta'ee fi sababani himannaa otoo hin jiraatin falmiin dhiyaatan akka itti hin fuufne kan godhuudha. Fakkeenyaaf abbaa qabeenyaa qabeenya hin sochoonee irratti galmeessi seera qabeessi yoo hin taasifamne ta'e akkaataa seeraatin sababni gahaan hin jiru jechuudhaan debisuu qaba.

Mana murtii aanaa keessatti hojiiwwan investimantii hedduudhaaf sababa guufuu ta'a jechuudhaan falmiin jeequmsi naaf haadhaabbatu irratti ka'u akkaataa seeraatiin jeequmsi

jiraachuun isaa hanga hin mirkanoofnetti jalqabumarraa fudhatama hin qabu otoo jedhamee investimantiin guufuun isa hin muudatu ture. Akkasumas mana murtii falmii faayyidaa hin qabneen hin cinqaman ture.

Gareen falmii keessa jiru himata isaa yoo hundeessu sababa himannaa nan qaba jedhee erga karaan kun na baasa jedhee aamanee booda /feasible evaluation/ gochuudhaan ta'uus sirni haqaa keenya abbootiin seeraa madaallii hayyootaa haala kanaan/intellectual evaluation/ akka godhaniis ni eeyyama.

Falmii dhiyaate tokko irraatti seera dhiyaateef cimsee qorachuu qofatu barbaachisa. Diinagdee bu'aa qabeessaa fi sirrii ta'eerra gahuudhaaf sirni bulchiinsi haqaa keenya akka balbala tokkotti itti fayyadamuu dandeenya. Falmiin erga itti fufee boodas gareen falmiitootni ofii isaaniitiif mala teknikaawaa fayyadamudhaan walitti bu'iinsa ijoo garee falmiitoota keessa jiru kami kan jedhu adda baasuutu isaan irraa eeggama.

Kunis abbootiin seeraa /judicial activism / bal'innaan akka taphatan keessatti qorannoo duraa keessatti dhimma hoogganuudhaaf akka qabaatan isaan taasisu danda'a. Abbootiin seeraa dhimmicha ka'uumsarraa yeroo qoratan maloota sadan dhumarratti hordoofnu dhimmi qabame mala kam keessatti seenuu qaba kan jedhu murteessuudhaaf isaan dandeessisa. Sirni hoggansa hojii akkanaa kun yeroo falmii kamiyyuu akka itti fayyadamu dandeenyu sirni keenya ni eeyyama.

Seerii fi adeemsi seeraa akka haalaan hojiirra ooluuf sirni biyya keenyaa keessatti gaheen Abbaa Seeraa ol'aanaa akka ta'u kan barbaaduu /judge central/ yoo ta'u kuniis tajaajilamaadhaaf aariifataa, bu'aa qabeessa, haaqa qabeessa, dhimma waliigalaarra gahuudhaaf akka danda'amu kan yaaddame akka ta'e hubachuu qabna.

Yoo haala kanaan kan raawwatamu ta'e sirnichi tajaajilli isaa lammii kan giddu galeeffateedha/ client center / ta'a jechu dha. Biyyoonni tokko tokko akka godhanitti keessattu falmii daldalaa, dhimmoota ijoo walxaxaa qaban keessatti, fi dhimma teeknikaa ol'aanaa barbaadan fakkeenyaaf dhimmoota /mahaandisii, herreegaa, saayiinsii tarreeffama dhimma biyya alaa, afaanii fi kkf / falmii akkanaa yoo ta'an gaheen kun xiyyeeffannoo addaa argachuu qaba.

Abbootiin seeraa baratamaan gaheen isaanii murtii kennuu qofa /sheer decisional function/ dha aamantiin jedhu jijjiiramee gahee uumaa fi hirmaannaa hoo'aa kan qabu /active and creativity/ ta'uun akka barbaachisu hunda kaka'uumsi abbootii seeraa,

uumuun, xiyyeeffannoo kennuun, jijjiiramaa ta'uun, gaheen hoggansa hojii jala muramuu qaba. Sirna bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasa keenyaas kana ni eeyyama.

Kaayyoon sirna aariifataa falmiin akka aariifataa ta'u, diinagdeedhaaf shoora guddaa akka taphatu, baasii kan qusatu, akkaataa ta'een xumuramuu qaban. Seerota adda ta'an yeroo ilaalu / fakkeenyaaf seera liizii fi invastimantii/ dhimmoonni falmiirra jiran yeroo agabaabaa ta'e keessatti murtii argatan jechuun sirna bulchiinsa haaqaa keenya daran kan qindaa'e ta'uusaa agarsiisa.

Akka waliigalaatti itti gaafatamummaan abbootii seeraa fi gareen falmiitootaa qabiyyee seera deemsa falmii siviilii waliin jiru yoo ilaalu dhimmootni adeemsa deemanii fi bu'aa argamsisaniin sirri akka ta'an taasiisu akka ta'e hubanna. Dirree falmii garee falmiitootaa banaa gochuudhaan baasii fi yeroo qusachuu qabna. Abbootiin seera dhimmaicha yeroo ilaalan hanga maallaqaa, uulfaatina dhimmichaa, fi faayyidaa, ijoon walxaxaa ta'uusaa, gahuumsa maallaqaa fi beekumsaa garee falmitootaa, baay'inna namaa fi hanga qabeenyaa mana murtii, tilmaama ragaa bitaa mirgaa tilmaama keessa galchuun barbaachisaa ta'a.

Fakkeenyaaf liqqii qarshii kuma kudhanii ragaa namaatiinan ibsadha qaama jedhu irraa himata fudhuun dura, seerri hariiroo hawaasaa dhimma kanarratti maal jedha kan jedhu hubachuun barbaachisaa ta'a. Akka gubbaati ilaaluu dandeenyeen falmiin sirnoota sadeen keessaa kam irratti akka kufu ilaalun barbaachiisaa dha /triages should give in divided attention to cases/. dhimma tokko irratti ajajni kennamu haala kamiinis ta'e dhimma biroo irrattis dhiibbaa akka qabu akka hubatan afurri seeraa ni ajaja. Haqani hundaaf gahuu qaba. Haqni qabeenya tilmaama keessa kan galchu waan ta'eef nama qabeenya hin qabne irratti dhiibbaa akka fidus hubachuu qabna. Seera hariiroo hawaasaa keenya keessatti iddoo adda addaa keessatti dirqama falmataarraa kan eeggmu akka ta'u dirqama raawwatamu kan qabu ta'uusaa nutti argisiisa.

Gareen falmii keessa jiru sobaan otoo caqafamee namni sirri ta'e kisaaraa malee akka bakka bu'u kan godhamu hammeenyummaan kan bira hin darbamne yoo ta'ee dha. Falmiin jalqab hin dhiyaannee yookin ragaan hin dhiyaanne yeroo biraa dhiyyeessuudhaaf sababa gahaa dhiyyeessuu yookin akka kisaaraa kaffalutti kan eeggaman ta'uusaa fi dagannoodhaan fakkeenyaaf waraqaa eenyummaa geessuudhaan walqabatee hanga himata cufuutti kan geessisu akka ta'e ni beekkama.

Falmiin yookiin deebiin gabaabaa, ifaa fi kan hin tabajaajooftneef eeggamuun isaa, bellamni yoo kennamu yeroon sababa bellamaatiin yoo ta'e waliin walmadaalaa ta'uu kan qabu yoo ta'u abukaatoon falmii keessa jiru bellamarratti dhiyyachuu hafuu isaatin bellama dabalataa kennuudhaaf sababa kan hin taane ta'uusaa. Sababni beellama kanaa rakkoo qaana falmii keessa jiruun kan hin raawwatamne yoo ta'e beellama dabalataa malee manni murtii murtii kennuu qaba.

Kanaaf gareen falmii keessa jiran adeemsa falmii kanaan murtii haaqa qabeessa ta'e kennuudhaaf mana murtii waliin wal gargaaruu qabu jechu dha. Manneen murtii dhimmootni aariitiidhaan bu'aa qabeessa ta'anii furmaata akka kennan, yoo leenjiin dabalataa sirna seera bulchiinsa keenya keessatti haalaan kenname akka ta'e ilaallee jira. Fakkeenyaaf gareen falmii keessa jiran waldhabbi isaanii waliigalanii akka dhiyaatan jajjabeessu.

Ijoo dursanii qabachuudhaan akkasumas seera irratti hundaa'uudhaan duraa duba eegsiisuudhaan murtii haaqa qabeessa ta'e kennu. Gareen falmii keessa jiran dhimma isaanii mana murtiidhaan ala araaraan akka xumuratan jajjabeessuun yookin beeksiisu barbaachisa dha.

Tumaaleen seera deemsa kunniin sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa keenya keessatti falmiin haala haqa qabeessa ta'een akka furmaata argatan galma godhachuudhaan kan taa'anii dha. Seerri hariiroo hawaasaa keenyaas kaayyoo kana galmaan gahuudhaaf qabiyyee falmii barreeffamaan dhiyaatan ilaalchisee akka formii miltootti qabuu isaas yaadachisuun barbaachisaa dha.

Dhimmi jala muramuu qabu keessaa tokko sirni haqaa bulchiinsa hariiroo hawaasa keenyaa akka seera deemsa falmii irratti ifaan tumameen, akka sirna seera komanii yookiin sirna siviilii gara fixee tokkootti kan gahe otoo hin taane, falmiin barreeffamaaniis jechaaniis qindaa'aanii akka dhiyaata sirna eeyyamu qabuun keenya beekamu qaba. Falmiin barreeffamaas qabiyyeen isaa akka amma fuulaan lakkaa'amaa dhiyaatu ta'uu hin qabu. Falmiin tokko ijoo dubbii isaa yoo ibsate barreessaan /statement of fact or case /jedhanii waaman kun gahaadha jedhama. Hojiin ol'aanaa kan adeemsifamu himataan yookin falmiin yoo dhagahamuu fi ragaan yeroo dhagahamuu dha.

Barreeffama walirraa fudhuu biyyootni tokko tokko abbootii seeraatiin otoo hin taane kan raawwatamu reegistraaroota/ofiisaroota seeraan/ raawwatama. Biyya keenya keessati

garuu hojimaatni kun abbootii seeraatin akka raawwatamu godhama. Abbootiin seeraa hojii kana yoo rawwatan dhimmoonni waan baay'ataaniif ijoo dubbii qabuu fi duraa duba ragaa addaan baasuu yeroo dagatan ni ilaalama. Deebiin himatamaa erga dhiyaatee booda ragaan himataa akka dhiyaatu kan godhamu kanuumaaf.

Ragaan hundi erga dhagahamee booda dhumarratti murtii kennamu irratti ijoo yoo qabamu falmiin kan seeraa qofa ta'a yookiin manni murtii dhimmicha fudhatee murtii laachuudhaaf aangoo akka hin qabne otoo addaan bahee jiruu fi dhimmoota kkf niin galmeen yoo cufamu ni ilaalama. Ijoo dubbii hanga dhuma falamiitti dhooksanii tursiisuun falmiin ifaan/public/ ture? Jechuudhaaf, manni murtiis falmattootaaf dhaqqabamaa tureeraa? Mirga dhagahamu hin eegguu? Yeroo fi humna falamata hin qisaaseessu?

### **Taatoota /actor/**

Biyya tokko keessatti sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa keessatti ogeessootni gahee ol'aanaa qaban jiraachu qabu. Ogeessi kamiyyuu hojii isaa waliin walqabatee tokko kan biroo waliin waliigaluudhaan kan hojjetu, tokko kan biroo irratti maxxanu /inter dependent /kan ta'ee dha.

Sirni bulchiinsi hariiroo hawaasaa faayyidaa qabeessa akka ta'u fi lubbuu akka qabaatu kan taasisan abuukaatoowwan dhunfaa, abbootii seeraa, abbootii alangaa, dubbii fixaa mootummaa, haayya seeraa ti. Hojiin kun walqabataa fi waldeeggaraa ta'uun isaa sadarkaa sadarkaadhaan murtiin kennamu bilisummaa oguummaa dhibbuudhaaf sababa hin ta'u.

Sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa keenya keessatti ogeessootni hirmaatan akka mana barnootaa seerratti lakka'aman / dhimmootni biroo akka eeggamaniitti ta'ee oggeessootni turtii mana barnoota seeraa keessatti baruumsa fudhatan akka waliigalaatti /general/ kan jedhamuu dha.

Akka biyyoota sirna koomanii hordofaniitti dhimma tokko tarreedhaan ilaaluu otoo hin taane akka waliigalaatti sirna seeraa qo'achuudhaan kan eegalamuu dha. Dhimma qoodiinsa kana manneen barnootaa seeraa keessatti namni hin baranne hin jiru. Koorsiin hundaa yeroo jalqabamu qoodiinsa kanaan fakkaata. Ka'uumsi qoodiinsaa kan ta'an yaadrimeewwanii fi qajeeltoowwan irratti xiyyeeffannoon ni taasisama. Kanaan ala abbootiin seeraa iddoo kanatti ramadamuu isaaniitiin dura leenjii hojii duraa akka

fudhatan taasisuun jalaqabameera.

Biyyoonni biroos leenjiin yeroo dheeraa shaakkallii waliin akka raawwatamu ni taasifama. Fakkeenyaaf biyya Faransaa fi Jaappaan kaasuu dandeenya. Shaakkaliin hojiirraa erga xumuramee booda qormaata fudhachuudhaan darbus kan barbaadaniis jiru. Fakkeenyaaf biyya Faransaay fi Jarman.

Biyya keenya keessatti sirna bulchiinsii hariiroo hawaas yeroo dhihoo booda jijjiiramaa deemee leenjiin haalduree ta'aa jira. Abbootiin seeraa leenjii seeraa keessa darbuun isaanii /is a civil servant who performs important but essentially uncreative action/ jechuudhaan kan kaa'ame akka jijjiiramu ni taasifama aamantii jedhu qabna.

Sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa keessatti dubbii fixaan idoo ol'aanaa qabu. Abbaan alangaas dhimmoota addaa faayyidaa uummataa eegsisan irratti jiddu lixuudhaan yookin dhimmicha kallattiidhaan qabuudhaan akka falmu sirni keenya ni eeyyama. Falmii hariiroo hawaasaa hanga qarshii isaanii ol'aanaa ta'an, mirga namootaa, dandeettii dhabuu, gaa'iilaa fi kisaaraa ilaalchisee falmii ka'an irratti dhiyaatanii falmuu akka danda'an akka fakkeenyaatti kaasu dandeenya.

Sirna keenya keessatii abbaan alangaa qaama abbaa seerummaa kan ta'u murtii kennuudhaaf dhimmoota adda bahanii jiran irratti fakkeenyaaf falamii mana magaalaa irratti walitti qabaa boordii murteessaa ta'uudhaan qofa. Kanaan ala sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa keessatti kallattiidhaan akka abbaa seerraatti hojjechuudhaaf hojii abbaa seerummaa keessatti muudama of danda'een muudamuu qaba.

Sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa keessatti hayyoonni seeraa gahee ol'aanaa akka taphatan ni eeggama. Seensa irratti akka ilaalameetti haayyootni seeraa sirna haqaa keenya foyyeessudhaaf gahee ol'aanaa taphachuu qaban.

Hayyuun saayiinsii hawaasummaa 'waashiiraa' / the unforgotten men of the law/ akka qaban /black stone, living oracles/ akka jedhaman sirna bulchiinsi hariiroo hawaasaa keenya galam heerii mootummaadhaan taa'e bakkaan gahuudhaaf itti gaafatammuummaa ol'aanaa qabu.

Sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa keenya keessatti hirmaattootni biraa abukaattoo dhunfaa dha. Abukaattootni kan federaalaa fi kan naannoo jedhamanii eeyymni abukaatummaa qaama lamaan isaaniiif kennamu danda'a.

Qophiin barnoota isaanii fi yookin muxxannoon seeraan kuufatan ilaalame qormaata



yaa'iidhaan erga darbanii booda eeyyamni kan kennamuu fi dha. Abukaatootni gorsa seeraa kennuudhaan, himataa fi deebii akkasumas barreeffamoota adda addaa qopheessuudhaan, waliigaltee fi ragaa gaa'ilaa wixiineessuudhaan, mana murtii dhiyaatanii falmuudhaan hirmaannaa godhu.

Sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa keenya keessatti sadarkaan jiru 1ffaa 2ffaa fi 3ffaa ta'ee yookin manneen murtii murtaa'e keessatti falmuu akka danda'amu kan nama taasiisu qabachuun fayyadamuun ni danda'ama. Eeyyama namootni hin kennamneef aangoo kana otoo hin qabaatin himata qopheessuudhaan, gorsa seeraa kennuudhaan akka hirmaataniis ni beekkama.

Abuukaatoonni biyya keenya keessa jiran yoo qooqqoodaman, raawwiinisaan hanga daangaa gubbaati ilaalalle tti dha. Dhimma gubbaati caqafamen ala sanada mirkaneessuu/ certification/, sanada kaa'uu /depository/ ta'uudhaan tajaajila hin kennan. Baratamaan akka bekkamutti abukaatoon dhimma tokkorratti dhunfatani /specialized / ta'anii kan hojjetan otoo hin taane raawwii eeyyamame hunda kan raawwatani dha.

Biyya keenya keessatti sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa jiru ilaalu dandeenyeera. Sirni kun dadhabinaa fi cimina mataa ofii qaba. Dadhabina kan jedhaman keessatti raawwii irratti kan ibsamani dha. Itti aansuudhaan ciminaa fi dadhabina sirnichaa yaada furmaataa waliin walitti qabuudhaan ilaala.

#### **4.2.3. Barbaachisummaa Sirna Bulchiinsa Hariiroo Hawaasaa Cimaa**

Falmiin hariiroo hawaasaa garee lamaan kan adeemsifamu ta'uus biyyaatti keessatti nageenya waliigalaa, dimookraasii, misoomaa fi ol'aantummaa seeraa kabachiisuudhaan fi kabajuudhaaf gahee ol'aanaa qabu. Kanaafuu falmii hariiroo hawaasaa irratti ka'an murtii ariifataa, timaamamaa, fi bu'aa qabeessa ta'ee kan kennamu sirna bulchiinsa haariiroo hawaasaa jiraachuun isaa dirqama ta'a.

Falmiin garee lamaan ka'e kun seera bu'uura godhachuudhaan karaa nagahaatin kan hin hiikamne yoo ta'e gara tarkaanfii humnaatti guddachuun isaa hin hafu. Humna fayyadamuun ammoo loolaaf ka'uumsa akka ta'e ni beekkama.

Qabatamni biyya keenya keessa jiru yoo ilaallu, lafa baadiyyaa xiqqoo irratti falmiin namoota dhunfaadhaan ka'e furmaata dhabee loola namoota dhuunfaarraa darbee gara firaatti, kanarras darbee lola gosaa fi amantii akkasumas gara sabaaf sablammootatti darbuudhaan guddachuudhaan biyya keenya keessatti lola cimaa ta'e uumaa akka ture ni

beekkama.Falmiin waliigaltee seeraan furmaata hin arganne walduhabbi namoota lama gidduu uummamurra darbee dinagdee biyyattii keessatti fi investimantii akkasumas gabaa bilisaa irratti dhiibbaa qaba.

Dhimma falmii hojjetaa fi hojjechisaa tin ka'e seera bu'uura godhachuudhaan furmaata yoo hin araganne nageenya Industrii jeequu irraan dabalataan hojjetaan gara hojii dhaabbuutti darbuudhaan galii biyyatti xiqqeessu danda'a.Gara jeequmsaatti yoo ce'ees qabeenya biyyatti irratti barbadaa'a ol'aanaa hordoofsiisa.Kannarra darbee dhumaati namaa sukkanneessaas ni fida jedhamee aamanama.Sirna mootummaa jiruus ni qora. Adduunyaa keessatti Awurooppaa fi biyyoota biroo keessattihojjeetootni yeroo hojii dhaaban kan ilaaalamu kan nuuf mirkaneessu kanuma.

Mootummaa fi hawaasni eegumsi ol'aanaa kan godhamuuf sirni gaa'iilaas akkatuma gubbaatti ilaalle deebii aariiffachiisaa kan argate yoo hin taane maatiin diggamu danda'a.Mirgi daa'immannis balaarra kufa.Akkasumas lammii fayyaa qabu ijaaruun gaaffii keessa gala.

Kanaaf sirna bulchiinsa haariiroo hawaasaa cimaa dhaabbileenis ta'ee namootni dhunfaa mirga isaanii haala seera qabeessa ta'een kabachiisuudhaaf, investimantii jajjabeessuudhaan, akkasumas waljijjiirraa daldalaa keessaas ta'e alaa akkaataa nagahaa fi seera qabeessa ta'een adeemsiisuudhaaf biyya keessatti nageenyi dimokraasii fi misoomni aariifachisaa mirkaneessuu irratti gaheen taphatu ol'aanaa dha.

Sirna bulchiinsa haarii roo hawaasaa cimaa ta'ee dhugoomsuuf biyya keenya keessas ta'ee biyyoota biraa keessatti muxannoo ilaalameerraa hubachuu kan dandeenyu dhimmootni dhibbaa geessisan jiraachu isaaniti. Kunis

- ✚ Hawaasni yeroodhaa yerootti fedhii, dandeettii fi yaada isaatin yoo guddachaa deemu sirni haqaa fedhii uummataa waliin tarkaanfachuu dhabuu.
- ✚ Guddinni teeknooloojii aariifataa, waljijjiirraa gabaa aariifataa fi walxaxaa, yeroo galmaa'u sirni haqaa garuu guddina kana waliin wal bukkeeti deemuu dhabuu.
- ✚ Sirni haqaa baay'ee dubatti harkifataa/too slaw/ ta'uusaa yeroodhaa yerootti of jijjiiruudhaan foyyeessaa kan hin deemne ta'uusaa
- ✚ Sirni haqaa baay'ee dubatti harkifataa waan ta'eef abbootiin dhimmaa

baasii dandeettii olii fi hin tilmaamamneef/ too expensive and un predictable/ saaxilamuu.

- ✚ Sirni haqaa dhaqabamaa kan hin taanee fi walxaxaa fi haala salphaadhaan abbootii dhimmaa tiif kan hin gallee /very complex and in not understandable accessible /ta'uusaa kan caqafamanii dha.

Kanaaf biyyoonni hedduu guddinaa fi fedhii hawaasaa waliin teeknoolojii aariitiidhaan guddachaa jiru jijjirama dinagdee fi gabaa waliin sirna bulchiinsa haariiroo hawaasaa kan deemuu ijaaruudhaaf sirna bulchiinsa haariiroo hawaasaa tarkaanfii foyeessuu fudhachuudhaan sirna bulchiinsa haariiroo hawaasaa cimaa ta'e hundeessuudhaaf tattaafachaa jiru.

### **Sirna bulchiinsa haariiroo hawaasaa cimaa yoo ta'e**

- ❖ Haqa madaalawaa fi sirrii ta'e kennuudhaaf ni danda'ama.
- ❖ Abbootiin dhimmaa ija walqixa ta'een ilaalamuun keessumeeffamu.
- ❖ Yeroo fi baasii falmiin tokko fudhatu tilmaamamaa akka ta'u dandeessisa/ litigation will be certain in terms of time and cost/
- ❖ Gufuu teessuma lafaa, sirnaa, diinagdee malee haala salphaadhaan kan bira gahamu ta'a /accessible /.
- ❖ Dhimmoota hundaaf yeroo gahaa kennanii dhagahuudhaan murtii barbaachisaa ta'e kan keenu ta'a.
- ❖ Abbootiin dhimmaa hundi adeemsa mana murtii haalaan hubatanii dhimma isaanii beekumsa guutuudhaan haala itti hordofan ni mijaa'aaf.
- ❖ Dhimmootni hunduu seera bu'uura godhachuudhaan kan murtaa'an waan ta'eef ol'aantummaan seeraa beekkamtii guddaa waan argatuuf bu'aa qabeessa ta'a.

Kun yoo ta'e ammoo hawaasni sirna bulchiinsa haariiroo hawaasaa ti aamantii horata. Keessattuu falmii waliigaltee, falmii daldalaa, haala salphaa ta'een kan hikkamuu fi akkaataa haaqa qabeessa ta'een haala aariifataa ta'een kan murtaa'u yoo ta'e investarichi wabii seeraa nana qaba waan jedhuuf gaheen investimantii keessatti taphatu ni guddata. kuni jechuun ammoo diinagdee biyyattii guddisuudhaan shora ol'aanaa akka jiraatu taasisa.

Akka ibsa haayyuu tokkootti sirna bulchiinsa haariiroo hawaasaa fooyya'iinsa

godhamuun dinagdee biyyatti guddisuudhaan gahee ol'aanaa qabaata. It is usually believed that civil justice reform will significantly improve economic performance / Sherwood 1999 /

Invastariidhaaf deeggarsii mootummaadhaan godhamuuf jiraatuus gaaffiin inni ijoo qabeenya isaatiif bulchiinsa wabii kennu sirni haqaa jira moo hin jiru kana jedhu dha. Kunis ibsa armaan gadiitin kennamerra hubachuun ni danda'ama.

With out a strong justice system traders would be reluctant to inter in to wealth enhanced exchanges for fear that the bargain wouldn't be honored in hobbies, words when two parties inter in to a contract “he that performs first has no insurance the other will perform after because the bonds of words are too weak to bridle mens ambitions, avarice, anger as other passions with out the fear of some coercive power/Hobbes 1651/

Sirna haqaa hariiroo hawaasaa tokko falmii waliigaltee haalaan kan hin raawwatamne yoo ta'e daldallii akkaataa seera qabeessa hin taaneen raawwatamu jalqaba. Kanaaf biyya tokko keessatti guddinni diinagdee cimaan kan jiraachu danda'u waliigalteewwan yeroo dheeraa dhaaf turan irratti muxannoon daldalaa yoo jiraate qaamni haqaa cimaan kana raawwachiisu danda'u yoo jiraate dha. Kanas haayyootni tokko tokko akka armaan gadiitin ibsaniiru.

In Williams's /1995/ view a high performance economy in one that is characterized by a significant number of long term contracts and the type of business relationship that is unlikely to thrive in the absence of a well functioning justice.

Qorrannoo biyya Peeruu kessatti godhameen daldalootni hedduu nama kanaan dura beekaniin ala gatiin oto rakasa ta'ees daldalaa biraa waliin waliigaltee akka hin gone qorrannoon taasifame ifa baase jira. Sababni kanaas waliigalteen maammila jalqabaa waliin uuman muxxannoo yeroo dheeraa booda barbaachisaa ta'uusaa waan itti aamananiif waliigaltee hin diigu jedhanii kan wal aamananiif isa haaraa garuu hojjiidhaan waan hin ilaalleef, waliigaltee diiguus sirna bulchiinsaa waliigaltee raawwachiisu biyya keessa hin jiru soodaa jedhu waan qabaniifi dha.

*In Peru almost the third of those responding to a world bank boll said that they wouldn't switch from a trusted supplier to any one even if a lower price where*

*offered for fear the new supplier couldn't be held to the new bargain /Koliad 1996/.*

Biyya Ikuwaadoor keessattis namootni daldalarra jiran qabeenya isaanii biyya isaanii keessatti hojjirra oolchuudhaaf baay'ee hin yaalan. Sababni kanaas sirna haqaa waliigalteewwan raawwachisu waan hin jiraanneef akka ta'e ibsama.

*A similar survey in Ecuador found that business man where hesitant to invest because of the uncertainty of and potential clack of timeliness in enforcement of contract rights /Dokolias 1996/.*

Biyya Braaziil keessattiis haaluma walfakkaatuun Inveestarootni heedduun gaafatamanii yoo deebisan Braaziil guddina dinagdee gabaatin sirna haqaa akka biyyoota guddatan otoo qabaattee investmantiin biyya keessaa dhibbantaa kudhaniin ni guddata ture jechuudhaan ibsan.

In deeps interviews of Brazilian interpreners suggests that domestic investment would increase in ten present if the Brazilian justice where on per with those thata advanced market economies /Kateler pina haris 1998/

Amma dhiyoo kana biyyoota jahaatamii sagal keessatti dhaabbileen daldalaa 3600 jiran qorannoo adeemsifameen deebii kennitootni 70% kan ta'an kan ibsan sirna haqaa tilmamamaa hin taane fi biyyoota adda addaa keessatti argamu hojii daldalaa isaanii keessatti guufuu ijoo akka itti ta'e ni ibsu.

Most recently in a survey of 3600 firms in 69 countries more than 70% of the respondent said that unpredictable justice system was a major problem in their business operation. /World Bank 1997 pp 36./

Kanarraa hubachuu kana dandeenyu Sirni haqaa hariiroo hawaasaa cimaa ta'e jiraachuun isaa ijaarsa dinagdee biyya tokko keessatti gahaa hangamii taphachuu akka danda'u kan ibsu dha. Keessattuu biyya akka keenyaa hiyyuummaa keessa jirtutti, hiyyuummaa keessaa bahuudhaaf biyya tattaafii cimaa ta'e keessa jirtu, Sirni haqaa hariiroo hawaasaa cimaan jiraachuun isaa barbaachisummaan isaa kan nama walgaaffachisu miti. Kana qofa otoo hin taane yeroon otoo hin gubatiin kan ijaaramu qabuufi dhimma jiruuf jireenyaas ta'ee fudhatamu akka qabu jala muramu qaba.

Sirni haqaa hariiroo hawaasaa biroo ammoo falmii dhagahuudhaan murtiin kan kennamu ta'uus murtiin kennamu sochii biyyattii keessatti dhibbaa mataa isaa akka qabu

hubachuun barbaachisaa dha. Sirni haqaa hariiroo hawaasaa akka mala falmii itti hiiknu tokkotti haa lakkaa'amu malee hojiilee walqabataa adda addaa raawwachuudhaan ijaarsa sirnaa biyyattii keessatti gaheen taphatu ol'aanaa ta'uun isaa qamooleen haqaas ta'ee kan biroo haalaan hubatan malee rakkoo cimaa fiduu danda'a.

Sirni haqaa hariiroo hawaasaa yeroo cimaa deemu, biyyattii keessattiisiyaasni, diinagdee fi hawaasummaan jijjiiruudhaan fedhii uummataa guutuudhaan, gahee ofii akka taphatu hubachuudhaan sirni haqaa hariiroo hawaasaa cimaa akka jiraatu qaamni dhimmi ilaalu hundi xiyyeeffannoo kennuudhaan hojjeechu qaba.

Ibsa hanga ammaa tarraa'an keessaa hubachuu kan dandeenyu Sirni haqaa hariiroo hawaasaa cimaa ijaaruun biyya tokkoof faayyidaan qabu daran ol'aanaa waan ta'eef mirga qabeenyaas ta'ee kan biroo heera mootummaa irratti caqafaman kabachisuu fi kabajuudhaan gahee ol'aanaa akka qabu ni hubatama. Abbaa qabeenyaa ta'uudhaaf beekamtii Heera mootummaa aragchuun isaa addatti gahaa miti. Kana raawwiidhaan jijjiirrudhaaf Sirni haqaa hariiroo hawaasaa cimaa jiraachuun isaa dirqama ta'a.

Abbaa qabeenyummaa qabeenya tokko wabii seeraa argtee kabajamuun isaa tasgabbiisiyaasaa, hawaasummaa fi diinagdee uummudhaan omisha guddisuudhaan faayidaa heeddu qabu. Abbaa qabeenyummaa qabeenya tokko tasgabbiisiyaasaa hawaasummaa fi hiyyuummaa dhabamsiisuudhaaf barbaachisaa dha. Kunis kan mirkanaa'u namni tokko kan argate, beekumsa isaatin kan uume yookin humna isaatin kan dalagate yookin akkaataa seeraatin haala biraatin qabiyyee ofii jala kan galfate jiddu lixummaa tokko malee nagayaan fayyidaa ofiitiif yoo oolchee dha.

Abbaan qabeenyummaa heera mootummaadhaan, seera hariiroo hawaasaa fi seera yakkaan kabajamuun isaa qabeenya walitti tuuluudhaa fi qusachuudhaaf daran barbaachisaa dha. Abbaan qabeenyaa qabeenya isaatti fayyadamuudhaaf qabeenya dabalataa argachuudhaaf tattaaffii cimaa taasisa. Kanaanis daldala, qonna, konstrakshinii yookin Industrii yookin Inveestmantii biroon ni jajjabeeffamu. Biyyis ni guddatti.

Kanaaf akka futuutti kan ilaalamu Sirni haqaa hariiroo hawaasaa cimaa biyya tokko keessa jiraatu bu'uura aamansiisaa irratti ijaarramee biyya tokko keessatti nageenya aamansiisaa, dimokraasii fi bulchiinsi gaarii yoo jiraate dha. Gama biraatiin sirni haqaa hariiroo hawaasaa dadhabaa ta'e jiraachuun isaa sirni haqaa dhaqabamaa, ariifataa fi haaqa qabeessa akka hin taane godha. Biyyattiin gara waliitti bu'iinsa hin taane fi kufaati

dinagdeetti deemu dandeessi.

Lammiileen dhimma isaanii karaa nagayaan hiikkuurra karaa qaxaamuraan hiikuudhaaf yaalii godhu. Haalli karaa qaxaamuraan dhimma hiikkachuun kun yeroodhaaf akka fudrmaata tokkootti fudhatamu danda'a.

Garuu itti fufaa yoo ta'e biyyattii balaa hin taane keessatti gatuudhaan waligaltee hawaasaa/social consensus/ kan dukkanneessu, bu'aan isaas gara hin beekkamnee fi gara walitti dhufeenya hawaasaa walxaxaatti deemuudhaan sirnicha akka waliigalaatti qormaata keessa kan galchu ta'a. Dhimma kana hayyootni tokko tokko haala kanaan kaa'u.

*The justice system in one country perform a series of vital function for any political system... law definition, conflict resolution and social control, and where they fail to perform them according to citizens needs and expectations, there are a series of negative social, political and economic consequence. Often their fail-or encourage the creation of alternative mechanism and practices that under cut judicial legitimacy and eventually threatens that of the entire political system.*

Biyya keenya keessati Sirni haqaa hariiroo hawaasaa dadhabaa akka jiraatu sababoota godhan keessaa isaan ijoo ta'an. Biyya keenya keessatti Sirni haqaa hariiroo hawaasaa dadhabaa jiraachuun isaatiif kan eeraman yeroo Mootii H/Silaasseerraa kaasee hanga ammaa rakkoon ijoo ta'e kan jiru seerootni bahan rakkoo mataa ofii qabaatanis, rakkoon ijoo garuu seerri otoo jiruu baratamaan yookin muuxannoodhaan hooganamuu dha.

Yeroo Mootii H/Sillaasee abbootiin seeraa jiran hedduun isaanii kan hin baranne fi kan barataniis sadarkaa gad'aanaa akka ta'an ni ibsama. Namoonni kun kan isaan qunnamu baratamaan deemuudha malee seera ammayyaa hordofuu hin barbaadan. Yoo barbaadaniis beekkumsiis ta'ee gahuumsi isaani hin eeyyamu ture.

Hayyootni sirni haqaa hariiroo hawaasaa keessatti makamaniis wanti foyyeessan hin jiru jedhamuu baatuus, isaaniis baratama durii balleessu hin dandeenye. Kana qofa otoo hin taane baratama durii ofitti fudhuudhaan deemu jalqaban. Suuta suuta muxannoon seera bitaa, seerris dhifamaa muxannoon seera ta'uu jalqabe.

Amma Sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa harkiifamni dhimmootaa, abbaa dhimmaa raakkamuu, abdi kutuu fi bu'aa seeraan ala ta'e, baasii hin taaneef saaxilamu, fi kkf seera irraa kan maddanii miti. Inumaa kan muuxannoodhaan dagaagan seera duukaa bu'uudhaan kaayyoo seera baastuu irratti gufuu kan ta'an amma kan ilaalamu Sirni

bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa akka waliigalaatti sirna haqaa aamanammummaa, abdi kutuu, fi filannoo biraa ofii mala falmii itti hiikkamu barbaadun uummamu danda'eera.

Sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa dadhabaa ta'e rakkoo qabu keessaa barnoota seeraa yuuniivarsitii keessatti kennamuudha. Barnoonni Yuunvaarsiti keessatti kennamu dhugaa mataa isaa qabaatus barataa garuu rakkoo hiikaa sirna jedhe hubachuudhaan biyya keenya keessaa fi sadarkaa adunyaa waliin walfiroomsuudhaan seeroota hojiirraa akka oolchuuf dandeettii gahumsaa barataa tokko daran guddatee akka bahu kan taasisu miti.

Banaa kana cufuudhaaf Instiitiyuutii leenjii abbootii seeraa fi abbootii alangaa amma dhihoo kan kan jalqabame malee, hundeeffama manneen murtii waliin kan jalqabame miti. Kanaaf sirnicha tajaajiludhaaf abbootiin seeraa muudaman rakkoo dandeetti, yaadaa fi gahuumsaa kan qaban akka ture fi Sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa cimsuurraa dadhabaa akka ta'u gahe mataa isaanii taphataniiru jechuun ni danda'ama.

Kan biroo sababa dadhabina Sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa tiif kan eeramu sirni haqaa fedhii hawaasaa guddina dinagdee biyyattiin galmeessisu barbaaddu waliin deemu waan hin dandeenyeef. Sirni haqaa guddina addunyawaa fi biyyooleessaa qabu waliin kan deemu fi kana bu'uura gochuudhaan of akka ammayyaatti kan qindeessu ta'uu otoo qabu amma akka jalqabaatti fooyya'ina ilaalamuun ala kan baay'ee isa hafu akka ta'e ifa dha.

Dhimmoota dhaqabamoo, aariifataa fi haqa qabeessa taasiisuudhaaf akkasumas bu'aa qabeessa ta'anii akka xumuramaniif aamantaa hawaasaa kan hin qabne dha. Kuni ammoo dinagdee biyyaatiin galmeessissuu barbaaddu, fi mul'ata hiyyuummaarra bahudhaaf gahee mataa taphachuu dhisuudhaan gufuu ta'ee sirnicha balaa hin taaneef kan saaxiluu dha.

Waan kana ta'eef Sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa cimaa akka ta'u haala ammayyaatin kan gurmaa'e, yaada aammaayyuummaadhaan kan ijaarrame, guutuu kan ta'ee fi bu'aa qabeessa ta'uu qaba/ it should be effective, adiquately resorsed and organized /.

Kana waliin kan ilaalamu qabu Sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa yoo dadhabaa akka ta'u shoora kan taphatu, Sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa akka cimuu kan



gargaaran dhaabileen seeraan akka hundeeffamanseerri ajaje akka

- ✚ Qaama qabeenya hin sochoone galmeessu.
- ✚ Qaama galmeessaa du'a, dahuu, fi gaa'ila.
- ✚ Qaama dhaamoo fi sanadoota biroo eegu fi kkf hundaa'uu dhabuu isaaniti.

Qaamooleen kunniin murtiin Sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa keessatti kennan aamansiisaa ta'uun isaanii walduhhabii fi rakkoo amma jiruuf akkasumas baasii hin taane kan haanbisan ta'uu isaaniitin ala, murtii aamansiisaa fi aariifataa ta'e kennuudhaaf kan dandeessisanii dha.

Kan biraa dadhabina sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa gahee mataa isaa kan qabu dhimma abbootii dhimmaa fi ragaaleen sirna haqaaf deeggarsi godhan hanga eegamutti ta'uu dhabun isaa sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa ciminni abbootii dhimmaa, haaqummaan ragoolee, murtii aariifataa, aamanamaa fi seera jiddugaleessa kan godhate kennuun ni danda'ama.

Haa ta'u malee ammas ta'u abbootin dhimmaa dhimmoota akka walxaxan gochuudhaan dhimma isaanii haala barbaachisaa ta'een dhiyeessuu dhabuun keessattuu abukaatoonni tokko tokko kan agarsiisan adeemsa naamusa ogummaatin ala ta'e, ragooliinis haaqaaf gahee taphachu qabn dhabamsiisuu fi ragaa bahuudhaaf eeyyamamaa ta'uu dhabuun Sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa dadhabaa akka ta'u kan taasisan keessaa muraasa dha. Kan gubbaatti caqafamaniin ala sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa akka dadhabuuf dhimmi otoo hin caqafamin bira darbamuu manneen murtii keessatti adeemsa dhimmootaa dhabamuu isaatin akka ta'e ifa dha. Sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa tilmaamamaa, bu'aa qabeessaa, baasii fi yeroo qusataa akka ta'u yoo barbaadame mannen murtii kan itti hogganaman haala adeemsa dhimmootaa / case flow management/ qabaachu qaban.

Hoggansa dhangala'iinsaa dhimmootaa yoo jennu, dhimmoonni amalaa fi walxaxaa ta'uu isaaniitiin adda bahuudhaan adeemsa himmannarraa kaasee hanga murtii adeemsa jiru kaa'uu dha. Gara Sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa biyya keenyaa yoo deebinu dhimmootni akkataa sadiin kan hoogganaman akka ta'e tumameera.

- A. Sirna falmii idilee /s/h/h keewwata 213-223/
- B. Falmii sirna gabaabaa dhaan taasifaman /summary procedure /
- C. Sirna aariifataa/ accelerated procedure/.

Dhimmoota qoodudhaan hoganuun kaayyoo lama qaba. Isaaniis

1. Dhimmoonni akka amala isaanii hanga danda'ameen yeroo gabaabaa keessatti haala haaqa qabeessa ta'een akka hiikkaman.
2. Qabeenyaa fi yeroo mana murtii /resource/ akka amala dhimmootaa bu'aa qabeessa gochuu dha.

Kanaaf dhimmoota hoogganu kan qaban qaamoolee falmii keessa jiran otoo hin taane mana murtii dha. Manneen murtii dhimmoota dhagahuudhaaf yeroo bellama qabatan dhimmootni akka dhagahaman garee falmitootaa irratti miira dhugaa ta'e uumuudhaaf sirna beelamaa cimaa akka poolisiitti wixinneessu qabu.

Adeemsa hoggansa dhangala'iinsa dhimmootaa:

- ✚ Galme'e tuulaman xiqqeessuudhaan /back loge /.
- ✚ Dandeetti qulqulleessuu dabaluuudhaan /clearance rate/.
- ✚ Baay'inna hojii haalaan to'achuudhaaf/ work load/
- ✚ yeroo, humna namaa fi qabeenya haalaan fayyadamuudhaaf/ efficient utilization of frame human, material and financial resource/
- ✚ murtii aariifataa kennuudhaaf /immediate evolution/
- ✚ bu'aa qabeessummaa safaruudhaaf/ effectiveness/
- ✚ Bu'aa gaarii kan fidan badhaasuudhaaf kan dadhabaa ta'e irratti tarkaanfii sirreessuu fudhachuu /motivation and accountability/ dhaaf fayyidaa qaba.

Kanaaf sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa bu'aa qabeessa akka ta'u haalli hoogansa adeemsa hojirra oolchuun dirqama ta'a. Dhumarratti sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa cimee fulla'aa ta'ee akka turu yoo barbaadame, bilisummaan abbaa seerummaa, itti gaafatamummaa, waliin deemsiiisuuniis dirqama ta'a. Raawwii madaallii hojii abbootii seeraa itti gaafatamummaa bu'uura godhate manneen murtii hunda keessaatti hojiirra oolu qaba.

Sirni bulchiinsa haqaa hariiroo hawaasaa cimaa ijaaruu waliin kan ka'uu qabu mala filanno falmiin itti gaggeeffamu yaaduuniis barbaachisaa dha. Keessattuu sirna Abbaa Seerummaa cimsuudhaaf sirna abbaa seerummaa kan hin jeeqne fi sirna abbaa seerummaa dhaaf deeggaraa kan ta'an hawaasniis salphaatti kan itti fayyadamu danda'u maloota falmiin itti gaggeeffaman fedhuun barbaachisaa qofa otoo hin taane muxannoon biyyoota heedduus kanuma agarsiisa.

Manneen murtii dhimmootaa abbaa seerrummaadhaan dhumuu danda'an hunda kan keessummeessan ta'uus kuni garuu lammiileen mana murtiidhaan ala dhimmoota akka hin xummurre kan godhu miti. Inumaa hanga danda'ametti walddhabbiin isaan gudduu uummame manneen murtiidhaan ala akka fixan jajjabeessu qabu. Manneen murtii idilee biyyattii keessa jiranniin walbukkeetti sirna filannoo falmiin itti hiikkamu gurmeessuudhaan haala mijjeessuun barbaachisaa dha.

Malli falmii haala biraatin hiikun baratama biyyoota biroo keessatti akka ilaalamuun keessattuu baay'inna falmii amma jiru fi gabaa bilisaan dorgoma ta'anii argamuudhaaf daldala karaa nagayaatin akka raawwatamu jajjabeessuudhaan ala filannoon hin jiru. Fayidaan isaa inni biroo ammoo yeroo mana murtii ni qusata.

Manneen murtii dhimmoota mana murtiidhaan qofa fala argatan irratti akka xiyyeeffatan godha. Kanaaf qabeenya yeroo fi humna qusachuudhaan fayyadamaa kan ta'u sirna filannoo kana kan fayyadamu qofa otoo hin taane abbootiin dhimmaa Mana murtiitti fayyadamaniis bu'aa argatu.

Maloota filannoo falmii itti hiikkaman kan jedhaman.

- ✚ Negotiation
- ✚ Mediation
- ✚ Conciliation
- ✚ Arbitration

Kan jedhaman yoo ta'u maalummaa isaanii fi haala kamiin fayyadamu akka qabnu tokkummaa fi garaagarummaa of keessaa qaban gara fulduraa of danda'ee kan ilaaltan waan ta'eef barreeffama kana keessatti mala falmiin itti hiikkamu fayyadamuun rakkoon inni qabuu fi faayidaan qabu maal ta'uu akka qabu ilaalluuf yaalla.

**Maloota filannoo falmiitti fayyadamuun faayidaan inni qabu:**

**A. Gama Si'oominaatiin /speed/**

Dhimmi tokko /mediation/ niin xumuruudhaaf guyyaa tokko yookin guyyaa lama fixu danda'a. Haala adda ta'eeniis hanga guyyaa shanii dheerachuus danda'a. Kanaa gadiis yeroo gababaa keessattis xumuramu danda'a. Yeroon kan dheerachuu danda'u abbootiin dhimmaa waliigaluudhaaf qophii qaban daran murteessaa dha. Abbootiin dhimmaa yeroo waliigalan raawwatiinsi isaas yeroo dhuma sanatti akka hin taane waanti dhoorku hin jiru.

Dhimmii aariitiidhaan dhimma tokkoof fala kennuu kun daldalaa fi waldorgommii Giloobaalizationii keessatti iddoo guddaa qaba. Bulchaan warshaa tokko bu'aan falmii tokkoo maala ta'uu akka danda'u tilmaamuu yoo hin dandeenye gara fulduraatti kaayyeeffachuuf hin danda'u. Keessattu falmiin yeroo dheeraa kan fudhatu yoo ta'e waarshaa irratti bu'aan dhufu hamaa ta'uu danda'a. Hawaasa daldalaa keessatti dhimmi akkanaa yoo uummame baasii hin taanee fi aabdii kutachuun uummamu danda'a.

#### **B. Gama Baasiitiin/cost/**

Mala filannoo falmii itti hiikamu danda'amu fayyadamuun baasii ilaalchisee faayyidaa qabeessa akka ta'e kan nama wal gaaffachisuu miti Dhimmicha namoota falmii keessa jiran yeroo barbaadaniii fi iddoo barbaadanitti waan raawwatamuuf baasiin abhuu baay'ee xiqqaa ta'a jechu dha. Kuni ammoo hawaasaa daldalaaf faayyidaan qabu ol'aanaa dha.

#### **C. Gama Adeemsa Too'achuutiin /control/**

Abbootiin dhimmaa lamaanuu mala kana yoo fayyadaman adeemsi hordofamu walxaxaa waan hin taaneef adeemsa garee falmiitootaan kan too'atamu fi sirna mana murtii hin beekneef waan hin saaxilanneef filatamaa isa godha. Dhimmoota mana murtiitti yoo dhiyyeessan dhimmichi abbootii seeraadhaan waan qabamuuf sirna gareen falmiitootaa hin beekne fayadamu. Bu'aan isaas gahuumsa falmii isaanii, ragaalee dhiyyeessaniin, akkasumas hubannoo abbootii seeraatin kan hundaa'u dha. Malli filannoo falmii itti hiikkamu kun abbootii dhimmaa tin kan hooganamu waan ta'eef bu'aan isaas ofiin murteeffatan.

#### **D. Gama Walitti Dhufeenyaatiin/Relation Ship/**

Falmii mana murtii keessatti taasifamu moo'aa fi moo'atamaa kan adda bahan abbaa seeraatin waan ta'eef afurri mo'aa fi moo'atamaa walitti dhufeenya garee falmitootaa haaloo walitti qabachudhaan waldhabbiin barbaachisaa hin taane ni uummama. Dhimmi akkanaa hawaasa daldalaa nagayaan akka hojii isaanii hin dalaganneef guufuu ta'uu danda'a.

Mala filannoo falmiin itti hiikkamu fayyadamuun adeemsa jiru ofiin waan too'ataniif murtiiniis fedhii fi amantii ofii waan ta'eef firummaan garee falmiitootaa gidduu jiru gara loolaa fi jibbatti hin jijjiiramu jedhamee aamanama. Yeroo tokko tokko walitti dhufeenyi kanaan jalqabame gara walitti dhufeenya gaariitti deemuu akka danda'u/ in some cases may even provide a forum for new and more creative future working relationship to be

established. /

Falmin mana murtii keessatti taasifamu dhaddacha banaadhaan, ragaa fi sanadaan kan deeggarame abbaa seeraatin kan murtaa'u waan ta'eef namni dhaddacha irratti argamu dhimma sabqunnamtii uummataan kan himamu danda'u waan ta'eef yeroo tokko tokko maqaa kaampaaniichaa balleessu mala.

Kanarraa ka'uudhaan maqaa gaarii /good faith/ kaampaaniin kun qabu ni dhabama qofa otoo hin taane maamltootni isaas ni dhabamu. Sababa kanaaf gara kisaarraatti seenu danda'a/ litigation can also have implication for a company's image or reputation. /Malli filannoo falmin itti hikkamu garuu aamala kana waan hin hordoofneef dhimmichi waliigaluudhaan waan xumuruuf gara garee sadaffaatti otoo hin darbin iciitin akka eeggameen sodaa tokko malee maqaa garii qaban itti fufsiisu isaan dandeessisa.

**E. Gama Maloota Haaraa fi Filannoowwan Adda Addaa Ka'uutiin**  
**/Creative And Forward Looking Solution/**

Falmin Mana murtii keessatti adeemsiifamu adeemsa mataa isaa waan qabuuf gareen falmiitootaa daangaa seerri ka'een ala bahuudhaan filannoo biraa akka fayyadaman kan isaan taasisu miti. Malli filannoo falmin itti hiikkamu garuu abbootii dhimmaaf haala barbaadaniin falmatanii akka waliigalan kan filannoo kennuuf akka ta'e ni hubatama.

*/the scope for settlement is wider, generating more possibilities and making settlement more likely/ further more, it is logical that a settlement should reflect not only the strict legal position /or rather the parties perception of it/ but where possible their personal or commercial interests and needs as well.*

**F. Gama Iccitii Eeguutiin /Confidentiality/**

Falmin mana murtii dhaddacha ifa ta'ee fi bakka uummatni walgaheetti waan kennamuuf iciitii eeguun nama rakkisa. Mala filannoo falmin itti hiikkamu abbootiin dhimmaa filatan garuu iciitii eeguun kan eeggame ta'a. ADR is a private process, and this is frequently cited by parties as a reason for using it.

**G. Gama Dhimmicharratti Hundaa'uudhaan Falmisiisuutiin**  
**/Discipline And Focus/**

Dhimmi mana murtiitti furmaata argatu tokko ijoo tokko irratti kan hundaa'u waan ta'eef bal'isuudhaan dhimmoota biroo waliin walitti fiduun hin jiru. Malli filannoo falmin itti

hiikkamu keessatti garuu daangaa otoo hin kaa'amin dhimmicha haalaan qaacceessuudhaan waan ilaalamuuf gara waligaltee waliiniitti nama geessuu danda'a.

H. **Gama Gareen Lamaanu Dhimma Qabame Irratti Deebii Quubsaa**  
**Argachuu Isaani/Satisfaction And Complians /**

Malli filannoo falmiin itti hiikkamu falmii mana murtiitti godhamu caalaa garee falmiitootaaf qubsaa dha.

ADR processes are often more satisfying to the parties than a trial or hearing for many reasons. The focus and relief of reaching settlement and of doing so by consumers, find to penetrate very high levels of satisfaction /

Kan biroo waliigalteen kun waliigaltee waliiniin waan godhamuuf raawwii irratti rakkoon isaan hin muudatu.

*Since any settlement is reached by consensus, it follows that the implementation or enforcement is much less likely to be a problem than it is where judgment is imposed.*

Malli filannoo falmiin itti hiikkamu kun faayidaa qabeessa ta'uun isaa kan nama walgaafachiisu ta'uu baatuus guutuumaan guutuutti rakkoo hin qabu jechuu dhaa miti.

1. Rakkoon inni jalqabaa abbaa dhimmaa innii tokko ciminaa fi dadhabina garee isa biroo qorachuudhaan kan na baasu mana murtiidhaan otoon falmee na baasa jechu danda'a. Jecha faranjootaa / I will disclose my hand/ akka jedhamutti.
2. Kan biraa mala kana dhimma qabame akka harkifatu gochuudhaaf itti fayyadamuunis jiraachu mala./ADR is merely a delaying tactic/
3. baasii hir'asuu ilaalchisee wabii dhabuu "there are no real cost savings "
4. Dhimmicha mala filannoo falmii itti hiikkamun fayyadamuudhaan dhibbaa uummuudhaf yaalu/ there pressure to settle.
5. Falmii gareen biraa qabe dadhabaa fi itti gaafatamaa akka ta'u danda'u dhibbaa godhu uumuu/"I will give the impression of weakness or liability"/.

Akka waliigalaatti malli filannoo falmiin itti hiikkamu danda'u fayyadamuun midhaa qaqaabsiisurraa faayyidaan qabu daran ol'aanaa ta'uus mala kana fayyadamuudhaaf jalqaba maloota haalaan beekudhaan ciminaa fi dadhabina jiru qorachuudhaan kana caalmaatti fayyadu filachuun barbaachisaa dha.Qabatama seera biyya keenyaas seera hariiroo hawaasaa fi seera deemsa falmii siivilii keessattiis hanga tokko kan caqafaman jiraataniis

faayyidaarra garuu baay'ee oolaa hin jiran.

Kanaan alas maloota kana waan hin fayyadamnee fi dhimmi hunduu mana murtii keessatti akka dhumu waan abarbaadamuuf hanga filannoon tokko kaa'amee fi hojjiirraa oolutti manneen murtii galmee salphaas walxaxaas ilaaluudhaan baay'inna galmeetin hojiin itti baay'achaa akka jiru ifa ta'ee mul'achaa jira. Sirna bulchiinsi haariiroo hawaasaa kuni akka sirraa'uu yoo barbaade maloota kanneeniif beekkamtii kennuudhaan hojjiira oolchu qaba jedhame yaadama. Maloota kana fayyadamuudhaaf dhaabbanni dhamma akka kanaa ilaaluudhaaf dhaabbatan jiraachu akka qaban hubatamu qaba/small class tribunals/ .

Muuxannoo biyyoota heedduurraa akka ilaalamutti dhimmootni sasalphaa dhaabbilee filannoodhaan falmii hiikaniin waan xumuramaniif yeroo ogeessootaa otoo hin fixin hawaasaan dhumu danda'u. Hawaasniis dhaabbilee kanneennitti haalaan fayyadamuudhaan yeroo isaas ta'ee baasii qusachudhaan fayyadama ta'a jechuu dha. Fakkeenyaaf biyya keenya keessattii manneen murtii hawaasummaa manneen murtii idilee irratti hojiin akka hin baay'anne taasisaa akka jiran kaasuu dandeenya.

### **Guuduunfa**

Biyya keenya keessatti fooyya'iinsi sirna haqaa haala gaariidhaan kan adeemaa jiru ta'uus fooyya'iinsi kun akkaatuma kanaana akka itti fufu qorrannoo fi qo'annoodhaan deeggaramu qaba. Sirni fooyya'iinsa haqaas nagaa, dimookraasii fi misooma heera mootummaadhaan barbaadamu mirkanneessuudhaaf ka'ame waliin ilaalamu qaba. Mul'anni fooyya'iinsa sirna haqaa mul'ata biyyatti waliin ilaalame hojjiirra oolu qaba. Sirna bulchiinsa sirna haqaa cimaa horachuudhaaf leenjiin abbootii seeraa fi Abbootii Alangaa amma jalqabame jiru haalaan cimee itti fufu akka qabu kan nama wal gaafachisu miti.

Sirni haqaa sochiin biyyatti keenya misoomaaf taasistu akka itti fufuuf barbaachisaa dha. Sirna haqaa cimaa ta'e qabaachuun guddina, nageenya fi ol'aantumaa seeraaf barbaachisaa waan ta'eef sirna haqaa cimaa akka horannu lammiin hundu gahee mataa isaa taphachu akka qabu beekkamaa dha. Akka haayyootni tokko tokko jedhanitti

*With out an effective justice sector to enforce and regulate human contact, the environments in which people live is un safe and insecure and inhabit wealth creation. It is increasingly accepted that economic development is*

*dependent on stable and just society.*

Sirna haqaa cimaa hariiroo hawaasaa akka ijaaramu yoo barbaadame dhimmota sadi irratti waliigaltee uumun barbaachisaa dha.

- ✚ Jalqaba rakkoowwan jiran adda baasuudhaan waliigaltee waliniirra gahuu.
- ✚ Furmaata rakkoowwana akka furamaniif fudhatamanis waliigaltee waliiniin taasisu.
- ✚ Rakkoowwan furuudhaaf sochii taasifamu keessatti amanammuummaa fi kaka'uumsi agarsiisuun barbaachisaa ta'a.

Kun taasifamu baannaan akka jecha haayyoota tokko tokkoottiitti leenjiin, baay'inni koompitaraa fi humna namaa addattijijjiirama fidu hin danda'u jedhu. Training, Improving management system and supplying computers and other resources to the justice sector had little impact in countries where a concerns for reform was lacking/Blayer and Hanser/.

*Bas cagia, Dokolies and ratify/ 1995/ report that Latin American judges often boast the volume of training in the absence of more fundamental reform in the judicial system. In many cases, once a judge and been trained, he or she quickly left the bench for a more lucrative position in private bar or private sector.*

### **Gaaffilee Marii**

1. Sirna seeraa siviilii fi koomanii jiddu garaagarummaa jiru akkamitti hubatan? Sirna seeraa hariiroo hawaasaa biyyii keenya hordooftu ilaalchisee hubannoon keessan maala fakkaata? Sirni bulchiinsa hariiroo hawaasaa hordofnu makaa sirna siviilii fi sirna koomaniiti, yookiin adda dha falmiin jedhu yeroo adda addaa ka'aa jira. Falmiin kunnii faayyidaa maalii akka qaban irratti mari'adhaa?
2. Ka'uumsaa fi dhumti Sirna bulchiinsi hariiroo hawaasaa keenyaa Heera Mootummaa dha yoo jennu maal jechu akka ta'e fakkeenya adda addaa kaasuudhaan ibsaa? Jechama kana irratti ilaalcha adda addaa yoo qabdan ibsuudhaan mariin irratti haa taasifamu?
3. Hayyootni seeraa tokko tokko sirni bulchiinsa hariiroo hawaasaa biyya keenyaa duubatti hafa kan ta'uu danda'e sirna siviilii waan hordooftuu fi yaada jedhu yoo kennan ni dhagahama, yaada haayyootaa kanaan hangam tokko wallgaltu? Kan



- waliigaltan yoo ta'e sababa isaa kan walii hin galle yoo ta'ees sababa isaa ibsaa?
4. Sirna bulchiinsa hariiroo hawaasaa biyya keenyaa duubatti hafa ta'uun isaa dhibbaa geessuu danda'uu fi fala isaa ibsaa?
  5. Rakkoowwan sirni bulchiinsa hariiroo hawaasaa biyya keenyaa keessatti guddinni hawaas dinagdee akka hin aariifanne taasisan adda baasuudhaan mari'adhaa? Dhumarrattis rakkoowwan jiraniif furmaata tarreessaa? Guufuuwwan jiran galmaan gahiinsa mul'ata biyya keenyaa irratti qaban hangam akka ta'e irratti mari'adhaa?
  6. Seera waliigaltee, seera qabeenyaa, seera hojjetaa fi hojjechisaa, sirni haqaa hariiroo hawaasaa biyya keenyaa Heera Mootummaa RDFI waliin wal madaalchisuudhaan ibsaa?
  7. Seerri deemsa falmii sirni bulchiinsa hariiroo hawaasaa biyya keenyaa bu'aa qabeessa taasisu danda'uu isaa sababa isaa waliin irratti mari'adhaa?
  8. Ogeessa seera sirna keenya keessa seenaa dheraa darbe keessatti kan hin yaadatamne maaliif isisnitti fakkaata? Irratti mari'adhaa?
  9. Biyyi keenya guddina dinagdee bara baraan galmeesisaa jirti sirni haqaa hariiroo hawaasaa biyya keenyaa dadhabaa yookin laafaa ta'uun isaa guddina dinagdee kanaaf shorri qabu maal akka ta'e kaasuudhaan mari'adhaa?

#### **4.3. Sirna Haqa Yakkaa /Criminal Justice System /**

##### **Seensa**

Sirni haqa yakkaa /criminal justice system/ yaad rimee jedhu haayyootni dalagaa adda addaa irratti baba'an hiika adda addaa kennuuf. Haa ta'u malee “criminal justice is the sum total of society activities to defined it self against the action it defines as criminal.” hiikni jedhu salphaa dha. Hiika kannarraa akka hubannutti sirni haqa yakkaa uummata biyya tokkoo yakkarraa of eeguudhaaf raawwiin raawwatu hundi yaad rimee gabaabaatti ibsu danda'e dha.

Hiika kana ka'uumsa gochuudhaan yoo ibsamu sirni haqa yakkaa biyya tokkoo.

- ✚ Seera yakkaa biyyattii, seera deemsa adaba yakkaa, fi seeroota biroo seera yakkaa waliin walitti dhufeenya qaban.
- ✚ Istraateejjiwwan yakka ittisuudhaaf wiixineeffaman

- ✚ gurmaa'ina qaamoolee raawwii ittisa yakkaaraawwatan poolisii fi qaamoota nageenya eegsiisan biroo
- ✚ qaamoolee haqaa namoota yakka raawwatan seeratti dhiyeessuu fi adabsiisuudhaaf akkasumas addabbii kenname hojjirraa oolchuudhaaf kan yaalan kan akka poolisii, abbaa alangaa, manneen murtii, fi mana amala sirreessaa
- ✚ yaad-rimee akaakuuwwan yakkaa, maloota yakki itti raawwatamu, sababoota yakkaa, maloota yakka itti ittifame dhaabbilee eeran, dhaabbilee qorrannoo fi qo'annoo seeraa fi akka waliigalaatti yakka hawaasnis ta'e uummanni mala itti ittisu

Sirna jechuun dhimma qindaa'e tokko kan agarsiisu dha. Kanaaf sirni haqaa yakkaa yoo jedhamu sirna qaamooleen haqaa waliin ta'anii uuman jechu dha. Haa ta'u malee qaamni haqaa tokko kan hojjetu tokko kan guufachiisu yoo ta'e sirni haqaa bifa qindaa'een uummameera jechuun hin danda'amu.

Qabatama biyyoota heedduu yoo illaalus dhimmi akkanaa kun raawwatamaa akka jiru hubanna. Kanaafuu qaamooleen yakkaa hunduu gahee mataa isaanii waan qabaniif qaamni tokko qaama isa biraa deeggaruudhaan akka waliin deemanii fi tokko kan birootiif barbaachisaa akka ta'e ifa ta'ee kan beekamu qabu dha.

Biyooni heedduu seera baasuudhaan dhaabbilee yookiin qaamoota haqaa hundeessuudhaan yakka ittisuudhaaf qaamni hundu gahee isaa akka bahu ni taasisu. Kanaaniis nageenya biyya ofii hanga danda'ametti tasgabbeesuudhaaf yaalu jechu dha. Sirni haqaa yakkaa biyyi keenyaas dhimmoota gubbaati tarreeffaman ilaalcha keessa galchuudhaan ol'aantummaan seeraa akka kabajamuu fi mirgi sabaaf sab-lammootaa heera mootummaadhaan goonfatan akka kabajamu taasisu akka qabu dirqamni Heeraa fi seera irraa madde kennameefi jira.

#### **4.3.1. Hagguuggii Seeraa**

Sirni haqaa yakkaa biyya keenyaa tiif bu'uura kan ta'e HMFDRi ti. Heera mootummaa biyya keenyaa boqonnaa sadaffaa keessatti mirgi dhala namaa akka hin sarbamne, sirni fedraalaa akka eeggamu kabachiisuudhaaf dirqamni ol'aanaa sirni haqaa yakkaa tiif kan kenname dha.

Akkasumas heera mootummaa boqonnaa sadii keessatti deemsa himannaa yakkaa fi haala

qabiinsa shakkamaa ilaalchisee tumaaleen tumaman, akkasumas namootni murtiin balleesummaa aargatan ilaalchisee qajeeltoo sirni haqaa yakkaa itti hooganamu ilaalla.

Kanneen keessaa

- ✚ Mirga namoota qabamani /keewwata 19/
- ✚ Mirga namoota himataman/ keewwat 20/
- ✚ Mirga namoota too'annoo jala jiranii fi namoota murtiidhaan hiidhaman./keewwat 21/
- ✚ Seerri yakkaa dubatti deebi'ee kan hin hojjenne ta'uusaa /keewwat 22/
- ✚ Yakka tokkoon addabbiin yeroo lamaa adabamuun akka hin jirre / keewwat 23/ fi kkf kan tarreeffamu danda'anii dha.

Kana jiddu galeeffachuudhaan sirni haqaa yakkaa mirgoota bu'uura kan kabachisuu fi mirgoota gidduuttis madaala qixa sirrii ta'e qabachuudhaan kaayyoo heera mootummaa galmaan gahuu qaba.

Sirni haqaa yakkaa keessatti seerrii yakkaa iddoo guddaa akka qabu ni beekkama.HMFDRI niis seera yakkaa mootummaan federaalaas ta'ee mootummaan naannoo akka baasan aangoo kenneefi jira.Kanaafu bakka mootummaan federaalaa dhimmoota yakkaa seera hin baasne irratti mootummaan naannoo seera baasu akka danda'u tumamee jira.

HMFDRI irratti hundaa'uudhaan bara 1996 seerri yakkaa kan labsame yoo ta'u, seerri yakka kun kutaa qajeeltoowwan bu'uura, yakkoota idilee fi danbii darbuu jechuudhaan qoodee kaa'eera.

Kanarraa kan hubannu maddi tumaalee seera yakkaa qofa akka hin taanee dha seerrootni yookin labsiiwwan biroos of keessaa tumaalee yakkaa haaguganii waan qabaniif labsiiwwan heedduus bu'uura seeraati jechu dandeenya.

Seerri yakkaa seera adaba yakkaatiin hoogganama.Seerri adaba yakkaa ammoo bara 1961 kan labsame hanga ammaatti faayyidaa kennaa jira.Haa ta'u malee seerroota yakkaa tokko tokkoof adeemsi addaatti akka baheefis yaadachuun barbaachisaa dha.Akka fakkeenyaattis seera farra malaamaltummaa fi seera ragaa kaasu dandeenya.

#### **4.3.2. Kaayyoowwanii fi Galma Sirna Haqaa Yakkaa**

Kaayyoo fi galmi dhumaa sirni haqaa yakkaa maali?

Seera yakkaa keewwata tokko irratti kan itti aanu tumamee jira.

*“Kaayyoon seera yakkaa faayyidaa hundaaf jecha nageenya, sirna fi faayyidaa mootummaa biyyattii, fi uummataa eeguu fi mirkaneessuu dha. Galmi seera yakkaa yakki akka hin uummamne ittisuu yoo ta'u, kanas kan godha waa'ee yakkootaa fi adabbii isaanii dursee of eeggannoo kennuudhaan, of eeggannoon gahaa yoo hin taane namootni yakka raawwatan adabamanii yakka biraa akka hin raawwanneef akka of qusatan, namoota biroo akka irraa baratan yookin akka sirraa'an, yookin yakka biraa akka hin raawwanneef tarkaanfiin akka irratti fudhatamu gochuudhaani.”*

Akka waliigalaati tumaa kana bakka lamatti qoodne otoo ilaallee. Kutaan inni jalqabaa seera, nageenya faayidaa fi mirga kabachisuu akka ta'e yoo ibsu, kutaan lammaffaa ammoo kaayyoo fi galma raawwachiisuudhaaf hojiiwwan qabatamaan hojjatamu qaban tarreessa.

Kutaa lammaffaa tumaa kanaa yoo ilaalu dhimmota lama kaaseera. Dhimmi tokkoffaa sababni seerri yakkaa itti labsamu uummatni yakki maala akka ta'e hubatee seericha kabajee akka socha'u fi kaayyoo barsiisu akka of keessatti qabte yoo agarsisu, kutaa lammaffaa ammoo kaayyaa adaba yakkaa kan ibsuu dha.

Tumaa kana keessatti qajeeltoowwan adaba yakkaa yakkarraa barachuu, amalaan haaroomsamuu, fi /foo'uu/ adda baasuu/ dha. Adabbiin nama barsiisa yoo jedhamu inni jalqabaa adabamaan yakka biraa akka hin raawwanne, yakki duraa isa barsiisa jechu yoo ta'u, gama biraatin namootni biroo nama adabame kana ilaaludhaan gocha yakkaatirraa akka of qusatan isaan barsiisa jechu dha.

Aamalaan haaroomsamu jechuun adabamaan yeroo mana amala sirreessaa turutti leenjii ogummaa adda addaa, leenjii haamilee, fi kkf fudhachuudhaan akka waliigalaatti aamalli akka jijjiramu hojii taasisan dalagu jechu dha.

Haaroomsa adabamaa kan fidan keessaa akka dabalataa ti kan caqafamu, seera yakkaa keewwata 191 tin erga murtiin balleessummaa kenname booda bu'uura seera yakkaa keewwata 192 tin otoo hin raawwatamine daangeessuu fi tarkaanfiin kanaafi kana fakkaatan of keessatti qabate jira.

Haala kanaan tarkaanfiin mana murtiidhaan fudhatamu aamanamummaa fi kabaja adabamaa ilaalcha keessa kan galche waan ta'eef qajeeltoo adabamaan ofiin of sirreessa

ilaalcha jedhurratti kan hundaa'ee dha. Kaayyoon Dhabamsiisu yookin adda foo'uu jedhu kan raawwatamu adaba ajjeechaa raawwachuu yookiin hidhaa dhaan tursiisu dha.

### **4.3.3. Qaamolee Bulchiinsa Haqaa Yakkaa, Ittigaafatamummaa Isaanii fi Adeemsa Bulchiinsa Haqaa Yakkaa**

Bulchiinsi haqaa yakkaa kutaalee ijoo sadii of keessaa kan qabu yoo ta'u isaanis:

- ✚ seera raawwachiisuudhaan yakka ittisuu/ hojiin kun haal dureedhaan kan raawwatamu pooliisiidhaani/
- ✚ dhimmoota yakkaa qorachuudhaan murtii kennuu/ poolisii, Abbaa Alangaa, fi Mana Murtii kan irraati waliin hirmaatan ta'a/
- ✚ Amala sirreessuu of keessaa qabata.

Qaamooleen Bulchiinsi haqaa yakkaa seera yakkaa raawwachiisuudhaaf kan dhaabbatan yoo ta'u ol'aantummaa seeraa mirkanneessuudhaan kan dhaabbatanii dha. Kanaafuu isaanis dalagaa isaanii yoo raawwatan ol'aantummaa isaanii kabajuudhaan ta'uu qaba.

Bulchiinsi haqaa yakkaa keenya nageenyaa fi mirga mootummaa, uummataa, sirnaa, fi kkf yakkii raawwatamuu isaatiin dura yeroo ittifamee dha. Gama biraatiin yakkii tokko erga raawwatamee booda haala bu'aa qabeessaa fi aariifataa ta'een raawwii Bulchiinsi haqaa yakkaa yo jiraate dha.

#### **4.3.3.1. Yakkii Akka Hin Raawwatamne Ittisuu**

Sadarkaa mootummaa naannoo fi federaalaattii koomishiiniin poolisii kan hundeeffameef yakki hojjetamuu isaatin dura akka ittisan akka ta'ee hagguggiin seeraa itti hundaa'an ni ibsa.

Dhimmi gubbaatti ibsame kun galma ol'aanaa seera yakkaa waan ta'eef kaayyoo fi galmi Bulchiinsi haqaa yakkaa, hanga danda'ammeetti yakkii akka hin raawwatamne ittiisuu dha.

Biyaa adduunyaa kannarra jiran keessaa ittisni yakka bakka lammatti qooddamee ilaalama. Inni tokkooffaa mootummaa fi hawaasni yakkii tokko raawwatmuun isaa dura of yakkaarraa ittiisuudhaaf dalagaan jiru/proactive crime prevention/ yoo ta'u, inni lammaaffaa ammoo hawaasaa fi uummatni yakki erga raawwatamee booda raawwii ittisa yakkaa taasisan/reactive crime prevention/ yaada jedhu of keessaa qaba.

Ittiisa yakkaa, yakkii otoo hin raawwatamin dura raawwataman barreessitootni tokko tokko sadarkaa jalqabaatti yakka ittisuu /primary crime prevention/ fi sadarkaa lammaffaa/ secondary crime prevention/ jechuudhaan kan qoodan yoo ta'u raawwii erga yakkii raawwatamee booda adeemsifamu ammoo /third crime prevention/ jechuudhaan ibsu. Kanatti aansuudhaan yakki raawwatamuu isaatin dura tarkaanfii fudhatamuu qabu fi erga raawwatamee booda dhimma jiru kan ilaallu ta'a.

### **1. Sirna ittisa yakkaa**

Hojii ittisa yakkaa bu'aa qabeessa akka ta'uuf dhimmii raawwatamu qabu seera yakkaa, poolisiiwwan yakkaa, fi istraatejiiwwan yakkaa baasuu bifa ammayyaa ta'een baasuudhaan hojjiirra oolchuu dha. Kanaafiis hawaasni sanadaa fi meeshaalee yakki itti ittifamu akka beeku seera barsiisuun barbaachisaa dha.

Haala kanaan hojiin abbaa alangaa fi pooliisii inni guddaan hawaasni naannoo waa'ee seera yakkaa akka beekuu fi yaakka raawwachuurraa akka of qusatu gochuun dirqama isaanii ta'u qaba.

Yakkii akka hin raawwatamneef fakkeenyaaf dhaabbatni tokko dursuudhaan eegumsa cimaa taasisu akka qabu fi dhaabbilee mootummaa baankii, dippoowwan boba'aa dhaabbilee gabaa fi karaa irratti eeguumsii fi to'annoon godhamu qaama yakka dursanii ittisuu keessatti kan ramadamuudha. Kanaafuu qaamni poolisii, miniishaa yookiin waardiyyaan kamiyyuu eeguumsii fi /patrol/ lin godhu yakka dursanii ittiisuu akka ta'e hubatamu qaba.

Biyya keenya keessatti yakka ittiisuudhaaf qaamni gurmaa'e sadarkaa mootummaa federaalaattiis ta'ee mootummaa naannootii pooliisii dha. Yakki akka hinraawwatmne ittisuu ilaalchisee qaamooleen nageenyaa biroos caqasuun ni danda'ama. Poolisiin dursuudhaan yakkii akka hin raawwatmne gochi taasisu qabatama biyya keenyaa keessatti buaa guddaa akka argamsiise hubatameera. Haa ta'u malee sodaa hawaasni yakki narraatti raawwatama jedhe qabu gutuudhaan hiri'iiseeraa? Kan jedhu gaaffii keessa kan jiruu fi gara fuldurraatti kana sirreesuudhaaf cimani hojjechu akka qabnu kan hubachisu dha.

Kanaafuu guyyaa guyyaadhaan yakka ittiisuudhaaf dalagaan taasifamu akka jirutti kan itti fufu qabuu akka ta'ee fi ittisa yakkaa bu'aa qabeessa ta'e uummuudhaaf:

1. Dhaabbileen mootummaas ta'ee dhaabbileen dhuunfaa waardiyyoota dandeettii

- yakka ittisuu qaban akka qacaran gochuudhaan hojii eegumsaa fi to'annoo isaanii poolisii waliin walitti fiduudhaan haala itti hojjetan mijjeessu.
2. Waardiyyootni dhaabbata dhunfaa fi mootummaa eegumsi godhan mooraa dhaabbata eegan keessaati kan daangeeffamu qabu otoo hin ta'iin hanga danda'ameen mooraa dhaabbataa eeganiin alas haggiugudhaan yeroo yakki uummamuu danda'uus gargaarsa poolisii haala itti argatan haala mijjeessuu qabu.
  3. Waardiyyootni dhaabbata dhunfaa fi mootummaa eegumsi godhan haalaan bahaa jiraachu isaanii kutaan/qaamni poolisii to'annoo fi hordoffii sirna itti taasisu diriirsuu.
  4. Iddoo jireenyaatti jiraattootni maallaqa walitti qabuudhaan hojeetaa eegumsaa naannoo to'atu kan qaxaratan yookin ofii isaaniitiin sagantaa uummachuudhaan naannoo isaannii kan itti eegan fi hojii kanaafiis poolisiirraa deeggarsaa fi too'annoo ol'aanaa sirna itti argatan diriirsu qaba.
  5. Akka waliigalaatti dhaabbiileen dhunfaa, dhaabbileen mootummaa fi jiraattootni sirna nageenya naannoo isaanii eeguurratti akka hirmaataniif carraan banaffi qaba, akkasumas baadiyyaa keessattiis qabeenya akka horii, midhaan, fi naannoo jireenya hawaasni milishaa gandaa waliin ta'uudhaan nageenya ofii akka eeggatuuf haala mijjeessu.
  6. Hawaasni ittisa yaakkaa irrattii hirmaachuudhaan bakka yakki uummameerraa iyyii naaf birmadhaa jedhu akkuma dhagahameen akkaataa qindoomina qabuun hirmaannaa taasiisuudhaan yakki akka hin uummamneef haala mijaawaa uumuun barbaachisaa dha.

Gama biraatiin naannoowwaan eeguumsii cimaa ta'e bakka barbaachisa jedhamee yaaddamutti yakkoota akka hanna, saammichaa fi kkf akka hin uummamneef qaamooleen nageenya kabachiisan itti gaafatammummaa akka qabaatan gochuun seeraan haagguuggii kennuudhaan raawwii keessa seenuun barbaachisaa dha.

Akka waliigalaatti hogguu ilaallamu sadarkaa jalqabattii hojii yakka ittisuu raawwachuuf hojiiwwan eegumsaa fi hordoffii raawwatamuu qaban haala ittigafatammummaa qabuu fi kutaa hawwaasaa hunda hirmaachisuun raawwachuuf hojii human poolisii adda dureen hogganuu fi qindeessuu raawwachuuf hojii haala addaa naannoo tokko tokkoo keenyaa bu'uureffate nannoo keenyatti hojjachuu qabna.

Hojiiwwan yakka ittisu lammaffaan hojiiwwan yakka ittisuu sadarkaa tokkoffaa hogguu raawwatamu ta'eewwan irra deddeebiin mul'atan; yakkoota daangaa yeroo tokko keessatti naannoo tokko keessatti raawwataman; gosa yakkoota; haala raawwii isaanii; miidhamtoota yakkichaa ykn qabeenya yakkichi irratti raawwatame; haala dhuunfaa namoota yakkichaan shakkamanii; qohiiwwan yakka raawwachuuf taasifaman; iddoo yakkamtoonni itti dhokatan; sarara walqunnamtii fi gurmaa'ina raawwatoota yakkaa beekuuf odeeffannoo gahaa ta'e sassaabuu fi xiinxaluudhaan yakoota fuulduratti raawwatamuu danda'an tilmaamuun yakkoonni osoo hin raawwatamin karaa seera qabeessaan jidduulixuudhaan soda yakkaa hirrisuuf hojii yakka ittisuu hojjatamuu dha.

Hojiin yakka ittisuu lammaffaan hojii baratamaan guyya guyyaan eeggumsa ykn paatrootii gochuu irraa adda isa kan godhu yakkoota akkamii? Naannoo akkamiitti? Yoom? Eenyuun raawwatamuu akka danda'u dursanii tilmamamuun hojii yakka ittisuu yakkichi osoo hin raawwatin karaa adda addaatiin jiddulixuu gaafatu ta'uu isaati.

Karaa kanaan biyya keenyatti ergama hojii yakkaa shororkeessitootaa fi keessa lixxoota( sargoo gabbooch) yaadaa fi qophii isaanii hordofuudhaan qophii isaanii gochaatti osoo hin jijjiirin too'annoo jala oolchuun hojiin yakka ittisuu raawwatamaa jiru akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.Haata'u malee ammas taanaan hojiin yakka ittisuu sadarkaa lammaaffaa hojii irra oolchuuf hojiin raawwatamaa jiru yakkaa fi soda yakkaa sadarkaa barbaadamuun sadarkaa hirrisu irra gahee jirra jennee dubbachuu hin dandeenyu.

Keessattuu hojiin yakka ittisuu sadarkaa lammaffaa gosa ittisa yakkaa odeeffannoowwan sirnaan sassaabuun xiinxaluudhaan sababoota yakkaa adda baasuu fi tooftaawwan ittisaa diriisuu gaafatu waan ta'eef:

1. Waa'ee qophii fi yaadonni raawwii yakka taasifamaa jiraachuu isaanii sochiiwwan shakkii keessa kan nama galchan madaaluun sirna hawaasni poolisiif odeeffannoo itti kennu uumuun;
2. Yakkoota raawwatamanii fi poolisiin galmaa'an himannoo dhiyaatee yakkoon murtii argatan ji'an, ykn ji'oota jahaan ykn waggaadhaan walitti qabamanii haalli itti qabamanii fi itti xiinxalaman wiirtooleen odeeffannoo fi qo'annoo yakkaa sadarkaa biyyaa fi naannoleetti gurmeessuun;
3. Qophiiwwanii fi gurmaa'inaawwan yakkaa fi sarara odeeffannoo yakkoota



argachuuf hojiiwwan hordoffii odeeffannoo cimaa taasisuu fi yeroo fi iddoo bu'a qabeessa eeguudhaan bu'uura seeraatiin jidduulixuudhaa;

4. Bu'uuraalee hawwaasaa raawwii yakkaatiif sababa ta'an kan akka hiyyummaa, hoji-dhabdummaa, araada wantoota sammuu namaa hadoochaniif fi dhugaati fi kkf balleessuu kan danda'an sagantaawwan hawas-diinagdee wixineessuun mootummaan, qaamoleen mit-mootummaa fi hawaasni raawwii isaatiif gahee isaanii akka gumaachan gochuudhaan yakka ittisuuf hojiiwwan hiikkaa qaban raawwachuun yakkaa fi soda yakkaa hirrisuun barbaachisaa dha.

Akka waliigalaatti sadarkaa biyyaa fi naannootti hojiiwwan yakka ittisuu sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa karaa bu'a qabeessa ta'een raawwachuuf kan nu dandeessisanii fi adeemsa keessa shooraa fi hirmaannaa mootummaa; dhaabbilee mootummaa, dhaabbilee dhuunfaa fi namoota dhuunfaa, akkasumas gosaa sagantaawwan hawaasummaa fi diinagdee kaayyoo yakkaa fi soda yakkaa hirrisuu qabaniif fi tooftaawwan itti raawwatan haala guutuu ta'een kan qabatu "istirateejii ittisa yakkaa" bocuudhaan haala qabatamaa naannootiin walsimsiisuun sirnaan hojii irra oolchuuf hojjachuun qaama sirna haqaa yakkaati.

Hojiin kun gosootaa fi amaloota yakkoota rawwatamanii; jabana ammaa haalli raawwii yakkaa fi haalli dhuunfaa raawwattoota yakkaa amalaa fi boca addaa qabataa dhufe kanatti haala rakkoo fi qormaata kana dandamachuu dandeessisuun gurmaa'ina, hojimaataa fi tooftaawwan yakka ittisuu dandeessisan haala tarkaanfii qabatamaa fudhachuu dandeessisaniin ammas irra deebi'amee fooyya'uu qabu.

Kaayyoo fi galmi sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa biyya keenyatti raawwatamaa jiru dandeetti yakki osoo hin raawwatatin ittisuu ijaaruu hogguu ta'u; gama kanaan haala bu'aa kana fiduun hojjatama kan jiru hogguu ta'u; fooyya'iinsi kun yeroo tokko hojjatamee kan dhaabbatu osoo hin ta'in sadarkaa sadarkaan hojiin dandeetti ittisuu ijaaruu bu'aa fidaa kan deemu ta'uun isaa hubatamuu qaba. Gama kanaa lammiiwwan qaamolee haqaa keessatti hirmatan hundinuu gahee mataa isaanii bahuu akka qabu dhimma jala muramuu qabuu dha.

#### **4.3.3.2. Ibsama Adeemsa sirna haqa yakkaa Raawwii yakkaa Booda jiru**

##### **Ibsama Adeemsa Qorannoo fi Himannoo Yakkaa**

Yakki erga raawwateen booda nama yakka raawwachuun balleessummaa qabu addaan baasuu fi qabeenya fudhatame deebisiisuuf qorannoon yakkaa gaggeeffamu; nama balleessummaa qabu qaama alloogawaa fi bilisa ta'een adabsiisuu adeemsi himannoo fi falmii taasifamu; himatamaan balleessaa erga jedhameen booda dabbii fi tarkaanfiiwwan ofeeggannoo murtaa'anii fi adabbii fi tarkaanfiiwwan murtiidhaan murtaa'an raawwachiisuun balleessitoota sirreessuun lammii gaarii gochuuf hojiiwwan raawwii murtii hojjataman gara tokkoon namoota yakka raawwachuuf fedhii fi manaaba qaban ofeeggannoo qabatamaa kennuun yaada yakka raawwachuu akka dhiisan gochuun; sadarkaa lammaffaa irratti immoo yakka raawwattoonni dandeetti yakka raawwachuu akka hin qabaanne gochuu fi yakkamtoota irra deddeebiin yakka raawwatan hirrisuun adeemsa yakka ittisuu keessatti shooraa mataa isaa gumaacha.

Gochi yakki erga raawwatameen booda qaamolee haqaatiin raawwatamu kun sirnaa fi haala bu'a qabeessa ta'een yoo raawwatame gama yakkaa fi sodaa yakkaa hirrisuutiin gahee ol'aanaa waan qabuuf akka hojii yakka ittisuu sadarkaa sadaffaatti kan laakka'amu dha.

Gochi yakkaa tokko yoo raawwatame ykn raawwatamuu isaatiif shakkiin yoo jiraate shakkamaan yeroo jalqabaatiif kan qunnamu qaama qaamolee haqaa kan ta'e poolisii dha. Poolisiin akkuma haala isaatti shakkamaa qabuudhaanii fi yeroodhaaf too'annoo ofii jala oolchuun jechi isa irraa fuudhuun yakkoonni biro akka hin raawwatamne tarkaanfiiwwan barbaachisaa akka fudhatu eeggama.

Gama kanaan qaamoleen seera raawwachiiftuu seera yakkaa raawwachiisuuf, sirna, seeraa fi nageenya kabachiisuuf yeroo barbaachisaa ta'ee argametti human akka fayyadamuu danda'an aangoon kennameefii jira.

Itoophiyaatti qorannoo yakkaa kan jalqaban dhaabbilee poolisii sadarkaaa federaalaa fi naannootti gurmaa'an hogguu ta'an dhaabbileen poolisii bulchiinsa magaalaa Finfinnee fi Dirree Dawwaatti hundeeffamanis aangoo walfakkaataa qaban.

Poolisiin qorannoo yakkaa kan godhu:

- Yakki raawwatamuu isaa mirkaneeffachuuf;
- Yakki raawwatee yoo argame namoota yakkaan shakkaman adda baasuun qabuuf;
- Yakka raawwatoota ragaa murtiidhaan iittigaafatamaa gochuu isaan dandeessisu sassaabuu fi bu'aqabeessummaa adeemsa himannoo fi murtiitiif deeggarsa

barbaachisaa gochuuf;

- Qabeenya yakkaan fudhatame hordofuun qabuu; fi
- Namoota yakkaaf saaxilaman baraaruufii dha.

Poolisiin hogguu qorannoo yakkaa gaggeessu haala ol'aantummaa seeraa kabajuun ta'uu qaba. Durumaayyuu akkuma seera yakkaa raawwachiisuuf aangoon kennameef; gochichas hogguu raawwatu ol'aantummaa seeraa haala kabajuu fi hanga danda'ameen mirgi namoota akka hin sarbamne tattaaffii gochuu qaba jechuu dha. Gama kanaan:

1. Ganaa qorannoo yakkaa hogguu jalqabu dhugumaan dhimmi yakkaa jiraachuu isaa mirkaneeffachuu qaba; dhimma hariiroo hawaasaatii namni hidhamuu waan hin qabneef jalqabuma dhimmichi kan yakkaa ta'uu isaa ofeeggannoo gochuu qaba;
2. Shakkamaa too'annoo jala oolchuuf sababa gahaa qabaachuu akka qabu yaaduu fi murteessuu qaba;
3. Bu'uura seeraan ibsameen hanga danda'ameen mirgi wabummaa shakkamaa akka kabajamu tattaaffii gochuu qaba;
4. Qorannoo yakkaa ofii isaatii galma akka hin ta'in, kanaaf immoo karaa adda addaatii yakkichi raawwatamuu fi raawwatamuu dhabuu mirkaneessuun ququllinaan hojjachuu qaba. Kana yoo hin ta'in namoonni yakka hin raawwatin sirnaan ala mirgi isaanii akka sarbamu; karaa biraatiin yakkichi haguuggame yakka raawwataan osoo hin adabamin halli itti miliqu ni uumama;
5. Qabeeny gocha yakkaatiin fudhataman hordofuun qabuun deebisuun barbaachisaa dha. Kana yoo ta'ee dha sirni haqa yakkaa bu'aqabeessa kan ta'u. Kanaaf namni kamiyyuu firii gocha yakkaatiin fayyadamaa ta'uu hin qabu qajeeltoo bu'uuraa jedhu hojii irra oolchuuf sosso'uu gaafata;
6. Namoonni yakkaaf saaxilaman akka qabsiisaatti ykn wabummaatti kan qabataman yoo ta'e, isaan balaaf saaxilaman kanneen baraaruuf fi gargaarsa barbaachisaa gochuufin dirqama sirni haqichaa gaafatuu dha.

Qorannoon yakkaa raawwatamee ragaan erga sassaabameen booda adeemsi qulqulleessuu /screening stage/ sirna haqaa yakkaa keessatti hojii raawwatamuu qabuu dha. Akkuma sirna seeraa biyyoonni hordofaniitti sirni ququlleessuu:

- Abbaa alangaa qofaa akka hojjatamu aangoo kan kennan;

- Mana murtii fi shangoodhaan(jury) akka raawwatamu kan taasifaman;
- Lameenuu adeemsa qulqulleessuu keessatti akka hirmaatan halli itti godhan muudachuu danda'a.

Sirna seeraa amma qabnuun ragoota qorannoo yakkaatiin sassaabame madaaluun:

- Himatamaa irratti himannoo dhiyeeffachuuf;
- Himatamaa irratti murtii himannii dhiyaatuu hin qabuu;
- Qorannoon dabalataa akka godhamuu fi ragaan dabalataa akka sassaababu angoon ajaja kennuu kan qabu abbaa alangaati.

Kanaafiidha sirna seeraa keenyaatti dhimma yakkaa irratti abbaan alangaa dhaabbata hojii abbaaserummaa isa jalqabaa raawwatuu dha kan jedhamuuf.

Dhimma daa'immani balleessaa qabanii fi yakka malaammaltummaa ilaallatu ilaalchisee adeemsa dhagaha himannoo duraa yoo ta'e malee aangoon ykn hojiin qulqulleessuu gutumaan guututti seeraan abbaa alangaatiif kan kennamee dha.

Haata'u malee daa'imman balleessaa qaban irratti yakkaa waggaa kudhan oli adabsiisuun himannoo dhiyeeffachuuf abbaan alangaa eeyyama mana murtii argachuu akka qabuu fi yakkoota malaammaltummaa ilaalchisee manni murtii adeemsa himannoo duraatiin sirrummaa himannoo abbaa alangaa falmii idileettiin dura sirni seeraa adeemsa qulqulleessuu irratti hirmaachuu fi murtii barbaachisaa kennuu dandeessisu ni jira.

Adeemsa gocha yakkaa qorachuu keessatti poolisii fi abbaa alangaatiin ala qaamoleen haala adda ta'een hojima kanaaf jecha hundaa'an ni jiru. Isaanis yakka malaammaltummaa qorachuu fi himachuuf sadarkaa federaalaa fi naannooleetti komishinoonni namusaa fi farra malaammaltummaa kan hundeeffaman hogguu ta'u; raawwii gibiraatiin walqabatee yakkoota raawwatan abbaan taayitaa galiwwanii fi gumrukaa aangoo qorachuu fi himachuu ni qaba.

Adeemsa qulqulleessuu keessatti abbaan alangaa galmeen qorannoo poolisii dhaqabee guyyoota 15 keessatti seera deemsa falmii yakkaa keessatti filaannoowan murtii jiran keessa isa tokko murteessuu kan qabu hogguu ta'u; sababoonni abbaan alanagaa galmee qorannoo poolisii itti cufu seera deemsa falmii yakkaa kwt. 39 fi kwt. 42 jalatti tumamanii jiru.

Seeri yakkaa sirnoonni dhimmoonni iyyata dhuunfaatiin qofa himannoo irratti jalqabuu qabuu fi gama biraatiin sadarkaa cimina isaaniitiin iyyanni dhuunfaa dhiyaachuu baatus

himannoon irratti jalqabuu danda’u akka jiran kaayee jira.

Himannoo bu’uura iyyata dhuunfaatiin jalqabu poolisiin erga fuudheen booda abbaa alangaatiif ni dabarsa.Poolisiin ofii isaatii himannicha cufuu hin danda’u.Abbaan alangaa kan hin himachiifne yoo ta’e kanuma iyyataa dhuunfaatiif ibsuu qaba. Iyyataan dhuunfaa baasii mataa isaatiin falmicha gaggeessuu ni danda’a.

Biyya keenyaatti himatamaan abbaa alangaa waliin dubbachuun piliibaargeeyingiin kan eeyyamamu hin turre.Haata ‘u malee dhiheenya kan qaamoleen haqaa hogguu BPR hojjatamaa jiruun gama rakkoo sirni haqaa yakkaa qabu hiikuutii piliibaargeeyingiin akka furmaataatti dhiyaatee hojiirra oolchuuf yaaliin godhamaa jira.

### **Adeemsa Falmii Yakkaa fi Kenniinsa Murtii**

Sirna haqaa yakkaa keenya keessatti adeemsa kana keessatti qaamoleen hirmaatan baay’ee hogguu ta’an isaan ijoon abbootii seeraa, abbootii alangaa, himatamaa ykn abukaattoo ittisaati.

Abbaan seeraa manneen marii federalaa ykn naannootiin kan muudamu hogguu ta’u seera kan beeku, heera mootummaatiif amanamaa kan ta’e akka ta’utti eeggama.Hojiin isaa muummeen falmiin haala mirgaa fi faaydaa falmitootaa eeguun adeemsifamee adeemsa keessa firii dubbii ragaan mirkanaa’e bu’uureffachuun seera rogummaa qabu caqasuun murtii kennuu dha.

Heera Itoophiyaa jalatti himatamaan hanga murtiin balleessummaa irratti kennamutti qulqulluu akka ta’eetti laakka’ama.Adeemsa falmichaas hogguu ilaallu abbaan alangaa himannoo dhiyeeffatee ragaa dhiyeeffatee erga dhaggeessifateen booda hubachiisuun isaa mirkanaa’eti himatamaan ragaa ittisaa akka dhiyeeffatu kan godhamu.

Gama kanaan dhaddacha irratti shoora guddaa kan taphatan abbaa alanagaa fi abukaattoota waan ta’eef sirni advaarsarii sirritti ol bahee kan mul’atuu dha.Kanaaf dhimmicha irratti kan murtaa’u falmiiwwan falmitootaa dhagahamee gama firii dubbii fi seeraatiin falmii irra caalmaa qabutu fudhatama argateeti.

Abbaan alangaa ogeessa seeraa hogguu ta’uu dirqama yakka raawatame hubachiisuu,raga dhiyeeffachuu fi himatamaan balleessaa qabachuu mirkaneessuu qaba.Haata’u malee gosa yakkootaa muraasa irratti fakkeenyaaf yakka malaammaltummaa ,qabeenya fudhachuu fi hanna ilaalchisee abbaan alangaa wantoota qabatamaa(material elements) hubachiisuu yoo danda’e haalli sammuu yakkicha hundeessu waan tilmaamamuuf haalli

dirqamni hubachiisuu himatamaatti itti naanna'us akka jiru beekuun barbaachisaa dha. Abbaa alangaa fi himataan dhimma hariiroo hawaasaa walmaku hin qaban. Lameenuu himattoota ta'anis abbaan alangaa dirqama seera kabachiisuu waan qabuuf mirgi himatamaas akka kabajamuuf itti gaafatamummaa ni qaba.

Abukaattoon ittisaa himatamaa gorsa. Himatamaa waliin ta'uudhaan adeemsa falmii keessatti himatamaan akka hin miidhamne istiraateejii baasuun ykn bocuun himatamaa kan gargaaruu dha.

Abukkaattoon himatamaa ragaa abbaa alangaa saaxiluudhaan dadhabina isaanii agarsiisuun adabbiin hin mallee himatamaa irratti akka hin murtoofne ni ittisa.

Himatamaan ofiif abukaattoo dhaabbachuu yoo dadhabe mootummaan haqni ni jallata jedhee yoo tilmaame abukaattoo dhaabuufii akka qabu heericha keessatti ifaan tumamee jira.

Adeemsa dhagahaa fi falmii yakkaa keessatti mormiiwwan sadarkaa duraa himatamaan dhiyaatu, mormiiwwan abbaan alangaa fi himatamaan bu'uura seera deemsa falmii yakkaa kwt. 146 tiin dhiyeeffatan irratti manni murtii jalmurtii kan kennu hogguu ta'u.

Dabalataanis manni murtii ragaa abbootii alangaatiin dhiyaate erga dhagaheen booda ragaan abbaan alangaa himatamaa balleessaa qabaachuu mirkaneessuu hin danda'u jedhee yoo yaade himataman of irraa ittisuu osoo hin barbaachifne bu'uura seera deemsa falmii dhimma yakkaa kwt. 141 tiin bilisa akka ta'u murteessa.

Manni murtii himatamaan akka ofirraa ittisu yoo ajaje raga ittisaa himatamaa erga dhagaheen booda madaaluudhan

- Himatamaan yakka himannoo keessatti kan raawwatee fi balleessaa akka ta'e ykn
- Himatamaan keewwata abbaan alanagaa caqasuun himate osoo hin ta'in kan biraa jalatti balleessaa akka qabu ykn

Himataman sababoota balleessa itti hin taane tarreessuun murtiidhaan bilisaan kan gaggeeffamu ta'a.

Adeemsonni olitti ibsaman adeemsa kennii nsa murtii dhimma yakkaa guyya guyyaan gaggeeffamu keessatti kan raawwataman akka ta'an hunda keenyaafuu ifa ta'uu qaba.

### **Adeemsa Adabbii Murteessuu**

Sirna haqaa yakkaa keessatti yaadrimeen "adabbii" jedhu jecha namni tokko seera yakkaa biyya tokkoo darbuudhaan balleessaa sababa hojjateef qoqobbii mirga isaa irratti gatamu

ykn mirga dhabsiisuu kan agrasiisuu dha.

Haata’u malee biyya kamittuu namani seera yakka darbuudhana balleessaa raawwate irratti qoqobbiin mirga isaa irratti gatuun ykn mirga isaa dhabsiisuun akka galma isa dhumaatti qabatameetii miti. Inummaayyuu kaayyoo fi galmi adabbiin balleessitoota irratti kennamuu fi raawwatamuu nagaa fi tasgabii mootummaa fi hawaasaa kabachiisuu dha.

Biyya keenyattis raawwiin adabbii manneen murtii keenyaan murtaa’uu nagaa fi tasgabii hawaasaa kabachiisuuf gahee isaa akka gumaachu xiyyeeffannoon ilaallamuu fi madaalamuu kan qabuu dha.

Akka waliigalatti murtiin adabbii balleessitoota irratti kennaman sadarkaa jalqabaatti yakka rawwattoota ta’ee namoonni biroo yakka raawwachuu iraa akka of qusatan gochuun yakki akka hirratu taasisuu fi “Detternt Effect”itti qabaachuu danda’uu; sadarkaa lammaffaa irratti balleessitoonni amala isaanitiin hamaa, balaafamaa ykn yakkamtoota irra deddeebi’oo hogguu ta’an yakkamtoonni yakka biraa raawwachuu fi carraa fi muudannoo akka hin arganne gochuu jechuun disablement, incapacitation or preventive punishment kan jedhu yaada keessa kan galche; sadarkaa sadaffaa irratti kaayyoo balleessitoota barsiisuu fi sirreessuu galmaan kan gahuu fi adeemsa murtii fi raawwii adabbii bu’aawwan cimtii kanneen fiduun ol’aantummaa seeraa mirkaneessuun nagaa fi tasgabii hawaasaa haala mirkaneessuun raawwatamuu qaba.

Kanneen olitti ibsaman irratti dabalataan manneen murtii murtii adabbii hogguu murteessan:

- Qajeeltoo seerummaa(principle of legality)
- Qajeeltoo kabajamuu mirga namni kamiyyuu adabbii fi raawwii adabbii farra namoomaa fi salphisaa ta’erraa bilisa ta’uu
- Qajeeltoo murtii adabii sadarkaa nama dhuunfaatti malee garee ykn gosa tokko irratti jimladhaan murteessuu irraa of qusachuu,
- Adabbiin gocha balleessaa raawwatameen walgichisiisuun osoo hin guddatin ykn hin xiqqaatin qajeeltoo “the principle of proportionality ” hordofuu,
- Qajeeltoo haala dhuunfaa yakkamaa yaada keessaa galchuun adabbii murteessuu fi

- Qajeeltoo adabbiin yakkaa haalaa fi adeemsa ummataaf ifa ta'een murteessuu bu'uureeffachuun murteessuu fi raawwachiisuun barbaachisaa dha.

Qajeeltoo bu'uuraa adabbii keessaa tokko qajeeltoo walgituu adabbiiti. Abbootiin seeraa adabbii hogguu murteessan gocha balleessaa raawwatame waliin kan walgitu ta'uu isaa mirkaneeffachuu qaba. Adabbiin haala dhuunfaa yakkamaa waliinis wal gituu akka qabu seera yakkaa mootummaa federaalaawaa dimokraatawa ripaablika Itoophiyaa kwt.88 jalatti tumamee jira.

Gochoota yakka akka ta'anii fi hin taanee fi hanga adabbii hordofsiisan murteessuuf aangoo kan qabu qaama seera baaftuuti. Haata'u malee seera baaftuun haala yakkamtoota hundaa dhiyeessuun itti qoratu fi haala balaafamummaa yakkamaa, seenaa isaa, sababoota yakka raawwatu taasisan fi kkf...haalli itti mirkaneeffatu waan hin jirreef ulaagaawwn muraasa keessattuu gochi yakkaa tokkoon tokkoon isaa balaa haawaasa irraan gahu ykn hanga miidhaa yaada keessa galchuun yakkoota adda addaatiif adabbii adda addaa ni tuman

Gama biraatii gochi yakkaa tokko miidhaan inni hawaasa irraan gahe ykn hanga miidhaa; sadarkaa balafamummaa fi balleessummaa yakkamaa fi haallan walfakkaatan yaada keessa galchuun ulaagaawwan seera baaftuun seeraan kaaye fayyadamuun yakkoota tokko tokkoof adabbii barbaachisaa fi walgitu murteessuu kan danda'an manneen murtiiti. Kanaaf daangaa seera baaftuun kaaye bira osoo hin darbin ulaagaawwan taa'an fayyadamuun yakkamtoota hundaaf adabbii barbaachisaa fi walgitu murteessuun barbaachisaa dha.

Qajeeltoon bu'uuraa adabbiin walqabatu lammaffaan yakki tokko yeroo tokko qofa nama gaafachiisu ta'uu isaati.

HMFDR I kwt.23 jalatti "namni kamiyyuu yakka bu'uura seeraa fi sirna seera yakkaatiin ittin himatamee murtii isa dhumaatiin balleessummaan isaa yoo mirkanaa'e ykn bilisaan itti gaggeeffameen irra deebi'amee hin himatamu hin adabamu" jechuun tumameera. Seera yakkaa haaraa jalattis namni tokko yakka tokkoon yeroo lammataaf himatamuu fi adabamuu akka hin qabne tumameera.

Yakki tokko yeroo tokkoon oli akka hin himachiifnee fi hin adabsiifne heeraa fi seera muummee jalatti tumamuu isaatiif sababa gahaatu jira.



Tumaa seera yakkaa hunda keessatti yakki tokkoon tokkoon isaa adabbii akkamii akka hordofsiisu tarreeffaman kan tumame waan ta'eef yakka yeroo tokko raawwatameef seera baaftuun haallan adda addaa yaada keessa galchuun adabbii gahaa ykn walgitaa dha jedhee amanu kaayee jira. Kanaaf yakkamaan tokko yakka tokkoon himatamae adabbiin irratti murtaa'ee adabichas raawwatee osoo jiru namuma sana yakkuma sanaaf himachuun ykn adabuun hawaasa irratti badii ol'aanaa affeeruu ta'a.

Seera yakkaa jalatti akka ibsametti adabbiwwan gosoota adda addaa hogguu ta'u: adabbii du'aa, hidhaa, adabbii maallaqaa, hojii humnaa, fi iddoo murtaa'een ala akka hin sossoone daangessuu ni dabalata.

### **Yakkamtoonni Adabbi Akka Fudhatan Gochuu fi Sirreessuu**

Balleessaan isaanii mirkanaa'ee yakkamtoonni adabbiin irratti gatame kan deeman gara mana amala sirreessaati. Itoophiyaa keessaa sadaraa federaalaa fi naannootti manneen amala sirreessaa ni jiru. Adabbiin sirreeffamaa ijoon hidhaa ykn adabbii hidhaati.

Manneen amala sirreessaa adabbii raawwachiisaa qofa osoo hin ta'in yakkamtoonni sirreeffamuun lammii gaarii ta'anii itti bahan taasisuuf hojjachuu qaban.

Adabbiin bifa hidhaatiin kennamu kaayyoowwan galmaan gahu ni qaba.

Tokkoffaa yakkamtoota hawaasaan addaan baasuun yakka biraa akka hin raawwanne gochuu dha. Haata'uuti hidhaa akka meeshaa haaloo ittiin bahanitti hawaasni Itoophiyaa fudhatan salphaa miti. Haala kanaan hawaasni haqni bahee jiraa бага kan itti jedhuu dha.

Galmi inni biraa yakkamtoonni of sirreessanii ykn barataniin carraa lammii sirnaa fi seeraa kabaju ta'uun itti bahan kan itti argataniin dha. Gama biraatiin carraa mana barumsaa fi carraa hojii mana amala sirreessaa keessatti akka argatan taasisa. Hojii isaanii irraayis galii akka argatan ni godhama.

Dhaabbileen amantaa manneen amala sirreessaatti argamuun naamusa gaarii barsiisuuf ni sosso'u. Yakkamaan turtii isaa keessatti barachuu fi fooyya'uun isaa yoo hubatame haalli amakiroon itti gadilakkifamus ni jira.

Hoggantoonni hojii fi hojjattoonni mana amala sirreessaa qabiinsa namoomaa sirreeffamootaa ilaalchisee ittigafatamummaa qaban xiinxaluun dura ergamaa fi ittigaafatamummaa manneen amala sirreessaa irratti hubannoo horachuu qabna:

- Ergamni jalqabaa manneen amala sirreessaa ajaja adabii manneen murtii fudhachuun sirnaan raawwachiisuu dha. Kana jechuun manneen amala sirreessaa

offii isaaniitiin adabbiin yakkaa murteessan hin jiru jechuu dha. Garuu adabbiwwan manneen murtiitiin kennaman sirnaan raawwachiisuun nageenyaa fi tasgabbi haawaasaa, biyyaa fi mootumma kabachiisuu qaamolee mootummaa dirqama ol'aanaa qabani dha;

- Manneen amala sirreessaa ergama adabbiwwan manneen murtiitiin kennaman sirnaan raawwachiisuun nageenyaa fi tasgabbi haawaasaa, biyyaa fi mootumma kabachiisuu kan bahan namoonni too'annoo jala jirani fi murtiin hidhaman hogguu mana amala sirreessaa turan yeroo, humnaa fi beekumsa isaanii hojii ijaaraa ta'e irratti akka oolchan gochuun barumsa qalamaa fi ogummaatiin akka gabbatan gochuun gorsa hawaasummaa fi xiin-sammuu gahaa kennuufiidhaan balleessitoonni sirraa'anii lammii gaarii ta'anii akka bahan taasisuu dha.

Kanaaf kaa hojiin ijoo manneen amala sirreessaa balleessitoonni tajaajila haaroomsaa gahaa argatanii balleessaa isaanii irraa gaabbuun lammii gaarii ta'uun akka bahan tasisuun yakkamtoota irra deddeebi'oo hirrisuun nagaa fi tasgabbi hawaasaa mirkaneessuu ta'a.

- Manneen amala sirreessaa ajaja fi murtiwwan manneen murtii hogguu raawwachiisan mirgootaa fi bilisummaawwan bu'uura nammoota murtii mana murtiitiin too'annoo jala jiran kabajuu fi kabachiisuuf dirqama ni qabu. Namoonni eegumsa jala jirani fi murtiin hidhaman mirga adeemsaa heera mootummaa kwt. 19 fi 20 jalatti mirkanaa'eefiin dabalataan mirga nageenya qaamaa isaanii qabiinsa al-namoomaa fi hammeenyummaa guutame irraa mirga bilisa ta'uu, mirga kabajaan namoomaa isaan haala kabajameen qabuu, maatii isaanii, waahela isaanii fi abukattoo isaniitiin mirga wal arguu akka qaban heera mootummaa kwtt, 16, 18 fi 21 ilaaluun hubachuun ni danda'ama.

Akka waliigalaatti sirnoota heeraa fi dimokraasii yeroo ammaa keessa jiru keessatti ergamaa fi ittigaafatamummaan manneen amala sirreessaa ajaja fi murtiwwan manneen murtii raawwachiisuun tajaajila eegumsaa, haarumsaa fi barumsa kennuun nagaa fi tasgabbi hawaasaa, biyyaa fi mootummaa mirkaneessuun mirgootaa fi bilisummaawwan bu'uura nammoota murtii mana murtiitiin too'annoo jala jiran kabajuu fi kabachiisuun balleessitoonni sirraa'anii lammii gaarii ta'anii akka bahan taasisuu dha.

Hoggantoonni fi hojjattoonni mana amala sirreessaa sochii ergamaa fi ittigaafatamummaa kana bahuuf godhan keessatti rakkoowwanii fi qormaatonni baay'een isaan qunnamuu ni danda'a. Haata'u malee maddaawwan, ulfinaa fi furmaanni rakkoowwanii fi qormaattotaa adda adda kan ta'ee fi sadarkaa sadarkaan kan hiikkamaa deemuu waan ta'eef bu'uura kanaan hiikuuf tattaaffii gochuu qabu.

### **Dirqama Mirgoota Sirreeffamtootaa Kabajuu fi Kabachiisuu Hoggantootaa fi Hojjatoota Mana Amala Sirreessaa**

Murtiidhaan namoonni too'annoo ykn eeggumsa jala jiran mirgoota kabajamuufii qabu ni qaban. Mirgoonni kunniin tajaajila gahaa nyataa, ciisichaa, fi yaalaa argachuu qofa irratti kan murtaa'ee miti. Dabalataan sirreeffamtoonni:

- ✚ Mirgi loogii fi garaagarummaa sanyii, amantaa fi hawaasummaa irraa eeggamuu;
- ✚ Mirga qabiinsaa fi adabbii al-namooma ta'e irraa eeggamuu,
- ✚ Murtiin du'aa sirnaan yoo raawwateen ala mirga lubbuun jiraachuu,
- ✚ Mirga firaan daawwatamuu, xalayaanis ta'ee karaawwan biraatiin walqunnamuu,
- ✚ Waa'ee qabeenya isaa/isii dhaamoo gochuu,
- ✚ Mana amala sirreessaa tokkoo isa kaanitti mirga naanna'uu,
- ✚ Mirga maallaqa qabate/tte imaanaan kaayachuu,
- ✚ Namoonni murtiin hidhamani fi too'annoo jala jiran hojiiwwan galii maddisiisuu danda'an irratti mirga bobba'uu,
- ✚ Mirga odeeffannoo argachuu,
- ✚ Namoonni murtiin hidhamani fi too'annoo jala jiran waldaalee galii maddisiisuu danda'aniin gurmaa'uu,
- ✚ Mirga iyyannoo dhiyeeffachuu fi iyyannichaaf deebii argachuu,
- ✚ Mirga bilisummaa amantaa fi amantii
- ✚ Mirga himannoo naamusaa fashaleessuu fi of irraa ittisuu, fi
- ✚ Gaafa gadilakkifamu mirga siinqii fi maallaqa geejjibaa maatii isaatti ittiin galu argachuu.

Akka qabu qajeelfa idil-addunya qabiinsa sirreeffamtootaa fi danbiiwwan qabiinsaa fi murtii sirreeffamaa biyya keenya nannoo tokko tokko keessatti tumaman irraa ni hubatama.

As irratti manneen amala sirreessaa eegumsa sirreeffamtoota sirreessuu fi nageenya isaanii mirkaneessuu dandeessisu gochuuf akka mijeessuu daa'imman balleessaan gurguddaa iraa, dubartoota dhiira iraa, kan hidhaa salphaan hidhaman isaan hidhaa cimaan adabaman iraa, isaan du'an adabaman isaan kaan iraa, isaan beellama irra jiran isaan irratti murtaa'e iraa; akkasumas isaan irratti murtaa'e akka ulfina murtii isaaniitiin bu'uura adabbii fixuuf yeroo isaan hafuutiin ramaduun tajaajila eegumsaa fi sirreessuu kennuutu isaan irraa eeggama.

Kanaaf sirreeffamtoota sadarkaa ykn ramaddii adda addaatiif eegumsaa fi tajaajilli haarumsa garaagara ta'uun isaa falmisiisaa miti. Bu'uura kanaan hogguu ilaallu sirreeffamtoota, saalaan, sanyiin, ilaalcha siyaasaatiin, hawaasummaatiin, amantaa fi wantoota adda addaa bu'uureffachuun garaagarummaa fi loogii uumuudhaan garaagaraa dha.

Manneen amala sirreessaa bu'uura seeraatiin too'annoo fi hordoffii cimaa fi laafaa gochuu, mirga tajaajila haarumsaa fi gorsaa adda addaa kennuu qabaatanis dhimmoota armaan olitti ibsaman bu'uura gochuun loogiidhaan garaagarummaa uumuu irraa of qusachuu qabu.

Sadarkaa lammaffaa irratti namoonni too'annoo jala jiran mirga nageenya qaamaa isaanii qabiinsa al-namoomaa fi hammeenyummaa guutame irraa bilisa ta'uu, mirga kabajaan namoomaa isaan haala kabajameen qabamuu ni qabu.

Mana amala sirreessaa keessatti badii naamusaa salphaa fi cimaa yoo raawwatan dhimmi isaanii koree naamusaatiin ilaallamuu kan qabuu fi bu'uura sanaan tarkaanfiin fudhatamuu qaba malee hidhamtoota seeraan ala reebuun, miidhaa qaamaa iraan gahuu fi gochoota biraa irratti raawwatamuu hin qaban.

Kanaan walqabatee yeroo eegumsaa fi jala deemsaa barbaachisummaa wantoota sochii hidhamaa daangessan kan akka kaateenaa fi sansalataa, fi human fayyadamuuti. Manneen amala sirreessa nagaa fi tasgabbi hawaasaa kabachiisuuf ajajaa fi murtiiwwan manneen murtii raawwachiisuuf barbaachisaa yoo ta'e gocha humnaa fi wantoota sochii isaanii daangessan fayyadamuuf yeroon itti dirqamu akka jiru falmisiisa miti.

Kanaaf manneen amala sirreessa humnaa fi meeshaalee sochii isaanii daangessan haala madaalawaa ta'ee akka fayyadaman sirna itti fayyadama isaanii ilaalchisee danbii fi qajeelfamoota tarreeffamaa baasuun barbaachisaa dha.

Kanaan walqabatee osoo hin kaasin wanti bira darbamuu hin qabne hojjattoon mana amala sirreessaa seeraa fi sirnaan ala fedhii fi miira isaaniitiin dhiibbamuun gocha humnaa hidhamtoota seeraa irratti fudhataniif miidhaa qaqabuuf yakkaan itti gaafatamoo dha. Adeemsa hojii keessaa humna hanga barbaadamuu fi eeyyamamuu ol yoo fayyadaman haalli ittigaafataman jiraachuu isaati.

Hidhamtoonni maatii fi abukaattoota isaanii wajjiin hogguu walqunnaman eegumsa taasisuun barbaachisaa dha. Meeshaalee fi waraqaalee irraa fuudhan hundumaa sakatta'uun karaa mana amala sirreessaatiin ilaallamee akka bahu gochuun nageenya hawaasaa fi hidhamtoota isaan kaanii kabachiisuuf barbaachisaa dha.

Kanaaf sirna walqunnamtii, eegumsa hogguu walqunnamtii fi mirgaa fi dirqama nama eegumsa raawwatu tarreeffamaan kaayuun gama tokkoon sirreeffamtoonni maatii fi abukaattoowwan isaanii wajjiin akka walqunnaman gama kanaan ittigaafatamummaan too'annoo fi hordoffii gochuu manneen sirreessaa haala madaalawaa ta'een akka raawwatamu gochuun barbaachisaa dha.

Namoonni too'annoo jala jiran ykn sirreeffamtoonni qabeenya hidhamuu isaaniitiin dura horatan dhaamoodhaan ykn kennaadhan dabarsuu yoo barbaadan kanuma akka danda'an manneen amala sirreessaa dirqama hoggantoota waliigaltee fi ragaa wajjiin akka walqunnaman, ragoota dandeettii qaban dhiyeessuu fi dhaamoo qaama ilaallatuuf dabarsuu ni qabu. Gama kanaan manneen amala sirreessaa gochoota sirreeffamtoonni rtaawwatan deeggaruu qaban.

Hidhamaan seeraa murtiin adabamee mirga ol'iyyannoo isaa fixe mirga mana amala sirreessaa iddoo maatii fi firoonni isaa jiranitti argamutti naanna'uun adabbii isaa xumurachuu ni qaba. Hogguu kun ta'u manneen amala sirreessaa gaaffiiwwan bifa kanaan dhiyaatan sirnan fuudhuun keessummeessuu qaba.

Sirreeffamtoonni waldaa galii maddisiisuutti gurmaa'uuf mirga ni qabu. Gama kanaan manni sirreessaa miseensoota waldichaa fi hoggantoota jidduu waltittidhufeenyi jiru ifaa fi qajeeltoo irratti kan hundaa'e gochuun qabeenyi waldichaa akka hin qisaasamne sirreeffamtoonni too'annoo fi hordoffii akka taasisan haala mijeessu qabu. Akkasumas sirreeffamtoonni dhuunfaan hojiiwwan galii maddisiisan irratti akka hirmaatan tattaaffii gochuu qaban.

Manneen sirreessaa iddoo namoonni itti sassaabamanii dha. Kanaaf karaa adda addaatiin haalonni komii fi iyyannoof bu'uura ta'uu danda'an ni uumamu. Isaanis:

- Walittidhufeenya hojjattoota mana amala sirreessaa sababa hojiitiin sirreeffamoota waliin qaban,
- Walitti dhufeenya dhuunfaadhaan hojjattoonni mana amala sirreessaa hidhamtoota waliin taasisan, walitti dhufeenya hidhamtoonni walii isaanii jidduu taasisan,
- Hidhamtootaa fi hoggantoota waldaa hojii gamtaa wajjiin walitti dhufeenya qaban,
- Sababa hojiitiif hojjattoota mana amala sirreessaa wajjiin walitti dhufeenya qabaniin hidhamtootaa fi namoonni eegumsa jala jiran mirgi keenya sarbamee jira jechuun iyyannoo dhiyeeffatan ni jiru.

Hogguu kana qajeeltoo, seeraa fi sirna hordofuun mirga iyyannoon isaanii qoratamee furmaata argachuu ni qabu. Hoggantootaa fi hojjattoonni mana amala sirreessaa dirqama iyyannoo isaanii fuudhuu fi deebii itti laatu akka qaban hubatanii rakkoo gama kanaan jiru hanbisuu qabu.

Dabalataan manneen amala sirreessaa hordoftoota amantaa biroo haala hin tuqneen mirga amantaa hidhamtootaa fi namoota eegumsa jala jiran kabachiisuuf kan oolan kitaabota amataa karaa adda addaatiin walitti sassaabuun dhiyeessuuf dirqama ni qabu.

Gama biraatin hidhamtoonni ykn namoonni too'annoo jala jiran haalli hojjattoota mana amala sirreessaa, qabeenya mana amala sirreessaa, hojii nageenyaa mana sirreessaa ykn nageenya qaamaa, qabeenyaa fi mirga hidhamtoota biroo irratti balleessaa ykn badii naamusaa hogguu raawwatan ni muudata. Hogguu kana manni amala sirreessaa himannoo naamusaa hogguu dhagahu mirga deebii kennuu fi ragaa ittisaa dhiyeeffachuu hidhamaa kabajuu qabu.

Dhuma irratti namni murtiidhaan hidhame tokko hidhaa isaa xumuree gara maatii isaa maallaqaa fi galaa ittiin galu haalli itti dhabu ni muudata. Hogguu kan manneen amala sirreessaa maallaqaa fi siinqii namni sun ittiin maatii isaatti galu gargaarsa yoo hin godhiniif manneen amala sirreessaa fi mootummaan karaa hin taaneen akka hubatamu waan taasisuuf gargaarsa gochuu qabu.

Kanneen olitti ibsaman irratti dabalataan hidhamtoonni dubartootaa dubartummaa isaaniitiin sababa ulfaa, dahuumsaa fi kkf iddoo ciisichaa fi nyaataa ilaalchisee hojjattoonni mana amala sirreessaa hidhamtoota seeraa achi keessa jiraniif kunuunsa gochuu qabu.

#### **4.3.3.3. Rakkoowwan Ijoo Sirna Haqaa Yakkaa**

Kaayyoo fi galmi sirna haqa yakkaa ifaa ta'us kaayyoowwanii fi galmoota kanneen galmaan gahuuf ganaa baay'ee akka nu hafu ni hubatama. Ijaarsi qaamolee sirna haqa yakkaa kan jalqame jabana Atseewwanii keessa hogguu ta'u; ilaalchaa fi yaada yeroo sanaa bu'uureffachuun kan ijaaraman hogguu ta'u; itti aanees sirna Dargii keessaa gosa sirna mootummaa sirnichi ijaaruu barbaadu haala tajaajiluu danda'uun bocuu fi sirreessuuf yaaliin godhamee jira.

Kanaaf kaayyoowwan sirnoonni turan uuman milkeessuuf kan gurmaa'anii fi kan bocaman, hojiimanni duraanis sirna haqa yakkaaf xiyyeeffannoo barbaachisaa waan hin kennaminiif; rakkoowwan keessatti guddatanii bilchaatan qaamolee kanneen waliin hanga ammaa kan dhufan waan ta'eef gama kaayyoowwanii fi mul'ata heera mootummaa federaalaawa dimokraataawa ripaablika Itoophiyaa jalatti ibsaman milkeessuutiin rakkoo mataa isaanii kan qabanii dha.

Kana irraa ka'uun rakkoowwan kanneen habisuun sirna haqa yakkaa si'oomaa fi bu'aqabeessa taasisuuf sagataan fooyya'iinsa sirna haqaa diriiree, hojiiwwan fooyya'insaa baay'een hojjatamaa akka jiran ni beekama.

Kun akkuma jirutti ta'ee kaayyoo fi galma sagataan fooyya'iinsa sirna haqaa hojiiwwan hojjatu hubachuun rakkoowwan sirna haqa yakkaa wajjiin turan maal akka ta'an hubachuun; gama tokkoon rakkoowwan kunniin deebi'anii akka hin dhufne ittisuuf; gama kaaniin rakkoowwan sagantaa fooyya'iinsi sirna haqaa furuuf deemuu fi dhugumaan ykn qabatamaan kallattiiwwan rakkoowwan kanneen itti hiikaman kan qabate ta'uu beekuu fi hubachuun sirreessuun barbaachisaa waan ta'eef rakkoowwa sirna haqa yakkaa keessa turan ilaaluun barbaachisaa waan ta'eef kanatti aansinee rakkoowwan sirna haqaa yakkaa keessa turanii fi ammas hafa osoo hin ta'in sirnicha keessa jiran ilaaluuf yaalla.

#### **1. Rakkoowwan hojii fi Adeemsa Qorannoo Yakkaa Keessatti Mul'atan**

Qorannoon yakkaa mataa isaatiin galma akka hin ta'in kan beekkamu ta'us ;seenaa dheeraa qorannoo yakkaa keenyaan qorannoo yakkaa jalqabuun mataa isaatiin akka galmaatti yeroon itti fudhatamaa ture xiqqaa miti.Keessattuu:

- Dhimmoota hariiroo hawaasaa amala yakkummaa hin qabne irratti jalqabamuun yeroo fi humna erga fixaniin booda hojiiwwan qorannoo haffaa ta'an jiraachuu isaanii;
- Sababa gahaa malee namoota too'annoo jala oolchuun hidhanii tursiisuuf jecha qorannoowwan jimaata jalqabamanii wiixata addaan citan jiraachuu isaanii;
- Yakki hogguu raawwatame irraa jalqabee hanga gaafa shakkamaan mana murtiitiin wabiidhaan gadilakkifamutti tarkaanfachuudhaan sana booda qorannoowwan rincicani fi addaan citanii hafan jiraachuu isaanii;

Hogguu ilaallamu yeroo ammaa sirreeffamaa fi fooyya'iinsi xiqqoon mul'achaa jiraatus ilaalchi jallataan qorannoo yakkaa mataa isaatiin akka galmaatti fudhachuu akka ture hubachuu ni dandeenya.

Bu'aawwan dhuma qorannoowwan yakkaa biyya keenyaa fi kaayyoo akkamii galmaan gahuu akka danda'an jalqabuma osoo itti yaadamin raawwachuun yeroo, maallaqaa fi humni qorattoo yakkaa bilaashitti qisaasamee dhuma irrattis bu'aa tokkollee osoo hin fidin akka hafan galmeewwan qorannoo yakkaa armaan duraa turaa ta'an ilaaluun hubachuun ni danda'ama.

Haala ykn sirna himatamaan ittigaafatamaa ta'uun ulaagaa qabatamaa gochaa (material ingredient) fi ulaagaan yaadaa (moral element) jiraachuun isaanii gadifageenyaan osoo hin qoratin yeroon namoonni qulqulluun too'annoo jala oolani itti dhama'an xiqqoo miti.Kana irratti dabalataan:

- ✚ Himannoon yakka raawwatame jedhamee iyyata miidhamaa dhuunfaatiin ykn mootummaan kan dhiyaachuu qabu ta'uun isaa addaan osoo hin bahin himannoo miidhaamaa dhuunfaatiin dhiyaatuu qabu eeyyamaa fi iyyanni miidhamaa dhuunfaa osoo hin jiraatin qorannoo gaggeessuu,
- ✚ Shakkamaan yakkicha raawwateera jedhame ittigaafatamummaa qabaachuu isaa mirkaneessuu dhabuu,
- ✚ Himannoon yakkicha ilaalchisee dhiyeessuuf darbiinsa yerootiin kan hin daangeffamin ta'uu mirkaneeffachuu dhabuu,



- ✚ Shakkamaan ittigafatamummaa yakkaatiin gaafatamu lubbuun jiraachuu isaa mirkaneeffachuu dhabuu,
- ✚ Himatamaan yakkichaan himatamee adabamuu isaa ykn bilisaan gaggeeffamuun isaa osoo hin qulqulleeffatin qorannoo gaggeessuun rakkoowwan sirna haqaa yakkaa keenya kan turanii dha.

Dhimmoota armaan olitti tarreeffaman xiyyeeffannoon ilaaluun qorannoon yakkaa raawwatamaa jira moo raawwatamaa hin jiru gaaffiin jedhu hogguu ka’u sadarkaa federaalaa fi naannoott dogogoroonni baay’een akka jiran galmeewwan murtii argatan kaasuudhaan hubachiisuun ni danda’ama.

Muuxannoo keenya yeroo dhiyootiinuu qaamni qorannoo yakkaa gaggeessuuf aangoo qabu (poolisiin) yakki raawwatamuu isaatiif eeruun hogguu isa qaqabu hojii qorannoo isaa dhuguma yakkichi kun raawwatameera moo hin raawwatamne qabxii jedhu qulqulleessuun hin jalqabu.

Inumaa yakkichi raawwatamuu isaa osoo hin mirkaneeffatinii fi ragaa osoo hin sassaabin namoota raawwatani jiru jechuun shakkaman qabuun too’annoo jala oolchuun ragoota namaa eeruu kennaan dhimmicha ni beekan jechuun dhiyeessu irraa jecha ragummaa fuudhuun haalli qorannoon itti jalqabamee xumuramu qalbeechnoon ni danda’ama.

Sababa kanaaf namoonni yakka raawwatamani jiru jechuun sirnaan ala himatamani yeroo dheeraa erga hidhamaniin booda yakki raawwatame jedhame sobaan qindeeffamee kan dhiyaate ta’uu isaa haalli itti hubatame murtiiwwan manneen murtii baay’ee irraa hubachuun ni danda’ama.

Qorannoon yakkaa nama badii qabu murtiif dhiyeessuu ragaa dandeessisu sassaabuun himannoo yakkaa, falmii fi adeemsa murtii yakkaatiif gargaarsa gochuu dha. Haata’uutii qorannoo erga xumuramee fi abbaan alangaa himannaa erga dhiyeeffateen booda qorattoonni poolisii galmi qorannoo yakkaa akka milkaa’eetti fudhachuun dhiyaatinsi himatamaatii fi ragaa nu hin ilaallatu jechuun hogguu dubbatan ni mul’ata.

Qorannoon tokko gaggeeffamee himatamaa fi ragaan mana murtii dhiyaatee himatamaan ittigaafatama yoo hin tahir kaayyoo fi galmi bu’uuraa qorannoo yakkaa hin milkoofne jechuu dha. Biyyoonni biroo himatamaa himachuun ittigaafatamaa taasisuuf deegarsi qorannoo yakkaa adeemsa tokko akka ta’eetti “ criminal investigation is the process of assisting prosecution of the person charged with crime” jechuun ibsu.

Kanaaf hojiin qorattoonni yakkaa qorannoo yakkaa adeemsa hanga galmee qorannoo xumuranitti jiru qofa akka ta'eetti kan yaadani fi adeemsa himatamaa fi ragoota sassaabaman mana murtiitti dhiyeessuu keessatti deeggarsa tokkooyyuu akka gochuu hin qabneetti yaadan qorattoota yakkaa “qorannoo yakkaa akka adeemsa galmi bu'uuraa ittiin galma gahutti osoo hin ta'in qorannoon qulqulleeffachuun mataa isaatiin akka galmaatti kan ilaalan waan ta'eef kaayyoo fig alma bu'uuraa qorannoo yakkaa hubachuu ilaalchisee rakkoon akka jiru agarsiisa.

Qorannoon yakkaa yakkoonni amala addaa qabanii fi namoota akka wabiitti qabachuun yakkoota rawwataman ilaalchisee dhimmoo nni armaan olii akkuma jiranitti ta'anii namoota yakkoota kanneeniif saaxilaman balaa itti daqarame irraa baraaruu fi gargaarsa barbaachisu gochuus ni hammata.

Biyya kamittuu odeeffannoon sirna iyyannoo fi eeruu idileetii fi kara al-idilee ta'een qorannoo fi hordoffiin ni argama. As irratti adeemsa qorannoo biyya keenyaa keessatti hojimaanni qorannoo eeruu kennaa ykn ragaa tokko irraa odeeffannoo jiru haxahuun itti argachuu nu dandeessisu eeruu kennaan barreessuun mallatteessuun kan dhiyeessuu qofa fuudhuun hojjachuun adeemsa baratamee dha.

Poolisoonni biyya kamittuu odeeffannoo eeru kennitoonni beekan hundumaa hanxooxanii fuudhuu kan isaan dandeessisu tooftaa "Interviewing" jedhamutti fayyadamuun sirnaan odeeffannoo sassaabachuu irratti rakkoon ni jira.

Qabatamaa kan raawwatamu eeruu kennaan barreessuun mallatteessuun poolisitti kennuun hogguu ta'u hojimaanni kun faallaa sirnoota fuudhiinsa odeeffannoo idil-addunyaa fudhatama argatanii qofa osoo hin ta'in faallaa tumaa SDFY kwt. 14(1) s akka ta'e tumaa seeraa kana dubbisuun hubachuun ni danda'ama.

Akka waliigalaatti hogguu ilaallamu yeroo dheeraaf hidda kan gadi fageeffati hojiin qorannoon yakkaa biyya keenyaa:

- ✚ Yakki raawwatamuu isaa, haala raawwii yakkichaa fi namoota yakkichaan shakkaman bilisaa fi loogii malee filannoowwan hundumaa addaan baasuu fi tutuquu kan nama dandeessisu odeeffannoowwan rogummaa qaban sassaabuun osoo hin ta'in dursanii guduunfaa tokko qabachuun dhugummaa guduunfichaa mirkaneeffachuu waan ta'eef.

- ✚ Odeeffannoo fi ragaa bu'uureffachuunii fi shakkamaan osoo hin beekin madda argachuun odeeffannoo fi raga argachuu galma bu'uuraa godhachuun osoo hin ta'in shakkama jiddugaleessa godhachuun odeeffannoowwanii fi ragaa shakkamaa irraa argachuu akka galmaatti fudhachuun kan raawwatamu waan ta'eef.
- ✚ Odeeffannoo haala guutuu ta'een sassaabu dhabuun,ragoonni fudhatamummaa seeraa,ulfinaa fi amanamummaa haala cimsuun osoo hin ta'in hojimaata kana laaffisu kan hordofu waan ta'eef,
- ✚ Ajaja sakatta'iinsa fi qabiinsaa seera qabeessa ta'e haala hin guutaminiin egziibitii adda addaa qabuu,ragoota teeknikaa karaa fudhatama qabuun sassaabuu, qorachuu fi bu'aawwan isaan dhiyeessuu kan dandeessisan rakkoowwan ogummaa, meeshaa fi labraatoorii kan qaban waan ta'eef,
- ✚ Hojii dadhabsiisa jecha ragumma ragoota bilisaa fi loogii malee sassaabuu raawwachuu irraa ragoota firummaan wal ijaaruun wal yaamanii dhiyatan irraa jecha fuudhuun galmee qorannoo xumuruu irratti kan xiyyeefate waan ta'eef,
- ✚ Ragoota fudhatamummaa seeraa,ulfinaa fi amanamummaa qaban sassaabuu irraa ragoota dhimmicha waliin walqunnamtii kana jedhamu hin qabne walqabsiisuun quufuu fi galmee qorannoo xumuruu akka galmaatti kan qabate waan ta'eef,
- ✚ Adeemsa qorannoo irratti abbaa alangaa yaadaa fi gargaarsa ogummaa gaafachuu irraa waa'ee qorannoo qabamee fi ragaa sassaabamaa jiru ilaalchisee homaa isa hin galchu hojii fi ittigaafatamummaa kootti hafuura jedhuun galmee irratti qaama murtii kennu dhooksuun kan raawwatamu waan ta'eef,
- ✚ Hojii qorannoo bal'inaa fi duguuganii raawwachuuf rakkoon fedhii fi dandeettii kan mul'atu hogguu ta'u himatamaa balleessaa gochuuf ulaagaa dirqama hubachiisuu mootummaa irraa eeggamuu fi gahumsa ragaa guutuun ragaa sassaabamuun akka galmaatti fudhachuu ilaachisee rakkoon hubannoo fi dandeettii waan jiruuf

Akka waliigalatti qorannoon ofii isaatii galma osoo hin ta'in himatamaa dhaddacha madaalawaa fi ifa ta'e irratti falmuun ragaa adabsiisuu danda'u sassaabuu fi himatamaan

waliin adeemsa murtiitiin falmuun ittigaafatamummaa gochuun akka galma bu'uraatti rakkoo qabachuu keessatti mul'achaa tureera.

Kanaaf sirni haqa yakkaa galma taa'eef akka galmaan hin geenye gufuu guddaa ta'aa akka ture ni hubatama.

## **2. Rakkoowwan Adeemsa Dhiyeessa Himannoo Irratti Mul'atan**

Sirna haqa yakkaa biyya keenyaa keessatti abbaan alangaa qaama aangoo isa ol'aanaa qabuu dha. Abbaan alangaa gahee isaa sirnaan bahuun isaa bu'a qabeessummaa sirna haqaa yakkaatiif murteessaa dha. Haata'u malee bulchiinsa sirna haqaa keessatti rakkoowwan baay'ee kan qabu hogguu ta'u; isaanis:

1. Haallan himatamaa ittigaafatamummaan hin gaafachiifne ykn hin adabsiifne ragoota galmee qorannoo yakkaatiin walqabatan irraa jechuun himatamaan gochichaaf gonkumaa al-ittigaafatamaa ta'uusaa, haala dirqii gonkumaatii kan raawwate yoo ta'e, haala dirqisiisaan kan raawwate yoo ta'e ykn ofirraa ittisa seeraatiin kan raawwate ta'uu isaa ragaan gahaan osoo jiru himannoo kan dhiyeeffatu ta'uun isaa jalqaba kan caqafamuu dha. Kanaaf akka qabxii falmiitti kan ka'u SDFY kwt. 42(1)(a) abbaa alaangaa sababoota kanneeniif himannoon hin himachiisu jechuun kufaa gochuuf aangoo hin kennuuf kan jedhuu dha. Ta'us tumaa seerichaa hogguu ilaallu" himannoo dhiyeessuun kan hin danda'amne himatamaa balleessaa gochuuf ragaan gahaan kan hin jirre abbaan alangaa kan hubate yoo ta'ee dha" kan jedhu ta'ee argama. Kanaaf haallan olitti caqafaman yoo jiraatan abbaan alangaa ragaa himatamaa balleessaa gochuu danda'u ni qaba jechuun hin danda'amu. Haalli himatamaa gocha raawwateef ittigaafatamaa isa hin goone ykn hin adabsiifne jiraachuun isaa ragaa sassaabame irraa yoo hubatame himata dhiyeessuun abbaa alangaa faaydaa maal qaba? qabxiiwwan jedhan rakkoo biyyoolessaa fi hojimaata abbaa alangaa keessaatti rakkoon ilaalchaa bu'ura ta'e akka jiru agarsiisa.
2. Abbaan alangaa himannoo dhiyeessuuf jalqaba ragaan harkaa qabu ragoota ittisaa himatamaan dhiyeeffatu dandamachuun himatamaa balleessaa gochuu kan danda'u ta'uu isaa madaaluu fi qorachuu qabu. Ta'us rakkoon adeemsa dhiyeessa himannoo irratti mul'atu abbaan alangaa sadarkaa ragaa /Standard of proof/ himannoo dhiyeeffachuu fi ragaa himatamaa balleessaa gochuuf barbachisu

garagara akka ta'etti yaaduudhaan himannoo ragaa lafaa bu'uureffachuun dhiyeessuun ni mul'ata

3. Abbaan alangaa iddoo fi yeroo yakkichi itti raawwatee fi gochaa fi bu'aa jidduu walitti dhufeenyi sababaawa ta'e jiraachuu mirkaneeffachuu dhabu. Sababa kanaaf himannoon guutuu hin dhiyaachaa jirachuu fi iddoo yakkichi itti raawwatame kan jedhu manneen murtiitiin dhiphinaan hiikkamuu isaa fkn maallaqa qabaan tokko fulbaana bara 1999 hanga waxabajjii bara 1999 tti maallaqa harka ishee gale keessaa qr. 50,000.00 hirriftee jirti jechuun himatamte guyya fi ji'a kam keessa akka ta'e ibsuun himannoo keessan fooyyessaa dhiyeessaa haalli itti jedhamu ni muudata.
4. Namoonni tokkoo ol hogguu himataman himannicha bakka tokkotti himachiisuu sababani nu dandeessisu jiraachuu isaa mirkaneeffachuu dhabuu. Namoonni tokkoo ol hogguu himataman sadarkaan hirmaannaa isaanii ifaan addaan bahee himannoo keessatti ibsamuu dhabuu. Yakki tokko ol hogguu raawwatamu yakkoota tokkoon tokkoon isaanii irratti rakkoo himannoo dhiyeeffachuu dhabuu ni mul'ata.
5. Himannoowwan firiiwwan dubbii yaada yakkaa hin qabne dhiyeessuu. Dhaddacha dursanii qophaa'anii seenuu dhabu. Sababoota barbaachisaa hin taneen galmeewwan cufuu. Ragoota namaa dursanii addaan baasanii beekuu.

Walumaagalatti galmee qorannoo fuudhuun himannoo dhiyeessuuf qophii godhamutti abbaan alangaa dhugaan akka bahuu fi haqni akka mirkana'u dirqama gochuu akka qabu haala hubannoo keessaa galcheen ittigaafatamummaa isaa bahuu dhabuu fi bu'uura seera keessatti ibsameen daanga yeroo taa'e keessatti himannoo dhiyeeffachuu dhabuun rakkoowwan caqafaman keessaa isaan muraasaa dha.

### **3. Rakkoowwan Dhagaha Irratti Mul'atan**

Adeemsa dhagahaa keessatti abbaan alangaa fi himatamaan ykn abukaattoon ittisaa falmii gaggeessuun manneen murtii immoo ajaja kennuun ni hirmaatu. Adeemsa dhagaha yakkaa keessatti gaheen abbootii seeraa bu'uura sirna seeraa biyyootaatti garaagarummaa qabu. Kanaaf abbootiin seeraa adeemsa dhagahaa fi madaallii ragaatiin:

Sirna seeraa Kooman Low

Sirna Seeraa Siivil Low fi

## Sirna Seeraa makaa (Mixed)

Biyyoota hordofan keessatti abbootiin seeraa shoora fi gahee adda addaa qabu. As irratti biyya keenyatti seeronni deemsa falmii adeemsi dhagahaa ittiin qajeelfaman sirna seeraa kooman low fi sirna seeraa siivil low irraa kan fudhatamanii fi amalaa fi qabiyyee walitti makummaa (mixed) akka qaban fakkeeniyota baay'ee kaasuun agarsiisuun ni danda'ama. Biyyoonni adeemsi dhagaha isaanii tumaalee sirna seeraa lama irraa fudhatamaniin qajeelfaman falmitoota ta'ee abbootiin seeraa sirna seerota lameenii fi tumaan seeraa tokko maaliif sirna seeraa kooman low ykn sirna seeraa siivil low irra akka fudhatame kan hin beekne yoo ta'e haalli adeemsichi madaallii isaa itti gadi dhiisu akka jiru falmisiisaa miti.

Biyya keenyatti sirna adeemsa dhagahaa qajeelchuuf yaadamee tumaalee SDFY keessatti tumaman sirna seeraa kam irraa akka fudhannee fi akkamitti hiikuun hojjiirra oolchuu akka qabnu sirriitti hubachuu ilaalchisee rakkoon ni mul'ata. Isaan keessaa muraasa caqasuuf:

- ✚ Abbaan alanagaan ittigaafatamummaa himannoo banuu isaa sirnaan kan hin baane ta'uu isaa,
- ✚ Abbaan alangaa qaamolee isaan kaan wajjiin mari'achuun dirqama dhiyeessa ragaa /Burdon of production/ kan hin baane ta'uu,
- ✚ Abbootiin seeraa mirga ragaa gaafachuu seeraan abbaa alangaa fi himatamaaf seeraan kenname daangaa darbuun yeroo tokko tokko dirqama falmicha jiddugalummaa qajeelchuu hanga irranfatanitti kan ittifayyadaman ta'uu,
- ✚ Abbootiin seeraa mirga ragaa isaa gaafachuu abbaa alangaa daangessuun abbaa alangaa bakka bu'uun waan hin beekne irratti ragaa dhagahuuf hogguu tattaaffatan ni mul'ata.
- ✚ Abbootiin seeraa aangoo ragaa dabalataa dhiyeessisuu fi dhagahuu hafuura fi kaayyoo seerichaatiin ala hojii irra kan oolchan ta'uu ykn aangoo isaanii kana iddoo itti fayyadamuu qabanitti fayyadamuu dhabuu,
- ✚ Faallaa tumaa SDFY kwt. 137(1) ragaan jette jettee fudhatama hin qabu jechuun dursanii kufaa kan godhan ta'uu.

Walumaagalatti abbaan alangaa, abukaattoon ittisaa himatamaa fi abbootiin seeraa amala addaa fi makummaa seera deemsa falmii yakkaa keenya hubachuu dhabuun madaala

eeguu irra yeroo tokko tokko akka abbootii seeraa sirna seeraa koman low hordofanii, yeroo kaan immoo akka abbootii seeraa sirna seeraa siviil low hordofanii adeemsa fi qajeelcha dhagahaa hordofuun haalli falmitoota fi ragoota irratti dhiibbaa hin male dhaqabsiisuun rakkoo adeemsa dhagahaa irratti mul'atuu dha.

Akka seera jalatti ibsameetti murtiin adabbii kan kennamu abbaan yaadaa, falmii fi ragaa alangaa fi himatamaan murtii adabbii ilaalchisee dhiyeessan qorachuun ta'uu kan qabu hogguu ta'u:

- ✚ Gama abbaa alangaatiin seenaa fi amala himatamaa ilaalchisee ragaan qindaa'e wanti dhiyaatu hin jiru. Yaada adabbii hogguu gaafatamu qabxiilee ykn falmiiwwan amansiisoo haala kaayyoo fi galma seera yakkaa galmaan gahuu dandeessuun tarreessuun kan hin dhiyeessinee fi manni murtii adabbii itti fakkaate akka murteesse ykn salphisuun akka murteessu ykn adabbiin inni ol'aanaan itti haa murtaa'u jechuun bifa waliigalaatiin yaada kan kennu ta'uu,
- ✚ Abbootiin seeraa haala hawaasummaa, xiinsammuu fi haallan himatamaa kanneen biroo qorachuun gosa adabbii himatamaa barsiisuu ykn sirreessuu danda'u ilaalchisee ogeessota irraa gargaarsa ogummaa osoo hin argatin abbootiin seeraa gosaa fi hanga adabbii murteessuuf haalli itti dirqaman jiraachuu isaatiin; adabbii raawwachiisuuf baasii fi kasaaraa hawaasummaa fi diinagdee osoo hin madaalin, gama biraatiin namni balleessaa jedhame murtiin adabbii guutumaa guututti irratti raawwatamus namni sun bu'aa kan argatu ta'uu dhabuu fi kaayyoo bu'uura seera yakkaa galmaan gahuu hubannoo keessa galchuun gama murteessuutiin rakkoon akka jiru fakkeenya baay'ee dhiyeessuun ni danda'ama,
- ✚ Rakkoon kenniinsa murtii adabbiitiin walqabatu kan biraa qajeeltoo seerummaa (principle of legality) yaada keessa galchuu dhabuu dha. As irratti manneen murtii adabbii akka itti fakkaateetti murteessuu akka danda'an seeraan bakka itti hin tumaminitti daangaa xiqqaa seera yakkaatiin taa'e irraa gadi bu'uun fakkeenyaaf yakka ajjeechaa cimaa, yaalii yakka ajjeechaa cimaatiin nama balleessaa jedhame daangaa xiqqaa seeraan taa'e waggaa 10 gadi bu'uudhaan waggaa 5 fi 7 hogguu murteeffamanii fi yakkoota biros ilaalchisee bifa walfakkaatuun hanga daangaa adabbiin itti salphatu seeraan kaayameen gadi bu'uun hogguu murteessan bal'inaan kan mul'atuu dha,

- ✚ Yeroo tokko tokko adabbii ulfeessanii murteessuuf adabbii seerichaan tumamee ol adabbiin haalli itti murtaa’u jiraachuu isaa fi abbootiin seeraa daangaa adabbii gadi aanaa fi olaanaa seerichan taa’e sirriitti osoo hin xiinxalin akkuma barbaadanitti murteessuun baratama guddisaa dhufanii dha,
- ✚ Hallaan addaa adabbii salphisan hogguu jiraatan kenniinsa murtii adabbii keessatti yaada keessa galchuu dhabuu, faallaa isaa sababoota waliigalaa adabbii salphisan akka sababoota addaatti fudhachuun adabbii salphisuun haalli itti murteessan jiraachuu isaa,
- ✚ Yakkoon dachaan, firummaa qaban, fi yakkooni cimdiin hogguu raawwtaman tumaaleen seeraa murtii adabbii isaanii ittiin hojjachuu ilaalchisee tumamaman hubannoo keessa haala galcheen hojjachuu dhabuun yeroo heddu kan mul’atuu dha,
- ✚ Murtiiwwan adabbii kennaman balleessaa yakkamaan raawwate waliin kan wal hin ginne yeroo tokko tokko akkasumattii murtiin adabbii hogguun kennamus ni jira,
- ✚ Haala seeraan tumameen ala murtii balleessummaa fi adabbii daangessuu fi gama biraatiin murtii balleessummaa fi adabbii daangessuun bu’aqabeessa haallaan itti ta’an dhiisuun murtiin adabbii himatamaa irratti murteessuun akka raawwatamu gochuun kan mul’atuu dha,
- ✚ Adabbiin maallaqaa raawwachiisuuf haala seeraan tumameen ala adabbii hidhaa akka adabbii filannootti murteessuu fi himatamaan maallaqicha hoggasuma kaffaluu hin dangeenye adabbii hidhaa akka raawwatu hoggasuma ajaja kennuun kan baratamee dha,
- ✚ Adabbiin maallaqaa fi adabbiin bilisummaa dhabsiisan hogguu murtaa’u himatamaan adabbii hidhaa  $\frac{2}{3}$  faa xumure adabbii maallaqaa hin kaffale jechuun amakiroon hogguu dhoowwatamu ni mul’ata,
- ✚ Tarkaanfiiwwan of eeggannoo adabbii idileetiin ala jiran kanneen biroo hojirra oolchuun kan hin barataminii ta’uu isaa,
- ✚ Seera yakkaa fi seeronni deemsa falmii kanneen birootiin qabeenyi akka dhaalamu hogguu gaafataman bu’uura seeraatiin murtii kennuu



✚ Adabbiiwwan filannoo hidhaatiin ala jiran haala kaayyoo fig alma seera yakkaa galmaan gahuu danda'aniin fayyadamuu dhabuu,

Akka waliigalaatti yakka raawwattoonni gocha yakkaa raawwatamaniin bu'aa buufachuun firii hojii irraa fayyadamaa ta'uuf yaadani amala yakka raawwataman hubachuun ilaalchaa fi gocha isaanii kanneen jajjabeessuun osoo hin ta'in adabbii hirreessuuf tajaajilu murteessuu dhabuu fi rakkoowwanii fi qaawwaan biro akka jiran ni hubatama.

#### **4. Rakkoowwan Adeemsa Sirreessuu Murtiin Hidhamtootatiin Walqabatan**

Manneen amala sirreessaa biyya keenyaa seeraan beekumsa argatanii tajaajila kennuu gaafa jalqaban bara 1936 irraa jalqabee hanga ammaattii ergamni mana amala sirreessaa walxaxaa ta'uu isaatii fi dhaabbilee kunniin ergama isaanii galmaan gahuuf gurmaa'inaa fi gahumsa; beekumsa fi ogummaa hojjattoota isaanii ilaalchisee hawaasa ta'e mootummaan hubannoo guutuu fi sirrii ta'e akka hin qabne wabiiwwan baay'ee kaasuun ni danda'ama.

Mootummoon darban mana amala sirreessaa ilaalchisee ilaalchi tarkaanfachiisaa turan hubachuuf labsii manneen sirreessaa lakk.45/ 1936 qofa qorachun gahaa dha. Manneen amala sirreessaa haala kabaja namooma hidhamtootaa eegganiin qabamanii, dhaabbilee sirreeffamuun lammii gaarii ta'uun keessaa bahamu akka ta'anitti yaadamee kan hin hundeeffaminii fi bu'uura sanaan kan hin gurmaa'inii dha. Hidhamtoonni qabiinsa hamaaf saaxilamuun miidhaan qaamaa fi xiin-sammuu irra gahee kan keessa bahamu akka ta'e falmisiisaa miti.

Kanaan dabalata dhabbileen hanqina qaban kanaan dabalatan hidhamtoonni sababa adda addaatiin ittigaafatamaa mana amala sirreessaatii garafamaa akka turan hogguu ta'u labsiin lakk.45/1936 ittigaafatamaan mana amala sirreessaa dubartootaa fi namoota umrii 50 ol ta'an malee qaama garafuun adabuu akka danda'u tumaan aangessu ni jira.

Hojimaanni farra namoomaa ta'e kun hanga ammaatti hawaasaan akka adeemsa yakkamtoota adabuu gaarii fi barsiisaatti fudhatamuun namoonni yakkaan shakkaman, himatamanii ykn murtiin adabaman mana amala sirreessaa hogguu seenaan haala ykn qormaanni ulfaataa fi jiruuf baay'ee rakkisaa akka isaan muudatu ibsuun manneen amala sirreessaa yeroo ammaa hoteelota ta'anii jiru jechuun namoonni falman hin dhabmne.

Manneen amala sirreessaa ajaja fi murtii manneen murtiin kennaman raawwachiisuuf ittigaafatamummaa kan qaban hogguu ta'u adeemsa murtii raawwachiisuu keessatti gochootaa fi ittigaafatamummaa qaban labsii bulchiinsa manneen amala sirreessaa qofaan osoo hin ta'in seera yakkaa Itoophiyaatiin bal'inaan tarreeffamee jira.

Manneen amala sirreessaa kaayyoo fig alma tumaalee seeraa sirnaan hubachuu dhabuu irraa kan ka'e yeroo tokko tokko seerota kaayyoo bahaniifin ala hojjiirra oolchan gama tokkoon ergama nageenyaa fi tasgabbi hawaasaa eegsisuu sirnaan akka hin bahan kan godhanii fi gama kaaniin gochoota mirga hidhamtootaa sarban yeroon itti raawatan ni ni mula'ata.

Isaan kanneen walittiqabaan ilaaluuf:

- A. Manneen amala sirreessaa dubartoota dhiirota irraa gargar baasuun; namoota murtiin hidhaman isaan bellama yerootiin ykn himatamanii himannoon isaanii dhagahamaa jiruun addaan baasuun; dhimma hariiroo hawaasaatiin kan hidhaman isaan yakkaan hidhaman irraa adda baasuun tajaajila eegumsaa fi haaromsa isaanii kennuu akka qaban seerota mirga namoomaa idil-addunyaa qofa osoo hin ta'in seera yakkaa keenya jalattis tumamanii jiru. Manneen amala sirreessaa baay'een dhiphoo waan ta'aniif namoota bifa kanaan addaan baasuuf kan mijatan waan hin ta'iniif tumaalee seera yakkaa hojjiirra oolchuu dhabuuf akka sababaatti ni dhiyaatu. Dhuguma immoo maddi rakkoo kanaa rakkoo gurmaa'ina ol'aanaa manneen amala sirreessaa keenyaa akka ta'e balaaleffachuun hin danda'amu.

Kun akkuma jiruutti ta'ee hanqinni hubannoo tumaalee seeraas akka jiru hubatamu qaba. Amalli hojii isaanii hidhamtoota waliin kan walqabsiisuu fi hojjattoota mootummaa namoonni turan yakka raawwatan jedhamanii hogguu gaafataman ykn himataman ykn adabaman manneen amala sirreessaa bu'uura seera yakkaa kwt 110 (3) tiin kophaatti qabuu ykn hidhuu osoo qaban ittigaafatamummaa fi dirqama kana bahuu dhabuun mirgaa fi kabajaa namoota kanneenii baay'ee akka tuqamu qabatamaa tokko tokko kaasuun ibsuun ni danda'ama.

Seera baastuun namoonni hojjattoota mootummaa turan amallii hojii isaanii hidhamtootaan kan walqunnamsiisu kan ture yoo ta'e hogguu shakkiin qabaman, himataman fi murtiin adabaman hidhamtoota kaan irraa adda bahuun qabamuu akka qaban ifaan tumamee jira.

B. Ergamni ijoon manneen amala sirreessaa murtiiwwan manneen murtiitiin kennaman raawwachiisuu dha. Gama kanaan manneen amala sirreessaa keessattuu garaagarummaa gosoota adabbii bilisummaa daangessan manneen murtiitiin kennaman hubachuu gama murtiiwwan raawwachiisuutiin hanga ammaa rakkoo hiikuu dadhaban keessa akka jiranii fi kunis bu'aqabeessummaa sirna haqaa yakkaa laaffisuu keessatti gahee isaa taphachaa jiraachuun hubachuun ni danda'ama.

Manneen murtii gosota adabbii bilisummaa daangessan lama ni murteessu. Isaanis adabbii hidhaa salphaa fi adabbii hidhaa cimaati. Namni tokko ji'oota ykn waggoota muraasaaf adabbii hidhaa salphaatiin kan adabaman nageenyaa fi tasgabbii biyyaa fi hawaasaa irratti miidhaan dhaqabsiisan xiqqaa ta'uu ilaalu fi madaaluun akka ta'e seera yakkaa kwt. 106 jalatti kan tumame hogguu ta'u adabbii hidhaa cimaa kan murtaa'u immoo yakkamaan hawaasaa fi biyyaaf balafamaa kan ta'eef isaan adabbii hidhaa salphaan adabaman irraa haala adda ta'een qabamuu akka qabuu fi ulfaataa akka ta'e seera yakkaa kwt. 108 irraa ni hubatama.

Dabalataan adabbiin hidhaa salphaa fi cimaan tokko akka hin ta'in seerichi namni tokko yakka adabbii salphaa adabsiisuun ykn adabbii hidhaa cimaa adabsiisuun balleessaa yoo jedhame manni murtii adabbicha walitti bakka tokkotti murteessuf adabbi hidhaa salphaa waggaa tokkoo walitti ida'uun adabbii hidhaa cimaa waggaa tokkoon adabuu akka qabu seera yakkaa kwt. 184(1) ni tuma.

Tumaalee seeraa kanneen irraa akka hubatamutti seerichi adabbii hidhaa salphaa fi adabbii hidhaa cimaa jidduu garaagarummaa guddaa kan uumu hogguu ta'u eegumsaa fi haalli qabiinsaa manneen amala sirreessaas bu'uura sanaan addaan kan bahee fi bu'uura seerri ajajuun kan hin raawwanne ta'uu isaati.

C. Adabbiwwan hidhaa salphaa fi cimaan manneen murtiitiin kennaman haalli adabbii maallaqaatiin walbira itti kennaman ni muudata. Hogguu bifa kanaan murtaa'u fakkeenyaaf manni murtii hidhaa waggaa tokkoo fi qarshii kuma tokkoon yoo adabe ykn hidhaa cimaa waggaa jahaa fi qarshii kuma kudha yoo murteessan manneen amala sirreessaa murtiiwwan hidhaa raawwachiisuun yakkamaan hidhaa itti murtaa'e keessaa lama sadaffaa yoo xumuree fi amakiroon bahuuf gahumsa kan qabu yoo ta'e gaaffii isaa mana murtiitti dhiyeessuufii osoo

qaban adabbii maallaqaa yoo hin kaffalin gaaffii amakiroo siif hin dhiyeessinu jechuun keessattuu namoonni hiyyeessa ta'an hiyyeessa waan ta'aniif qofaaf adabbii itti murtaa'e gutumaan guutuun akka xumuran gochuun mirgi amakiroon bahuu isaanii hogguu sarbamu ni mul'ata.

Adabbii maallaqaa kaffalchiisuun ykn rawwachiisuun hojii manneen amala sirreessaatii miti. Haalli kaffaltii adabbii maallaqaa akkamitti raawwatamuu akka qabu seera yakkaa kwtt.94-96 jalatti ibsamee jira. Manneen amala sirreessaa kan osoo hin hubatin namoota amakiroon bahuu qaban adabbii maallaqaa osoo hin kaffalin gaaffiin keessaan mana murtiitti isiniif hin dhiyaatu jechuun namoonni amakiroon bahuu qaban daangaa seeraan hin jirreen iddoo tokko tokkootti inumaa adabbii hidhaa xumuranii adabbii maallaqaa hin kaffalle jechuun hogguun itti turanis ni jira.

As irratti sirreeffaman seeraa maalla adabbii irratti murtaa'e kaffaluuf humna osoo qabu fakkeenyaaf mana amala sirreessaa keessatti hojiiwwan galii maddisiisan irratti bobba'aa kan ture ta'ee maallaqicha kaffaluuf fedhii yoo hin qabaatin jijjiirraa amala akka hin fidiniitti ykn balleessaa raawwateetti akka hin gaabbin waan agarsiisuuf mirga amakiroon bahuu jalaa hafa taasisuu dandeessisa.

Amakiroo kan dhoorkisiisu garuu hidhamaan kun ta'e jedhee humna kaffaluu osoo qabu maallaqa adabbii irratti murtaa'e kaffaluuf diddaa qabaachuun isaa turtii isaa keessatti jijjiirama amalaa fiduu isaa irratti shakkiin akka jiru ragoonni qabatamaa fi gahaan jiraachuu qaba.

Kana malee hidhamaan tokko maallaqa adabbii kaffaluuf dandeettii yoo hin qabaati ykn hiyyeessa waanta'eef qofa mirgi amakiroon bahuu isaa daageffamuu hin qabu. Karaa kamiinuu taanaan hidhamaan adabbii hidhaa isaa xumure adabbii maallaqaa hin kaffalle jedhamee yeroo adabbii hidhaa mana murtiitiin murtaa'ee ol guyyaa tokkoofuu taanaan turuu hin qabu.

D. Manneen amala sirreessaa ajaja ykn murtiiwwan manneen murtiitiin kennaman raawwachiisuuf ittigaafatamummaa kan qaban hogguu ta'u kanaan walqabatee aangoowwan kennamaniifis ni jiru. Kunis hidhamaan adabbii hidhaa manni murtii itti murteesse keessaa harka lamma sadaffaa yoo xumuree fi amala gaarii yoo qabaate hordofuudhaan ragaa barbaachisaa walqabsiisuun gaaffii amakiroo mana murtiitiif dhiyeessuuf aangoo fi ittigaafatamummaa ni qaba.

Manneen amala sirreessaa hidhamaan tokko amakiroon akka bahu gaaffii kan gaafataan himatamaan ulaagaawwan seera yakkaa kwt. 202 jalatti tarraa'an hogguu guute ta'uun isaa ifaan kan taa'e hogguu ta'u isaa tokko tokko immoo amikiroon mirga hundumaa guchuun hundumaaf hogguu gaafatan kan mul'atu hogguu ta'u kunis seera yakkaatiin ittigaafatamummaa isaan irratti gatame sirnaan hubachuu irraa kan maddaa dha.

Dhumaratti hidhamtoonni mana amala sirreessaa maatii isaaniitti dhiyaatutti akka jijjiiraman hogguu gaafatan manneen amala sirreessaa tokko kaffaltii geejjibaa fi dirgoo jala deemaa yoo dandeessan malee adeemsa jijjiirraa hin raawwannu jechuun namoonni hiyyeessa ta'an mirga mana amala sirreessaa maatii isaanitti dhihoo jiruutti jijjiiramuu hogguu dhabsiisan ni mul'ata.

### **Guduunfaa**

Kutaa kana keessatti ilaaluuf akka yaaleetti akka waliigalaatti kaayyoo fi galmi sirna haqa yakkaa nageenyaa fi tasgabbi ummata Itoophiyaa mirkaneessuuf seerota barbaachisaa ta'an baasuu fi seeronni kunniin akka kabajaman taasisuun; jechuunis lammiileen balaafama yakkaa gageenyaa fi tasgabbii isaanii soda irraa buusu irraa bilisa ta'uun jiraatanii fi haala hojjatanii mataa isaanii danda'anii biyya isaanii guddisuu akka danda'aniif sirna tasgabbaa'aa uumuu dha. Kanaaf kaayyoo fi galmi ijoon sirna haqa yakkaa hanga danda'ameen yakki akka hin raawwatamne ittisuu dha.

Gama kanaan yakka ittisuuf tooftaawwan ittisaa adda addaa akka jiran kutaa kana jalatti kan ibsame hogguu ta'u, galma barbaadamu irra gahuuf immoo ganaa akka isaan hafu ilaallee jirraa.

Hojiin ittisa yakkaa tooftaawwan ittin raawwataman keessaa tokko yakki hogguu raawwatame yakka raawwatoota fooyanii addaan baasuun adabbii barbaachisaa akka argatan gochuunii fi sirreessuun akka ta'e ilaallee jirra. Haata'uuti kutaa kana jalatti akka ilaalleetti adeemsa qorannoo, qophii fi dhiyeessa himannoo, dhagaha falmii, adeemsa murtii adabbii itti kennamuu fi adeemsa sirreeffama ilaalchisee rakkoowwan waan jiraniif bulchiinsi haqa yakkaa kaayyoo yaadameef akka galmaan hin geenye gufuu akka ta'an tilmaamuun nama hin dhibu. Gama kanaan:

- ✚ Sababa rakkoowwan adeemsota hojii kanneenif yakka raawwattoonni dhugaa osoo hin qabamin akka miliqan kan godhu hogguu ta'u, kunis gochi yakkaa akka

fageessuu fi sirna haqa yakkaa irratti amantaa akka hin qabaanne taasisuun yakki akka babal'atu kan godhu waan ta'eef;

- ✚ Gama biraatiin namoonni qulqulluun adeemsa qorannoo fi himannaatiin akka dhama'an, yeroo tokko tokko immoo balleessaa isaanii malee yakkamtoota jechuun akka adabaman gochuun sirni haqa yakkaa kallattii isaa gadilakkisee seera kabajtootaa fi namoota qulqulluun akka saaxilaman gochuu kan danda'u;
- ✚ Adabbii gocha yakkaa waliin wal hin ginnee fi barsiisaa kan hin taane murteessuun gama tokkoon hawaasni sirna haqa yakkaa irratti amantaa akka hin qabaanne kan taasisu hogguu ta'u, gama kaaniin yakkamtoonni adabbiin irratti murtaa'u xiqqaa ta'uu isaa hubachuun gocha yakkaa irraa akka of hin qusanne kan onnachiisu waan ta'eef;
- ✚ Adeemsa sirreessuu keessattis sirreeffamtoonni gama tokkoon mirgi namoomaa isaanii akka sarbamu taasisuun yeroo adabbii isaanii xumuranii hogguu bahan lammii gaarii gochuu irra balaaleffannaa fi akka waliigalaatti sirna haqaa akka jibban gochuun raawwatoota yakkaa bilchaataa ta'an gochuun yakki akka baay'atu gochuu akka danda'u;

tilmaamuun nama hin dhibu.

Akka waliigalaatti adeemsa qorannoo, qophii fi dhiyeessa himannoo, dhagaha falmii, adeemsa murtii adabbii itti kennamuu fi adeemsa sirreeffama keessatti kallattii, kaayyoo fi galma sirni haqa yakkaa kaayeen ala haala qindoomina hin qabneen hojiiwwan raawwataman kaayyoo sirna haqa yakkaa galmaan gahuu irra gufuu ta'uudhaan hojiin hawaasaa yakka irraa eeguu danqamee akka hafu kan tasisuu fi walumaagalatti sirna haqaa balaaf kan saaxiluu dha.

Sini haqaa yakkaa kaayyoo fi galma yaadameef akka milkeessuu danda'uuf hojiin jalqabaa rakkoowwan bu'uuraa ilaalchaa fi hojimaataa addaan baasuu hogguu ta'u sirna rakkoowwan bu'uuraa ilaalchaa fi hojimaataa furmaata ittiin argatan diriirsuun immoo dhimma bu'uuraa fi kan bira hin darbamnee dha.

Gama kanaan sagantaan fooyya'iinsa sirna haqaa diriirfamee rakkoowwan bu'uuraa sirna haqaa keessa jiraniif furmaata kaayuuf socho'aa jira. Kanaanis fooyya'iinsi guddaan mul'ataa jira.

Rakkoowwan bu'uuraa sirna haqaa yakkaa keessa jiran hirrisuu fi balleessuuf kan jalqabame sagantaa fooyya'iinsa sirna haqaa rakkoowwan hirrisuu fi balleessuuf hanga raawwatamee jira kan jedhu barnoota itti aanuun fuuldura dhiyaatan keessatti kan ilaallu ta'ee kanneen sagantaan fooyya'iinsichaa qabatamaa hojiitti jijjiire keessaa:

- ✚ Kaayyoowwan bu'uuraa fi galmi bulchiinsa haqaa yakkaa akkasumas imammanni ittisa yakkaa istiraateejjiwwanii fi kallattiiwwan imaammataa gara kaayyoo fi galma kanaatti nu geessan qabate wixineeffamee qophaa'uu isaa;
- ✚ Duraan haala addaan cicciteen hojimaanni qorataa fi abbaan alangaa kopha kophaatti hojjatan, sana waan ta'eefis deddeebiinii fi wal himatiinsa isaan jidduu ture bifa hanbisuu danda'uun hojimaanni abbaan alangaa fi poolisiin waliin itti hojjatan BPR n wan diriirfameef akka duraanii dhimma hariiroo hawaasaa firii dubbii yakkaa hin qabne irratti qorannoo jalqabuun, haalli namoonni sababa gahaa malee itti hidhaman, darbiinsa yeroo fi kkf fi dhimmoota qorannoon jalqabuma irratti gaggeeffamuu hin qabne sadarkaa ol'aanaan kan hirresu hogguu ta'u qorataan hojiin isaa qorannoo qofa irratti akka hin dhaabbanne , hojiin isaa bu'aqabeessa kan ta'u dhuma irratti adeemsa himannootiinis himatamaan balleessaa jedhamuutti ragaa dhiyeessuu fi hubachiisuun deeggaruu akka qabu jijjiirama ilaalchaa akka fidu kan godhuu ha;
- ✚ Akkaataan itti jalqaba hojiiwwan qorannoo keenya odeeffannoo eeru kennaan kennu qofa bu'uureffachuun ala haala hojiiwwan dur-odeeffannoon itti sassaabamu hojjachuuf dandeessisuun bifa dhaabbatuma qabachaa dhufuu isaa;
- ✚ Yakkoota sasalphoo fi harkaa fi harkattii sirna daddaffiin murtii kennuu(real time dispatch) hojiirra oolchuun yeroo dheeraaf hidda gadi kan fageeffate rakkoo kuufama galmee balleessaa jiraachuu;
- ✚ Ragaan yoo jiraate yeroo hundumaa himanni dhiyaachuu qaba kan jedhu hojimaata duraaniitiin haala adda ta'een hojimaata himanni hogguu dhiyatu faaydaa ummataa jiddugaleessa godhachuu akka qabu diriirsuun hojiirra oolchuun manneen murtii keenya dhimmoota bu'uuraa fi dursi kennamuufii qabu irratti akka xiyyeeffatan yakkoota ulfaataa ta;anii dursa kennuun hojimaanni si'oominaan haqa kennuu dandeessisu diriirfamuun isaa;

- ✚ Dandeettiin balleessummaa taasisuuf madaalliin daangaan dhuma waan taa'eef abbaan alangaa jalqabuma irraa of eeggannoon akka hojjatu waan godhuuf;
- ✚ Gaayidlaayinii akkaataan murtiin adabbii itti kennamuu aangoon baasuu mana murtii waliigala federaalaatiif kennamuunii fi gama kanaanis qophiin gaayidlaayinii kanaa jiraachuun isaa;
- ✚ Beekumsaa fi ogummaa qorattoota poolisii, abbootii alangaa, hojjattoota mana amala sirreessaa fi abbootii seeraa haala itti fufiinsa qabuun guddisuuf leenjiiwwanii fi hojjiwwan ijaarsa dandeetti haala dhaabbii fi ittifufiinsa qabuun qaawwaa jiru duuchuu irratti xiyyeeffatan kennamuu fi hojjatamuu jalqabuun isaanii;

rakkoowwan sirna haqaa yakkaa yeroo dheeraaf hidda gadifageeffatan balleessuuf ykn sadarkaa ol'aanaan hirrisuuf hiikkoon guddaan kennamuufii akka danda'u tilmaamuun nma hin dhibu.

### **Gaaffilee Marii**

1. Sirni haqaa yakkaa keenya sirna heeraa eegsisuu fi kabachiisuuf ciminaa fi dadhabiiwwan qabu maalfaa jettanii tilmaamtu?
2. Sirna bulchiinsa haqaa yakkaa keessatti sirnoota Inkuzitooriyaalii fi Advarsariyaal keessaa isa kamitu kan caaluu fi bu'a qabeessa jettanii tilmaamtu? Gama kanaan bulchiinsa haqaa yakkaa biyya keenyaa keessatti ciminaa fi dadhabiiwwan adeemsa dhagaha dhimma yakkaa irratti mari'adhaa.
3. Murtiin dhaddacha ijibbaataa akka seeraatti manneen murtii jalaa irratti raawwatiinsa akka qaban ni beekkama. Kana ta'uu isaatiin biyya keenyatti rakkoowwan akkamittu furama? Mataa isaatiin rakkoowwanii fi dadhabiiwwan akkamii qabaata?
4. Balleessaa seera yakkaatiin yakka ta'e irratti ragaan gahaan jiraatus himannoon kan dhiyaatu gama faaydaa ummataatiin faaydaan qabu ilaallameeti malee ragaan gahaan waan argameef qofa himannoon dhiyaatu hin qabu yaada jedhu faaydaa inni qabuu fi miidhaa dhaqabsiisuu danda'u irratti mari'adhaa. Akksumas sirnaa fi hojimaata miidhaa itti hafuu danda'u maal ta'uu akka qabu irratti mari'adhaa.



5. Yakki tokko raawwatamuu isaatiif ragaan gahaan jiraatus, abbaan alangaa himatamaan ittisa seeraa qabaachuu isaa beeku ykn hubate himannoo hundeessuu qaba moo? Galmee cufuu qaba? Irratti mari'adhaa.
6. Manni amala sirreessaa mana hoteelaa ta'eera jechuun falmiin ka'u akkuma jiru , manni amala sirreessaa mana hacuuccaa ta'uu hin qabu jechuun falmiin dhiyaatu ni jira. Irratti mari'adhaa.

## **5. Dhaabbilee Eegumsa Mirgoota Namoomaa**

### **5.1. Seena Dhufaatii Dhaabbilee Mirga Namoomaa Biyyoolessaa**

Yeroo ilmi namaa kabajamiinsa mirga isaatiif bifa qindoomina qabuun ykn dhuunfaadhaan gaaffii kaasuu fi sosso'uu jalqabe sirriitti caqasuun nama dhibus loogummaa fi hacuuccaa diduunii fi carraa argame hundattuu garakuteenyaan qabsaa'uun uumamaa fi amala ilma namaatiin kan walqabatee fi addaan bahee ilaallamuu kan hin dandeenyee dha jechuun ni danda'ama.

Keessaattuu sochiiwwan akkanaa bifa qabatani qaamolee hojii eegumsa mirga namoomaa irratti kallattiidhaan bobba'an muuduudhaan Awurooppaan keessattuu biyyoonni Iskaandineeviyaa isaan adda dureedhaan caqafamanii dha. Fakkeenyaaf bara 1909 kanni Abbaa Gaara Fiinlaand angaffummaan isaan caqafaman keessaati.

Seenaadhaan hundeeffamne dhaabbilee kanneenii yeroo dheeraa kan laakkofsiise ta'ullee dhimmoota eegumsa mirga namoomaa dhuunfaadhaan akka dhimma hajaa biyya keessatti ilaalamuu bira darbanii sadarkaa qabiyyee idi-addunyummaa kan gahan seenaa ilmaan namaa keessattii lubbuun namoota baay'ee kan itti dhume, qabeenyi baay'een kan itti manca'ee fi sarbamiinsi mirgaa haala suukkaneessaa ta'een kan itti raawwataman waraana addunyaa lammaffaa booda keessattuu hundeeffama dhaabbata mootummoota gamtoomanii booda jechuun ni danda'ama.

Kunis kan ibsamu chaartarii hundeeffama dhaabbatichaa keessatti barbaachisummaan mirga namoomaa fi kaayyoo dhaabbatichi hundeeffamees keessaa mirgi namoomaa isa tokkoo fi isa murteessaa akka ta'e ifaa tumamuu ol dhimma kana ol 'aantummaan boodarra immoo abummaadhan dhaabbilee qajeelchan gurmaa'ina dhaabbatichaa keessatti akka hundeeffaman gochuun kan jalqabu ta'ee adeemsa sadarkaa biyyoolessaatti dhaabbilee eegumsa mirga namoomaa hundeessuu fi qajeelfamoota

gurmaa'inaa fi hojimaata akka bahanii fi akka ciman gargaarsa maateeriyaalii fi teekniikaa gochoonni hammataman raawwatamuu isaaniiti.




As irratti wanti beekkamuu qabu dhaabbileen mirga namoomaa biyyoolessaa beekumtii idil-addunyaa kan argatan dhiheenya kana bara 1990 ta jalqaba booda jechuun ni danda'ama. Bara 1991 dhabbanni mootummoota gamtoomanii gurmaa'ina dhaabbileen mirga namoomaa biyyoolessaa ilaalchisee workishooppii kan qopheesse hogguu ta'u kunis kan xumurame qajeeltoowwan dhaabbileen kunniin qajeelfamaniin boodarra koomishiinii mirga namoomaa dhaabbata mootummoota gamtoomanii fi walgahii waliigalaa dhaabbatichaatiin raggasisuudhaani.

Qajeeltoowwan kunniin qajeeltoowwan Paaris (Paris principles) jechuun kan beekkaman hogguu ta'u seenaa guddina mirga namoomaa keessatti iddoon guddaan kan kennamuuf fi gurmaa'ina dhaabbileen mirga namoomaa biyyoolessaatiif akka qajeelfamaatti tajaajilaa jiru.

Bahiinsi qajeeltoowwan idil-addunyaa kanniin yoo xiqqaate dhabbileen mirga namoomaa biyyoolessaa biyyoota hunda keessatti gurmaa'an yoo xiqqaate ulaagaawwan maal maal hordofuun yoo gurmaa'an gaarii ta'a kan jedhuu akeeka kan kennu hogguu ta'u dhabbileen mirga namoomaa biyyoolessaa biyyoota hunda keessatti argaman moodeela gosa tokko gochuu hin dandeenye, gochuunis barbaachisaa ta'ee hin argamne.

### **1. Gurmaa'in Dhaabbilee Kanneenii**

Gurmaa'inni dhaabbilee kanneenii biyya tokko irraa biyya kaanitti adda addummaa kan qabuu dha. Isaan kanneen keessaa isaan ijoon:

-  Sirna Qaama Tokkee /Single organ system/
-  Sirna Qaama Dachaa/Dual organ system/
-  Sirna Qaama Hedduu/Multi organ system/

Sirna Qaama tokko kan jedhamu qaamolee lameen keessaa tokko jechuun dhimmoota sarbama mirga namoomaa ilaallatan kan hordofuu fi iyyannoon yoo dhiyaate kan qoratu komishiina mirga namoomaa ykn aangoo bal'aa kan qabuu fi iyyannoowwan lammiiwwan irraa dhiyaatu hundumaa ofitti fuudhuun keessummeessuuf aangoo waliigalaa kan qabu dhaabbata abbaa gaar gurmeessuu jechuu dha.

Sirna Qaama Dachaa/Dual organ system/ jechuun biyya tokko keessatti sirna dhaabbileen lameenuu komishiina mirga namoomaa fi dhaabbata abbaa gaar hundeeffamuun hojjatanii dha.

Sirna Qaama Hedduu jechuun sirna dhaabbileen abbaa gaar adda addaa ykn hedduu fi koomishiinota mirga namoomaa adda addaa hundeeffamanii bu'uura aangoo qoodamee kennameefiin itti socho'anii dha.

Biyyoota tokko tokko keessatti dhaabbilee lameeniin ala kan ta'anii fi aangoo baay'ee muraasa qofa kan qabanii dha. Fakkeenyaaf biyya Neezarlaand aangoo bal'a kan qabu dhaabbanni abbaa gaar osoo jiru Koomishiiniin walqixxummaa ykn Commission for Equal Treatment (commissie qelijke behandeling), loogii (discrimination) bu'uureffachuun cabiinsa mirgaa raawwataman ilaalu qaama aangoo muraasa qabu haalli itti hundeeffamus ni jira.

Mootummaaleen naannoolee Neezarlaand dhaabbilee dhaabbata Abbaa Gaar fakkaatan ni qabu. Garuu Neezarlaandiitti dhaabbanni biyyoolessaa fi cimaan abbaa gaar waan jiruuf sirna qaama dachaa/Dual organ system/ ykn sirna qaama hedduu/Multi organ system/ keessatti ramaduun nama dhiba.

Dhaabbata Abbaa Gaar Siwiidiin hogguu ilaallu sirna qaama dachaa/Dual organ system) keessatti kan ramadamuu fi gurmaa'ina abbaa gaar heddu kan hordofuu dha.

## **2. Qaamolee Haqaa Biroo Irratti Dabalataan Barbachisummaa Dhaabbilee Mirga Namoomaa Biyyoolessaa**

Walqunnamtii fi wal irra bu'iinsa aangoo dhaabbileen kunniin dhaabbilee isaan kaan waliin qaban bal'inaan booddee kan ilaallu ta'ee akka waliigalaatti aangoon isaanii keessattuu aangoo mana murtii irraa garaagarummaa ni qaba. Akkuma beekamu dhimmoonni mana murtiitiin ilaallaman dhimmoota murtiidhaan murtaa'uu danda'anii fi seeraan kan daangeffamanii dha.

Dhimmoonni dhaabbilee mirga namoomaatiin ilaallaman immoo kan caalaa kan bal'atuu fi barmaatileen dhimmoota bulchiinsaa jechuun isaan waamamanis ni dabalata. Seera qofaan kan daangeffaman osoo hin ta'in yeroo tokko tokko sana keessaallee bahuudhaandambiilee fi hojimaata barmaatilee irraa maddanis kan hammatuu fi akka waliigalaatti bulchiinsa gaarii waliin dhimmoota walqabatan kan ilaallatuu dha.

Kana ta'ee sana dhimmoonni dhaabbileef dhiyaatan seera kan bu'uureffatan ta'uu dhabuu waan danda'aniif biyyoota baay'eetti namni gara dhaabbilee kanneen dhufu tokko dhimma isaa jalqaba mana murtiitti dhiyeeffatee manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin dura ilaallamu qaba wanti jedhu hin jiru.

Akka tasaa dhimmoonni dhaabbilee kanneeniin ilaallamuu hin dandeenyee fi mana murtii qofaan ilaallamu qaban ilaalchisee lammii iyyannoo dhiyeeffatu gara mana murtii aangoo qabuutti qajeelchuu fi adeemsa biyyoota tokko tokkootti lammiin adeemsa walxaxaaf (Procedural complexities) akka hin saaxilamne dhaabbileen kunniin aangoo gorsuu hanga gargaaruutti ni qabu.

Walittidhufeenya mana murtii wajjiin isaan qaban kan biraa karaa ittiin ibsamu keessaa dhaabbanni abbaa gaar ta'e komishiiniin mirga namoomaa dhimma mana murtiitiin ilaallamaa jiru ilaaluuf aangoo hin qaban. Kana jechuun qaamooleen lameenuu ol'iyyannoo dhagahuun murtii mana murtii haalli itti diiganii fi murtii mana murtiitiin faallaa ta'e haalli itti kennan hin jiru.

Biyyoota tokko tokko keessatti murtiiwwan dhaabbanni abbaa gaarii fi komishiinni mirga namoomaa kennan dirqisiisaa ta'uu baatanis murtii isaanii raawwachiisuuf gara manneen murtii idilee akka qajeelchan manneen murtiis haala itti fuudhuun keessummeessan akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama. Isaan biraa keessaatti dirqamni seeraa hogguu isaan muuddatu manni murtii murtii dirqisaa akka itti kennu haalli itti qajeelchanis ni jira (Austria).

Akka waliigalatti dhimmi mana murtii dhaabbilee kanaan kan hin qoratamne ta'us dhimmoonni dhimma abbaaserummaa ijoo waliin wal hinqabanne dhimmoonni adeemsa fi bulchiinsaa (Procedural and administrative) qoratamuu ni danda'u.

Fakkeenyaaf isa dhimmoonni murtii osoo hin argatin yeroo baay'eef harkifataa turan, amalaa fi hojimaata hojjattoota manneen murtiin hin barbaachifne, dhimmoota malaammaltummaa abbootii seeraa ta'ee hojjattoota biroo fi kkf as keessatti hammatamu.

### **3. Aangoo fi Gahee Hojii Dhaabbilee Mirga Namoomaa Biyyoolessaa**

Labsiilee dhaabbilee kanneen hundeessuuf biyya keenyatti bahanii fi muuxannoo biyyoota biro keessatti mul'atu iraa aangoo dhaabbilee kanneen iddoo ijoo lamaa fi iddoo

xixiqqoo afuriitti qooduun ilaaluun ni danda'am.Hojiiwwan ijoon mirga namoomaa babal'isuu (dagaagsuu fi eeguu) fi ittisuu dha.

Hojii isaanii yeroo baay'ee maqaa isaanii irraa dhaabbilee babal'isuu fi eegumsa mirga namoomaa National Institution for the promotion and protection of Human Rights kan jedhu irraa hubachuun ni danda'ama.Hojiiwwan ijoo kanneen jalatti kan hammataman hojiiwwan tarreeffamaa akka itti aanutti ilaalla:

### **1. Hojii Hubannoo Cimsuu Fi Mirga Namoomaa Barsiisuu**

Seerota baasuu fi dhaabbilee seerota kanneen hojiirra oolchuu danda'an hundeessuun qofti mirga namoomaa gutumaa guutuutti mirkaneessuu nama hin dandeessisu. Inummaayyuu sarbamiinsa mirga baay'een kan uumamu maalummaa mirga namoomaa fi qaamolee mootummaa kabajamiinsa mirgoota kanneeniitiif gahee qaban addaan baasanii beekuu dhabuu irraa kan maddanii dha.

Hojii hubannoo cimsuu fi mirga namoomaa barsiisuu waa'ee mirga namoomaa odrrffannoo kennoo fi beeksisuuf gargaara.Ilaalchaa fi soonaa mirga namoomaa kabajuu fi kabaachiisuu hawaasa keessatti akka umamuu fi akka gabbatu taasisa.

Akkasumas hojiiwwan ittisa cabiinsa mirga namoomaa jajjabeessuuf gargara.Kaayyoo kana raawwachiisuuf tooftaawwan dhaabbileen kunniin itti fayyadaman akkuma biyyaatti garaagara ta'us isaan ijoo akka armaan gadiitti ilaalla.

### **2. Sanadoota Odeeffannoo fi Barnootaa Sassaabuu, Qindeessuu fi Raabsuu**

Aangoo fi gaheen dhaabbilee kanaa sanadoota mirga namoomaa sadarkaa idil-addunyaatti bahanii hojiirra oolan keessattuu kan biyya keenyaan raggaasifame afaan adda addaatti hiikuudhaan raabsuun walqabata.Labsii hundeeffama koomishiinii lakk. 210/92 kwt.6/8 ilaaluun ni danda'ama.Adeemsi kun immoo dhaabbilee kanneen mirga namoomaa ilaalchisee madda beekumsaa fi odeeffannoo ta'uun gara tajaajiluutti kan deemsisuu dha.

Sanadoonni kunniin sanadoota waliigalteewwan mirga namoomaa sadarkaa idil-addunyaa irratti taasifaman qofa osoo hin ta'in dhaabbileen kunniin hojii idilee isaanii hogguu hojjatan kan isaan muudatee fi mirga namoomaa ilaalchisee odeeffannowwan adda addaa kan hammatanis ni ilaallata.

Adeemsa hojii isaanii keessatti raawwii hojii isaanii ilaalchisee gabaasaa fi riipoortiiwwan isaan baasa, barruuleen, biroosharoonni akka madda odeeffannoo fi barnootaatti ni tajaajilu. Isaan kunniin akkuma haala isaaniitti mirga namooma waliigalaa fi mirgoota namoomaa addaa ilaallachuu ni danda'a.

Mirga namoomaa gabbisuun sanadoota sassaabuu qofaan kan dhaabbatuu miti. Sanadoonni sassaabaman eenyuuf raabsamuu qabu? Akkamitti raabsamuu qabu? Gaaffiiwwan jedhan deebii argachuu qabu. Kutaawwan raabsamuufis akkuma haala isaa bal'inaan hawaasa hundumaa ykn kutaa hawaasaa tokkoof irratti kan xiyyeeffate ta'uu danda'a.

Gurmaa'innii fi qophiin sanadootaa, akkasumas gosaa fi hanga afaan ittiin qophaa'uu kutaa hawaasaa tajaajilli kennamuuf yaada keessa kan galche ta'uu qaba. Tooftaan ittiin raabsamus kutaa hawaasicha sanadichatti fayyadamuun kan murtaa'u ta'ee sanadoonni bal'inaan akka raabsaman barbaadamu manneen barumsaa, manneen kitaabaa, waajjiraalee mootummaa fi karaa gurmaa'ina hawaasaa adda addaatiin raabsuun kan danda'amu hogguu ta'u bu'aa qorannoo kan ta'an immoo bakka bu'oota kutaa hawaasaa qorannichi ilaallatuu ykn wajjiraalee ministeerota dhimmichi ilaallatuun ta'uu danda'a.

### **3. Hojiiwwan Mirgoota Namoomaa Gabbisuu Qindeessuu Fi Bu'uura Sanaan Kutaa Hawaasaa Tarkaanfii Fudhatan Jajjabeessuu**

Qaamolee hojii mirgoota namoomaa beeksisuu irratti bobba'an qindeessuudhaan tarkaanfiiwwan isaan fudhatan jajjabeessuun dhaabbileen kunniin dirqama mirga namoomaa bal'inaan beeksisuu gumaachuu ni danda'u.

Kunis hawaasuma keessatti kan argaman gurmaa'ina ummataa adda addaa fayyadamuun raawwachuun waan danda'amuuf kaayyoo kana tajaajiluu ni danda'amu jedhaman gurmaa'innoota ummataa fi qaamolee biro tilmaamaman addaan baasanii beekuun barbaachisaadha.

### **4. Miidiyaa Waliin Atoomuudhaan Hojjachuu**

Biyyoota baay'eetti yaadota maddisiisuu ta'e tamsaasuun miidiyaan gahee ol'aanaa waan qabuuf mirgoota namoomaa beeksisuu fi gabbisuuf fayyadamuun faaydaa ol'aanaa qaba

.Keessattuu dhaabbileen kunniin pireessii bilisaa waliin akkamitti akka hojjatan istiraateejii wixineessuun mata dureewwan addaan baasuun barbaachisaa dha.

Kunis dhaabbileen kunniin seeraan hundeeffamuu isaanii, gahee hojii fi aangoo isaanii, dirqamaa fi mirga hawaasaa fi hawaasni akkamitti isaanitti akka fayyadamu beekumsa waliigalaa mirga namoomaa irraa kaasee dhaabbileen kunniin hojii guyya guyyaan hojjatan ilaalchisee ibsootaa fi ripoortoota raabsuudhaan beeksisuu fi barsiisuu kan hammatuu dha.

#### **5. Jireenya, Gahee Hojii fi Aangoo Dhaabbilee Kanneenii Hawaasa Beeksisuu**

Dhaabbileen kunniin ittigaafatamummaa ol'aanaa seeraan isaan irratti gatame sirnaan akka bahan hawaasani jiraachuu ykn hundeeffamuu, aangoo fi gahee hojii isaanii gadifageenyaan beekuu qaba. Kanaaf of beeksisuun istiraateejiiwwan dhaabbilee kanneenii keessaa isa tokkoo fi isa murteessaa dha.

Kunis qaamoleen biraa hojii idilee isaanii hogguu hojjatan hojii dhaabbilee kanneenii fi kaayyoo isaanii tajaajilamtoota isaanitti beeksisuu akka hojjatan walittidhufeenya cimaa uumuu qabu.

Qaamoleen mootummaa gama kanaan shoora ol'aanaa kan qaban ta'us eegumsa mirga namoomaa fi dhimmoota walqabatan irratti kan bobba'an dhaabbilee miti mootummaa fi idil-addunyaa waliin walittidhufeenya cimaa uumuus akka istiraateejii isa biraatti itti fayyadamuun barbaachisaa dha. Kanas ta'ee san shoorri ol'aanaan kanuma dhaabbilee kanneen akka ta'e hubatamuu qaba.

#### **6. Barnootaa fi Leenjii**

Dhaabbileen eegumsa mirga namoomaa biyyoolessaa kutaa hawaasaa garaagara waa'ee mirga namoomaa barsiisuu ilaalchisee karaawwan shoora isaanii ittiin taphatan keessaa tokko beekumsa waliigalaa mirga namoomaa ilaalchisee qaban leenjii gara hojii qabataamaatti jijjiiruu dandeessisu ogeessota dhimmi ilaallatuuf kennuu dha.

Gama kanaan ogeessota bulchiinsa haqaa keessatti shoora qaban kan akka abukaattootaa, abbootii seeraa fi abbootii alangaa; qaamolee seera raawwachiisan keessattuu poolisoota, poolisoota mana sirreessaa fi qaamolee nageenyaa, hoji raawwachiiftuuf paarlaamaa ykn seera baaftuu; kanneen biraa kan akka hojjattoota dhimma hawaasummaa, miseensoota

humna ittisaa, miidiyaa, dhaabbilee miti-mootummaa, barsiistootaa fi leenjistoota isaanii, abbootii gosaa fi kkf caqasuun ni danda'ama.

Leenjiiwwan akkanaa hogguu kennaman kutaawwan fayyadamaa ta'uu danda'anii fi kallattiidhaan dhimmi ilaallatu addaan basuun; rakkoowwan fayyadamtootaa haala furuu danda'uun ofeeggannoon sagantaa baasuun barbaachisaa dha.

Gama biraatiin leenjistoota ogummaa fi beekumsa eegumsa mirga namoomaa irratti muuxannoo fi gahumsa amansiisaa qaban galmeessuun ramaduu, leenjifamtoon gahumsa leenjistummaa akka gabsitan gochuun haala bu'aa leenjichaa gara sadarkaa ol'aanaatti itti guddatu yaaduu, leenjichi gama tilmaama hirmaattotaa fi dhaabbatichaatiin milkaa'uu fi milkaa'uu dhabuu isaa gamaagamuun qabxiilee bu'uura xiyyeeffannoon kennamuufii qabuu dha.

#### **7. Seemiinaarota**

Seemiinaarri haala leenjiin adda ta'een waa'ee barumsaa fi beekumsa mirga namoomaa bal'aa kana ilaalchisee ogeessonni yaadaa muuxannoo kan itti waljijjiiranii dha.

Adeemsi isaa kooleejaawwaa ta'ee haalaa fi adeemsa walitti dhufeenya barataa fi barsiisaa ta'ee mirga namoomaa ilaalchisee qabxiilee falmisiisaa fi mariisaa ta'an filachuun ogeessota filatamaniin yaadni ka'uumsaa kennamee hayyootaa fi namoonni murteessaa ta'an akka irratti mari'atanii fi yaada waljijjiiran gochuun hubannoo fooyya'aa uumuu waan ta'eef dhaabbileenis kan akka tooftaa tokkootti akka itti fayyadaman ni gorfamu.

#### **8. Sagantaawwan Barnootaa**

Hawaasa miga namoomaa kabajuu fi kabachiisuu aadaa godhate uumuuf manneen barnootaa akka meeshaatti fayyadamuun dhaloota sadarkaa mana barnoota keessa jiru irratti hojjachuun kanuma irraa jalqabuun filanno filannoowwan biroo caalee dha.

Kanaaf barnoonni mirga namoomaa manneen barnootaatti idileedhaan sadarkaa hundarrattuu akka kennamu taasisuun dabalataanis qaawwota jiran addaan baasuun kaarikulamii qopheessuun qaawwota jiran guutuu kan hammatuu dha.

#### **9. Dhimmoota Mirga Namoomaa Irratti Mootummaa Gorsuu Fi Gargaaruu**



Biyyoota baay'ee keessatti dhaabbileen meegumsa mirga namoomaa kunniin qaamolee mootummaa sadeenuu dhimmoota mirga namoomaa irratti gargaaruun kan baratamee dha. Kunis akkuma haala isaattii qaama dhimmi ilaaluun yoo gaafatame yookiin kaka'uumsa mataa isaatiin ta'uu ni danda'a.

Lamaan keessaa tokkoon ykn lameeniinuu fayyadamuun ka'umsi gorsa barbaachisummaa kennuu kun aangoo seerota isaan hundeessan jalatti kennameefii dha. Kanaafis imaammata ifaa qabaachuu qabu.

Qaamoleen gorsi kennamuufis ilaalcha qajeelaatiin gorsa kennameef fudhachuun sirreessuuf fedhii fi qophii qabaachuu dirqama akka qaban beekkamuu qaba. Hojiirra ooluu dhabuun yaadotaa fi gorsoota dhaabbilee kanneeniin kennamanii shoora dhaabbilee kanneenii laafisaa waan deemuuf biyyoonni baay'een kan ilaalchisee seerota dirqisiisoo ni baasu.

Hojimaanni ittigaafatamummaan gorsaa fi gargaarsaa ittiin ibsamu keessaa seerota hojiirra jiran akka fooyya'an seeronni haaraan akka bahan qaama ilaallatu yaadachiisuu bira darbee hanga seerota wixineessuu ykn filannoowwan dhiyeessuu deemu danda'a.

Sababni ittigaafatamummaa kana bahuun barbaachisaa akka ta'e itti amanamuuf dhaabbileen kunniin hojiiwwan idilee isaanii jechuunis qorannoo, ummata mari'achiisu fi iyyata dhagahuu hogguu raawwatan cabiinsi mirgaa qaawwaa seeronni qaban irraa kan maddan akka ta'e adda baasuuf ni gargaara. Hojiin gorsaa kun qaamolee dhimmi ilaalu imaammataa fi bulchiinsa hanga jijjiiranitti kan deemsisuu dha.

Hojii haqaa mootummaatii gorsa kennuun jchuun adeemsa hojii haqaa jechuunis mana murtii ifaa fi bilisa ta'eef loogii hin qabneen seeramuu, murtiin dura akka qulqulluutti lakkaa'amuu, mirga daddafiidhaan haqa argachuu, gargaarsa seeraa argachuu, wabiidhaan manahidhaatiin alaa falmachuu, hiiktuu afaanii argachuu fi dhimma ofii ol'iyannoon mana murtii ol'aanutti dhiyeffachuu mirkanaa'uu isaanii hordofuudhaan mirga yaada kennuu biyyoonni dhaabbilee kanneenii kennan salphaa miti.

### **10. Sarbamiinsa Mirga Namoomaa Ilaalchisee Iyvannoo Dhiyaatu Qorachuu**

Ittigaafatamummaan kun ittigaafatamummaa dhaabbilee babal'inaa fi eegumsa mirga namoomaa qaban keessaa isa ijoo dha. Aaangoon kun gama tokkoon ergama namoota mirgi isaanii cabeeffurmaata kennuun cabiinsa mirgaa ittisuu kan qabu hogguu ta'u

gama kaaniin garakuteenyummaa mootummaan mirga namoomaa kabajuuf qabu kan ibsuu dha.

Sadarkaa biyyoolessaatti kabajamiinsa mirga namoomaa mirkaneessuuf manneen murtii adda dureedhaan kan caqafaman hogguu ta'u dhaabbileen kunniin hojiiwwan qaawwa duuchuu hojjachuutu irraa eeggama.

Akka qaawwa duuchituutti kan fudhatamaniif manneen murtii ykn qaamolee haqaa kanneen biroo akka bakka bu'aniif osoo hin ta'in sababa hojii isaaniitiin muuxannoon mirga namoomaa irratti horatan irraa ka'uudhaan namoota mirgi jalaa sarbameef meeshaa kabajamiinsa mirga isaanii dansaa ta'uu waan danda'aniif.

Haala manneen murtiitiin adda ta'een baasii xiqqaa fi adeemsa salphaa (flexible) hodofuun dhimmoota dhiyaataniif yeroo gabaabaa keessatti kennuun isaaniitiis dhaqabamoo (accessible) isaan godhama jedhamee tilmaamama.

Gosni dhimmoota qoratanii fi daangaan isaan irratti gatamu akkuma biyyootaattii garaagarummaa kan qaban hogguu ta'u dhaabbileen eegumsa mirga namoomaa seerota biyyoota baay'ee keessatti mirgoota waliigalteewwan idil-addunyaa biyyootaan raggaasifamanii I mirgoota seera muummee isaanii keessatti hammataman ilaalchisee iyyannoowwan sarbama mirgaa dhiyaatan qorachuu aangoo guutuu ni qabu.

Dhaabbileen kunniin daangaa aangoo isaaniitiin ala jechuun dhimmoonni dhoorkaman dhimmoota qaamolee aangoo qabuun ilaallamuu jalqaban fi kkf kan hammatuu dha.

Dhaabbileen akka abbaa gaar hanqina bulchiinsa gaarii abbootii taayitaa fi hojii raawwachiiftuun raawwatamu malee sarbamiinsa mirgaa dhaabbilee biraatii fi namoota dhuunfaatiin rawwataman akka hin ilaalle taasifamu.

Kana irraa akka hubatamutti dhaabbileen kunniin kan hundeeffaman hojiiwwan qaamolee heeraa fi seeraan dursanii hundeeffaman irraa akka fudhatani fi isaan wajjiin akka morkatan osoo hin ta'in hojiimataan ta'e qaawwa seeraatiin hojiiwwan qaamolee kanneeniin hin haguuggamne haguuguuf ykn guutuudhaaf.

Dhabbiilee kanneeniitti iyyannoowwan mirgi kiyya cabee jira jechuun dhiyaatan nama miidhaa irra gaheen ykn bakka bu'aa isaatiin ykn garee sadaffaa na ilallata ykn na galcha jedhuun dhiyachuu ni danda'a. Kunis akkuma haala isaatti dhuunfaadhaan ykn gareedhaan ta'uu ni danda'a.

Iyyannoowwan dhiyaatan afaan iyyataatiin ta'ee gara afaan barbaadamutti komiishiinichaan hiikkamuu ni danda'u. As irratti wanti beekkamuu qabu iyyannoowwan dhiyaatan hundinuu fudhatama argatanii qorannoo irratti ni gaggeeffama jechuu miti.

Sababoota oliitti caqafamaniif jechuun aangoo dhaabbilee kanneenii jalatti waan hin kufneef; namni mirgi isaa sarbame kan hin beekkamne yoo ta'e; bu'uura kan hin qabne; darbiinsa yeroo seeraan kaayameen kan daangeffaman; fi iyyannoowwan kkf jalqabumaayyuu dhaabbilee kanneeniin fudhatama kan hin qabnee dha.

Sadarkaa qulqulleessuu jalqabaa dhaabbilee kanneenii iyyannoowwan darbanii fudhatama argatan ilaallamanii murtii kan argatan hogguu ta'u adeemsa kenniinsa murtii keessatti tarkaanfiin inni jalqabaa abbootii dhimma lameen walittifiduun walhabbiisaa isaanii waliigalteen hiikuu dha.

Kunis dhaabbileen kunniin akka manneen murtii murtii dirqisiisaa kan kennan osoo hin ta'in sirna filannoo walhabbiwwan itti hiikkaman keessaa shoora qaban irraa kan madduu dha. Hojiin waliigalchiisuun walhabbiwwan furuu dhaabbilee kanneenii galma kan gahu abbootiin dhimma waliigaluuf fedhii yoo qabaatan qofa akka ta'e hubatamuu qaba.

Abbootiin dhimma dhimma isaanii waliigalteedhaan fixuuf fedhii yoo hin qabaatin ykn fedhii qabaatanii waliigaluu yoo dadhaban dhaabbileen kunniin dhimmicha qorannoon gara qulqulleessuutti ceeha jechuu dha. Qorannoo jechuun mirgi namoomaa sarbamuu ykn gochi seeraan alaa raawwatamuu fi yoo raawwatame immoo eenyuun akka raawwatame adda baasuu dha.

Dhaabbileen kunniin hojii qorannoo isaanii sirnaan akka raawwatan iyyannoon dhiyaatu bu'uura kan qabuu fi isa kanaafis ittigaafatamaan eenyu kan jedhu murteessuuf aangoo qabaachuu qabu.

Kana jechuun qaama iyyannoon irratti dhiyaate deebii akka kennu taasisuu; dhimmicha qulqulleessuuf ragaa ykn sanadoota barbaachisaa ta'an dhiyeessisuun ilaaluu ykn akka dhiyeessan dirqisiisuun; gareewwan falmii lameen hogguu barbaadaman akka dhiyaatan ajajuu; nama dhimmicha ilaalchisee beekumsa gahaa ni qaba jedhamee amanamu qorataa biratti dhiyaatee waan beeku akka hubachiisuu fi hojiiwwan kanneen raawwachuuf barbaachisaa gochoota ta'an aangoo raawwachuu kan hammatuu fi kunis seeraan

mirkanaa'uufii qaba.Hojii kana hogguu raawwatan qajeelfama hojii qorannoo qabaachuu fi ittiin qajeelfamuu qabu.

Iyyannoowwan sarbamiinsa mirgaa ilaalchisee dhiyaatan akkaataa itti qoratan hangana yoo ilaaltee qorannoon booda tarkaanfiin fudhatamu ykn furmaanni kennamu maali?gaaffii jedhu ilaaluun faaydaa qaba.Gama kanaan aangoon seeraan dhabbiileen kunniin qaban akkuma haala biyyootaatti garaagarummaa guddaa kan qaban hogguu ta'u kanneen keessaa inni ijooon yaada furmaataa (recommendation)kennuu dha.

Yaadni kunis akkuma haala isaattii qaama mootummaa dhimmi ilaallatu ykn qaamni biroo kan qoratamee fi sarbamiinsa mirgaa walfakkaataa ittisuuf ykn miidhaa hirrisuuf ykn sirreessuu tarkaanfiiwwan dandessisan akka fudhatan jijjiirraa hojimaataa fi adeemsaa ykn murtiiwwan irra deebi'anii akka ilaalan; ykn badii raawwatameef kan miidhe ifaan dhiifama akka gaafatuuf beenyaa akka kaffalu yaadachiisuu ta'uu ni danda'a.

Yaadonni akkanaa amala isaaniitiin akka murtii mana murtii dirqisiisoo fi dirqamaan haalli itti raawwachiifaman waan hin jirreef biyyoota birootti akka godhamu qaamoleen kunniin yoo raawwachuu hafan qaama aangoon ol'aanaa ta'etti qajeelchuun kan baratamee dha.

Kunis akkuma haala isaatti waajjira ministeera rogummaa qabuu ykn qaama mootummaa; paarlaamaaf, manneen murtiitiif ykn immoo qaamolee seera kabachiisaniif (Prosecuting authorities) ta'uu ni danda'ama.As irratti dhimmichi qaama biraatti qajeelfame jechuun ittigaafatamummaan dhaabbilee kanneenii kana qofa irratti xumurama jechuu miti.

Dhuma dhimmoota hordofuun keessattuu dhimmichi mana murtiitti kan qajeelfame yoo ta'e miidhamaa bakka bu'uun hanga falmachuutti seerri aangoo kan kennuu fi danbii hordoffii tarreeffamaa dhaabbileen qabanis ni jiru.

Dhimmota irratti yaada furmaataa kennuu fi qaamolee birootti qajeelchuu bira darbee aangoo dhimmicha irratti murtii kennuun miidhamaan sarbamiinsa mirgaa irra gaheef furmaata mataa isaanii keennuu kan qabanis jiru.

Dhaabbileen kunniin sarbamiinsa mirgaa dhiyaatuuf bu'uureffachuun yaadni, yaadni furmaataa fi murtiiwwan keessattuu sarbamiinsi mirgaa loogii bu'uura godhate hogguu raawwatamu tarreeffama isaa maxxansuudhaan ummanni akka beeku taasisuun

lammiwwan ittiin barsiisuu fi kabajaa ummata biratti qaban (credibility) akka ol guddatu taasisa.

## **5.2.Komishiinii Mirga Namoomaa fi Dhaabbata Abbaa Gaar Itoophiyaa**

### **1. Hundeeffama**

Biyyoota baay'ee keessatti hundeeffamni dhaabbilee kanneenii irraa akka hubatamutti bu'uurri seeraa hundeeffama dhaabbilee kanneenii biyya biyyatti garaagarummaa kan qabuu dha.Biyyoonni tokko tokko hundeeffama isaanii qofa osoo hin ta'in tarreeffama aangoo fi gahee hojii isaaniis heera keessatti tumu (heera mootumma Afrikaa Kibbaa ilaalaa).

Isaan kuun immoo hundeeffama isaanii heera keessatti caqasuudhaan tarreeffama aangoo fi gahee hojii isaanii seerota tarreeffammaa qaamolee seera baasuuf aangoo qabaniin bahan (labsii, danbii...kkf) keessatti akka hammataman taasisu.

Gara haala biyya keenyaatti hogguu deebinu hundeeffama dhaabbilee kanneeniitiif bu'uura kan kaaye heera mootummaati jechuun ni danda'ama.Heera mootummaatiin qaamolee ifaan akka hundeeffaman caqafan keessaa komishiinii mirga namoomaa Itoophiyaa fi dhaabbanni Abbaa Gaar Itoophiyaa ni argamu.

Heerichi dhaabbilee kanneen hundeesuun filannoo qaamolee isaan hogganani, fi aangoo fi gahee hojii isaanii murteessuu ilaalchisee aangoon kan kenname caaseffama mootummaa federaalaa keessatti qaama aangoo isa ol'aanaa qabu mana mare bakka bu'oota ummataatiifii dha (HMFDR kwt.55 (14) fi (15) ilaalaa)

Kun kan agarsiisu bu'uurri dhaabbilee kanneenii heera mootummaa ta'uu isaatii fi dhaabbilee gurmaa'ina mootummaa biyya keenyaa keessatti isaan jalqabaa ta'anii fi hojii eegumsa mirga namoomaa irratti haala addaatiin ykn kallattiin bobba'aniif xiyyeeffannoon addaa kennamuu isaati.

Qaama seera baaftuu biyyattii kan ta'e manni mare bakka bu'oota ummataa ittigaafatamummaa heeraan irra kaayame kana sirnaan bahuudhaaf labsiiwwan tarreeffama aangoo fi gahee hojii dhaabbilee kanaa baasuu kan dandeessisan waltajjiiwwan marii biyyoolessaa fi idil-addunyaa adda addaa kan qopheesse hogguu ta'u kanneen keessaa adda dureedhaan ykn inni ijoon caqafamu labsiiwwan hundeeffama dhaabbilee kanneeniin dura muuxannoo idil-addunyaa sassaabuuf waltajjii idil-addunyaa hayyoonni,

hoggantoonni dhaabbilee mirga namoomaa biyyoota biroo irratti hirmaatanii fi isuma kana haala qabatamaa biyya keenyaatti jijjiiruuf mariwan ummata waliin taasifame keessatti argamu.

Adeemsa muuxannoo fi odeeffannoo sassaabuu kana booda komishiiniin mirga namoomaa Itoophiyaa fi Dhaabbanni Abbaa Gaar Itoophiyaa walduraa duubaan labsiiwwan Lakk.210/92 fi 211/92 tiin kan hundeeffaman.

## **2. Kaayyoowwan Dhaabbilee Kanneenii**

### **Komishiinii Mirga Namoomaa Itoophiyaa**

Komishiinichi kaayyoowwan sadi bu'uureffachuun kan hundeeffame hogguu ta'u, isaanis (kwt. 5 ilaalaa):

- ✚ Ummanni waa'ee mirgoota namoomaa hubannoo akka horatu barsiisuu
- ✚ Mirgoonni akka hin sarbamne gochuu fi osoo irraa hin hirrattin hojii irra akka oolan gochuu fi
- ✚ Yoo sarbamani argamanis tarkaanfiin sirreeffamaa barbaachisaan akka fudhataman gochuu dha.

### **Dhaabbata Abbaa Gaar Itoophiyaa**

Kaayyoowwan dhaabbatichaa dhimmoota bu'uuraa lama irratti kan xiyyeeffatanii dha; isaanis (kwt. 5 ilaalaa):

- ✚ Mirgootaa fi faaydaawwan ummataa seeraan tumaman qaama seera raawwachiiftuutiin kabajamuu isaanii mirkaneeffachuu;
- ✚ Ol'aatummaa seeraa kan bu'uureffate bulchiinsi gaariin bulchiinsa mootummaa qulqullina, si'oominaa fi iftoomina qabu akka jiraatu gochuu.

## **5.3. Bu'ura Heeraa Aangoo fi Ittgaafatamummaa Dhaabbilee Kanneenii**

Kanaan dura aangoo fi gahee hojii dhaabbilee eegumsa mirga namoomaa biyyoolessaa biyyoota birootiin walqabsiisuun bifa waliigalaatiin ibsi kenname akkuma jirutti ta'ee Itoophiyaatti labsiiwwan hundeeffama isaanii keessatti aangoo fi gahee hojii dhaabbilee kanneenii akka itti aanutti taa'eera:

## **1. Aangoo fi Gahee Hojii Komishiinii Mirga Namooma**

Bu'ura Labsii lakk. 210/92 kwt. 5 jalatti ibsameen komishiinichi aangoo fi gahee hojii itti aanan ni qabaata:

- ✚ Mirgoonni namoomaa HMFDRi tiin beekumsi kennameef lammii kamiiniiyyuun, qaamolee mootummaatiin, dhaabbilee siyaasaatiin, waldaalee birootiin akkasumas hoggantoota ykn abbootii taayitaa isaaniitiin kabajamuu isaanii mirkaneeffachuu;
- ✚ Seeronni, danboonni, qajeelfamoonni fi ajajoonni mootummaan bahan mirgoota namoomaa lammiiwwanii heeraan mirkanaa'an wajjiin kan wal hin faallessine ta'uu mirkaneeffachuu;
- ✚ Hawaasni waa'ee mirga namoomaa beekumsa gahaa qabaatee aada mirga ofii kabajuu fi kabachiisuu akka gabbifatu dhaabbilee sabqunnamtii fi tooftaalee birootti fayyadamuun barsiisuu;
- ✚ Sarbama mirgoota namoomaa ilaalchisee komiin yoo dhiyaateef ykn kaka'uumsa mataa isaatiin qorannoo gaggeessuu;
- ✚ Seeronni turan akka fooyya'an haaraan immo akka bahan ykn imaammattoonni akka bahan yaadachiisuu;
- ✚ Dhimmoota mirga namoomaa irratti tajaajila gorsaa kennuu;
- ✚ Gabaasota mirga namoomaa dhaabbilee idil-addunyaatiif dhiyaatan irratti yaada kennuu;
- ✚ Sanadoota mirga namoomaa idil-addunyaa Itoophiyaan raggaasifte afaanota biyya keessaatti hiikuudhaan raabsuu fi
- ✚ Walgahiiwwan, koonfaransiiwwanii fi Siinpooziyeemota mirga namoomaa idil-addunyaa irrattii hirmaachuu dha.

## **2. Aangoo fi Gahee Hojii Dhaabbata Abbaa Gaar**

Akkasumas bu'ura Labsii lakk. 211/92 kwt. 5 jalatti ibsameen dhaabbatiichi aangoo fi gahee hojii itti aanan ni qabaata:

- ✚ Qaama hojii raawwachiiftuutiin kan bahan qajeelfamoonni bulchiinsaa ,murtiiwwan kennamanii fi hojimaanni mirgoota heeraa lammiiwwanii fi seerotaan akka wal hin faallessine hordofuu;
- ✚ Badii bulchiinsaa ilaalchisee komiiwwan dhiyaatan fuudhuun qorachuu;

- ✚ Qaamni seera raawwachiiftuu hojii isaa bu'ura seeraatiin raawwachuu isaa mirkaneeffachuu fi badiin bulchiinsaa akka hin raawwatamne ittisuuf too'annoo gochuu;
- ✚ Badiin bulchiinsaa raawwatamuu isaa yoo itti amane immoo yaada furmaataa barbaaduu;
- ✚ Haala badiiwwan bulchiinsaa itti fooyya'an qorachuun yaada dhiyeessuu; fi
- ✚ Bulchiinsa mootummaa fooyya'aa argamsiisuuf seeronni,ykn hojimaanni ykn qajeelfamoonni hojii irra jiran akka fooyya'an;seeronni haaraan akka bahan ykn imammatoonni akka bahan yaadachiisuu dha.

### **3. Daangaa Aangoo**

Tarreeffama aangoo fi gahee hojii dhaabbilee kanneenii armaan olitti ibsame irraa akka hubatamutti dhaabbileen kunniin sarbamuu mirgaa ilaalchisee komiiwwan dhiyaataniif fuudhee qorachuuf aangoo bal'aa kan qaban hogguu ta'u dhaabbilee kanneen ilaalchisee daangaawwan taa'an baay'een isaanii walfakkaatu.

Kanneen keessaa mana mare bakka bu'oota ummataa, mana mare Federeeshinii fi manneen mare naannooleetiin ykn sadarkaa kamiyyuu irratti dhimmoota ilaallama jiran fuudhuun keessummeessuu akka hin dandeenye labsiiwwan hundeeffama isaanii kwt.7 jalatti kan tumame hogguu ta'u labsii hundeeffama dhaabbata Abbaa Gaar immoo dhimmoota oodiitara muummeen ilaallamaa jiranii fi kutaawwan humnoota nageenyaa fi hoomaa waraanaatiin nageenyaa fi dhimmoota ittisa biyya ilaalchisee murtii kennaman qorachuuf aangoo akka hin qabne daangaan dabalataa ibsamee jira.

### **4. Gurmaa'ina Dhaabbilee Kanneenii**

Ittiyaamamni dhaabbilee kanneenii mana mare bakka bu'oota ummataatiif hogguu ta'u komishiinara muummee fi Abbaa Gaarii muummee, itti aanota tokko tokko,namoota dhimmoota daa'imannii fi dubartootaa qajeelchannii fi komisharoota ykn abbaa gaarii waajjirota damee tokko tokko akka qabaatan tumaa labsiiwwanii irraa ni hubatama.

Waajjirri muummee dhaabbilee kanneenii Finfinnee akka ta'e labsiiwwan irraa kan hubatamu hogguu ta'u akka barbaachisummaa isaattii dameewwan qabaachuu akka danda'an ibsameera.Hojii isaanii bilisummaa guutuun kan raawwatan hogguu ta'u muudamtootaa fi qorattoonni isaanii golgaa seeraa ni qabu.



**5. Dhaabbileen Kunniin Tokko Isa Kaan Wajjiinii fi Qaamolee Haqaa Wajjiin Walittidhufeenya Qabanii fi Wal Irra Bu'iinsa Aangoo**

**Walitti Dhufeenya Komishiinii Mirga Namoomaa fi Dhaabbata Abbaa Gaar**

Armaan olitti akka ibsametti biyyoonni sirna qaama Dachaa ykn qaama heddu hordofan keessatti walittidhufeenyi dhaabbilee kanneen jidduu jiraachuu qabu maal ta'uu akka qabu qabxii wal nama mariisisuu dha.

Abbootiin taayitaa mootummaa ykn qaamni raawwachiiftuu gocha tokko raawwachuun ykn raawwachuu dhiisuu (commissions or omissions) irraa miidhaa dhaqqabu irraa komiin maddu haalli itti ilaalamu adda kan fakkaatu ta'us irra deebii fi jijjiirama murtiiwwan dhaabbilee kanaatiif bu'uurri mirgoota namoomaa waan ta'eef walirra bu'iinsi aangoo waan hin hafnee dha.

Ibsa biraatiin bu'uura seerotaa fi muuxannoo biyyoota biraatiin gama kaayyoowwan isaan hundeeffamaniifiin hogguu ilaallu komishiinni mirga namoomaa adda duredhaan kan xiyyeefatu sarbamiinsa mirga namooma irrattii hogguu ta'udhaabbanni abbaa Gaar immoo miidhaa ykn dhiibbaawwan hanqina bulchiinsaa irraa maddan ittisuu fi yoo raawwataman sirreessuu dha. Qoodinsi kun akka amma ilaalluutti salphaa miti. Keessattuu dhugaa dhumni miidhaa baay'ee sarbamu mirgaa ta'uu isaatiin walqabatee daangaa qoodinsa aangoo daran rakkisaa godha. Keessattuu haala dhaabbileen lameen biyya tokko keessatti hundeeffamanitti ol bahee mul'ata.

Wal'irra bu'iinsa aangoo dhaabbilee lameen jidduu jiru kana hambisuuf filannoowwan adda addaa hogguu yaalamanii fi hojii irra oolan ni mul'ata. Kanneen keessaa qaamni tokko dhimma tokko daangaa aangoo isaa keessatti akka kufu itti amanuun fuudhee qorachuu yoo jalqabe qaamni kuunis amantaa walfakkaataa kan qabu ta'us dhimmicha ufitti fuudhuu akka hin qabne seeraan tumuun keessatti ni argama.

Inni lammaffaan dhimmoota murteessaa ta'an irratti qaamoleen lameenuu inni tokko miseensa dhaabbii isa kaanii osoo hin ta'in haalli itti hojjatan ni jira (muuxannoo Maalaawii). Filannoon sadaffaan qaama kamitu dhimma kam keessummeessuu akka qabu ifaan seeraan adda baasuun tumuu ykn waltahiinsa waliinii dhaabbileen lameen irra

gahaniin daangaa adda baasuu. Qoodinsi seeraas ta'ee waltahiinsaa taasifamu hawaasni ifaan beekuu qaba.

Kun ta'uun isaa hawaasni dhamaatii tokko malee dhimma kam dhaabbata isa kamiif akka dhiyeessuu qabu ni beeka jechuu dha. Inni dhumaa fi biyyoota baay'ee keessatti Komishiiniin mirga namoomaa dhaabbata Abbaa gaar irraa adda isa kan godhu komishiinichi qaama hojii raawwachiiftuu fi hawaasa bal'aa akka waliigala waa;ee eegumsaa fi kabajamiinsa mirga namoomaa barsiisuu fi beeksisuuf aangoo addaa ka qabu ta'uu isaati.

Biyya keenyattis rakkoon kun jiraachuun isaa yaada keessa galuun labsiiwwan hundeeffamaa dhaabbilee kanneenii tokko tokkoo isaanii keessatti wal'irra bu'iinsi aangoo yoo uumame akkamitti akka hiikkamuu qabu furmaata kennuun yaalamee jira. Kunis dhaabbileen lameen waliin ta'uun mari'achuun qaama kamiin ilaallamuu akka qabu ni murteessu, waliigaluu yoo dadhaban immoo qaamni dura dhiyaateef aangoo akka qabu labsiiwwan irraa ni hubatama.

Haata'utii furmaanni haala kanaan taa'e rakkoo wal'irra bu'iinsa aangoo dhaabbilee kanaa hangam hiikuu danda? Dhaabbileen kunniinis gama kanaan dhamaatii lammiilee irra gahuu danda'u hanbisuuf tooftaa fooyya'aa akkamii maluu danda'u kan jedhu kan walnama mariisisuu dha.

## **6. Walittidhufeenya Qaamolee Haqaa Biroo Waliin Qaban**

Rakkoon wal'irra bu'iinsa aangoo dhaabbilee jidduutti qofa osoo hin ta'in qaamolee biro wajjiinis ni uumama. Walittidhufeenya manneen murtii waliin qaban ilaalchisee dhaabbileen kunniin dhimmoota manneen murtii sadarkaa kamiiyyuu irra jiraniin ilaallamaa jiran fuudhaanii ilaalu akka hin dandeenye labsiiwwan dhaabbileen kunniin ittiin hundeeffaman jalatti tumamee jira.

Kun immoo aangoo heeraan manneen murtiitiif kennamee fi qajeeltoo bilisummaa abbaaseerummaa wajjiinis kan walsimu waan ta'eef baay'ee kan walnama mari'achiisuu miti.

Garuu sirna seeraa biyyoota tokko tokkootti dhaabbileen kunniinmurtii dirqisiisaa kennuuf aangoo qabaachuu baatanis murtii kennan garuu akka raawwatamu mana murtii idileetti ka qajeelchan hogguu ta'u manneen murtiis irraa fuudhuun ni keessumeessu.

Labsiiwwan kanneen keessatti “...dhimmoota ilaallamaa jiran..” jechuun dhimmoonni manneen murtiitiin murtii erga argataniin booda dhaabbileen kunniin ilaalu ni danda’uu? Gama biraatiin armaan olitti ilaaluuf akka yaaleetti murtii dirqisiisaa kennuu dadhabuu dhaabbilee kanneenii irraa madduu kan danda’uu fi shakkii haala barbaadamuun bu’aqabeessa ta’uu dhabuu hanbisuuf biyyoonni tokko tokko dirqama murtii dhaabbilee kanneenii raawwachiisuu manneen murtii fi qaamolee biroo irratti gatu. Biyya keenyaatti mala kana fayyadamuun rakkoowwan murtii kennan gama raawwachiisuutiin isaan muuddatuu danda’u hiikuun ni danda’amaa laata?

Manneen murtii malee amalli hojii isaanii kan walqunnamsiisuu fi yeroo tokko tokko haalli wal’irra bu’iinsi aangoo itti uumamu ni jiraata. Keessattuu heeraan ta’ee seera tarreeffamaatiin haala dhaabbilee kanneeniin walfakkaatuun ykn walittidhiyaatuun aangoon hojiiwwan too’annoo raawwachuu kennameef qaamolee hundee heeraa qaban (constitutional institutions) kan akka waajjira oodiitara muumme, komishiina naamusaa fi farra malaammaltummaa, boordii filannoo fi kkf aangoo fi gahee hojii dhaabbilee kanneeniin waliin wal’irra bu’uu ni danda’a.

Keessattuu dhimmoonni qaamoleen kunniin too’annoo irratti gaggeessan sarbama mirgaa sababa hanqina ykn badii bulchiinsaa waliin walqabatiinsa waan qabaniif wal’irra bu’iinsi aangoo walk an nama gaafachiisuu miti.

Akkasumas dhaabbileen kunniin hojii qorannoo isaanii hogguu gaggeessan dhuma irratti bu’aan irra gahan yakka ykn badii bulchiinsaa ta’uu danda’a. Labsiiwwan hundeeffama isaaniitiin haalli akkanaa yoo isaan muudate qaama dhimmi ilaallatuu beeksisuu akka qaban tumameera. Fakkeenyaaf dhaabbileen kunniin yakki raawwatamuu isaa yoo irra gahan akkuma haala isaatti poolisiitti ykn Abbaa alangaatiif dabarsuu qaba. Haata’uuti qaamoleen dhimmi qajeelfameef akkuma jirutti bu’aa qorannoo dhaabbilee kanneenii fudhachuu qabu moo? qorannoo mataa isaanii gaggeessuu qaban? Kan jedhu kan wal nama mariisisuu dha.

Walumaagalatti walittidhufeenyaa fi wal irra bu’iinsa aangootiin walqabatee wanti jechuun danda’amu mirga namootaa kabachiisuuf sochiin dhaabbileen kunniin godhan gahaa dha ykn ittigaafatamummaan kan dhaabbilee kanneenii qofa jechuu miti. Dhaabbileen kunniin sochiiwwan mirgoota kabachiisuu qaamolee birootiin

taasifamu bakka bu'uuf osoo hin ta'in hojiiwwan daran cimsanii fi qaawwaa jiru cufan raawwachuufii dha.

Kanaaf dhaabbilee kanneenii fi qaamoleen sababa hojiiitiif isaaniin walqunnaman waliin walitti bu'iinsa tokko malee wal'irra bu'iinsa aangoo malee galma ga'iinsa kaayyoo kanaaf waliin hojjachuu qabu.

### **Guduunfaa**

Koomishiinii mirga namoomaa fi dhaabbata Abbaa Gaar mirgoota namooma haala adda ta'een akka hordofan hundeessuu fi aangoo kennuufiin barbaachisaa ta'uu isaatiif sababani gahaan hin jiru. Manni murtii bilisummaa qabuu fi paarlaamaan filannoo sirna dimkiraasii irraa madde bakka jirutti dhaabbileen kunniin jiraachuun irra deddeebii fi qisaasa qabeenyaati kan jedhanis jiru.

Haata'u malee seenaan hawaasaa hanga ammaa kan nu barsiisu kanaan adda kan ta'ee dha. Bulchiinsa manneen murtii fi jiddulixummaa qaama raawwachiiftuu irraa qaamoleen bilisa ta'an jiraachuu gama eegumsa mirgoota namoomaatiin shoorra ol'aanaa taphachuu isaanii hubanna.

Mirgi namoomaa lammiiwwanii haala guutuu ta'een eeggamuu kan danda'amanii fi hawaasichi aadaa mirga namoomaa fi bilisummaawwan bu'uuraa kabajuu fi kabachiisuu gabbataa kan adeemu dhimmi mirga namoomaa haala adda ta'een dhaabbilee kanneeniin yoo qabame akka ta'e muuxannoo biyyoota baay'ee irraa hubachuun ni danda'ama.

Barreeffamni armaan olitti dhiyaates dhaabbileen kunniin:

- ✚ Ummataa fi mootummaa biyya tokkootii wiirtuu odeeffannoo mirga namoomaa ta'uudhaan;
- ✚ Hawaasa barsiisuunii fi aadaan mirga namoomaa gabbisuu fi kabajuu akka babal'atu gargaaruun;
- ✚ Mirga namoomaa fi bilisummaawwan bu'uuraa wajjiin dhimmoota walqabatan kaka'uumsa mataa isaaniitiin ykn mootummaan yoo qajeelfameef qorachuun yaadaa fi gorsa kennuu;
- ✚ Seerota biyyattii, murtiiwwan mana murtii, gurmaa'ina qaama raawwachiiftuu ilaalchisee qaawwaa seeraa fi hojimaataa qorachuun haala qaawwoonni kunniin itti sirreeffaman ilaalchisee gabaasaa fi ripoortii dhiyeessuu;

🌍 Mootummaan mirgoota namoomaa ilaalchisee dirqama waliigalteewwan idil-addunyaa tiin irra jiru bahuuf haala isa dandeessisu irratti gorsa kennuun hojii eegumsaa fi babal'isuu mirgoota namoomaa keessatti shoora ol'aanaa akka qaban hubachuun ni danda'ama. Kanaaf biyya keenyattis dhaabbileen kunniin jiraachuun kabajamaa fi mirkanaa'uu mirgoota dimokraasiif gumaacha guddaa qaban jedhamee tilmaamama.

### **Gaaffiilee Marii**

1. Gama haala qabatamaa biyya keenyaatiin hundeeffamni dhaabbilee kanneenii hangam barbaachisaa dha? Manneen murtii fi dhaabbilee mirga ittiin kabachiifamu kanneen biroo cimsuun hin filatamuu?
2. Haala qabatamaa biyya keenyaatiin hundeeffamni dhaabbilee kanneenii barbaachisaa dha yoo jedhamellee addaan bahanii moo? Haallan bu'ura heera mootummaa akka qaabatan yoo jiraatan maalfaa? Tumaa heeraa? Haala qabatamaa?
3. Dhaabbileen kunniin sadarkaa biyyoolessaatti gurmaa'uun nannoolee keessatti ta'ee idoo barbaachisaa ta'etti dame isaa hundeesuu akka danda'u seeraan tumamuun isaa sirna caaseffama federaalaa keessattii aangoo mootummaalee naannoolee wajjiin akkamitti ilaallama? Bu'ura heeraa fi labsiiwwan dhaabbilee kanneen hundeesuuf bahaniin naannooleen dhaabbiilee mataa isaanii danda'an hundeesuu ni danda'uu?
4. Dhaabbileen kunniin haala murtii dirqisiisaa kennuu hin dandeenyeen mirgoota namoomaa kabachiisuu fi shoorri dhabamiinsa bulchiinsa gaarii sirreessuu isaanii hangam quubsaa ta'a?
5. Daangaa aangoo dhaabbilee kanneenii ilaalchisee ejjannoo dhimma mana murtii keessaa gonkumaa seenuu hin qabu yaada jedhuu fi dhimmoota mana murtiitiin kallattiidhaan ilaallamaa jiran ykn ilaallamanii murtii argataniin ala kan ta'an miidhaafi hirrinootaa bulchiinsa qorachuu ni danda'u yaadu jedhu isa kam deeggartu? Biyya keenyaatti hafuurri seerota dhaabbileen kunniin ittiin hundeeffamanii ejjannoo isa kam waan hordofe fakkaata? Irratti mari'adhaa.

## **Sanadoota Wabii**

1. GRAHM,, 2004 Eight theories of Ethics,, Routledye
2. VANDERUNDEN, The Law off physical persons, Central printing prress..
3. Swaniinyen, 1997 Crticall Criminology Visions from Europe, sage publications..
4. C.M.V Clarrkson and H.M Keattiing,, Criminal law Text and materials Fourth Edtion ((1998))
5. Adversarial and Inquisitorial System, law encyclopedia. (west encyclopeida of American law) (internet material)
6. Tsahaay Waadaa, Qajeeltoowwan Bu'uuraa Seera Yakka
7. Wolde Tinsaa'ee W/Amlaak,Ittigaafatamummaa Yakkaa Dhaabbilee Namooma seeraa qaban

8. Seera yakkaa bara 1993 tiif qorannoo taasifame
9. Gabaasa Sagantaa Fooyya'iinsa Sirna Haqaa Mootummaa Federaalaawa Dimokraataawa Ripaablika Itoophiyaa(Bitootessa, 1997)
10. HMFDR I
11. Seera yakkaa MFDRI Labsii Lakk.414/1996
12. Seera deemsa Falmii Yakkaa
13. Seera Deemsa Falmii Addaa fi seera raga komishiina naamusaa fi farra malaammaltummaa.